Afaan Qawwee Jalatti

Lammii Beenyaa

Afaan Qawwee Jalatti

Finfinnee, Oromiyaa

© Lammii Beenyaa2016
Mirgi barreessichaa seera Waaqaaf lafaa eegamaadha! Kitaaba kana eeyyama barreessichaatiin ala karaa kamiinuu baay'isuufi raabsuun seeraan nama gaafachiisa. Haata'u malee, manneen barnootaa garaagaraa keessatti dhimma qorannoo barnootaatiif wabeeffachuun nidanda'ama. Hiriyoota jaallattaniif bittanii arjoomuun ammoo filatamaadha!.

Yaada keessaniif:

labegna@gmail.com

Yaadannoo
Uummata Oromoo biiftuu haqaaf falmataa utuu jiruu waregameef

Gulaalaan:

Beekan Gulummaa Irranaa –Barreessaafi Gulaalaa, Yunivarsiitii Harvard, USA tti Barsiisaa Afaan Oromoofi Kaadhimaa PhD

BOQONNAA TOKKOO

Baroodaan nama beekamaa fi jaallatamaadha. Badhaadhaa abbaa loon hedduu ti. Yeroo dargaggeessa ganna digdamaa ture Qana'aa Abbaa Humnaa waldorgommii fardaarratti injifachuun kabaja guddaa gonfate. Qana'aa Abbaa Humnaa nama jabaa guutummaa Leeqaa keessatti waggaa shaniif hin injifatamne yeroo ta'u, jabeenya irree isaatiin beekama. Humna isaatti amana. Kanaaf namoonni Qana'aa Abbaa Humnaa ittiin jedhan. Egaan, Baroodaan, nama akkas irree isaatti amanu kana dacheetti dabale.

Fardeen tarkaanfii tokkoon lafa walitti dachaasuu danda'an toora galanii osoo luugamaan hin to'atamne ta'ee eessa akka gahan tilmaamuun nama rakkisa. Fardeen adda addaa faayaa adda addaan kuulaman. Uummanni walgahee dirree waldorgommii marsee waan ta'u ilaaluuf hafuura dhaabee callise. Dacheen sodaadhaan walitti kottoonfatte. Boolli ija jaamsatee didibbee ta'e. duumessi ho'a hafuura namaatiin tatamsa'ee tulluutti ol harate. Hundumtuu namoota miirri irra bu'eef injifannoo tilmaame. Namni hedduun Qana'aa Abbaa Humnaaf injifannoo galche. Kaan Badhaasaaf tilmaama kenne. Badhaasaanis nama bakka xiqiitii hin dhabamnedha. Garuu Baroodaan tasumaa hin yaadatamne.

Dhuma irratti, dargaggoon kudhan hofaa fi gaachana gombifatanii luugama fardaa sochoosan. Abbaan seeraas fiingee hafuufee waldorgommii xiiqii sana jalqabsiise.

Lafti walitti dachaate. Ija diimeffatanii, ilkaan ciniinnatanii, hofaa walitti mirmirsuun lafa dhiphise. Tooftaa fi haxxummaan waldorgommii yeroo kam caalaa dabale. Tokko hofaa mirmirsee darbataa, kaan ammo gaachanaan ofirraa qolachaa, kan haleelame

deebisee haleelaa, fardi bakka tokko gahee bakka biraatti of furguggisaa dirree sana dhiphisanii hamma barruu harkaatti galchan. Miirri daawwattootaa ni ho'e, fardi waljala miliqe, hofaan waljala darbe. Kan dursamee hofaan waraaname tokko lamaan luluqqa'ee dirree keessaa hir'ifamaa yeroo Baroodaa fi Qana'aan dirree dhuunfatan waan ta'aa jiru amanuun rakkisaa ture. Namoonni yeroo tokko kufee ka'u, yookaan ka'ee kufu fooricanii lafa dhiphisan yookaan mufatanii dheekkaman, deebisanii hafuura dhaaban. Xiiqiin jabaatee itti fufe. Walfalmiin 'Anatu mo'aa fi hin mo'amuu' daangaa darbe. Qana'aan haleelee ari'e. Baroodaan fuulduratti furguggisame. Deggertoonni Qana'aas ka'anii dhaabatanii foorican. Gareen Baroodaa ammo mufatanii 'Mee abbaa kee lama!' jechaa miira rifateen isa onnachiisan. Gidduutti waan hin eegamiin tokko dhalate: Baroodaan farda isaa bitaa fi mirgatti miliqsaa haala mijaawaa eeggataa turee yeroo Qana'aan gara bitaatti akka cillaanfachuu ta'u hanga liphsuu ijaatti hofaa mirmirsee cinaacha keessa buuse. Qana'aan oo'ee dacheetti dabalame.

Kun kan ta'e waggaa dheeraa dura ture. Oggaa sanatti dargaggoon ganda isaa gatiitti wasaasaa isa baatanii jabeenya isaa faarsan; shamarra 'Obboo koo!' jedhanii maqaa isaa gootummaan olkaasan. Maqaan isaa maqaa caale. Abboomaan, maanguddoon hangafti umriin hunda dursu illee kabaja isaaf ka'ee dhaabate. Namni hundi isa sodaate. Waggaa torba walitti aanuuf, Baroodaan falmii tokko malee dorgomtoota isaa dacheetti dabalee qofaa isaa fooggale. Fardi isaallee kabaja addaa argate. Namoonnis kabaja farda isaaf Abbaamagaal ittiin jedhan.

Baroodaan nama jabaadha. Hojjaan isaa dheeraa fuulli isaa bal'aadha. Furdinni irree isaa sarbaa ga'eessa tokko tuffachiisa. Yeroo lafarra ejjetu, sagaleen faana isaa jalaan dhaga'amu ijoollee raftu dammaqsa. Sagalee isaa furdaan tulluu ijaajju lamatti tarsaasuuf humna qaba.

Wal'aansoo jaallata; jiruu qormaataa filata. Yeroo baay'ee abidda xiiqii tuqachuun amala isaa ti.

Haa ta'u malee, namni maqaa guddaa kun of shakka. Jireenyas jabeessee shakka. Yeroo of shakku guutummaan qaama isaa sodaadhaan liqimsama. Namni hunduu dhibee golfaa fi qilleensa hamaa ni sodaata. Gariin galgala keessa baduu jibbu. Kan kufaatii fi gadadoo jireenyaa sodaatanis heddudha. Baroodaa garuu, sodaan isaa, keessa keessa isaatti gad-fagaatee dhikkisa onnee isaa keessaan itti dhaga'ama. Namoonni hojii balfanii oduu baay'isan waan beelaa fi du'a filatanii alangaa rakkinaaf aarsaa of dhiheessan itti fakkaatu. Waa'een dhaloota dhufuu yeroo hunda isa yaaddessa. ….

Odaan ulaa qe'ee isaa, kan hidda sanyii sanyiisaa irraa kaasee as ture, har'as hin cooligne; goge baala hin harcaafanne, jirmaa fi dameen isaa qoraan hin taane … har'as akkuma kaleessaa yookiin yeroo durii, akka yeroo Gadaan bulanii, akka yeroo haqaan bahanii haqaan galanii, akka waan har'as jalatti yaa'ii taa'anii seeraa tumanii, yoo ijji bade iddoon ijaa hin badduuf mallattoo bulchiinsa nagaa ta'uusaa hin dhoksine - dhugaa ajjeesee hin awwaalle, dungoo haqaa hin dhaamsine.

Baroodaan yeroo baay'ee Odaa isaa jala taa'uu jaallata. Achi taa'ee karoora baafata; yaada kaasee kuffisaa galma mul'ata isaa gahuuf imala. Waan abbaan isaa gaaf tokko Odaa kana jalatti itti dubbate har'allee qaaruu gurra isaa keessaan itti dhaga'ama.

Abbaan isaa, Baaroo Labataa, sagalee ulfaataa tokkoon akkas jedhee isa gaafate: "Ilma koo, Baroodaa, mukeen hedduun ganna lalisanii bona baala harcaafatu, kaan ammo bona mishanii ganna qullaa hafu. Odaan garuu maaliif bonaa fi ganna lalisaa?"

Baroodaan deebii gahaa dhabee erga xiqqoo callisee booda, “Hin beeku,” jedheen.

“Ilaali,” ittiin jedhe, Baaroon taa’umsa isaa tottolfataa. Itti fufees walaloo toora lamaa tarreesse:
“Muka jedhu malee Odaan muka miti;
Gaaddisa Oromoo hundaa kennaa Waaqayyooti!”

Yeroo dubbatu ijawwan isaa dameewwan Odaa sanarra nanaannessa.
“Ilaali,” jedhe Baaroon deebisee, “Odaan gaaddisa guddaa Waaqni nuuf kennedha. Bona gaaddisa isaatti aduu cabsanna, ganna jalatti bokkaa dheessina. Yaa’ii jalatti baanee seera tumnee ittiin wal bulchina. Odaan mallattoo nagaa fi jaalalaa ti. Bakka Odaan jiru ayyaana Waaqayyootu jira. Kanaaf bonaa fi ganna lalisa.”

Abbaa fi ilmi osoo walitti hin dubbatiin yeroo muraasa erga dabarsanii booda, “Hoo’u qubaan Waaqayyoof haa ta’u!” jedhe Baaroon.
“Hoo’u qubaan Waaqaayyoof haa ta’u!” jedhe Baroodaanis akka aadaatti.

Kana booda, Baaroon waa’ee bulchiinsa sirna Gadaa ilma isaatti hime. “Sirni Gadaa sirna bulchiinsa haqaa fi walqixxummaa akkasumas nagaa fi tasgabbii ti. Sirni kun fedhii jaalala ilmaan namaa fi safuu Waaqaa fi Lafaa dhugoomsa. …”

Baaroon waa’ee sirna Gadaa utuu bal’inaan ibsuu Baroodaan gidduutti, “Nuti garuu sirna Gadaatiin bulaa hin jirru,” jedheen.

“Dhugaadha,” jedhe Baaroon hubannoodhaan, “Har’a Gadaan simboo dhabee diigameera. Namnis, yeroonis akka durii miti. Har’a sirna osoo hin taane namatu uummata bulcha. Yoo qawwee baay’ee qabaatte daangaa bal’aa bulchita.”

Baaroon utuu hin se'iin aarii fi gaabbiidhaan waa'ee dhaloota darbanii ilma isaatti himuu jalqabe: waa'ee Shanan Gibee, waa'ee Torban Guduruu, waa'ee Ijoollee Leeqaa akkasumas maaliif akka isaan gamtaa dhabanii akka fincaan itillee irraa addaan faffaca'an.
"Namni eeboo walitti darbatu," jedhe waan baay'ee erga haasa'ee booda, "eeboo waliif hin darbatu. Dhaloonni keenya utuu eeboo walitti darbatuu diina gola ofii dhaalchise."

Baroodaan callisee isa dhaggeeffate. Baaroon akka nama dhibee hamaadhaan dararamaa jiruu hafuura nuffii fi dadhabbii tokko erga baafatee booda hidhii isaa alanfatee nyaachuu eegale. Ammoo xiqqoo turee, "Ilma koo," jedheen Baroodaadhaan, sagalee dadhabaa garuu xiiqii ibsuun.
Baroodaan jalaa owwaate.
"Ani ilma gumii lammii duratti boquu gad cabasatuu fi lola qomoo keessatti boodatti harkifatu qabaachuu hin fedhu. Ilmi miciraan hin qabne kan koo miti. Namni seexaa hin qabne qomoo ishee gurguruu irraa duubatti hin deebitu. Atis yoo nama akkasii taate, nan amana akka ati akkas hin taane, ilma koo jedhee si waamuu hin barbaadu."

Kun kan ta'e yoo xiqqaate waggaa digdama dura yeroo baroodaan ganna kudha shanitti tilmaamamu ture. Sababii abbaansaa gorsa guddaa fi irree jabaadhaan isa abboomuuf, Baroodaan soda of keessaa haqee ija jabaatee guddate. Gaafa inni Qana'aa Abbaa Humnaa injifate Baaroon cidha gootaa isaaf qopheesse.
"Yeroo ani sitti dheekkamu," ittiin jedhe ilmasaa gootummaan gale ija mararteen ilaalee, "onnee sitti horuuf malee dabuma keef miti. Yeroo tokko ilmaan hantuutaa maaliif akka boolla sagal qotattu gaafatamtee 'Erga ilmaan adurree tooftaa ittiin nu adamsitu wal barsiiftee kaasnee nutis boolla sagalitti miliquu wal barsiifne,' jettee deebiste. Yeroon

jijjiiramee jira. Yeroo namni safuu Waaqaa fi Lafaa cabsee irree isaatti amane kanatti irree irree jabaa ofirraa qolatu qabaachuu feesisa."

Kanaaf, Baroodaan, guutummaa jireenya isaa qajeelfama tokkoon hoogganame: nama jabaa fi sodaatamaa ta'uu. Wantootatti aariidhaan dhiiga isaa danfisuu fi namoota yartuuf obsa dhabuun amala isaa ta'e. Jechaan nama madeessuurra tarkaanfii fudhachuutti ariifata. Wantoota akka itti dhufetti deebisuuf yeroo hunda qophiidha. Amala isaa kanatu umrii isaa dargaggummaatiin hawaasa biratti akka dhageettii godhatu isa taasise. Dargaggeessa yoo ta'eyyuu horatee qabeenya qaba, ajjeesee faacha qaba.

Boqonnaa Lama

Birraan yeroo jaalalaa fi gammachuu ti. Ganni dukkanaa fi ulfaataan darbee birraa ifaa fi abdiitiin bakka buufama. Sammuun ganna darbe hojiidhaan dhiphataa ture aara galfata. Midhaan ganna darbe facaafame daraaree firii godhatee gumbii fi gombisaa hir'ate guutuuf, lubbuu beela'e sooruuf nama abdachiisa. Duumessi ifa aduu golgee dukkanaa fi qorra lafarratti aangomsee ture roobaa fi cabbii fudhatee tulluutti gala. Dacheen gammaddee dukkana ofirraa quncistee daraaraa mukaa fi midhaaniitiin uumama isheerra munyuuqan mara abdii horachiisti. Boftii fi ilbiisonni adda addaa illee ija banatu. Waaqaa fi Lafti walitti araaraman galata qabu. Oromoonis ifa masqalaatiin birraa simata.

Baroodaan xombora ibsaa maatii hundaaf erga qopheessee booda, ilma isaa hangafa, Abdiisaa waliin laaftoo fi bakkanniisa damaraaf tolu muruuf qottoo fudhatee ka'e.
"Abbaamagaal, bunni danfee jira," jette Saaqqattuun utuu inni balbala hin ba'iin.
"Nan deebi'a," jedheen muujjaa karaarratti duufe ededa karaatti achi qabaa.
"Utuu dhugdanii deemtanii hin wayyuu? Milkii isinitti ta'aa," jette naamusaan.

Baroodan milkii ilaallachuu jaallata. Keessumaa, jabanaarra tarkaanfachuun isaaf safuu guddaadha. Waan kana ta'eef yaada isaa jijjiiree ol deebi'e.

Saaqqattuun daddaftee qoraan itti tuqattee buna danfistee baaste.
"Abdiisaa, fiigii buna waamii kottu! Danfee jira jedhiin. Fiigi kaa!" jette Saaqqattuun shinii fuutee bidiruu irra tarreessa.
Abdiisaan fiigee ollaa bitaa fi mirgaa waamee dhufe.

Baroodaan waan hundarra erga bunni danfee booda ollaa duubatti harkifatu hinjaallatu. Waan yeroon hojii jalaa gubatu itti fakkaata.
“Saaqqattuu, kana booda utuu buna tumtee itti hin naqiin dursaatii waama. Ani isaaniif jedhee yeroo koo hin gubu.”
Utuu inni koomeerra of taa’uu maatiin hundi suuta suuta dhufe. Saaqqattuun buna jalqabaa buustee itti hiixatte. Kan hafe Abdiisaan bidiruudhaan namootaaf hire. Yeroo buna dhugan kolfanii taphachaa turan. Utuu taphatanii akkaataa itti Suutumeen yeroo darbe okkotee bishaanii cabsitee dhoksite yeroo kaasan hundumtuu shinii bunaa qabachuu dadhabee hurgufame. Baroodaan illee kan dur qoosaa fi kolfa hin baay’isne of adabuu dadhabe. Suutumeen qaanoftee diinqa seente.

Gaafa okkotee ishee cabsite sana , Suutumeen qofaa ishee dhokattee laga cooree buute. Baallama gaafa sanaa addooyyeen ishee iyyuu hin beektu ture. Haasaa isheen Barkeessaa waliin dhoksaan eegalte waan hunda ishee dagachiiseera. Dhoksaa isaan qofaatti gudunfatan hanga ammaatti futtaafatee qilleensaaf hintaane. Gaafas yeroo isheen bishaan waraabbattee deebitu, akkuma dursaanii itti akeekanitti, inni boqqolloo keessatti eeggatee gorora nadhii jaalalaa ishee unachiise. Jalqaba sodaattee turte, booda garuu isheenis miiraan machooftee dhangaa hidhiisaa jalaa madduun injifatamte. Yeroo inni ogiyoo afaan godhatee hidhiisaa ishee cuubu, sodaa hundumaa ishee dagachiise. Dhuma irratti, yeroo inni okkotee ishee baachisee ulee isaa gatiittiirra godhatee siiqsaa qajeelu, akka tasaa utuu duubatti isa mil’attuu coqorsi quba miillashee takaallaan firgim jettee kufte. Okkoteen ishee bakka sagalitti burkutaa’e. Suutumeen rifattee qiraacii ishee funaantee booyaa manatti galte. Yeros dubartoonni hundumtuu isheef dhoksanii turan; amma garuu gudunfaa icciitii sanaa hiikanii jalbultii masqalaa ittiin ho’ifatan.

Akka bunni dhugameen Baroodaan ilma isaa waliin damaraa muree qopheesse. Laaftoo fi bakkannisa waljala diree cichaa manaa fi dallaa loonitti hirkisee bakkannisa tokko ammoo buna keessaa muree qoraaniif akka tolutti falaxee aduutti baase. Itti aansee daraaraa keelloo, ulmaayii fi coqorsa haamee utubaa manaatti hidhe. Saaqqattuun ammoo mana haxooftee, daaraa gemmii jalaa hartee, okolee aannanii fi qabee itittuu qoraastee aduun gad-cabsannaan ancootee sataattee guuttee abiddarra keesse. Ollaan bitaa fi mirgaas dalagaa walfakkaataa qaba.

Masqalli hir'uu hinqabu; hiyyeessi gad-aantuun illee guyyaa kana duutee baddee dhangaa gahaa qopheessuun dirqama. Loonis kaloo gaariitti geeffamtee garaan dugdarra garagalee dallaatti galti. Alaa manni, sa'aa namni quufadha.

Galgala sana, Baroodaan mana keessa oliif gad deddeemee Waaqa kadhatee mataa dhangaa hundarraa funaanee dhibaafate. Diinqa koof toli; goorduuba koof toli; sa'aa fi nama koof toli, jedhanii kadhachuun waan baratamedha. Baroodaan qulqullummaan barruu harkasaa bal'isee Waaqa kadhate: "Gurraacha garaa garbaa, Leemmoo garaa taliilaa, sa'a koof dhaabadhu; nama koof dhaabadhu. Qabeenya naaf kennitee jirta, fayyaa fi nagaas naaf kenni. Na hin leeyyaasisiin. Daa'ima koo itillee irratti, anaanis utubaa mana koo jalatti nu jaalladhu."

Kana booda Saaqqattuun dhangaa qophaa'e tokko tokkoon dhiheessite. Buna-qalaan, hangafti dhangaa hundaa dursee dhihaate, ancootee fi dhangaa biraan itti aane. Baroodaan akka aadaatti damaraatti dhibaafatee maatiin nyaatatti dhihaate.
"Masqalli maatii hin qoodu",jedhe yeroo Saaqqattuun ijoollee ishee lamaaniif

qofaatti nyaata dhiheessite. “Yeroo ijoolleen koo ana waliin maaddii tokkorraa nyaatan keessi koo nagaa godhata. Kanaaf ana waliin haa nyaatan.”

Dhangaa dhiyaate hanga danda’an nyaatanii fixuu dadhabnaan ,Saaqqattuun nyaata kan biraa gabatee irratti idaatee erga maaddii ol guddistee booda ,Baroodaaf booka dabaltee ijoollee isheef itillee haxooftee raffiste.

Saaqqattuun ijoollee sadii deessee yoo hoosifte illee bareedinnishee dargaggummaa irraa hin sharafamne .Baroodaan takkaa ishee mil’atee jechaan ishee kota’uu kajeelee deebisee dhiise. Yeroo isheen ijoollee raffistee waancaa booka isaa ilaalteef, ”Kan koo guutuudha, ofiif buufadhuu aara galfadhu,” jedheen.

“Hojii xiqqoon of harkaa qaba, dafee xumureen as deebi’a,” jetteen.

Baroodaan bookasaa xiqqoo unatee jaliitiirra dhaabee, “Waan si jarjarsu hin jiru yoo ta’e xiqqoo boqodhu. Silaa hojiin kee dhuma hin qabuu,” jedheen qooqa oo’a ibsuun.

Saaqqattuun keessasheetti gammaddee wandabooshee gudeeda gidduutti sassaabataa dombii fudhattee cinasaa teesse. Baroodaan booka isaaf buufame fuudhee, “Hoo’u mee giiftii koo! Qoonqoon iyyuu si gogeera,” jedheen. Saaqqattuun harkaa fudhattee si’a lama unattee itti deebistee ofii isheef kan biraa buufatte.

Baroodaa fi Saaqqattuun hanga halkan waariitti booka isaanii dhugaa waan jireenya isaanii buusanii baasaa turan. Yeroo lafti waariitti qaari’u, qorri wayii itti dhaga’amnaan mataan isatti ulfaate.

“Maal naguma mitii, Abbaamagaal?” jetteen Saaqqattuun miira Baroodaa dubbistee.

“Akka na qorrisiisuu godha,”jedhee.

“Maal ayyaana waggaatiin! Utaalloodhaa laata?” jetteen Saaqqattuun barruu harkashee addasaarra keessee ho’a qaama isaa madaalaa. “Illeen keessanis ni guba.”

“Akka na qorrisiisuus na godha. Mee dugda koo naaf koobi,” jedheen.

Saaqqattuun rifattee dukkana keessa kichuu bakkanniisaa kuttee abiddaan ho'istee adda isaa sukkuumteefii cinaachaa fi dugda isaa ammo jirbii waancaa keessatti qabsiiftee hidditee koobdeef. Baroodaan hafuura quunnaa tokko baafatee boqonnaan itti dhaga'amnaan siree teephaa itilleen irra afameerurra dugdaan galee jorgaa jedhe. Saaqqattuun bakka inni ciisetti bullukkoo itti uwwistee ofiis cinaacha lafaan gahatte.

Yeroo hindaaqqoon lama iyyitu, Qinaaxxiin, hangafti gosaa, ibsaa xombora qabsiisee, "Hiyyoolee daree!" jechaa maatiisaa of-faana hiriirsee dirree masqalaatti bahe. Dhaloonni gosa Bonayyaa akka hangafaa fi quxisuutti duraa duubaan isa hordofan. Baroodaan dhibee eda halkan lubbuu itti guraare irraa bayyaannatee ibsaa fudhatee dirreetti bahe.

Yeroo dhiironni ibsaa qabsiisanii bahan, dubartoonni ammoo dhangaa nyaatamuu fi dhugamu harka harkaan daddafanii qopheessan. Abiddi xombora walirra tuulame qabatee belbelu handaaraa hanga handaaraatti mul'ata. Barbadaan isaa walirra tuulamee diimatu sibiila baqsuuf humna qaba. Yeroo dhiironni barbadaa sana marsanii tataa'an dubartoonni ammoo bukoo boqolloo asheetaa baala warqeetiin maranii barbadaa jala ruuqu; ijoolleen kaan ammoo boqolloo cabsanii jirma damaraa jalatti waadu. Akka waan hundi xumurameen, Qinaaxxiin coqorsaa fi daraaraa keelloo harkatti qabatee eebbaaf ka'ee dhaabatee, "Yaa Waaqayyoo, ganna booruu fi bacaqqee nu ceesistee booqaa birraan nu geesse, hoo'u qubaan siif haa ta'u!" jedhe.
"Hoo'u qubaan Isaaf haa ta'u!" jedhe hundumtuu harkaa fuudhee akka coqorsaa fi daraaraa harkatti qabatetti. Qinaaxxiin itti fufe: "Qilleensa hamaa tulluu duuba nuuf qabi; dhibee hamaa nu oofkalchi; kennite nutti hin gaabbiin; kan baranaan nu geesse bara dhufuunis nu gahi."

Kana booda daraaraa fi coqorsa baatee jiru jirma damaraarra godhee dhangaa dhihaate hundarraa fuudhee daddarbatee booka waancaa guutuu dhibaafatee abdaariis galateeffate: “Dachee Haadha Margoo, sirra qonnee nyaanna; sirra horree yaafna; jiraa keenya dugdatti, du’aa keenya garaatti baatta, sooressa filattee hiyyeessa hin balfitu; gara bal’eetti koo galata kee nurraa fudhu.”

Kana booda nyaachuu fi dhuguu, kolfuu fi taphacuu fi bohaaranii wal bohaarsuutti deebi’an. Battalumatti qarree dhubbaa looniitii ammoo sirbi eegalamee sagaleen dibbee shamaraa dhaga’ame.

Dib – dib – dib – dib, dib – dib – dib – dib – dib, dib – dib – dib – dib;
Didib – didib – didib, didib –didib – didib –didib , didib – didib –didib, jedha sagaleen dibbee qilleensa keessatti lubbuu fi qooqa addaa horatee. Oggasuma dhiiraa fi shamarran haasaa dhoksaa eegalan ariifatanii bakka sirbaatti qajeelan. Suutumeen laaqii qaanii kaleessa itti faca’e ofirraa qulqulleessuuf jettee duubatti haftee meeshaalee itti nyaatamee dhugame hunda sassaabdee manatti galchite. Dubartoonni gachii bookni keessaa dhume manatti galchanii gachii kan biraa namoota gurguddoo warra haasaa qomoo qabatee jiruuf dhiheessan.

Akkuma gachii biraan dhufee dhaabateen xiyyeeffannoon haasaa isaaniis waa’ee waldhabdee gosaa fi gosa gidduutti yeroo dheeraaf uumamaa ture irratti fuuleffate. Qinaaxxiin kutaa isaa ol olgatee akkaataa itti yeroo tokko qomoon Leeqaa fi Jimmaa laga Nageessoo qarqaratti wal rukutanii miidhaa guddaa walirraan gahan yaadatee gaabbiidhaan hidhii xuuxe.
“Isaan nama kudhan nu jalaa ajjeesan, nuti nama digdama jalaa ajjeesne. Sababa gahaa hin taaneen daangaa walitti dabarree dhiiga walii keenyaatiin harka dhiqanne. Namoonni maaddii tokkorraa nyaannee dhugaa turre warra gumaa walitti taane.”

“Ka’umsi lola sanaa ‘akkam ilmi Arjoo tokko intala Bonayyaa dirqiin butaa?’ kan jedhu ture mitii?” jedhee gaafate Gurmuun.

“Eeyyee, ilma Daaqaa Liibantu intala Namee Saarkaa butee jennaan dargaggoonni Bonayyaa lola kaasanii hamaamota butii keessaa nama tokko ajjeesanii intala baraaran. Gabaa dafinoo ture gaafa sana. Battalumatti maanguddoonni akka aadaa biyyaatti dubbii gumaa kana nagaan xumuranii araara buusuuf jennaan Bakareen dide. Bakareen sababa barbaadee Arjoon rukutuuf karoorfatee ture. Nagawoon, soddaan Daaqaa Liiban, oggaa shira Bakaree kana dhaga’u aaree arrabsoo itti erge. Suuta suuta dubbiin to’annaa ala ta’ee lola guddaan ta’e.”

“Bakareen maaliif lola sana barbaadee?” jedhee gaafate Ulumaan.

“Daangaa babal’ifachuuf,” jedhe Qinaaxxiin. “Erga Araboonni daldalaaf dhufanii lafa keenyarra ejjetanii kaasee Bakareen waa’ee lafa babal’ifachuu malee abjootee hin beeku. Akka namoota Abbayaa gamaa ta’uu barbaade – namoota warra qawween nama bulchan sana. Kanaaf sirna Gadaa diigee dinagdee fi qawwee horachuun mamii tokko malee gosaa fi gosa gidduutti abidda gumaa qabsiisee ofii mootii ta’e.”

“Garuu yeroo Goobanaan waraana nafxanyaa hoogganee dhufe Bakareen gita haaraa kana loluuf onnee dhabe jedhama,” jedhe Aagaan. Aagaan nama bilchaataa suuta jedhee haasa’udha.

“Bakareen nama masaraa mootummaa ijaarrachuuf abjootu malee nama daangaa qomoo eegsisuuf hirriba dhabu hinturre,” jedhe Qaabataan areedasaa bissii susukkuummataa. Yeroo heddu waan qalbii isaatti bu’u ogguu haasa’u areedasaa sukkuummachuu jaallata.

“Garuu kan na dhibuu,” Qaabataan haasaa itti fufe, “Namni Goobanaa Daaccee jedhamu kun, kan waraana nafxanyaa hoogganee dhufe, dhuguma Oromoo qulqulluudha moo tooftaaf maqaa nutti moggaafatee?”

“Goobanaa Daaccee illee Oromoo qulqulluudha,” jedhe Ulumaan dafee. Seenaa namootaa qorachuutti cimaadha. “Goota beekamaa

jedhamee dinqisiifatama, garuu maaliif akka nafxanyaa waliin hariiroo tolfatee lammii isaatti duulaa turetu hibboo natti ta'e malee."

"Goobanaan kun kan Soorii Geellaa waliin wal lolaa ture mitii? Akka dubbatamutti yoo ta'e Soorii Geellaa gumaa bahuuf jedhee Minilikitti gale jedhama. Soorii Geellaa beektu mitii? – goota beekamaa gubbaa Guduruu."

"Beekna, beekna," jedhan maanguddoonni, gaaffii Ulumaa deebisuuf.

Ulumaan itti fufe: "Yeroo Goobanaan waraana nafxanyaa hoogganee lafa qomoo isaatti duule maal jedhamee akka geerarame beektuu?"

"Dubartiin areeda hin qabdu,
Kan haadhoo reettii raaja;
Qomoon qomoo hin gurgurtu,
Kan ilma Daaccee raaja!"

"Kan Bakaree Godaanaas raaja!" jedhe Qaabataan ilkaan isaa seelkoo bakkeetti mul'isee.

Jaarsoliin walfaana kolfan.

"Garuu mee," jedhe Gurmuun gara Qinaaxxiitti garagalee, "nuti illee gaariis ta'ee hamaa arginee jirra, garuu dhaloonni itti aanu akkam ta'aa? Dhaloonni itti aanu kun dhuguma nafxanyaa injifatee jireenya boqonnaa haaraatti of ceesisuu danda'aa?" Gurmuun takkaa Baroodaa achii ammoo maanguddoota hunda ijaan daawwatee, "Ani hin beeku. Yeroon waa'ee dhaloota itti aanuu yaadu bishaan soda wiirtuu dugda koo keessaan gad dhangala'a."

"Waa'ee dhaloota dhufuu jettanii?" jedhe Qinaaxxiin, yaada kuusee erga dhaggeeffataa turee booda. "Waa'ee dhaloota dhufuu jettanii? Dhaloonni injifatamuu keessatti dhalatee jireenya injifatamuu qaama godhataa deemu, dafee bakkasaa ganamaatti hin deebi'u. Dhaloonni injifatamuu nurraa dhaale akkamittiin bakka guddaatti abdatamaa? Akkuma manni utubaa malee hin dhaabanne dhaloonnis utubaa seenaa malee hin jiraatu. Nuti garuu seenaa injifatamuu isaan dhaalchisaa jirra." Qinaaxxiin hidhii xuuxee ilkaansaa walitti rige.

Gurmuun bookasaa unatee jaliitiirra dhaabe. Sagaleen sirbaa lafa sochoosuu eegale. Sagalee miidhagaan shamarranii sagalee dibbee jalaan dhaga'amu daran gurra namaa hawwata. Dargaggeessi gurmuu gurmuudhaan hiyyaasee hunkuteessa.

"Ilmi Morodaa Bakaree, Kumsaan, maqaa isaa eenyutti akka jijjiirrate beektuu?" Qaabataa ture kan gaaffii kana kaase.

"Gabira'Igzaaber," jedhe Baroodaan dafee. "Gabra'Igzaaber jechuun garba Waaqayyoo jechuu akka ta'e dheengaddan dhaga'e."

Namoonni guurguddoon tuullaa daaraa cina tataa'an walfaana gudunfaa kolfaa gad-hiikkatan.

BOQONNAA SADII

Birraan bari'ee midhaan sassaabamuu geenyaan gamtaadhaan hojii ulfaataa irree gurmaa'e gaafatu kanneen akka xaafii haamuu, boqqolloo quncisuu, buna funaanuu fi kanneen sassaabame dhahanii qulleessuun dalaga yeroon itti kennamu miti. Hojiin akkasii gamtaadhaan dalagama. Daboo naqatanii dabaree dabareedhaan oyiruu waliitti bobba'anii daadhii fi farsoo dhugaa, sirbaa geeraraa, taphataa dadhabbii walii qooddatu, rakkoo walii hirmaatu; maanguddoota gargaarsa hin qabne akkasumas haadha hiyyeessaaf tumsa namoomaa gumaachu. Namni jiruu fi jireenya gamtaa keessatti qooda hin fudhanne, fakkeenyaaf daboo namaa hin bane yookiin ofiis hin kadhanne, gammachuus ta'e gadda namaaf dantaa hinqabne, kan jireenya gamtaa irraa qoollifatu 'qofa-galeessa' jedhamee tuffatama. Kanaaf, Leeqaan, waliin qotee galchuutti amana.

Baroodaa fi hiriyoonnisaa ganamaan haamtuu ogeessi qara baaseef fudhatanii oyiruu Aagaatti bobba'an. Daboo xaafii haamaa ti. Xaafiin Aagaa oyiruu deebii qotiyyoo lamaa uwwisee gubbaarraa lagatti fulla'a. Biyyoo gabbataarra facaafamee, yeroo lama aramamee waan kunuunsameef ija baachuu dadhabee jijjigee sirreessanii haamuuf ogummaa ogeessa harka qajeeluu gaafata. Daboon kunis hanqina ogummaa akkasiitiin hin hamataman.
"Yaa obboloota koo," jedhe Aagaan daboo isaatiin, " bokkaan birraa akka tasaa yoo dhufe dafqa koo bishaan keessa waan deebisuuf awwaala koo na midhaagsaa."

Yaaddoo guddaan qonnaan bulaa rooba birraa fi qilleensa hamaa jala lufuudha. Midhaan takkaa ija godhatee bishaannaan roobaa fi qilleensa yoo oofkaluu baaate badii guddaatu nama qunnama. Hojiin walakkaa waggaaf itti dhama'ame halkan tokkotti manca'uu danda'a. Keessumaa xaafii fi nuugiin akka salphaatti daraaraa cooligfannaan rooba hin

dufatu. Aagaan kana tilmaamee yaaddoo isaa fuula hiriyoota isaatti obbaafate.

“Hin yaadda’iin gadhee!” jedhe Tolaan, dargaggeessi halfiin si’aayinaan xaafii qabaa guutee haf, haf godhee lafa buusee dafqa illeesaa lamaan irraan gad-cobu haqachaa. Daboon kaanis bishaan dafqaatiin cuubamanii jiru.

“Egaa isinii fi Waaqattan ofkenne.” Aagaan dalagaa daboo isaatti gammadee hafuura boqonnaa baafate.

Yeroo dhiironni haamanii lafa buusani dubartoonni fi ijoolleen ammoo jala deemanii jamamu. Isaan kaan ammoo kan jamamame funyoo yookaan teepha fe’iinsaatiin hidhatanii dugdatti baatanii bakka tuulamutti guuru. Oyiruu irratti waan gogeef gaggalagalchanii gogsuu hin barbaachisu. Yeroo dubartoonni hidhatanii qophaayan dhiironni irree jajjaboo dhaqanii dugdatti baachisu. Dubartoonni hedduun xaafii ba’aa tokko dhaabiitti ofirra keessifatanii jabina isaanii ittiin madaalu; kanneen jilbeenfatanii yookaan lafa qabatanii baachisiifatan ni tuffatamu – keessumaa ijoolleen durbaa. Baroodaan dubartii lafarra jilbeenfattee ofirra keessu hin jaallatu.

Utuu waareen hin bahiin Aagaan daboo isaa jajjabeessuuf buna, farsoo fi daabboo ijoollee baachisee dhufe. Dhangaan osoo laaqanni hin gahiin nyaatamu kun gucee jedhama.

“Mee takkaa as garagalaatii afaan bule baafadhaa,” jedhe Aagaan daboo isaatiin. Afaan bule baafadhaa jechuun dhangaa mana koo dhandhamaa jechuu barbaadeeti malee namni osoo midhaan afaaniin hinqabiin daboo dhaqu hin jiru. Warreen fuudhanii bultii ijaarratan barii subii marqaa dhadhaatti nyaachuun waan baratamedha; dargaggeessis yoo xiqqaate buna ganamaa dhugee baha.

“Mee arraba nu jiisi kaa gurbaa, qoonqoon iyyuu nu gogee hoo,” jedhe Baroodaan qadaada farsoo itti qabataa.

“Qoonqoon koo haa gogu, kan keessan maaf goga?” jedhe Aagaan daddafee hundumaaf buusaa.
“Qoonqoo kees, kan keenyas hingogu. Farsoon gachii keessaa haa gogu,” jedhe Gammadaan kan jalqabaa dhudha’ee lammata buusifachaa. Ho’i qaama isaanii ammallee dafqa finiinsa.

Aagaan namoota lama dhuganii sadaffaa buusifataniif daddabaluu jalqabnaan, “Ganamaan lama caalaa dhuguun humna nama buusa,” jedhee Baroodaan haamtuu isaa fudhatee hojiitti deebi’aa ,”kan hafe gaaddisa jala nuuf dhaabi.”
Namoonni kaanis qadaada lafa dhaabanii isa faana ka’an. Amma haamileen dhufee qaama isaanii ho’ise farsoo wajjin. Jamaan sila dhuufee dhagawuun dadhabe amma wacuu fi geeraruu jalqabe. Kaan ammo geerarsa dhiisee sirba fida.
Dubartoonnis ni weeddisu. Akkanatti hojii isaanii milkiin xumuranii galgala qe’eetti deebi’an.
“Bokkaan karaa koomtoo dhufuu fi dubbiin karaa qoonqoo dhufu hin deebi’u jennaan hafuura nu kutte mitii?” jedheen Baroodaan Aagaadhaan. Aagaan ba’aa guddaa obbaafatee waan sammuun isaa boqonnaa godhateef gammadee fuulli ilkaan qofa ta’eera. Tokkoo tokkoo namoota achi jiruuf yoo foon isaa muree kenneef illee waan gaabbu hin qabu.
“Yaa obboloota koo,Waaqayyo fayyaa isiniif haa kennu ,”jedhe sagalee jabaadhaan. “Gaaf tokko abbaan koo akkas jedhee waa na gaafate: ‘tulluun namatti jiguu moo namni namatti jiguu wayyaa?’ Ani garuu gatii namaa xiqqeesseen ‘namni namatti jiguu wayya,” jedheen. Agartanii dogongora koo? Abbaan koo gowwummaa kootti kolfee ,’Tulluun yoo namatti jige namatu namarraa kaasa, namni yoo namatti jige garuu eenyutu namarraa kaasaa? Namni gatii guddaa qaba. Har’a isintu ba’aa koo ulfaataa anarraa qooddatee namatti na dabale. Waaqayyo fayyaa fi ulfina isiniif haa kennu.” Itti fufee nyaataa fi dhugaatii dhiheessee, ”waan hundumtuu guutuu dha. Akkuma

hojiidhaan na gammachiistan nyaataa fi dhugaatii kanaanis na gammachiisaa."

Jalqaba buna qalaa baala warqee irratti nyaatanii itti fufuun buddeena ittoo hephoo
dhadhaan itti baay'ate nyaatan. Achiin dhugaatiin farsoo fi daadhii gachii gachiidhaan dhufee dhaabate. Dungoon ija qobboorraa tolfamee haanxaa shonboqqootti diramee utubaa lamatti fannifamee cul-cul jedha.
"Waan mana ofii, dhangaas ta'e hadhaa, abbaatu dura fudhata. Mee gachii kana atumti nuuf buqqisi," jedhe Tolasaan erga guutuu dhihaate eebbisee booda.
Aagaan gachii daadhii fi farsoo buqqisee irraa unatee hundumaaf buuse. Ganamoo fi Kumsaa irraa kan hafe hundumtuu daadhii filate. Ganamoo fi Kumsaa hamajaajiitu daadhii irratti isaan nyaate jedhama; yoo dhugan waan isaan dhukkubuuf jecha lagatanii hafan.

Daadhiin gachii walakkaarra gad-darbee dabareen geerarsaa Baroodaa bira gahee ture yeroo ganda Buraayyuu Guutaatii iyyi dubartii fi ijoollee lafa sochoose.
Baatiin ifa madditee dukkana halkanii godaansistee jirti. Halkan isaa calleensa ture. Qilleensi qabbanaa'aan tulluu Koomtoo irraan gad deebi'u baala mukaa haasofsiisa. Lageen kallatii bitaa fi mirgaan malkaa keessa socho'an dhagaa fi ededatti of rukutaa sagalee malee dhufanii darbu. Sagaleen waraabessaa fi raachaa darbee darbee dhagahama. Kallattii Geerrachoo fi Waamaa Bonayyaatii ammoo sagaleen ulullee darbatamee dhufee gurra namaa seena. Walakeessaan sagaleen Ittaanaa halkan calleensa sana shororkaasise:
"Ilmi Buraayyuu Guutaa waan lubbuu koo balleesseef gumaa koo naaf barbaa—" Ittaanaan utuu dubbatee hin xumurin gadooduu jalqabe. Sagaleen isaa fagootti dhagahama. Namnis ni waca ,ni wacabbara.

“Tuf!” jedhee gorora lafatti tufe Baroodaan farsoo buufatee lafatti dhangalaasee. ”Kanan jedhe hin oolle . Kumalaan dhiiga namittii dubartii sanaatiin harka dhiqate.”

Ittaanaan nama balfamaa fi sagaagalaa beekamaa dha. Yeroo dhiirri adamoo yookaan daboo ba’ee dubartiin qoommoftu qaama miiraa isaa qaratee adamoo nadheenii godoo namaa irra naanna’a. Nama gabaabaa ayyaanni dhiirummaa irra hin jirre yoo ta’ellee dubartii dubbisee amansiifachuutti kennaa guddaa qaba. Dubartii miidhagduun dhiira kamiif illee hin sarmine yoo isa bira geesse wayyaa itti buusti. Daangiboo isaatiin isaan rukuta. Gad-tumee goota dubartii jedhuun namoonni gandaa. Sababii kanatti guyyaa tokko lubbuu isaa akka galaafatu beekamaa ture.

Baroodaa fi namoonni biroon sagal ta’an qe’ee iyyi dhuunfate yeroo gahan Ittaanaan dhiigaa fi hoomacha bulgaafatee awwaara siphatee jira. Qe’een jeeqameera. waan isaa safuudha. Gochi akkasii kun argamees, dhagahamees hin beeku. Maanguddoonni adeemsa sanyoo kana yeroo hedduu balaaleffatu. Namoonni ganda adda addaarraa iyya birmatan yeroo sababa wal dhabdee kanaa dhagahan rifatanii afaan qabatu. Kan waan akkasii dhagahuu hin feenes baay’eedha.

Waca sana keessa namoonni shan ta’an Kumalaa humnaan qabanii eeboo harkaa fuudhanii qofaatti isa baasan. Haati manaa isaa ,Eebbiseen isheen yakka kana hundumaaf sababa taate, bakka of-dhoksitu dhabdee akka harma ishee lamaan qabattetti goorroo fi gumbii gidduutti diilallooftee hafte. Mudhii isheerra sabbatni hin jiru. Wandaboon ishees gartokkoon tarsaafameera. Dubartoonni kan biraan sayyuu ishee waliin ta’anii balaa isheerra gahuuf deemu, yoo danda’an aarsaa of godhanii ishee baraaruuf, yoo dadhaban iyyanii tumsa waammachuuf itti marsanii dhaabatu. Ijoolleen isheen deesse lamaan abidda biraa boowu. Namoonni hedduun hiree ijoollee kanaa ilaalanii hidhii xuuxu. Gidduutti Kumalaan akka farda takaallaa kutatee namoota harkaa utaalee mana seenee dhaadate: “Dubartii salphoo kana

mana kootii baasaa! Ani kana booda ishee waliin ciisee itillee koo hin xureessu. Yoo isin mana kanaa hin baastan ta'e dhiiga ishee qeenseen dhuga. Ani dhiiga namaa dheebodheera. Ani – " utuu Kumalaan dhaadatee hin fixiin Baroodaan irree isaa lamaan funyoodhaan duubatti deebisee hidhe.

"Namichoo! Harka kootti badda. Maaltu dhimma koo keessa si galchee? Situ mana koo naaf bulchaa?" Kumalaan Baroodaatti ija babaase.

"Callisi! Saree haadha kee!" jedheen Baroodaan alatti isa darbatee."Karaa qubni seente abootteen seenti; dubbiin har'a hin badne."

Baroodaan walshakkii Kumalaa fi Ittaanaa gidduu jiru eenyu caalaa beeka. Gaaf tokko Eebbiseen galgalaan qoraan cabsachuuf manaa baatee utuu isheen holqa mukaa siree guddaa tokko dhaabsisuu danda'u keessatti Ittaanaa waliin taphattuu argee ture. Inni utuu karaarra deemu gara bakkeetti gore gaafa sana. Dura harganaa turte, booda yeroo inni kofoo isaa sirreeffataa irraa ka'u sabbata ishee hidhachaa awwaaraa fi huuba wandaboo isheerraa hurgufataa isa duubaan baate. Ittaanaan nyaara ishee haxaa'eefii waan ta'e gurratti hasaase.

"Muu! Yoo lammata argatte. Kan har'aayyuu daangiboo keetiin na raatessite," jetteen xiqqoo itti sesseeqxee.

"Gaafa lammataa garuu waan raajii agartaa," jedheen sagalee hasaasurra hin wayyoofneen. Gidduutti dooniin ittiin citte. Akka sanatti ni saaxilamna jedhanii itti hin yaadne. Yeroo gaaddidduu Baroodaa ofirratti argu, Ittaanaan akka warabboo caattoo utaalee bade.

Baroodaan icciitii kana eenyuttillee hin himne. Dur haadha manaa isaa, ishee qullaa waliin ciisan waan dhoksu hinqabu ture. Dhimmoota isaan gidduudhaa akka bahu hin feene erga ijoolleen rafanii booda abidda biratti haasa'u. Yookiin ammoo barii lafaa jala yeroo Saaqqattuun

marqaa marqiteefii waliin nyaatan haasa'u. Icciitii kana garuu haadha manaa isaa ishee eenyu caalaa amanullee ni dhokse Baroodaan. Dubbiin kun gudunfaa futtaafannaan garamitti akka deemuu danda'u tilmaamee of keessatti ukkaamsee dhiise. Eebbiseen garuu qaanii jalqabaa osoo ofirraa hin qulqulleessiin akka inni badiishee ukkaamsee hambisutti Baroodaa gaaddee fedhii miirasaa guutuuf kutattee kaate. Yeroo isheen ilkaanshee kaarruu sana basaq itti gootee miiraaf isa onnachiistu, Baroodaa garuu sagalee jabaa tokkoon ishee abboome: "Dubartii'nanaa, akka aadaatti abbaa warraa keef amanami; toobaa gandi kun hin jaallanne yoo dhiiste siif wayya. Mana kee mana simbiraa gootee abbaa warraa kees abidda du'aatti hin affeeriin."

Haa ta'u malee, Eebbiseen gurra gorsa isaa dhaga'u hin qabaanne. Gurra mirgaan dhageessee kan bitaan dhangalaaste. Booda booda, Ittaanaan Eebbisee qofa osoo hin taane, Ayyaantuu, haadha manaa Gammadaa waliinis akka qoosaa qabu gabaa keessatti odeeffamuu eegale. Keessumaa, dubartoonni maqaa isheetiin gabaa bahanii galu, yeroo laga bu'anii bishaan waraabbatan walitti haasa'u, buna dhuganii ittiin baarakaa calalatu. Suuta suuta oduun kun qilleensa keessa guute. Waan kun yeroo luugama to'annoo ala ta'uusaa hubatu, Baroodaan Kumalaa waamee bira qabee itti hime.

"Takka takka gurri ofii abbaaf orma jedhu," jedheen Baroodaan Kumalaadhaan. "Dhiirri yeroo manaa bahu qe'een ofii akka itti oolu hin beeku. Dubartiin nama jala ciistee yaadaa fi qalbiidhaan dhiira biraa kajeellaan utubaan mana ofii wabii jireenyaa dhaba. Haadha manaa ofii abboommachuun waan hunda caalaa gatii qaba."

Akkaataa itti dubartiin tokko ilma diqaalaa deessee dhoksaan maatii keessatti guddistee booda saaxilamnaan manni isaanii diigame haasa'aa turan, Baroodaa fi Kumalaan. Baroodaan mata duree dubbii kana beekaa filate.

"Niitiin ofii foolii sanyoo mi'eeffannaan jireenya maaltu jiraa, Baroodaa?" Kumalaan akka tasaa gaafate. "Hariiroo sanyoo booda

fincaan halagaatu nama keessatti lubbuu godhata. Kana Waaqayyo nama haa oolchu malee."

"Eeyyee dhugaadha, Waaqayyo dubartoota keenyaaf hubannoo haa kennu!"

Guyyaa sana Kumalaan yaada kana keessa deebi'ee hin xiinxalle. Yoo yaaduu baates dhugaa qaba. Dhiirummaan isaa, kan Eebbiseen iyyuu raga baatu itti xiqqaatee foolii dhiira biraa mi'eeffatti jedhee yaadee hin beeku. Dhiira akkasaa jaalala kennuu fi fudhachuutti beekuuf waan akkasii yaaduun rakkisaadha. Waan nama ajaa'ibu ammoo kan gabaa guutuun odeessu gurrasaa hanqachuudha. Kanaaf fakkaata kan Baroodaan, "Gurri ofii abbaaf orma," ittiin jedhe. Yeros Kumalaan kallattiin dubbii Baroodaa hin hubanne.

Amma garuu, yeroo Baroodaan irree isaa qabee alatti gad-darbatu kana waan inni isa gorse qaaruu gurrasaa keessaa itti iyyinaan oljedhee nama ilaaluu sodaate – Kumalaan. Namoonni mooraa qe'eesaa keessa raam'isan cufti waan qaaniisaatti quba qabanii daran isa saaxilan se'e. Addunyaa bal'oo kun daran daran itti dhiphatte. Namoota hamma sana heddummatu keessa dhaabatee qofummaan itti dhaga'ame. Baatiin qaamashee diriirsitee ifa mirgisaa turte suuta suuta soqolattee manasheetti gallaan lafti dukkanaa'e. Jireenyi kumalaas waan dukkana sodaachisaa kana caalu keessatti dhidhimuuf deemu fakkaata. Namni dhiiga namaatiin harka dhiqate, hangam illee yoo haqa qabaate, boqonnaa godhatee hin jiraatu. Gumaan lubbuu namaa gara deemanitti nama iyyatti. Kumalaan akka tasaa kana yaadnaan onneen isa sobde. Qaamnisaa sodaadhaan hurgufame. Ammoo utuu hin se'iin Baroodaatti garagalee qaqawweessa'e: "Yoo na ajjeesuu barbaadde kunoo fuuldura keen jira. Garuu ati na hin ajjeestu. Sababiin saree ajjeeseef na hin ajjeestu. Saree keessaayyuu saree dhaltuun yoo duute maaltu namatti hir'ataa? – Ittaanaan saree dhaltuudha."

"Afaan kee walitti cufi!" jedheen Baroodaan sagalee akka bakakkaa lafa sochoosuun. Kumalaan riftee walitti shuntuure.

Yeroo Baroodaan manatti galu Saaqqattuu ijoollee raffistee abidda bira teessee mugaa isa eegaa turte.
“Maal nagumaaf dhiisifattanii, Abbaamagaal?” jetteen balbala banteefii. Baroodaan deebii ishee dhorkatee bira darbee barcumarra taa’e.
“Maal naguma mitii?” jetteen ammas Saaqqattuun sagalee miidhagaa dubartii ulfaattuu keessaa madduun.
“Nagaa dhabi!” jedheen Baroodaan qooqa dheekkamsa ibsuun. “Erga yoomii waa’ee nageenya koof akkas dhiphachuu eegalte?”

Saaqqattuun waansaa wallaaltee akka dhaabattetti ijaajjitee hafte. Sababiin dheekkamsa Baroodaa hibboo itti ta’e. “Maaliif? Maalan balleesse?” kan isheen irra deddeebitee ofgaafatte ture.

Baroodaan taa’umsa isaa abiddatti butatee gemmiitti ejjetee quba harkasaa cicciniinutti ka’e. Yeroo dubbii isa kajeelchisu dursee qubasaa ciicciniinuu jaallata. Dadhabbiin guyyaa irraa godaanee hoomaa yaadaa waliin wal’aansoo eegale. Dubartiin deessuu malee beektuu hin qabdu yeroo jedhan kan jabeessee mormuun beekamu isa ture. Saaqqattuun dubartii deessuu qofa osoo hin taane beektuudhas. Maatiin sun sansakkaa godhatee jireenyi isaanii fuulduratti akka tarkaanfatuuf gumaachi ishee guddaadha. Hubannoo fi ogummaa isheen uumamaan qabdu hawaasa biratti daran akka kabajamtuu fi olla bitaa fi mirgaa waliin hariiroo gaarii akka tolfattuuf bu’uura ta’e. Dubartii ga’eettii reef daa’ima lama deessu yoo taateyyuu namoota umriin ishee dursan birattillee kabaja addaa qabdi. Utubaan jireenya isaanii isheedha. Kana Baroodaanis qajeelchee beeka. Garuu Eebbisee, ishee eebba utuu hin taane abaarsa qe’eesheetti fidde utuu arguu akkamittiin dubartii amanaa? Yeroo Saaqqattuun diinqatti ol deebitee bishaan harkaa fidduuf akka Waaqa arfaasaa itti dhuka’e: “Fuudhii narraa deemi!”

Saaqqattuun rifattee diinqatti ol deebite. Sagaleen dheekkamsaa sun kan isaa ta'uu shakkite. Waggoota kudha lamaan waliin jiraatan keessatti kan inni akkas itti dheekkamu kun kan lammataati. Inni tokko gaafa isheen heerumtee shanan irraa baafame ture. Gaafa sana akka sirni moggaasa maqaa raawwatameen Saaqqattuun irbaata qopheessitee erga maatii hunda nyaachistee booda akka aadaatti bishaan miillaa xebbeetti ho'istee fiddeef. Dubartoonni hedduun ogummaa nyaata bilcheessuu ishee dinqisiifatu. Hindaaqqoo gaafas qalamte isheetu bilcheesse. Gariin ammoo meeshaalee isheen qe'ee warra isheetii fudhattee dhufte saanduqa keessatti ilaalanii ajaa'ibsiifatu.

Yeroo isheen bishaan ho'e sanaan suuta jettee miilla isaa jijiistuuf Baroodaan eenyummaa isaa jijjiirrate. Namni halkan shan guutuu hammatee ishee waliin ciisaa ture sun deebi'ee bofa gammoojjii ta'ee ishee hidduu kajeele.
"Sukkuumii naaf dhiqi!" jedheen sagalee isa keessaa maddu hin fakkaanneen. Baroodaan harka mirgaatti alangaa roobii baata.

Saaqqattuun xiqqoo qugummaaddee sukkuumteef; garuu Baroodaan itti hin gammadne.
"Sukkuumii naaf dhiqin siin jedheem!" jedheen ammas sagalee jabaa dheekkamsa makateen. Jechoota kana afaan irraa hin fixanne yeroo alangaa sana dugdatti ishee maree ofirra ishee cillaanfachiise. Saaqqattuun ilkaan ciniinnattee obsite. Battalumatti haati isaa, Jorgeen utaaltee kaatee, "Maal gurbaa! Ni maraatte moo?" jettee alangaa harkatti qabannaan namoonni biroon dhufanii irraa qaban.

Baroodaan gocha isaatti osoo hin gaabbiin, "Deemii siree koo naaf afi!" jedhee ifannaan lafarraa ishee balleesse. Sagaleen isaa dhuguma waan isa keessaa maddu hin fakkaatu.

Saaqqattuun akka bofa mataa rukutamee daddarbatamaa dhaqxee siree afte.

Haalli sun gorsa haatishee qoosaa keessa isheef gumaachitee dhugoomseef: “Halagaa fi abiddi halaalatti miidhaga; yoo itti hiiqan gaafa nama gubuu fi gaafa nama hubu hin beekamu.”

Saaqqattuun haala sanaan kallattiii jireenyashee murteessuuf onnee dhabdee turte. Ooltee bubbultee yeroo ilaaltu garuu Baroodaan nama rakkoo namaaf furmaata soqu malee halagaa garaan jabaa kan imimmaan dubartiin dhugu itti hin taane. Yeroo rakkoon ishee qunnamu hojii dhiirri kamiyyuu balfu dalagee lubbuushee du’a oolchee beeka. Gaafa isheen ilmasaa hangafa, Abdiisaa deesse, ciniinsuun itti cimnaan obsa dhabee imimmaan harcaasee booye. Yeroo dubartoonni lama harka isaanii bobaa ishee jala loosanii duubatti ishee qaban, dubartoonni kan biraan ammoo luka ishee gargar dhisanii akka isheen miixattu godhan inni ammoo huccuudhaan dafqa irraa qoorsaa ture. Ciniinsuun ishee saa’a dheeraa irra ture.

Haa ta’u malee, Booreen, dubartiin ogummaa deessisuu qabdu, Baroodaa abboomtee gad isa baaste. “Yeroo dhiirri hojii akkasii keessa galu Maaram garaa nuuf hin laaftu. Dubartoonni Maaramiif sabbata hiikkadhaa, dhiirri gad nuuf bahaa.”

Baroodaan utuu itti hadhaa’uu gad bahee gaadaa hoolotaa jala taa’e. Qe’eerraa fagaachuun itti toluu dide. Yeroo isheen oofkaltee dubartoonni ililleen lafa sochoosan innimmoo korma kuffisee qaleef. Baroodaan gara-laafummaa akkasiitiin beekama.

Amma garuu maaliif bineensa daggalaa itti ta'ee? Maaltu uumamee? Saaqqattuun diinqa keessa kottoonfattee teessee utuma waan meeqa buustee baastuu ammas, "Abbaamagaal, maal naguma mitii?" jetteen.
"Nagaa dhabi! Erga yoomii waan akkasii na gaafachuu eegaltee ati?"

Saaqqattuun waan inni jedhaa jiru amanuu dadhabdee afaan qabatte.
"Ija koo duraa deemi," jedheen deebisee dubbii barbaachaaf. Waan ta'e guungumaa ka'ee balbala keessaan cufatee alangaasaa goorrootti luqqifate. Sana booda akkam akka ishee godhe dubbachuun namatti ulfaata. Hanga gogaan qaamashee luqqa'ee dhiigni irra lola'utti lafatti ishee ukkaamsee dalandale. Yeroo isheen lafatti gombifamtee hoomachi afaaniin ishee yaa'u, "Utuun lubbuu kee si keessaa baasiin nama har'a waliin oolte natti himi. Eenyutu har'a siree koorra ciise?" jedheen.

Saaqqattuun gurra ishee shakkite. Maal jechuudha?
"Maal! Maal jettan Abbaamagaal?" Saaqqattuun qooqa aarii ibsuun isa gaafatte.
"Dhageesseetta! Har'a eenyutu mana koo oolee?"
Saaqqattuun deebii dhorkattee imimmaan lakkuu lakkuu daddarbachuu eegalte. Imimmaan ishee daangaa dhisanii daddarbataman gaaffiisaa kanaaf waan deebii gahaa ta'an fakkaatu.
"Har'a anaa fi ati wal hin dhiisnu. Dhugaa jiru natti himi. Yeroo ani mana hin jirre eenyutu si waliin ciisaa? Ani dubartii dhirsa isheerra sanyoo ishee caalsifattu hin barbaadu. Sanyoon kee, kan gaaddidduu koo dhokatee si waliin haasaa qabu eenyudha?" Baroodaan akeeka dheekkamsa isaa obbaafate.

Gaaffii akka tasaa kana akkamitti haa deebistu, Saaqqattuun? Kanaaf akka dunuunfattee hirqinfattetti harkaan fuulashee aguugdee luqqeettuu ishee gidduutti gombifamtee booyuu itti fufte. Imimmaan ishee lakkuu lakkuu ta'ee maddiisheerra lola'u wandaboo ishee

tortorse. Jaalalaa fi kabajaa isaaf qabdurraa kan ka'e guyyaa tokkollee dhoksaa keessashee isa dhoksitee hin beektu.

Yeroo tokko laguun dugdaa irraa cituu didee baay'ee rakkisee ture. Dhiigni qaamashee keessaa maddu toobaa dhabee gara torban lamaaf dhangala'e. Rakkoo ishee kana himachuu sodaattee sayyuu isheeyyuu dhoksitee turte. Ganama yeroo hirribaa kaatu bishaan bule fudhattee utuu bakkee hin bahiin qooddiroo irra bulte miicuun dirqama itti ta'e. Baroodaan qooddiroo sanallee isheef miicee beeka. Yeroo sana baay'ee ishee hubata ture. Ammaan kana, yeroo yakka hin dalagiin akka amantuuf dirqamtu, Saaqqattuu utuu hin se'iin dhiigni danfee jechoota afaanitti ishee dhufan qofa itti dubbatte: "Ani dubartii utubaa mana isheef kabaja hinqabne miti. Yoon yakka kana raawwadhee jiraadhe manaa fi siren koo na cubbisa. Waan ittiin yakkamaa jiru kana nama dhoksuu nan danda'a; Waaqa guddicha garuu dhoksee bahuu hin danda'u. Kan koo dhugaa koo Inni qofti haa dubbatu."
"Naaf kakadhu!" jedheen Baroodaan injifatamuu isaa baree.
"Maqaa Waaqaa fi Lafaatiin nan kakadha."

Dhugumatti yoo ta'e, Baroodaan irree jabaan maatii isaa haa abboommatu malee, keessa keessa isaatti gara-jabeessa miti. Gooda keessa isaatti fayyaalessadha. Akka afaaniin dubbatu osoo hin taane keessi isaa qulqulluudha. Namatti hammina hin yaadu. Garuu of eeggannoo baay'isa. Dhiigni dhiiga isaa hin taane akka dhiiga isaatti makatu hin fedhu. 'Jeedala madaqe mana hindaaqqoo kee hin barsiisiin; gaaf tokko beela'uu danda'aa,' ittiin jedha abbaansaa yeroo isa gorsu. Jeedalli hangamillee yoo madaqxe gaafa beelofte hindaaqqoo kajeeluun ishee hin hafu. Kanaafi kan inni fincaan halagaa kufee ka'ee of eeggatuuf.
"Waan dhugan yoo jiraate mee naaf buusi," jedheen qooqa qabbanaa'aa araara kadhatuun.

“Dura irbaata hin nyaattanii?” jetteen deebistee gocha isaatti osoo hin mufatiin.

“Xiqqoo fidii afaan na kaa’I,” jedheen.

Saaqqattuun suuta lafaa kaatee buddeen ittoon laaffistee afaan isa keesse.

“Atis afaan kaawwadhu,” jedheen ofii fudhatee. Kanumaan araarri bu’e. Itti aansee raajii Ittaanaan ittiin ajjeefame itti hime, utuu walfudhatanii siree hin koriin.

“Waanan sitti himu,” ittiin jedhe erga siree koranii booda, “Karri jireenya keenyaa, kan anaa fi siin daangeffame, eenyuuf illee akka banamu hin fedhu. Ani fincaan halagaa guddisuu hin barbaadu. Gocha fokkisaa akkasiirraa of eegi.”

“Tole,” jetteen qalbii guutuudhaan yaada isaa fudhattee.

BOQONNAA AFUR

Midhaan oyiruu irraa sassaabamee manatti gallaan hundumtuu hojii qomarra buufatee aara-galfata yeroo bonaa. Wayita akkasii namoonni amalli hin boqonne, kanneen akka Baroodaafaa, citaa diimaa kan ganna mana ittiin kaban haamu, gariin dallaa qe'ee sutatu, gariin oobdii midhaan itti calleessamu lolla'atu, kaan ammo bakka loon darabaa itti kennatan deemanii ilaallatu. Yeroo kam caalaa firri dhihoo fi fagoo walitti adeemee wal dubbisuuf yeroo gahaa argata. Yeroo kabajaan mana walii deemanii wal dubbisan hidhanni firoomaa deebisee haaromsama. Bishaan malkaa keessaa hir'atee, daggallis ifee, hojiin qoomma'ee waan jiruuf firri dhihoo fi fagoo walitti adeemee wal iyyaafata. Keessumaa namoonni guurguddoon waan dabarsan walitti kaasan gaariis ta'e hamaa yaadatanii ittiin walitti mukuu bahuuf wal barbaadu. Maanguddoonni kun yeroo wal argan garaan isaanii ni boora'a; jireenya durii yaadatanii kan ammaa hadheeffatu, dhaloota ammaatti mufatu, yookiin ammo abdii kutatanii hidhii xuuxu. Garbaabaan, maanguddoon ganna dhibbatti tilmaamamuu, abbaa Baroodaa, Baaroo Labataa dubbisuuf baddaa Horrootii ka'ee fardaan guyyaa lama deemee dhufe. Baroodaan dargaggoo sadii waliin dallaa qe'ee ijaaraa ture. Manni Baroodaa utubaa sagal dhaabsisuudhaan bal'inaan beekamaadha. Mana kana ijaarratee xumuruuf waggaa guutuu itti fudhate. Muka dhaabaa isaaf ta'u bosona Abboonnoo fi laga Basaqaa qarqaraa kan ilkaan rirmaa waggaa dheeraadhaaf dandamachuu danda'u filate. Keenyaan isaa sorooroo hoomii fi shomboqqootiin wal jala diramee hidda baggeetiin jabaatee hidhame. Irri keessi isaa citaa diimaadhaan kabame. Gombisaan boqqolloo, bunaa fi bisingaa dallaa keessatti ijaaramee jira. Qe'een sun dallaa dallaadhaan qoodamee lafa ganda tokkootti hiiqu dhuunfachuu gahee jira. Manni Baaroo dallaa mataa isaa qaba. Kan Baroodaa itti aana. Akkasumas kan obboloota isaa, kan Eebbaa fi Caalaa, duraa duubaan walitti aanee jira. Manneetii sana keessaa kan guddinaa fi

miidhaginaan hundaa caalu kan Baroodaati. Qabeenyaanis isatu hundaa caala.

“Yeroo ammaa kanatti ilma abbaa caalu arguun rakkisaa dha,” jedhe Garbaabaan Baaroodhaan. Erga nagaa wal gaafatanii dharraa wal bahanii booda, “Baroodaan amma dhuguma si caalee jira.”
Baaroon yeroo dullumaa fi dadhabbii kana keessatti lafa fagoo deemee dhufee isa daawwachuu isaatti Garbaabaa galatoomfatee utuu yeroo dargaggummaa fi yeroo humna qaban waan keessa dabarsan kaasanii haasa’anii akka tasaa waa’ee ilma isaa, waa’ee Gulummaa, isa gaafate. Yeroo yeroo dhumaaf isa arge sana Gulummaan dargaggeessa ganna digdamaa hin caalu ture. Yammuu haati manaa isaa jalqabaa dhibee golfaatiin jalaa miidhamte dulluma keessa qofaa jiraachuu manna jedhee dubartii heerumtee dhirsa hiikte fuudhee Gulummaa irraa godhate, Garbaabaan.

Yeroo sanatti Gulummaan Baaroo dubbisee waa’ee gaa’elaa fi dubartii gaarii isa gaafatee ture.
“Ati Oboo moo Cooraadha?” ittiin jedhee Baaroon dursee. Dhimma icciitii dhiiraa fi dubartii sodaa malee walitti haasa’uuf dursanii wal qixxaachuu barbaachisa. Oboo fi Oboon hiriyaadha. Cooraa fi Cooraan hiriyaadha. Umriin yoo gargar fagaatanillee waan safuu ta’eyyuu ifatti walitti haasa’uu danda’u. Oboo fi Cooraan abbaa fi ilma waliif ta’u. Abbaa fi ilmi waliif safuu waan ta’eef walirra tarkaanfachuun dhorkaadha.
“Ani cooraadha,” jedhe Gulummaan.
“Ani oboo waanan ta’eef dhimma akkasii waan baay’ee sitti dubbachuu hin danda’u, garuu,gaa’ela gaariin siif hawwa,” jedheen Baaroon deebisee.

Gulummaan dargaggeessa fuula qajeelaa si’aayinni irraa dubbifamudha. Yeroo kolfu ilkaan isaa kaarruun onnee dubartoota

hedduu duwwaatti hanbisa. Hojjaan isaa dheeraa rifeensi mataa isaa luuccaa dha. Dubartoota biratti of mul'isuu jaallata.

"Maaloo, Baaroo yoo waaqa sodaatte waa'ee isaa natti hin kaasiin," jedhe Garbaabaan miira kadhaatiin. "Nama du'ee awwaalte hin qabduu? Gulummaa akka nama du'eetti dagadhu."

"Maal, Garbaabaa, waan ulfaataan kana si dubbachiisu maaltu uumame? Waan fedhe yoo ta'es umrii kee kanatti tokkichi ati abdachuu daandeessu isaa fi Waaqa qofadha," jedheen deebisee Baaroon.

"Yaa obboleessoo," jedhe Garbaabaan hafuura dheeraa baafatee. Itti fufee raajii Gulummaan isa godhe itti hime. Yeroo Gulummaan fuudhaaf gahu Garbaabaan akka aadaatti intala nama guddaa, kan guutummaa Horroo keessatti beekamaa ta'e, intala Coomman Margoo isaaf naqate. Maqaan ishee Ayyaantuu jedhamti. Mucayyoo bareedinaa fi naamusaan altokkotti dhiira hunda boojitu turte. Ishee argachuuf dargaggoonni hedduun karaa namoota bebbeekamoo fi sodaatamoo yaalii adda addaa yoo godhan illee kan itti milkaa'e Gulummaa ture. Garbaabaan carraa kanatti baay'ee gammade; gama tokkoon Gulummaan ilma tokkicha sanyii isaa dhalootaa dhalootatti dabarsuuf dhumiinsa dhibee golfaa booda inni argate yoo ta'u, gama biraan immoo Ayyaantuun intala Coomman Margoo, intala madda kabajamaa ta'uun ishee Garbaabaadhaaf gammachuu dachaa ta'e. Yoo gaa'elli isaanii milkaaye sanyiin Garbaabaa rooba arfaasaatiin biyyoo furdaa irra facaafamee callaa gaarii dhaloota keessatti argamsiisa. Callaan sun dhaloota heddu quubsa. Garbaabaan kana abdatee umrii isaa dullumaa kanaan gaa'ela ilma isaa dhugoomsuuf dadhabbii malee tattaafate. Qaamni isaa dullumaan mudhuke haaromfamee abdii haaraadhaan hojii hojjete. Utuu haalli akkasitti fuulduratti tarkaanfatuu gaafa yeroon cidhaa ji'a lamatti galu Gulummaan yaada isaa jijjiirrate. Sammuun isaa utuu hin se'iin calla fi kosii addaan baasee deebisee kosii filate.

“Ani yeroon waa’ee gaa’ela koo kana dhiphadhu,” jedhe guyyaa tokko abbaa isaatiin, ”Sodaa guddaan qaama koo dhuunfata.”
“Maaltu si sodaachisa, ilma koo?” jedheen Garbaabaan afaan qabatee.
“Yeroo baay’ee abjuu wal fakkaataa sodaachisaan hirriba malee na bulcha. Ayyaantuun qaba koo natti hin fakkaattu.”
Garbaabaa bishaan naasuu dugda isaatti dhangalaafame. Jechoonni harkaa bade.
“Mee abjuu kee natti himi,” jedheen Garbaabaan calleensa guddaa booda.
“Anaa fi Ayyaantuun farda yaabbannee waliin deemna-isheen fuuldura, ani immoo duuba isheen natti fakkaata gara Haratoo deemaa turre. Gidduutti fardi koo ishee dura darbe. Ayyaantuun waanuma xiqqoo kanatti aartee eenyummaa ishee natti jijjiirratte. Yeroon garagalee ilaalu bofa taatee natti maramte. Ani rifadheen lafatti kufe. Kana gidduutti isheen farda ishee narratti abboomtee mataa koo buruqsiiste. Ani nan iyye. Yeroo kanatti intalli tokko laga qaxxaamurtee-laga Abbayyaa natti fakkaata - daftee naaf birmatte. Yeroodhaaf afaan ishee wallaaleen ture, garuu dafnee walii galle. Intalli colleen kun battalumatti Ayyaantuu mataa keessa rukuttee lubbuu koo du’a baraarte. Anis du’a na oolchuu isheef galatoomfadheen maqaa ishee gaafadhe. ”Masarat,” naan jette ija qusattee na ilaalaa. Battalumatti wareereen hirriba keessaa dammaqe. Booda utuun maqaa intala ’Masarat’ jedhamtuu iyyaafadhu akka tasaan gabaa Shaamboo keessatti arge. Kanuma.”

Garbaabaan ija shakkiitiin ilma isaa ilaalaa turee, ”Dubartii laga ceetee dhuftee si ajjeestu malee dubartii laga ceetee lubbuu kee du’a oolchitu argachuun hin danda’amu. Seenaa keenya keessatti namni Abbayyaan ce’ee du’a nu oolche hin jiru,” jedheen.
“Kanas ta’e sanas,”jedhe Gulummaan abbaa isaatiin ,”Ani Ayyaantuu irraa ija koo kaaseen jira. Namni abjuudhaan na ajjeese jiraa koottis na hin mararfatu …”

“Namni abjuu keetti du’a si oolches, jiraa keettis du’a si oolche jechuudhaa?” jedheen Garbaabaan isa taajjabaa.
“Sirriidha,” jedhe Gulummaan. Garbaabaan waan kana irratti ilma isaa sammuun jijjiiramee toora badiisaa qabate amansiisuuf yaalii guddaa godhee humna isaa ol itti taanaan jaarsummaa itti baase. Garuu, Gulummaan jaarsolii coqorsa mallattoo badhaadhinaa fi wal hormaataa qabatanii fuuldura isaa dhaabbataniif kabaja kennuu dhiisee miira isaa halalummaadhaan machaa’e qabbaneessuu qofatti xiyyeeffate.

Adeemsi gaa’elaa akka aadaatti biqila ilaallachuudhaan eegalame. Biqilli gundoon tokko gama warra intalaatiin gundoon kan biraan immoo gama warra gurbaatiin dhufee goordubatti bishaaniin dhuubamee baala bakkanniisaatiin ukkaamama. Biqilli mallattoo sanyii gaarii waan ta’eef yoo wal faana margee daraare gaa’ela milkii fi jireenya gaarii fuulduraatti lameen godoo tokko keessa jiraachuuf imala eegalaniif milkii jalqabaati. Waan biqilli kenne hin dhorkatamu, yoo bakakkaan bu’e illee dura hin dhaabbatamu. Gulummaa fi Ayyaantuu biqilli hin didne. Gaafa beellama isaanii biqilli gundoo lama irratti dhuubamee ukkaamame margee baala bakkanniisaa tortorsee irra aanee jira. Kanaaf, waan biqilli kenneef akkamitti abjuun dhorkataa? Gaafa dhiibbaan gorsa jaarsolii fi hiriyaa itti heddummatu, Gulummaan gaa’ela itti adeemaa jiru irra tarkaanfatee ijaa fi gurra qabatee qe’ee intala abjuun du’a isa oolchitee sanatti kooluu gale.
“Ani namatti yakka hojjedhee hin beeku,” jedhe Garbaabaan imimmaan ija isa guute abboommachaa, ”Garuu, waan Waaqayyo dhiiga koo dhiiga abaarsaa godheef naaf hin galu. Tokko dilbii isaa abdata, kaan loon hedduu qaba, namoonni akka kee ilma ittiin boonan qabu, kaan gamtaa qomoo isaaniitiin dhaadatu, namni akka koo kana hunda hin qabneef abdii inni dhumaa ilma koo tokkicha ture. Akka nama tokkootti dur durii isa barsiisee, seenaa itti himee, hibboo hibbaasiiseen isa guddise. Garuu, galanni koo bishaan keessa deebi’e.

Amma ilma intala koo qofaatu natti hafe. Maaltu beeka, innis bor na dhiisee deema ta'a." Garbaabaa imimmaan ija guute.

Baaroon waan dubbatu dhabe.

Garbaabaan qe'ee Baaroo fi Baroodaatti kabajaan keessummeeffame. Dhangaan gosa gosaan qophaa'ee booknis akka haaraatti naqame. Garbaabaan dhangaa hundarra ancootee filate. Naannoo isaatti ancooteen hin beekamu. Ancooteen sanyii nyaataa hundeen nyaatamu keessaa tokko dha. Iji isaa yeroo bokkaan arfaasaa roobu biyyoo furdaa daaraa fi gubataan haafaa yookiin qarmii midhaanii qaburra yoo facaafame yeroo birraan bari'u nyaatamuu danda'a. Nyaatni kun bifa lamaan dhiyaachuu danda'a; tokko abiddarratti affeelamee erga qolli irraa quncaasamee booda murmuramee yookaan dafaqamee dhadhaa fi urgooftuudhaan ittoo isaa yeroo hojjetamu, lammaffaan ammo akkuma biyyoo keessaa baafametti miicamee huuroo guddaarratti affeelamee qocqocaadhaan rukutamee cuubatamee kan cuffatamudha. Garbaabaan akka affeelametti qocqocaan cuffachuu jaallata. Yeroo qocqocaan arraba nama gubu booka heddu nama unachiisa.

Baroodaan ulfina Garbaabaatiif tumaamessa guddaa tokko qalee nyaachise. Garbaabaan haala Baroodaa kanatti baay'ee gammade. "Galata argadhu, gurbaa," jedheen Garbaabaan Baroodaadhaan, "Yeroo dhalootni kun abbootii isaaniitiif abboomamuu didanii fedhii isaanii qofaaf bitaman kanatti ati firoomni hagam hundee cimaa akka qabu hubatte dhangaa kana qopheessuu keetiif Waaqayyo dachaa dachaadhaan ulfina siif haa kennu. Fuuldurattis yoo Waaqayyo umrii fi fayyaa nuuf kenne walitti adeemnee wal iyyaafanna. Miilli keenya karaa ilaalee yoo gargar fagaates garaan keenya addaan hin fagaatin malee nuti walitti dhiyoodha. Firoomni keenya addaan hin citu,"
"Waanan dagadhee ture,"jedheen Baroodaan, "ilma Dureessaa Abdii, Caalchisaa, ni beektuu laata?"

“Caalchisaa Dureessaa akkamittan wallaala, goota Horroo cufti beeku mitii? Ati eessatti isa barte?”

“Waggaa shan dura adamoo deemeen bosona Baloo keessatti walitti dhufne. Ilma Dureessaa Abdii ta’uusaa natti himee ture. Ani garuu Dureessaa Abdii hin beekun ture. Nama jabaadha. Akkaataa jiruu fi jireenya isaa waan baay’ee natti hime.”

“Caalchisaan tokkicha hanga dhibbaati. Nama hedduutu isa beeka, yoo walitti deemtanii wal qorattan caalaatti eenyummaa walii bartu. Firummaa fi hiriyummaan akkasumatti eegalama. Anaa fi abbaan kees akkuma tasaa wal barree kunoo hanga ammaatti walitti deemaa jirra. Yoo ergaa qabaatte siif qaqqabsiisuu nan danda’a.”

“Baay’ee isa yaadeen jira, garuu hojiin waan natti heddummatuuf qe’eerraa fagaachuun dadhabe. Yoo isa agartan nageenya koo itti naaf himaa.”

“Ati hoo, ergaa hin qabduu?” jedheen Garbaabaan Baaroodhaan utuu fardarra hin koriin.

“Atumti nagaan naaf jiraadhu,” jedheen Baaroon gatiittii isaa rurrukutee. Garbaabaan farda koree irraa adda bahe. Yaadaa fi haamileen isaa jabaadha, garuu qaamni isaa bututeera.

Baaroon ijoollee Baroodaa, Abdiisaa fi Abboomaa, waan baay’ee jaallatuuf ganama ganama ofitti waamee waliin taphachuu jaallata; gaaf gaafii ijoollee durbaa waamee killee affeelsisaaf, gaaf gaafii ammoo aannan buusisaaf. Ijoolleen Eebbaa fi Caalaas ni dhufu. Hundumtuu oboo waan ta’aniif, Baaroon waan isaan saalfatu hin qabu. Yeroo tokko tokko qaama isaanii tuttuqee yommuu inni dhikkifatee ka’ee dhaabatu quba itti qabee walitti kofalchiisa. Isaanis waan fedha isaanii abbootii isaaniirra akaakayyuu isaanii gaafachuu filatu. Akkoon isaaniis akkasuma isaan qanansiisti. Galgala galgala ammoo abidda biratti isaan waamee oduu durii itti hima. Oduu durii keessatti baay’inaan shiraa fi haxxummaa, haqaa fi dhara, gaarummaa nama qajeelaa, jaalala biyyaa fi kan kana fakkatan isaan barsiisa.

Abboomaan dur-durii waraanaa fi waldhaansoo irratti xiyyeeffate dhaga'uu jaallata; abdiisaan ammoo hunda caalaa akkaataa itti jeedalli yeroo hundaa haxxummaadhaan bineensota kaan caaltee jiraattuu fi leenci ammoo gootummaa malee shira wallaaluun isaa maaliif akka ta'e dhaga'uu filata, garuu maqaa dhiigaa dhaga'uu hin fedhu. Ijoolleen kaanis fedhii adda addaa qabu. Baaroon yeroo hundumaa fedhii ijoollee kanaa waaltessuuf jecha dur-durii lama sadii al tokkotti itti hima. Ijoollee hundumtuu wal faana waan leenci, sangaa fi waraabessi qocaa ergaa ergatanii daftee deebi'uu didnaan ishee ajjeesuuf osoo itti kakatanii qocaan mana jala teessee, "Osoo ani hin fagaatiin kan akkas obsa dhabdan hangan deemee deebi'utti ammoo akkam taaturee?" jettee gaafannaan hundumtuu wal-faana itti kolfee yeroo dhaga'an, dur-durii qocaan keessattii argamtu dhaga'uuf fedhii guddaa agarsiisan. Garuu Baaroon fedhii isaa guddaan akka isaan namoota ciccimoo ta'anii guddatan waan ta'eef waa'ee lola qomoo bineensaa fi qomoo namaa, waa'ee aangoo Waaqaa fi Lafaa, waa'ee amala gareen tokko qabeenya kan isaa hin taane waliin saamee booda qooddachuu irratti wal dhabuu akkasumas waa'ee beekumsi fi bilchinni addunyaa kana jijjiiru isaan barsiisu jaallata. Abboomaan waa'ee lolaa fi dhiiga nama dhangalaasuu dhaga'uuf gurra qeensa.

Baaroon erga keessummaa geggeessee deebi'ee booda hanga irbaanni qophaa'utti akkuma durii seenaa tokko filatee jalqabe.

"Dur-dur,"jedhe Baaroon ijoollee walitti qabee, "harree, waraabessa, jeedalaa fi –dhiisaa kana miti, seenaa kan biraan isinitti hima," jedhee yaada isaa jijjiire.

"Dur-dur dharatu horii namaa saamuuf karoora baafate. Dhara beektu mitii?-- kan faallaa haqaa jechuudha."

"Eeyyee," jette ijoolleen.

"Eeyyee, dharatu horii namaa saamuuf karoora baafate. Garuu, karoora isaa kana dhugoomsachuuf qofaa saamuu waan hin dandeenyeef

dhugaa, leenca, bofa, abiddaa fi bishaan waliin mari'ate. Jarreen kana keessaa kan karoora isaa morme hin jiru ture.

Akkuma mari'atanitti deemanii deemanii yeroo nama loon heddu qabu bira gahan dharri bofa waamee akkana jedheen: "Amma bakka karoora keenyaa geenyee jirra. Haa ta'uuti abbaan loon kanaa yoo nutti dammaqe hunda keenya waan fixuuf dursinee isa dhabamsiisuu qabna. Kanaaf, utuu inni hin dammaqiin deemiitii hiddii ajjeesi." Bofnis akkuma ajajametti deemee abbaa loonii hiddee ajjeese. Yemmus leenci baroodee loon dadammaqsee fudhatanii deeman.

"Kana gidduutti utuma deemanii leenci beela'ee hamuummate. Dharri fedhii leencaa hubatteetu, 'raada tokko fudhadhuu nyaadhu,' jetteen. Leencis raada filatee nyaate. Yeroo kana dharri leencatti shira xaxuu egaltee ammas bofa waamtee, 'Leenci raada keenya nyaate gaafa loon kana hunda fixe nutti deebi'uun isaa hin hafu. Kanaaf, isa dhabamsiisuu qabna!' Bofnis yaaddoo keessa seenee, 'Kun akkamiin ta'aree? Silaa leenci hoo mootii hundaati,' jedhe. 'Kun salphaadha,' jette dharri arraba toltee, 'Yeroo inni aduutti ba'ee caama qaqqaammachaa titiisaa fi bookee ofirraa ittisu dhokadhuutii hiddii ajjeesi.' Bofnis akkuma ajajame godhe.

"Yeroo kanatti dharri dafee bofa dhabamsiisuuf karoora baafate. Dharri utuu hin dursamin dursuuf dandeettii guddaa qaba. Karoora isaa xumuree dafee abidda waammate, 'Ilaa, agartee, bofni har'a leenca - mootii keenya, hiddee ajjeese kun bor nuufis waan ciisu miti.' Abiddi akeekkachiisa dharaa kanaan liqimsamee, kanaaf, maal wayyaree?' jedheen. 'Yeroo inni bosona keessa asii fi achi lohu, utuu inni si hin argin gubii dhabamsiisi.' Abiddis soda malee bofa gubee ajjeese.

"Miiltoo waliin mari'ate keessaa gariin ni dhuman jechuudha. Haa ta'uutii abiddi bofa gube kun dharas gubuu waan danda'uuf dharri dursee tooftaa baafatee bishaan waammate: 'Abiddi bofa gube kun hunda keenya gubee loon kana fudhachuuf deema, maal nuuf wayyaa?'

jedhee mari'ate. Bishaannis xiqqoo akka sodaachuu ta'ee, 'Maal nuuf wayyaree?' jedhee gaafate. 'Yeroo inni goodaan fura qabatee arraba baasaa gaaratti ol dhufu ati immoo gaararraan itti konkolaadhuutii dhabamsiisi,' jedheen. Bishaan dhuguma se'ee obsee, obsee eeggatee yeroo abiddi fura qabatee balbal godhaa dhufu asii gadi itti konkolaannaan wal fudhatanii dhidhiman."

"Dhugaa fi Dharri horiitti hafan jechuudha," jedhe Abdiisaan dafee.

"Obsi, xumurri seenichaa kana miti; sirriidha, Dhugaa fi Dharri loon hedduutti hafanii turan. Garuu, ammallee Dharri shira dalaguu hin dhiifne. Kanaaf karaa ittiin Dhugaa dhabamsiisu yaadaa turee dhumarratti tooftaa tokko baafate. 'Akkuma beekamu,' jedhe Dharri Dhugaadhaan utuu loon tiksanii, 'Anii fi ati carraa gaarii qabna. Miiltoon keenya kanneen akka Leenca, Bofaa, Abiddaa fi Bishaanii dhumanii nu lamaantu loon kanatti hafe. Haa ta'u malee biyyi kun hattuu hedduu qabdi, yoo loon kana hunda dirree keessatti gad-lakkisne gaaf tokko hattuun kun dhuftee nu saamuu dandeessi. Kanaaf dallaa ijaarrachuu qabna.' Dhugaa fi Dharri mormii malee walii galan.

"Dallaa ijaarrannu kanaaf dhagaan waan nu barbaachiisuuf", jedhe Dharri, "yeroo ani dhagaa guddaa sochoosu ati immoo karaa jalaa naaf qabi, yeros waliin taanee buqqisna.'

"Dhugaan Dhara amanee osoo dalagaa isaa amanamuummaadhaan hojjetuu dhagaan irra garagalee boolla keessatti isa awwaale."

"Eci , akkamitti Dharri Dhugaa awwaala?"jedhe Abboomaan aaree.
"Dhugaan awwaalamnee hin hafne,"jedheen Baaroon dafee, "Utuu hin turiin meetii uffatee dhagaa jalaa bahe. Yeroo kanatti dharri meetii Dhugaan uffatutti inaafee, 'Anaanis dabaree koo dhagaa jalatti na gonbisi,' jedheen Dhugaadhaan. Dharri achumaan dhagaa jalatti du'ee

Dhugaan meetii fi loon hedduutti hafe. Kanaafidha, kan Dhugaan yoo yeroof Dharaan injifatame illee tasa awwaalamee hin hafneef."

"Amma immoo waa'ee ilmaan hantuutaa fi adurree sana nutti himi," jedhe Abdiisaan waan seenaa shiraa fi haxxummaa jaallatuuf.

"kan hantuutaa ilmaan ishee akka ilmaan adurree waliin hin taphanne gorsite moo?" jedheen Baaroon.

"Eeyyee," jedheen Abboomaan.
"Dur-dur," jedhe Baaroon itti fufee: " ilmaan hantuutaa fi ilmaan adurreetu dirreetti bahee waliin taphachaa ture." Gidduutti, utuu isaan hin xumuriin irbaanni qophaahee maaddiin dhihaannaan Baroodaan dhufee isaan waame.

Halkan waarii irra yoo darbe illee sagaleen boloo gaafa bosonuu yookiin warabboo irraa tolfamee afuufamu gamaas gamanaas ni dhagahama. Sagaleen boloo sun halkan calleensa qilleensa qabbanaa'aan keessa hasaasu hunkuree ilmoo dhiiraa dammaqsa. Boloon afuufamnaan yeroon adamoo gahuu mallatteessisa. Yeroo kanatti kormeen adamsituu eeboo ogeessa qarsiifattee, galaa qopheeffattee, dheebuu faachaa bahuuf bosona suufti. Adamoo bahanii bineensa maqaa qabu ajjeesuun dhiirummaadha; kabajni dacha dachaadhaan namaaf dabalama, gosti nama maganfata, dubartoonni kabaja guddaa haadha manaa ajjeesaatiif kennu, yoo laga bu'an illee ishee dura bishaan hin waraabbatan, yookiin ishee dura laga hin ce'an. Mirgaan bahanii mirgaan galu, kabajaan cidhi qopheeffamee hanga guyyaa sagaliitti dhiichifamee sirbama, geeraramee dhaadatama, lafti hafuura gootaatiin raafama, fooliin gootaa lafa ulee qilleensa ukkaamsa.

Baroodaan siree teephaa itilleen irra afame irra dugdaan ciisee sagalee boloo dhaggeeffataa ture. Battala boloon afuufamtee yeroon adamoo gahuu mirkaneessitu, Baroodaan duubatti deebi'ee akka itti jalqaba qeerransa ajjeese yaadata. Gaafa yeroo jalqabaaf faacha qeerransaa murate adamoo bineensa fooniitiif hiriyoota isaa waliin laga waamaa bu'e. Tolasaan, abbaan alaa adamsituu, ganama eebbisee kallattii itti adamsan ibsee namaa fi saree bosonatti bobbaase. Abbaan alaa hoogganaa duree namoota adamoo baheeti. Sirna adamoo irratti gumii adamoo eebbisee kallattii adamoo qajeelcha, nageenya namaa fi saree eegee eegsisa, wal dhabdee mirgaa fi qabannoo haqaan murteessee mirga abbaa mirgaaf, haqa abbaa haqaaf galchisiisa. Bineensa jalqaba du'e luka bitaa seeraan irraa baafamee isaaf kennama. Baroodaan gaafa sana laga qarqaratti bosonuu ajjeesee luka bitaa Tolasaaf kennee lukaa fi harka mirgaa ammoo gogaa bosonuutiin maree namoota baachisee bosona keessa deemaa ture. Gogaan bosonuu duugamee qarbata ta'a, gaafni isaas boloof tola.

Battalumatti adamoon iyyitee gargar facaate. Namoonni mirga Baroodaa baatanii deemanis lafatti darbatanii lubbuuf muka jalatti miliqan. Qeerransi namoota rifatee mukarraa mukatti utaalaa Baroodaa bira geenyaan sareen isaa, Shumbur, eegee maratee gururi'e. Qeerransichi mukarraa lafatti utaalee dhagaa lakkuu holqa qabu keessa of dhokse. Battalumatti Baroodaan darbannaa jabaa tokkoon eeboo isaa dugda keessa dabarsee lafatti dhaabe. Qeerransi dhiiga of irratti argee dhagaatti of rukutee eeboo ofitti daddabsee somaa isaa caccabsee nyaate. Baroodaan dhagaa guddaa tokko jala of dhokse. Dhumarratti, qeerransichi of dadhabnaan lubbuu keessaa harachiisanii qarabaadhaan gogaa irraa baasanii faacha muratanii sirbaa galan.

Baroodaan ergasii leenca tokko rasaasaan yoo ajjeesellee ammayyuu akka nama faacha hin qabneetti of ilaala. Fedhiin isaa yeeyyii ajjeesee dibachuudha. Mirgi mirga caalu mirga yeeyyiiti, sagal taatee waan wal

faana yaatuuf akka salphaatti gaadanii ajjeesuun rakkoo guddaa qaba. Ajjeesuu qofti gahaa miti, yeroo ajjeesanii dibatan faachi ofii faacha caaluu baannaan kabajni ofiis akkasumadha. Hanga ammaatti namni faacha yeeyyii muratee dibate Badhaasaa Bojaa qofadha. Yeroo tokkotti yeeyyii lama walirratti ajjeesee gurmuu ishee gargar tamsaase. Baroodaan yeroo hunda gulantaa Badhaasaa Bojaa gaherra gahuuf mannaaga, garuu hin milkoofne. Ayyaanni abbaa isaa faacha yeeyyiif isa hin qanaane. Yoon bara kana yeeyyii mataan dhaabee Badhaasaan of qixxeesse, ofiin jedhe keessa isaatti siree irra ciisee, ani boqonnaa guddaan argadha.

Sagaleen boloo wal jalaa qabe. Yeroo inni gamaa hafuura dhaabee of ukkaamsee afuufu kan gamanaa ammo jalaa fuudhee tumsa. Baay'inaan kan boloo afuufu dargaggoota dallaa loonii eeguuf godoo bulanidha. Baroodaan akka nama nyaataan cinaacha gubee garanaa garasitti utuu garagaluu indaaqqoon lama iyyite.

Saaqqattuun kaatee xuwwee marqaa abiddarra dhaabdee akkuma durii marqaa marqitee fiddeef.

"Gidduu kana karaa deemuun koo hin hafu," jedheen Baroodaan Saaqqattuudhaan.
"Galaa gahaa naaf qopheessuu qabda. Kuulaniitti nan hima, dhuftee siin haa gargaartu."
Kuulaniin obboleettii isaati. Ijoollee Baaroon dhalche keessaa kan dhumaa isheedha. Baroodaan eeboo fi albee isaa ogeessa biratti qarsiifatee yookaan tumsiifatee yeroo manatti deebi'u mana hiriyaa isaa, mana Mardaasaatti goree yoo isa waliin Baloo bu'eef gaafate. Mardaasaan adamsituu beekamaadha. Bineensa faana dhahee gola inni seene seenee ajjeesuuf kennaa addaa qaba. Yeroo Baroodaan itti goree dubbise inni immoo habaccaraadhaan qe'ee qulqulleessaa ture.

“Namni fardaan barbaadan lafoo namatti dhufa jedhan,” jedhe Mardaasaan Baroodaadhaan nagaa booda.
”Utuu fardaan na barbaaddee ganamaan mana koo dhufta.”
“Lakki dhugaadha, garaan koo suma bira jira. Akkami fooliin gubaalessaa sitti hin urgoofnee?” Adamoon hin geenyee jechuu barbaadeeti.
“Namuma adamoof qophaa’e hin fakkaattuu, amma?” jedheen Baroodaan.
“Obboleessa kiyya, kottu dura buna dhugnee booda wal qoccollaa. Urgeen buna danfisaa jirti.” Urgeen haadha manaa Mardaasaati.

Baroodaa fi Mardaasaan guyyaa lama booda galaa isaanii fudhatanii adamoof ka’an. Akaayii gogaa dhadhaadhaan sukkuumame ,nuugii gurraacha mooyyee keessatti tumamee luxoo ta’e, daakuu bassoo, akkasumas qullubbii adii, sunqoo gurraacha, ashaboo fi jijinbila qofaatti qorichummaaf walitti funaananii qopheessaniif Saaqqattuu fi Urgeen.

Yeroo Baroodaa fi Mardaasaan manaa bahanii deemsa eegalan dubartiin tokko okkotee duwwaa baattee aguuggattee fuulduraan itti dhufte. Milkii gaarii miti. Yammuu deemsaaf ka’anii waan akkasii nama mudatu duubatti deebi’anii milkii ka biraa ilaallatu.
“Okkoteen kee bishaan qabamoo duwwaadha?” jedhee rifaasise Baroodaan. Dubartittiin daftee haguuggiishee fuula irraa fudhattee, “Reefuu manaa bahuu kooti, bishaan hin waraabne,”jetteen. Okkotee duwwaan milkii gaarii miti.

Baroodaa fi mardaasaan ofirra deebi’anii manatti galanii buna kan biraa danfisiifatan. Abdiisaan akka haaraatti bishaan isaaniif buuse.
“Maal kun, fokkuun kun ganamaan fuula dura na dhufti aguuggattee?” jedhe Baroodaan dubartittii yaadate. Erga buna dhuganii jabanaa ol guddisanii booda kan isaan deemsa eegalan. Hiriyyoonni isaanii,

kanneen akka Olaanaa, Hundumaa, Suutumaa karaarratti itti makaman. Mardaasaa fi Hundumaan maskeettoo fannifatanii jiru.

Bosonni Baloo-Bareedaa wiirtuu bineensota hundaati. Namoonni baay'een bosona kana keessa faacha barbaacha beelaa fi dheebuu obsanii, bu'aa bayii deemsaa fi dadhabbii qaama ofii danda'anii, nafa ofii qoraattiin hube dagatanii, mirgaan galuuf manaa bahanii dadhabbii qofa dabalatanii manatti galu; ayyaanni abbaa isaanii dafee isaan hin qana'u, lafti sabbata hin hiikkattuuf - garaa itti jabaatti. Namoota akkasii keessaa Hundumaan tokkodha. Hundumaan bineensa maqaa qabu ajjeesee dibatee akka hiriyaa isaa geeraruuf yeroo shanii ol bosona kanatti deddeebi'ee harka qullaa galuu malee harka jiifachuu hin dandeenye. Yeroo namni ajjeesee galee geeraree dhaadatu inni ayyaana abbaa isaa komata, carraa isaa gogaatti aara. Garuu ammoo abdii hin kutu. Gaaf tokko ajjeesee dibachuu akka danda'u ni amana.

"Ajjeerraa mana faaqii,
Baga bare kabaashee,
Ajjeesuun bara waaqi,
Bagan bare karaa ishee," jedhee geerare gaafa jalqaba adamoo bahee harka qullaa manatti gale. Ergasii yeroo afur karoorfatee bahee yeroo arfanuu milkii malee manatti gale.

Hundumaan hojjetaa cimaadha. Yeroodhaan ooyruu isaa irraa qarmii fi haafa qoqo'ee qonnaaf qopheessuun yeroo bokkaan roobu lafaa fi sanyii wal simsiisuutti dandeettii addaa qaba. Sanyii inni akka baduuf lafatti darbate illee badee hin badu. Midhaan wal jijjiiree facaasuun, kunuunsa biyyee eeguun, haala roobaa ilaalee sanyii facaasuun, akkasumas aramaan akka midhaan hin dhorreef yeroo lama sadii aramuudhaan callaa guddaa galfata. Gama kanaan lafti garaa itti hin jabaanne. Adda midhaanii qaba, garuu addaa fi addunyaan faachaa kan isaa miti. Haa ta'u malee, ayyaana isaa roora'an abdii isa hin kutachiifne. Gaaf tokko ajjeesee akka booree keessaa bahu ni abdata.

Yeroo miiltoon isaa kolfaa taphachaa karaarra deemanis inni kanuma sammuu isaa keessa deddeebisee yeroo dhibbaa ol yaadaa ture. Ba'aa guddaadha. Rakkoo guddaan faacha dhabuu miti, baranas harka qullaa galanii ija dubartii baachuu dadhabuudha. Dubartiin huuba namarra hin buuftu, sanyoon nama hin kabajju, niitiin ofiis dhiirummaa namaa shakkiti. "Utuu akka gumbii fi gombisaan koo guutee jireenyi naaf qajeelee,"ofiin jedhe Hundumaan, "Ayyaanni abbaa koos natti araarame, dukkanni ija koo mare argaa bineensaa na dhorke naaf ifee, ani ulfa waggaa shaniin obbaafadha." Ulfa dheebuu faachaa jechuu isaati.

Aduu saafaa namaa fi lafa walitti gubu keessa afuura walitti baafachaa laga Aangar bahan, miiltoon adamoo utuma adeemanii. Irraa fi jalaan abiddadha - aduun akka qara eeboo asii gadi namatti dhaabatu qaama namaa keessa darbee lafa siilessa, abiddi awwaara irraa belbelu faana namaa affeela. Aduu sana keessa miira isaanii ukkaamsanii waan ajaa'iba do'ataa jiru, namoonni hedduun qarqara laga Aangaritti walitti qabamanii. Namni sagalee dhageessisu hin jiru. Gariin ija babaasee qilleensa ol sakatta'a, gariin afaan qabatee kufuu ga'ee of adaba. Lola jawwee gammoojjii daawwatu namoonni sun. Jawwee inni tokko abidda qabatee bantii waaqaatii balali'aa dhufe, jawwee kan biraan ammo asii ol bishaan itti facaasa. Ka samii irraa dhufe adiidha, ka bishaan keessa jiru gurraacha. Lola ajaa'ibaati. Jawween samii fi lafarraa walitti bahee kan wal lolu yeroo Waaqaa fi lafa gidduu nagaan hin jirredha, jedhamee dubbatama. Bara jawwee adiin injifannoo gonfate hongeen lafarratti dheeratee uumamni dacheerra jiru adabbiif saaxilama, bara inni gurraachi injifate bara quufaa fi badhaadhinaa ta'a.

Waan guddaan uummata sana afuura ukkaamsee akka callisan godhes hiree bara kana tilmaamuun barri kun bara quufaa yookiin hongee ta'uusaa adda baafachuuf ariifataniiti. Miiltoon adamoo sun kan

gurraan nama irraa dhaga'an malee yeroo jawween wal lolu qabatamaatti waan argan hin qaban ture. Garuu, yeroo jawween lafa afuufee qotee bishaan lafarra danbalaasisu yookaan duumessa afuufee rooba dabarsu arganii jiru. Lolli jawwee gammoojjii kun garuu addadha. Inni qilleensarraa abidda ammaaree itti darbata, kan bishaan keessaa bishaan dhahee itti garagalcha. Dhumarratti, jawwee inni bantii waaqaa irraa dhufe jawwee kan bishaan keessaa dhabamsiisee injifannoo gonfate.
Battalumatti, uummanni rifatee walitti gungumuu jalqabe. Hundumtuu safuu buufate. Bara kana hongeen akka dheeratu beekamaadha. Uummannis yaaddoo fe'atee manatti dacha'e.

Baroodaa fi miiltoon isaa waa'ee lola jawwee kanaa haasa'aa miilla hiikfatanii bosona Baloo ga'an. Bosona dirree qormaata dhiiraa! Abbaan jabinaan keessa kutee mirgaan gala, kanaachi kufee waaroo salphinaa uffata.

Manneetii citaa diimaadhaan kabamanii aarri abiddaa karaa guutuu keessaan ol burqu of duubatti dhiisanii bosona gurraacha lagaa fi tulluu aguugee handaaraa hanga handaaratti mul'atutti seenan. Bosona sana keessa mukaa fi mukti, qoraattii fi qoraattiin, margaa fi saarmaleen wal keessa dirmee waan jiruuf akka salphaatti keessa socho'uuf tooftaa barbaachisa. Bakka ol jedhanii deemuu dadhabanitti garaadhaan lafarra foqoquu, bakka foqoquu dadhabanitti immoo daandii jijjiirrachuu feesisa. Yoo utuu deemanii sagalee sinbira waccuu dhaga'an lafa isaas shakkuu barbaachisa. Naannoo sinbirri mukarraa mukatti dabartee iyyitu bofa, jawwee, jaamaa yookaan ilbiisa lafarra lootu arguun salphaadha. Yeroo baay'ee isaan kanatu adamsituu obsa fixachiisa. Miiltoon kun jabaatanii haa adamsan malee guyyaa jalqaqbaaf hin milkoomne. Bosona walakkaa keessa gahanii jiru, garuu faanni bineensaa hin mul'atu. Gurmuu bofaa fi jaamaa qofatu asiis achiis lafa dhiphisa. Qoraattiin agamsaa fi akuukkuus bahaa fi gala nama dhorka.

Guyyaa guyyaa haala rakkisaa kanaan adamsaa oolanii halkan halkan ammoo ichima buusanii abidda qaammataa bulu. Ichima buusuudhaan isaan keessaa kan Suutumaa gitu hin jiru. Suutumaan yeroo hundumaa galgala galgala muka qaqallaa kan akka sooyyomaa yookiin reejjii soofee jirma fufurdaa gogee bososuu gahe irbee, irbee, irbee abidda qabsiisa. Abidda qaammachaa waan qaban nyaatanii achuma baala mukaa afatanii dabaree dabaree rafu. Akkanatti osoo milkiin hin argamiin guyyaa rakkisaan shan dhufee darbe. Humni, galaa fi obsis harkaa dhumachuu eegale. Qaamnis ni bututte. Dhumarratti, abdii kutatanii walitti gungumuu jalqaban.

"Kana booda yoo itti dhiifnee galle wayya," jedhe Olaanaan, ganama gaafa guyyaa jahaffaa dugda isaa qoraattiin tattaraaree hooqqachaa, "Utuu faanni bineensaa mul'atee'jala deemnee gaadna, amma garuu homtuu hin jiru."

Hanga ammaatti kulkulee hin dhukkubiin malee, qaamni isaanii nagaa hin qabu.

"Erga ganama didee galgala tolaa," jedhe Hundumaan abdii kutachuudhaan. Hunda caalaa kan okkolu isa dha; hunda caalaa kan faacha barbaadus isa dha. Suutumaanis yaada wal fakkaataa kaase.

Battala qoraattiin waraanutti yookaan jaamaan ciniintutti gungummiin isaanii daran dabala. Gama tokkoon itti hin murteeffamu. Namni kaayyoo manaa baheef milkeeffachuu dadhabnaan osoo hin jaallatiin lubbuu isaa mararsiifatee, qaanii fi dadhabbii uddeellatee mana isaatti deebi'ee galuu filata. Gama kaaniin ammoo, booree itti seenan keessaa bahuu yoo barbaadan, osoo abdii hin kutatin , aarsaa of godhanii hanga dhumaatti wal'aansoo gochuu feesisa. kan ittiin addunyaa kana irratti madaalamanis kana dha. Baroodaan nama dafee wantootatti harka kennatuuf obsa hin qabu. Gungummiin miiltoo isaas isa aarse.

“Yoo manatti galuu barbaaddan,” ittiin jedhe aaree, “karaan dugda hindaaqqoo isiniif haa ta’u. Kanaachi gungumuu hin barbaachisu. Maaltu akka dubartii daa’ima abidda qarqaratti dhiisee bahee garaa isin nyaataa?”

Mardaasaa fi Baroodaan cichoomanii adamsuu filatan, garuu miiltoon isaanii adda bahanii manatti galan.

Baroodaan jirma mukaatti hirkatee waa’ee namoota obsaa fi murannoo hin qabnee yaadaa ture yeroo sagalee bineensa guddaa fagootti dhagahe. Mardaasaan rafee jira. Bineensichi takka ni aada, takka immoo sagalee ol fudhate barooda. Baroodaan eeboosaa garagalchee i’ilaale. Shaanfoo dheeraa qara bal’atu yoo ta’u, somaan isaa shimala yookaan leemmana bilchaate soofee itti godhatee ogeessi immoo jinfuu itti mareef. Sibiila eeboon kun irraa tolfame akaakayyuu isaatu yeroo bakakkaan bu’u eeggatee aannan re’ee gurraachaa itti dhibaafatee utuu inni lafa hin seenin jirma mukaa keessaa soqee baafate. Namni hagabuu bule lafaa hin kaasu - baay’ee ulfaata. Baroodaan eeboo kana darbatee bineensa dhabee hin beeku. Har’a woo, jedhee gaafate eeboo isaa yaadaan, naganta moo akkuma durii bineensa keessa dabartee eenyummaa koo dhugoomsita? Eeboon isaa afaan hin qabu, hin dubbatu, kanaaf deebii hin laanneef.

Sagaleen bineensaa daran itti dhihaatee dhagahamuu jalqabe. Waan gaanarra jiran fakkaatu. Lafti bari’uu gahee booruun diimateera.Dukkanni sodaachisaan suuta suuta saaqamee ibsaan uumamaa lafarratti aangomuuf balballi biiftuu banamuu gaheera. Wenniin korriftee simbirroonis wacuu jalqabde. Xiqqoo turtee biiftuunis balbala banattee qugummaadaa baate. Qorraa fi fixeensi gola holqa isaanii of dhoksanii caam-baatee ganamaatiif bakka gad-dhiisan. Mardaasaan hirriba irraa ka’ee ciimmaa sukkuummatee erga fuula

dhiqatee booda, akaayii isaanii alanfatanii gurra qeensaa bosona keessa suksukuu itti fufan.

Guyyaan isaa ifadha. Garaan Waaqaas ni addaata. Bosonni gurraachi qaama namaatti ulfaatu wal hiikee qulqullaa'e. Bofaa fi jaamaan hin mul'atu. Baroodaan dhagaarra jilgeenfatee afaaniin gadi jedhee erga bishaan dhugee booda muka jalatti goree faana bineensaa gogorrii fi sololaan irra hallatee dhoksite adda baafate. Faana ho'aa kan bineensa kabajamaati. Fooliin adda addaas itti xiraa'e, qaamni isaas akka waan ayyaanni irra buufatee itti ulfaate, deebiseemmoo sixix jedhee kottoonfate. Miilli isaa ajajamuufii dide, sammuun isaa abboommii dhabe. Baroodaan suuta jedhee ofirra quphanee naannoo isaa to'ate. Hundumtuu calleensa. Burqaalee xixiqqoo hidda mukaa jalaan cor-cor jettu malee homtuu hin jiru. Bineensonni muka Koran marti akka damee mukaatti maxxananii riphanitti hafuura baafachuu sodaatan.

Baroodaan utuu qalbii walakkaadhaan waan naannoo sana jiru yaaduu qalbii walakkaadhaan ammo ijawwan isaa dhagaawwan gurguddaa lama kan wal cina ijaajjan irra qaarisee gaaddidduu bineensaarra buufate. Yeroo kanatti sodaa hamaan qaamasaa dhuunfate. Onneen isaa bokokee tarsa'uu geesse, hafuurri isaa haratee dhufee kokkeetti rakkate. Dafqi fuula isaarra finiine. Irreesaa jabaan yeroo akka jirbii sassa'amee lallaafu itti dhagahame. Umriisaa keessatti akkas sodaatee hin beeku. Of jajjabeessuu yaale. Garuu yeroo dhabe. Lubbuunsaa qarqara karra abidda du'aa deddeebi'aa jirtu harattee dhuftee isa huute. Harkisaa eeboo jabeessee qabuu dadhabee dafqee mucucaate. Yeroo sanatti dhiira ta'uusaa of shakke.

Suuta jedhee lafarra foqoqee dhagaawwan gurguddoo sana lamaan jala of dhoksee gara bineensichaatti hiiqe. Leenca kormaa fi dhaltuudha. Inni kormaan garaan ciisee eegee raasee gururi'aa titiisa ciimmaa ija isaa fi afaan isaarra marsan liqimsa; ishee dhaltuun ammoo takkaa as,

takkaa achi fiigdee, fiigdee quruphisaa taphattee taphachiisti. Itti deddeebitee itti rigattee kotaati. Akka inni ishee miriixuu! Baroodaan onnee isaa bokokeef waa xiqqoon hafe abboommatee hidhii isaa ciniinnate. Obsuu barbaachisa. Yeroo tokkotti bineensa lama ajjeesuun waan yaadamu miti. Haala akkasii keessatti leenca dhaltuun hamtuudha. Akka tasaa agarraan utuu inni eeboo itti hin aggaammatiin morma huutee boraafachuu dandeessi. Gidduutti inni kormaan waan ta'e itti gungumnaan ishee dhaltuun kallattii biraarra utaalaa sokkite. Adamoo bineensaa waan deemtu fakkaata. Leenca dhaltuun adamsitee ka kormaa nyaachisuun waan baratamedha.

Baroodaan boqonnaa argate. Kanaan booda leenca lamaantu walitti hafe, ofiin jedhe keessa isaatti. Yeroo hin gubne, eeboo isaa ol kaasee, irree jabeeffatee ol ka'ee akka bakakkaa dhuka'e. Battalumatti, addunyaan dirree qabsoo namaa fi bineensaa taate. Eeboon baroodaa cinaacha mirgaan seenee onnee tuqee lafatti dhaabbate. Leenca kormaan samiitti ol darbatamee lafatti of rukute. Sagaaleen isaa lafa sochoose. Baroodaan sodaatee hurgufame. Leenci dhiiga ofirratti argee aariidhaan eeboo ofitti daddabsee soma alanfatee nyaate. Mardaasaan sagalee dhaga'ee utaalee biraan bahe. Gidduutti leenca ishee dhaltuun maraataa dhuftee madaa isaa qaqqabdeef. Mardaasaan itti dhukaasee ishees dhirsa isheetti dabale. Dhirsaa fi niitiin lubbuudhaaf afaan gombisanii biyyoo haadhuu jalqaban; miiltoo lamaan ammo gammachuudhaan harka wal fuudhan. Waan amanamu miti. Ajjeesaan duruu jira, garuu faacha lama bakka tokkotti argachuun rakkisaadha.
"Gaanfuree Baaroon dhalche!" jedhe Baroodaan yeroo tokko qofa. Dhaadannoodhaan lafa dhiphisuun amala isaa miti.

"Baga, baga ajjeefte," jedheen Mardaasaan.
"Atis baga ajjeefte," jedheen Baroodaan.

Aduun bantii waaqaatti ol qaaritee manatti tirachaa jirti. Qilleesi qabbanaa'aan suuta suuta lafa dhuunfate. Awwaarri faana namaa gubee hin affeelu. Lageen malkaa keessa sagalee dhokfatanii danbali'u. Mukeen garanaa garasitti dhiibamanii qilleensa galgalaa waliin haasa'u. Sagaleen ulullee fagoodhaa dhagahama. Hundumtuu gammachiisaadha. Bu'aa ba'iin deemsa torban tokkoo duubatti dagatamee cidha guyyaa sagalii qopheessanii yeroo ganda cufti bahee qe'ee isaaniitti dhiichisee sirbu, dhaadatee geeraru, faacha isaanii faacha caalchisee ittiin dhaadatu yaadnaan gammachuun daangaa hin qabne dhufee fuula isaanii duratti wal gahe.

BOQONNAA SHAN

"Yeroo namni jireenya isaaf tole jedhee hojjetu," jedhe maanguddoon tokko, "Waaqaa fi Laftis tole jedhanii jireenya isaa magarsu." Yaadannoo muka Qilinxoo maqaa faachi Baroodaa itti fannifamee daandii qarqara dhaabame cina gahanii maqaa isaa kaasan. Waa'een jabinaa fi milkii Baroodaa dhoksaa gabaa keessaati. Namni hundumtuu isaa fi abbaa isaa qajeelchee beeka. Lamaanuu hojii jaallatu, garuu Baroodaan abbaa isaa caalaa jireenyatti milkaaye. Jiruun kan fuula itti qajeelfatte carraadhaan miti. Callaan midhaanii akka qoosaatti gumbii fi gombisaa isaa hin guunne, ofirra kottoonfatee gaayyaa utuu aarsuu yeroo isaa gubee qabeenya hin horre, mana taa'ee Waaqa komatee faacha hin arganne, yookiin ammoo dhaala guddaa abbaa isaarraa hin arganne, yookiin qabeenya namaa humnaan saamee hin duroomne. Garuu jabaatee, aduu fi rooba obsee, ciniinnatee dafqa xuruurfatee yeroo gabaabaa keessatti nama beekamaa fi sodaatamaa ta'e. Inni jabaatee hojjete; waaqayyo isa gargaare. Inni sanyii gaarii biyyoo furdaarra facaafate; lafti calla gaarii kenniteef. Ammallee mul'ata heddu qaba; deemsi xumura hin qabne fuuldura isaa diriirfatee jira; fedhii fi hawwiin isaa heddudha.

"Tulluu ilmi namaa irra bahuu qabu heddudha," ittiin jedhe guyyaa tokko abbaan isaa, "Yoo tulluu tokkorra baate tulluuwwan gurguddoon heddu akka si hafan yaadadhu; galmi fedhii ilma namaa bakka tokko gahee hin dhaabbatu."

Innis bakka tokko gahee hin dhaabbanne. Yeroo mul'ata tokko galmaan gahatu, mul'atawwan heddu dhugoomsachuuf hirriba dhaba. Umridhaan reef gulantaa ga'eessaatti tarkaanfata, garuu yaadaa fi qalbiidhaan eenyu caalaa bilchaataadha.

Cidhi guyyaa sagalii kan kabaja abbaa mirgummaa isaatiif qophaa'e xumuramnaan, Baroodaan dafee ooyiruu isaa qulqulleessuutti bobba'e. Kosii fi hambaa qarmii midhaanii habaccaraadhaan walitti haree qoqo'e; meeshaalee qonnaa qooxii irratti fannifamee ture gadi-buusee sisirreeffatee hidhate. Yeroo tokko tokko lafti gogaan kaakka'amee biyyoon isaa yoo aduutti qaqame midhaan gaarii magarsa, garuu adeemsi akkasii sangoota miidha. Baroodaan gaafa bokkaan arfaasaa roobu qofa sangoota camaduu jaallata. Amma ji'i bitootessaa seenee sanyii duraa facaafachuuf rooba arfaasaa qofatu eegama. Bisingaan yoo awwaaratti facaasan caala, garuu yoo akka tasaa lafa keessatti same lammata facaasuu nama dhamaasa. Baroodaan rooba ji'a bitootessaa abdate. Garuu ji'i bitootessaa rooba malee dhufe. Samii fi tulluun rooba dorrobee gaaddidduun duumessaa hin mul'anne. ho'i aduu yeroo kam caalaa dabalee abidda lafarratti aangomse. Obonboleettiin awwaara samiitti ol fannisee bubbisaa mana namaa fi tuullaa midhaanii diigee darba. Sabbanni waaqayyoo hin mul'atu. Hongeen utuu hin eegamin bu'e.

Seenaa jireenyaa keessatti, barri sun ulfaataa fi shororkaasisaa ta'e. Qonnaan bulaan hundi akka sanyii midhaanii harkatti baatetti ciniinsifate. Namoonni baay'een yeroo akkasii kana jawwee shakku. Jawween rooba afuufee hongee buusuuf humna qaba, jedhamee sodaatama. Haala akkasii dhabamsiisuuf, namoonni amala isaa beekan korma qalanii dhiiga itti dhibaafatu. Garuu, utuu yaaliin akkasii hin godhamin dargaggoon majaa jawween beekan lama ta'anii dhiiga osoo hin taane abidda itti dhibaafatan. Jawween mufatee abidda itti qabsiifame fudhatee manaa fi gombisaa midhaanii walitti gube. Kana qofa miti, jawween sun laga bu'ee lafa tatarsaasee bishaan malkaa keessaa lafa jalatti deebise. Akkaataan isaa dhuma jireenyaa fakkaata.

Obonboleettii hamaadhaan kuulamee yeroo ulfaataan fuulduratti dhiibamuu jalqabe. Samiin daran, daran addaate. Ho'i akka malee

dabale. Margi ni goggoge, mukti baala harcaafate, namni afuura baafachuu dadhabe, waaqaa fi lafti walitti sirbe, aduun lafa siilesse. Mukkeen akka harbuu, birbirsa, ejersaa fi heexoo kanneen bonaa fi ganna lalisan, akka hin taanetti hongeef harka kennatanii qullaa hafan. Addunyaan gara maraachuutti deemte. Baroodaan afaan qabatee waan ta'aa jiru ilaaluu malee fala biraa dhabe. Uumaa fi uumamni wal dhabe. Halkanii fi guyyaan wal jijjiirus haalli hin jijjiiramne. Loon waan nyaattuu fi waan dhugdu dhabdee dirree keessatti dhumte.

Akka kanatti yeroon fuulduratti dhiibamee baatiin caamsaa dhufee darbe. Haalli isaa abdii nama kutachiisa. Ganni rooba malee dhufe. kanaaf,falli gaafa dhabamu, uummanni malkaa fi tulluutti bahee korma qalee ciincessee waaqayyootti iyye. Iyya salphaa miti, namoonni kumaatamaan lakkaayaman, maanguddoonni, dhiironni, dubartoonnii fi ijoolleen osoo hin hafiin waaqatti bahanii rooba kadhatan. Aarri korma qalamee ciincessamee qal'atee bantii waaqaatti ol sokke. Uummannis garaa qulqulluudhaan saqqii fi sabbata hiikkatanii waaqatti ol iyyuu itti fufan. Saqqii fi sabbata hiikkachuun 'siif hiikkanneerra nuuf hiikkadhu' jechuu agarsiisa. "Maal yaa waaqayyoo, maaf nu fixxaa? Nuuf roobi. Bokkaa nagaa nuuf roobi, uumama kee soori. Gaafuudha! Yaa waaqayyoo, sa'aa fi nama dhumaa jiru ilaali; sanyii mukaa duguugamaa jiru ilaali. Yaa waaqayyoo, darbattee nu hin gatiin---" Namni hundumtuu qulqullummaadhaan waaqa isaatti dhihaate.

Dhumarratti, iyyii fi kadhanni isaanii dhageettii godhate. Bantiin waaqaa cabbii caalaa addaataa ture suuta suuta duumessaan aguugamee rooba dorrobee. Waaqni guungumee qaqawweessa'e. Yeroo namoonni manatti deebi'an, bokkaa yandoon gudunfaa hiikkate.

Uummanni hundumtuu sanyii fudhatee ooyiruutti bobba'e. Dur yeroo sanyiin jalqabaa manaa baafamu, qalamee, dhibaafatamee, waaqaa fi

lafti kadhatamee sirni guutuun godhamee sanyiin jalqabaa lafatti darbatama. Bara kana garuu cidha akkasiif yeroon hin jiru. Wal'aansoo isa dhugaati. Haala akkasii keessatti yeroo ofiitti fayyadamanii tattaafachuu baannaan beela bara dhufu afaan banee nama eggatuuf hoolaa aarsaaf dhihaate ta'uudha.

Guyyaan isaa kamisa ture. Guyyaa gabaa guddaan naqamteetti dhaabatudha. Namoonni hedduun guyyaa kana midhaan harreetti fe'atanii gabaa baasanii gurgurachuun kan isaan barbaachisu ammo bitatanii galu. Yoo waan gurguranii fi waan bitan hin qabaannes, keessumaa dargaggoonni dhiqatanii, filatanii, dibatanii gabaa kamisaa kana bahanii ija bitanii gurguruu jaallatu. Amma namni guyyaa gabaa guddaa kana yaadatellee hin jiru. Hundumtuu ooyiru isaatti maatii isaa waliin garagale.

Baroodaa fi hojjettoonni isaa barii subii ka'anii sangoota camadan. Saaqqattuu fi dubartoonni kaan sanyii fiffilatamaa harkee fi qalqalloo guutanii dhiheessaniif. Midhaan hedduutti yeroon darbee jira. Akka toobaatti yeroon yeroo xaafii facaasan malee yeroo boqqolloo yookaan bisingaa facaasan miti. Baroodaan gonkumaa bisingaa facaasuu hin barbaanne. Waxabajjii, Adoolessa, Hagayya, Fulbaana --- Baatiiwwan carraan roobaa jiraachuu danda'u tilmaamee boqqolloo facaasuutti xiyyeeffate. Yeroo hindaaqqoon iyyituu jalqabee hanga isheen qooxiitti galtutti dadhabbii tokko malee dafqa xuruurfatanii sanyii fi biyyoo wal simsiisan. Haallis deebi'ee abdachiisaa ta'e. Duumessi sodaachisaa fi gurraachi garuu bantii waaqaa fi tulluu marsee sagalee dheekkamsaa dhageessisuu jalqabe. Sagaleen akkasii cabbii fi bakakkaa rooba keessa dhufu agarsiisa. Mallattoo dheekkamsa waaqaati. Yeroo waaqayyoo uumamatti aaru, cabbii fi bakakkaadhaan adaba.

Battalumatti waan hundi jijjiirame. Uumaa fi uumamni waliif hin galle. Roobni hamaan gudunfaa hiikkatee halkanii fi guyyaa osoo wal irraa hin citiin nama manatti uggurree yandise. Midhaan dura facaafame reef biqilee ooyiruu guuta; gariin reef facaafamaa jira. Rooba hamaan kun torban tokkoof itti fufe. Yaaddoo guddaan lolaan midhaan lagatti haree mancaasuu yoo ta'e malee, hanga ammaatti rakkoo sodaachisaan hin mul'anne. Garuu, guyyaa tokko ganama, akka roobni jalqabaa hurgufateen cabbiin dabaree isaa bantii waaqaarraa harcaafamuu jalqabe. Ija boqqolloo caalaa gurguddata. Yeroo akka nama sanyii boqqolloo facaasuu oyiruu irra daddarbatamu, ijoolleen akka Abdiisaa fi Abboomaa keessa fiiganii kan gurguddinaan hunda caalu funaananii ilkaan isaanii ittiin diilalleeffataa turan. Gariin kan karaa balbalaa manatti ol daddarbatamu funaananii ittiin afaan lulluuqqatu. Hanga liphsuu ijaatti, garuu cabbiin abboommii malee gad-harcaafamu ooyiruu irra tuulamee midhaan margaa jiru dacheetti dabalee abdii nama kutachiise. Lafti magariisni adii boffeetti jijjiirame. cabbiin kooba rirmaa fafakkaatee ooyiruu keessa wal irra tuulame. Bakakkaa fi qilleensa hamaan cabbii hordofee damee mukeenii ciree gad-hurgufe. Haala sodaachisaadha. Maanguddoonni muka jalatti rooba dheessuun bakakkaaf akka nama saaxilu gorsan, gariin namni akka manaa gad hin bane akeekkachiisan. suuta suuta, bokkaa fi cabbiin hurgufatee caame.

Baroodaa fi namoota biroon ooyiruu keessa deemanii badii geessifame yeroo ilaalan uumamni kaallattii jijjiirrataa waan dhufeef ilmi namaa wabii gahaa akka hin qabne tilmaamuun isaan hin rakkifne. Haala abdii kutachiisaadha. Dirreen hundumtuu lafa gabaan oolte fakkaata. Laftis, gartokkoon biyyoo ooyiruu keessaa guurame irra tuulamee, gariin ammoo baalaa fi dameen mukaa itti harcaafamee nama jibbisiisa. Baroodaan nama dura sanyii gad-baafatee afaan buleen ooyiruutti bobba'ee sanyii facaafate. Torban tokkotti boqqolloonsaa biqilee ooyiruu dhuunfate. Haala abdachiisaan sun guyyaa lama keessatti dhadhaa abidda bu'e ta'e. Nama gaddisiisa.

Namoonni hedduun hayyuu mari'achiisanii turan adabbii qaqqabe kanaaf deebii gahaa hin dhabne.

"Yeroo namni ulfina waaqaa dagatu," jedhe abbaan firaa, "waaqayyos garaa namatti jabaata. Waaqayyo garaa namatti jabaannaan adabamuun keenya hin hafu. Isaaf baga!"

Abbaan Firaa qaalluu beekamaa dha. Ayyaana isaaf kennameen namaa fi waaqa gidduutti walitti dhufeenya jiraachuu qabu qajeelchee beeka. Waaqayyo waaqa abaarsaa fi badiisaa miti, waaqa gadoo kuufatu miti, waaqa haloo bahuuf ariifatu miti. Waaqayyo, waaqa uumaa waaqaa fi lafaati; aangawaa uumama hundaati. Waaqayyo nama adabuuf hin ariifatu, garuu yoo didanii safuu cabsan qimmiidee barsiisa, yookiin fuula irraa garagalfata.

"Ta'us, Waaqayyo maaf akkas nu adabaree?" jedhee gaafate Baroodaan akka tasaa.
"Isaaf baga!" jedhe Abbaan Firaa deebisee.
"Waaqayyo waan godheef sababa qaba. Nuti, uumamni xixiqqoon kun akkamitti waaqa uumama hundaa olii komannee itti guungumna? Inni kenne hin fudhatu; hiixatee hin deebifatu, borus karaa biraa nuuf nagara. Isaaf baga, hoo'u qubaan isaaf haa ta'u!"
"Isaaf baga, hoo'u qubaan isaaf haa ta'u," jedhan namoonni kaanis, jalaa fuudhanii.

Lafti akka malee waan dhoqqaa'eef, Baroodaan ooyiruu hunda xaafii, garbuu fi qamadii facaase. Midhaan akkasii rooba guddaa jaallatu. Baatiin Waxabajjii darbee Adoolessi seenuuf deema, garuu bokkaan reef hundeedhaa gungumee dhufaa jira. Duumessi gannaa tulluu Koomtoo aguugee hurrii daalachi qaama dachee dhoksee jiidhaa fi qorra uumama irratti abboome. Ijji biiftuu maqaadhaaf liph-liph jettee

dhaamti. Malkaan yeroo malee guutee danbali'ee namni walitti deemuu hin danda'u. Riqichi mukaa, kan malkaa dhiphoorra buufamee baggee fi hincinnii yookiin qaqaroodhaan hidhamee irra cehuuf yeroo bonaa ijaarame bishaan malkaa guuteen buqqifamee bakka biraatti dabarfameera. Ijoollee qofaa manaa baasuun yaaddoo guddaadha - lolaan akka tasaa fudhatee bada. Baroodaa fi namoonni biroon haala jijjiirama wantootaa kanatti hin gammadne. Hir'inni ta'e keessa isaatii itti dhagahama, garuu hojii isaatti bobba'ee abdii fi amantaadhaan namoota isaa ooyiruu isaatti bobbaase.

Uumamni qilleensaa fi cabbiidhaan toora jireenyaa irraa maqee ture deebi'ee lubbuu horate. Midhaan margee ooyiruu guute. Roobni qaqallatee namnis yeroo isaa bal'inaan hojiirratti dabarsuutti xiyyeeffate. Rakkoo guddaan yeroo gannaa nama mudatu, midhaan bona guutuu lafatti hafee sinbirri illee balfaa turte gombii fi gombisaa keessaa dhumee namni waan nyaatu dhabuu isaati. Dubartii qaroon tokko tokko, rakkoon beelaa yeroo gannaa dursee waan itti mul'atuuf midhaan hanga ta'e ija namaa duraa dhoksanii qofaatti ol gudunfatu. Yeroo beelli osoo hin eegamin mana namaatti seentu waan bona ol gudunfatan irraa xiqqoo xiqqoo qicanii maatii guddaa beela baasu. Kaan kan sanyiif ol qusatame irraa dhoksanii hatanii ittiin lubbuu maatii eegu. Haa ta'uutii yeroon yeroo hojii ulfaataa fi dadhabsiisaa waan ta'eef nyaata dabalataa nama barbaachisa. Garaan boqonnaa namaaf hin laatu. Dhiirri hordaa jabeessee qabachuu dadhaba; ijoolleen qorra dandamachuu dadhabdi; jilbis nama bu'a. Bara raafuun dafee nama qaqqabe rakkoon akkasii nama hin mudatu. Raafuun yoo arfaasaa ooyiruu midhaanii keessatti biqile ganna beela nama baasa. Namoonni guboo ancootee fi mosee qabanis hanga ta'e ni dandamatu.

Baroodaan rakkoo hanqina midhaanii hin qabu. Gumbii fi gombisaan isaa hedduun ammallee guutuudha. Kanaaf namoonni hedduun nyaata maatii isaaniif ta'u barbaacha dhufanii hojii isa gargaaru. Yeroo warri

dhiiraa ooyiruutti bobba'anii qonnaa qotan yookiin aramaa araman dubartoonni ammoo bishaan waraabanii, qoraan funaananii nyaata bilcheessuu isaan gargaaru. Saaqqattuun waan garaa laaftuuf, midhaan dhoksitee moofaaatti gudunfitee nama rakkateef kennuu jaallatti. Baroodaan hojii ishee keessa hin seenu. Dhiirri tokko tokko orma maaddii isaarraa nyaatu arguu hin fedhu, Baroodaan nama nyaachisee obaasee hojiitti bobbaasa. Namni hanga nyaatu hojjeta, jedhee yaada. Namoonni ooyiruu Baroodaarra hojjetaa oolan yoo xiqqaate digdama ta'u. Isaan hundi isaafis ofiifis ni hojjetu. Warri dhiiraa guyyaa lama isaaf qotanii guyyaa tokko ofiif qotatu. sangaa fi sanyiin kan Baroodaati. Adeemsi tumsa akkasii haraasoo jedhama. Dubartoonni ammoo daadoo daadoo dhaan hojjetanii gatii dafqa isaanii isa gaaafatu. Yeroo manatti galan midhaan fudhatanii galu. Yeroo kam caalaa namni humna isaa amma fixata.

Namoonni hedduun kolfanii taphachaa hojii hojjechaa turan yeroo akka tasaa hawwaannisni dhufee midhaanitti bu'e. Gurmuu guddaadha. Jalqaba kallattii kaabaatiin samiirraa tokko lamaan osoo hin beekamin dhufee qubate. Itti aansee gurmuu ka biraan, kan gurmuu jalqabaa dachaa meeqaan caalu suuta suuta mootii mootii isaatiin hoogganamee kutaa kutaadhaan wal qoodee midhaanii fi mukatti duula bahe. Samiin hafuura isaaniitiin ulame, lafti gaaddidduu isaaniitiin golgamte.

Hawwaannisni hangafni sanyii badiisaa, akka hin yaadaminii fi hin karoorfaminitti biyya magariisa hawwisiisaatti duulee sanyii midhaanii fi mukaa lafarraa dhabamsiise. Dameen mukeen jajjaboo qilleensaa fi rirma dandamatanii bara dheeraaf jiraatan utuu hin se'iin ilkaan hawwaannisaaf jilbeenfatan. Baalli mukaa golgolaa'ee margi lafarraa qorqamee biyyootti bahe. Waan hundi nama jibbisiisa. Hunda caalaa, bunni ija godhatee hurruube bara dhufuuf abdii uummata hundaa ta'e halkan tokkotti jijim jedhee dhabame. kun, Leeqaa eebbaa fi badhaadhinaan beekamteef, abaarsaa fi rukuttaa guddaadha. Rukuttaan

akkasii dhaloota keessatti argamee yookaan dhagahamee hin beeku. Maanguddoonni illee dur-durii keessatti hin fayyadamne. Tarii,sanyiin ergama akkasii qabu lammata deebi'ee waan dhufu hin fakkaatu.

Ummanni ooyiruu irraa midhaan dhabe utuu hin se'iin gara abdii kutannaatti seene utuu yeroon roobaa hin dabarre ta'ee midhaan ka biraa facaasanii galfachuun ni danda'ama, garuu ammoo baatii Adoolessaa keessa, isayyuu yeroo namni hundumti sanyii of harkaa fixatetti yaalii akkasiitti milkaa'uun rakkisaadha. Bara margaan nama qabe marga lafaatu nama qaba, jedhu namoonni yeroo mammaakan.

Baroodaan humna dhabee biyya handaaraa hanga handaaraatti mancaafame ilaalee jireenyaa fi uumama shake. Raammoon akka hawwaannisaa erga biyya namaatti duulee badii akkasii qaqqabsiise, jedhee yaade, uumamni kana caalaa beela'ee fi yoo waliin ka'e humna guddaa qabu yoo ilma namaatti duule, namni wabii maalii qaba? Gaaffii of gaafate kanaaf deebii gahaa hin arganne. Kun dandeettii isaatii aladha.

Namoonni hedduun fagootti kooluu galanii jiraachuuf fedhii agarsiisuu yoo eegalan illee, maanguddoonni fi hayyoonni akkasumas qaalluun biyyaa jabeessanii morman.

"Nuti jireenya keenya keessatti rakkoo gurguddaa dabarsinee har'a geenye," jedhe maanguddoota keessaa tokko yeroo uummata gorsu, "Har'as abdii kutachuu dhiifnee obsaaan waan dhufe eeggachuu qabna. Yeroo nuti rakkoo yerootiif harka laanne qe'ee miidhagaa kanarraa baqannee deemnu diina keenya, kana waggaa dheeraadhaaf jireenya keenyatti hin tolle ture, akka salphaatti dhufee nu dhaaluu danda'a. Kun taanaan, abbootii keenyaaf, kanneen waan hundaa nu barsiisanii har'aan nu gahaniif qaanii guddaadha. Ekeraan isaaniillee hin boqotu. waan akkasii yaaduun safuudha."

“Namni hedduun beela bara dhufuu yaadda’e,” jedhe Baroodaan miira hawwaasaa ilaalee, “Ani mataan koo yeroon midhaan ooyiruurra dhaabe bishaan jilbaatu na bu’e.”
“Fakkeenyaaf namoonni hedduun angar deemanii saliixii fi talbaa oomiishanii jiraachuu barbaadu,” jedhe maanguddoo ka biraan ,”garuu achis wabii maaltu jira? Dhibeen qaama namaa hurgufee baatii tokko gidduutti lubbuu namaa dhabamsiisu achitti heddummata. Dhibeen sun kaanaan golfaa caalaa nama huba. Gama biraatiin iji bunaa biyya sana hin jiru, namoonni hedduun buna bitachuu yeroo isaan gabaa Saasiggaa yookiin Naqamtee dhufan argeen jira. Rakkoo baqatanii godaanuun furmaata jireenyaa miti. Yeroo qonni nu harkatti fashale horii horsiifnee jiraachuu dandeenya. Yoo obsinee harka Waaqayyoo eegganne bor karaa itti nuuf nagaru hin beeknu.”

“Yeroo tokko Billoo Boshee bu’ee akkaataa itti namooni laga waamaa jallisanii boqqolloo facaafatan yeroon arge,” jedhe Baaroon dhuma irratti , “waggaa keessatti yeroo lama sadii oomiishnee callaa gaarii galfachuun akka danda’amu hubadheen ture. Rakkoon keenya mala jireenya haaraa nu barsiisuu qaba. Yoo rakkoo akkasiitti harka laanne, rakkoo kana caalu injifachuu hin dandeenyu. Nuti ammoo uummata akka salphaatti harka laatu miti.”

Baaroon itti dabalee dur-durii hantuutaa fi raachaa itti dubbate: “Bara beelli hammaate tokko hantuutnii fi raachi walitti michoomanii waan nyaatamu barbaaddachuuf utuu deemanii, raachi gamnummaadhaan miilla hantuutaa hidhee osoo wal harkisanii bishaan keessa wal buusan. Yeroo sanatti waa’ee hantuutaa osoo hin yaadin lubbuu isaa baafachuuf bishaan daakuu jalqabe, garuu hantuunni waan daakaa hin beekneef, utuu bishaan keessaa bahee gad lixuu culullen dhuftee fudhatte. Raachis funyoo ittiin hantuuta hidhetti culullen lamaanuu fudhatee nyaate. Waan tokko karoorsuu qofa miti, dursanii addunyaa

ofii akkasumas akkaataa ofii ilaaluu nama feesisa. Rakkoof jedhanii deemsa nama hin baasne filachuun aarsaa guddaa nama baasisa..”

Yeroo sanatti hayyu qaroon taa’umsaa fi sochii urjii fi bakkalcha dubbisee bara himu Diggaa Fododdoo keessa jiraataa ture. Maqaan isaa Abbaa Gachii jedhama. Nama buleessa ganna jaatamatti tilmaamamau yoo ta’u, Abbaa Firaa, qaalluu biyyaa waliin hiriyummaa gaarii qaba. Namoonni kun lamaan yeroo rakkoo ulfaataan hawwaasa mudatu walitti adeemanii mari’ataa tasgabbii buusu. Abbaan Gachii yeroo heddu masaraa Abbaa Firaa dhufa.

Bara kanas, yeroo Abbaan Gachii farda fe’atee dhufe, Abbaan Firaa shanee isaa waliin ta’ee mari’ataa ture. Adabbiin kun kan uummata qaqqabeef waan safuun Waaqaa fi Lafaa cabee ulfinni Waaqayyoo dagatameef jedhee amana Abbaan Firaa. “Hayyuun keenya,” jedhe guyyaa tokko torbii irratti, ”Makkoo Bilii, oggaa seera tume waaqayyo hafuuraan itti dubbate. Nuti marti yoo safuu Waaqaa fi Lafaaf bitamne, nagaa, jaalala fi badhaadhinni nuuf ni ta’a.”

Haa ta’u malee, namni safuu Waaqayyoo fi Lafaa cabse akka farda luugama kutatee ta’e. Hangafaa fi quxisuun wal tuffate, dhiirri dubartiitti roorrise, harki dhiiga namaatiin xuraa’e osoo gumaa baasee hin qulqullaa’in hawwaasa keessa nagaan jiraachuu eegale. Haala baay’ee yaaddessaadha. Abbaan gachii kana hunda beeka. Maanguddoonni umriin bubbulanis haala kana qajeelchanii hubatu. Ta’us, Abbaan Gachii waan keessa isaa obbaafachuu hin dhufne. Kaayyoon isaa inni guddaan waan taa’umsaa fi sochii urjii fi bakkalchaa irraa dubbise uummata hundatti lallabuu ture.

“Waaqayyo waan hundaaf karoora qaba,” jedhe Abbaan Gachii torbii baheef. “Namni aangoo waaqaa sirriitti beeku jiraa?”
“Aangoo fi dandeettiin isaa hin tilmaamamu,” jedhe uummanni hundi.

“Eeyyee, aangoo fi dandeettiin isaa hin tilmaamamu. Bona darbe hongee hamaa ture, rooba hamaa fi hawwaannisni itti fufe. Amma midhaan nuti ooyiruu irraa qabnu hin abdachiisu, garuu Waaqayyo jireenya keenyaaf karoora qaba. Ammas nuffitanii osoo abdii hin kutin ooyiruu keessanitti baatanii jabaattanii hojjechuu barbaachisa. Hawwaasa akka sibiilaa jabaatu ta’uu qabdu. Roobni bara kana hanga baatii dhuma sadaasaatti turuu danda’a. Yoo jabaattanii hojjettan garbuu gannaa fi birraa facaastanii yeroo lama caallaa gaarii argachuu dandeessu. kanaachi, beela bara dhufu tilmaamaa gindii fi harqoota keessan fannistanii yoo balbala banattanii teessan, beelli sun karaa qaawwaa manatti ol seentee alatti gad isin ariiti. Nagaa fi araarri nuuf haa ta’u!”

“Nagaa fi araarri nuuf haa ta’u,” jedhan jalaa fuudhanii.

Abbaan Gachii Baroodaa ofitti waamee akkana jedheen “Yoo namni mana kee dhufee sanyii si gaafate, harka marattee hin ilaalin. Namni gaarummaa namaaf oolu eebba qaba.”

Baroodaan mataa isaa olii fi gad sochoosee yaada Abbaa Gachii sifeeffate.

BOQONNAA JAHA

Baatiin ateetee ittiin bulchatan waan gaheef Saaqqattuun qorxii fi sabaroo kusaayeedhaan foksitee, qorxiitti garbuu marqaa jifuu Ateetee guuttee sabaroo waliin boroo dhaabde. Sabaroon dhadhaa addaanuu gaafa Ateetee bulchatan marqaa waliin nyaatamu keessatti kuusuuf tajaajila. Dhadhaan kun dhadhaa muudaa jedhama; goromsa maqaa ateeteetiin moggaafame yookiin dhalate qofarraa aannan elmamee, itichamee, raafamee walitti qabama. Gulantaan ateetee adda; weessoon ateetee adda; hubboon ateetee adda. Qorxii fi sabaroo kana goromsa ateetee waliin gaafa isheen heerumte isheef kenname.

Ateeteen ayyaana dubartii fi dubaraati. Ayyaana mucaa godhachuu fi qabeenya horachuu akkasumas jireenya nagaa jiraachuuti. Baatiin ateetee seennaan, Saaqqattuun meeshaalee manaa hunda haxooftee miiccitee manatti ol galchite. Hanga oofkaltee sirni xumuramutti meeshaaleen kun manaa hin baafamu. Yeroo guyyaan ayyaana ishee guyyaa sagalitti galu midhaan farsoo dhagaa daakuu irratti daakame qopheeffame. Farsoo fi cabaliin akkuma dhadhaa fi marqaa sirna ateetee miidhagsa. Baroodaan damma bookni irraa naqamu okkotee fi qalqalloo keessaa baasee kenneef. Ayyaana guutuu ta'uu qaba. Kadhatanii mucaa godhatanii, qabeenya horanii harka hir'uudhaan ateeteetti dhihaachuun hoodadha. Dheekkamsi namatti dhufuu danda'a.

Kana waan beekuuf Baroodaan ganamaan Saaqqattuu ofitti waamee akkana jedheeni "Harka hir'uudhaan ateeteetti dhiyaachuurra facaafachuu dhiisuu wayya. Waan hundi guutee firri hundi nyaatee dhugee dhangaan lafatti hafuu qaba." Saaqqattuun cidha guddaa qopheessite. Daakuun marqaa guyyaa sadii guutuu majii lamaan daakamaa oole. Farsoon gaanii guurguddaatti tarree tarree galee naqame. Booknis akkasumadha. Yoo dhadhaan dhume kan marqaan

ittiin nyaatamu, saameta, sataattee gurguddaatti guutanii naqanii ukkaamsan. Saametni bal'inaan yeroo dubartiin deessu nyaatama.

Saaqqattuun qophii guddaatti adeemaa waan jirtuuf dubartoota hunda dura barii subii kaatee abidda qabsiifattee buna dhabde. Giduutti Karrituun qiraacii qabattee abidda fudhachuu dhuftee: "Warra manaa!" jette.

Saaqqattuun yeroo lama dabarfattee sadaffaa irratti owwaatte. Osoo lafti ifee balballi hin banamiin yoo namni alaa nama dubbise yeroo lama dabarfachuun aadaadha. Ayyaanni jinni ganamaa ni sodaatama. Yeroo Saaqqattuun balbala bantee bishaan ganamaa xebbeetti guuttattee mana borootti dhiqattee deebite dukkana waan tureef deebistee balbala cuftee turte.
"Qabbana argadhaa laata?" jette Karrituun sagalee Saaqqattuu hordoftee. Ganama yeroo abidda ergifatan akkasitti wal gaafatu.
"Se'achi qabata, reefuun qabsiisa jira," jetteen Saaqqattuun mormuu diddee.

Kuulaniin, obboleettiin Baroodaa, balbala banattee baatee ateetee waan ta'eef abidda akka hin ergifne itti himte. Karrituun dhiifama gaafattee olla biraatti dabarte.
"Eenyu isheen mortuun kunii?" jettee gaafatte Saaqqattuun.
"Karrittuudha. Baatii ateetee ta'uu dagatte" Jetteen buna miiccitee beddeerraatti akaayaa.
Gaafa bulchaa ateetee, Saaqqattuun, wandaboo uffattee, callee fi caaccuudhaan kuulamtee, okolee fi dhaabbata qabattee magartuu waliin laga buute. Magartuun jaartii buleettii ateetee qajeelchitudha. Dubartoonni ollaas ishee faana turan. Hamaamota ateetee faarsanidha. Bishaan okkoteetti waraabanii, baala ulmaayii fi urgeessaa cabsanii, coqorsa haamanii boroo manaa qorxii fi sabaroo irratti irreeffatan. Itti aansanii marqaa qopheessuu eegalan.

Margituun dhadhaa ateetee baksuuf sunqoo akooftee weedduu fi faaruudhaan sabaroo saaqxe:

Utuun Balasiin ta'ee,
Balasii Boongaa ta'e,
Dhabaadhaaf mirgan kenna;
Ittiin haa dhiichifatuu.
Utuun Maaramiin ta'ee,
Maaram ishee arjaa ta'e,
Dhabduudhaaf ilman kenna;
Ittiin dhirsa haa doorsiftu.

Dhadhaan ateetee xuwweetti baqee maasharoo funyaan sadiitti calalamee erga taa'ee booda marqaan jifuu marqamee qorxii guutee dhadhaan sun wiirtuu marqaa gargar saaqametti naqamee qadaadamee boroo dhaabbate. Marqaa kan biraan daakuu gumaataa kan dubartoonni ollaa harkeetti guutanii coqorsa waliin fidan irraa tolfame. Saaqqattuun dubrtii gara laafettii yeroo rakkootti daftee nama qaqqabdu waan taateef, dubartoonni hedduun laga ce'anii gumaata isheef fidanii hirmaattuu gammachuu ishee ta'an. Dubartoonni daakuu marqaa cinatti dhadhaa baksame killootti guutanii fidaniif ni jiru. Daafii kanaaf, sirni ateetee ishee haala miidhagaa fi hawwisiiisaadhaan geggeeffatame.

Baroodaan saawwan ateetee qofaatti baasee erga nyaachisee obaasee quuffisee booda dallaa bulchuu dhiisee manatti galche. Magartuun barii subii yeroo saawwan ciisichaa ka'anii dhoqqee jalqabaa buusan dhoqqee sana fuutee sabaroo fi qorxii bira keesse.

Kana booda sirni ateetee facaafachuu ni eegalame.
Saaqattuun coqorsa dhadhaa baqsaa cuuphxee diriirfattee teessee morma ishee dibatte. Dubartoonni kaanis jifuu dhadhaa baqsaa kan

isheen itti tuttuftu yookiin biiftu fudhatanii erga xumuranii booda marqaan harkeerratti baafamee dhadhaa fi itittuudhaan cuuphamee fal'aanaan nyaatamuu jalqabe. Marqaan dhadhaan cafaqamee harka Saaqqattuurraa fudhatamu jaafuree jedhama. Yeroo marqaa nyaatan dubartoonni hedduun gaarummaa fi arjummaa maaram jaallatamtuu faarsu: Maaram ishee gadameessa dubartii saaqxee jiiftee dhala namaaf laattu, ishee ilmoo namaa qusattee qanansiiftee guddistu, ishee yoo itti booyan garaa namaaf laaftu, ishee dhabduuf nagartu, ishee yoo gaddan nama jabeessitu, ishee furtuu icciitii hibboo dubartoota hundaa fi gaarii hundaa olii kan kennitee hin fudhanne fi gonfitee hingaabbinee giiftii gara laafetti sana. Maaram dubartiitti dhihoodha. Yeroo dubartiin dhala dhabdee boossu imimmaan ishee garaa nyaatee nagartiif. Yeroo ciniinsuun itti hammaatu isheetu dhibee fura. Dubartoonnis kanaaf ishee mararfatu.

Baroodaan bariidhaan dullacha ateetee qalee moora baasee bakka Saaqqattuun teessutti fidee gatiittii isheerra buuse. Oggus dubartoonni hedduun ililleedhaan lafa sochoosan. Guyyaan isaas kan dubartiiti. Gumaachi godhamu hundi kabajaa fi jaalala isaan jireenya keessatti qaban mul'isa. Abbaan warraas kanaaf korma qalee jaalalaa fi kabaja isheef qabu ibsa. Erga dubartoonni jifuu fudhatanii dullachaa fi kormi qalamee xumuramee, ijoolleef aannan kennanii dargaggoof ammoo nyaataa fi dhugaatii kennu.

Sirni ateetee quufadha. Keessummaan laga cehee dhufu hamma barbaade nyaatee dhugee gala. Dargaggoonni cabalii ateetee hubboo gur-sadii guutee jiru bananii dhugu. Ateeteen waakkannaa hin qabu. Ateeteen guutuudha. Saaqqattuunis guutuudhaan waakkii malee oofkalte. Gaafa guyyaa sadaffaa jechuudha. Margituun hubaayii gundoorratti hungulaaltee marqitee qabee lamatti guuttee loon dallaatti dachaasan. Saaqqattuun ammoo ol deebitee facaafattee jifuu marqaa hubaayiif bargaanfatte. Itti aansitee ulmaayii jiidhaaadhaan loon

haxooftee jifuun ateetee xumurame. Guyyaa kana sadan simboo addaa godhatte. Ayyaanni Maaram isheerra buufatee ture. Ayyaanni kun waggaa lamaan dhufuuf isheerra tura.

Yeroo sagantaan xumuramee firaa fi ollaan mana isaatti gale, Saaqqattuun mana haxooftee, qorxii, sabaroo fi siidaa ateetee qoraastee keesse. Daakuun ateetee fi saametni garuu waan hin dhumneef dubartoonni ollaa hanga guyyaa sagaliitti itti deddeebi'uu danda'u.

Baroodaa fi Mardaasaan odaa jala taa'anii akkaataa itti waggaa darbe bosona keessa deemanii faacha argatan wal yaadachiisanii osoo haasawanii namoonni hedduu wacaa dhufanii bira gahan. Namoota heddudha. Namichi furdaa gurraachi huccun irratti tatarsaasamee fuulli itti bobbokoke tokko ammo sangaa guddaa furdinaaf socho'uu hin dandeenye funyoo mudhii isaatti hidhameen harkisee fuuldura deema. Guyyaan isaa kibxatadha. Namni haaraan yeroo itti makamu namicha sangaa harkisee deemu sana takka rukutee warra sirbanitti makama. Ijoolleen nama kana arganii itti kolfuuf wal dorgommii itti fiigu.

Hundumtuu harka itti buufatee gammada. Namichi rukuttaa, tuffii, arrabsoo, dhiitichoo fi qaanii mataa isaarratti wal gahe obsee fuulduratti tarkaanfata. Namoonni jibba isa dhumaa jibbanii rukutuu dhiisan hancufa itti tufu. Harki namichaa duubatti hidhamee jira. Hattuu kana gabaa Bonayyaa geessanii naannessuuf itti sirbaa deemu. Maqaan hattuu sanaa Deettii jedhama. Sangaa amma harkisee deemu kana gaafa sanbataa gabaa Gatamaatii hatee osoo dhoksee halkaniin oofee Abeedongoorootti dabarsuuf deemuu osoo Naqamteen hin seeniin qabame. Hawaasa keessatti uummanni haraamuutti aanee jibbamu hattuudha. Namni osoo fayyaa qabuu hojjetee buluu dadhabee karra namaatti malee jiraachuun safuudha. Hawaasa keessatti akka malee jibbama. ijaa fi gurra isaa qabatee yoo biyyaa bade malee gurra maatii isaa nyaatee, kabaja qomoo isaa xiqqeessee, ofiis maqaan badee

jiraachuu hin danda'u. Akka bineensa gamtaa dhabee qofaa galuuf dirqama. Baroodaan hunda caalaa hattuu hin jaallatu. Maqaa gosaa nyaatti.

"Kootama jaldeessaa fakkaattee qabeenya namaa saamtaa? Irreen kee inni karra namaatti gamu maaliif hordaa qabatee hin qotu?" jedheen maqaa hattichaa gaafatee eenyummaa isaa adda baafatee Baroodaan.

"Maalan godha, gooftaa koo natti erge woo," jedhe Deettiin lafa lafa keessa i'ilaalee fuulduratti tarkaanfatee.

"Maal sitti erge, itti dhaqxe malee," jedheen Baroodaan.

Mardaasaan utaalee hudduu isaa keessa dhiite. Gurbaan biraanis dhufee rukute. Baroodaan ammoo gurra isaa qimmidee ol harkise. Kana hunda ciniinnatee obse, Deettiin.

"Harreedhaam, uleen itti hin bahuum," jedhu dubartoonni ammo itti kolfanii isa salphisaa.

"Na dhageessaa?" jedheen Baroodaan akka gurra isaa qabee ol harkisetti, "namni jireenya namaa diigee kan ofii ijaarrachuu barbaadu nu keessatti bakka hin qabu. Abbaan sangaa kanaa nyaachisee, obaasee, kan furdifate itti jiraachuuf malee eebbisee sii kennuuf miti. Ati garuu har'uma kaatee abbaa horii ta'uu barbaadde. Kun ergaa dhaa? Inni karra namaatti si erge eeboo abbaa keetti maaf si hin ergu?"

Namoonni itti marsanii jiran wal faana gudunfaa kolfaa gad-hiikkatan. Deettiin salphatee lafa lafa keessa i'ilaale. Qaamni isaa guddaadha. Qoleen isaa walitti dadacha'ee gooba sangaa fakkaata. Adda isaa, nyaara isaa olitti, godaannisa gurguddaa lamatu mul'ata. Ilkaan isaa fuulduraa tokkos cabaadha. Nama yeroo dheeraa lola keessa tureen wal fakkaata.

"Korma sanbataa fakkaata," jette dubartiin tokko namoota keessaa furdina isaa ilaaltee. Kormi sanbataa camadamee waan hin qonneef gooba ofirratti baachuu dadhabee loon keessa naanna'ee gaanuu malee dalaga waan hin qabneef of dhiibee, of tuulee, filatee nyaatee jiraata. Akkasitti hoomaan gelel bahe itti kolfanii, itti tufanii, itti sirbanii gabaa

isa naannessaa oolan. Iji gabaa irra buufate. Hundumtuu 'muu!' nama keessaa cab, ittiin jedhu; garuu, ammas taanaan nama keessaa cabee jira. Kana booda yaa'ii qomoorratti hin hirmaatu, kadhatee gumaata hin argatu, bakka hundatti shakkamee tuffatamaa jiraata.

Erga gabaa naannessanii nama hundatti isa agarsiisanii booda, Deettii fi sangaa wal cina dhaabanii calleensa buusisan. Gabaan sun al tokkotti akka abidda bishaan itti naqanii wal faana callisan. Waaqumaan, Abbaan gabaa seera adeemsa bittaa fi gurgurtaa qajeelchu, sagalee ciratee akkana jedhe: "Deettiin safuu cabsee guyyaa gaafa sanbataa gabaa Gatamaa keessaa sangaa obbo Teessoo Bulii gurgurtaaf gabaa baafatan funyoo irraa hiikee miliqsuuf utuu Abee Dongoorootti dabarsuuf yaaluu qabamee kunoo sangaa waliin fuula keenya dura dhaabatee jira. Abbaan horiis kunoo as jira. Kanaaf, hayyuun ka'ee murtii itti nuuf haa kennu."

Gabaan harka walitti rukuttee raggaasifte.

Itti aansanii maanguddoon murtii kennan coqorsa harkatti qabatanii as bahan. Coqorsi mallattoo nagaa, qarooma, abdii fi badhaadhinaati. Lakkoofsi jaarsolii shan yoo ta'u murtiin isaaniis 'Murtii Shanee' jedhama.

"Hunda dura," jedhe Qaabataan, hangafti maanguddootaa erga eebbi xumuramee booda, "Baga ayyaanni Teessoo Bulii hattuu kana qabe."

"Baga isa qabe!" jedhan jalaa fuudhanii. Qaabataan itti fufee: "Namni karra namaatti malu, bakka yartuutti kufuun isaa hin hafu. Dafqi namaa nama iyyata. Seerri keenya, seerri tumaa Makkoo Bilii, ifaa fi bilisadha. Yoo namni gabaa saame, fannifamee ajjeefama. Deettiin Teessoo Bulii saamee jira, garuu har'a hin ajjeefnu. Maaliif yoo jenne, Baciroon torban tokko dura gaafa sanbataa sangaa kana hatee erga miliqsee booda utuu Naqamteen seenuu laga qarqaratti qabame. Amma waan nuti adda hin baafanne tokkotu jira, innis:

Baciroon harka isaatiin funyoo sangaa kanaa hiike moo erga sangaan hidhaa kutatee gabaa keessaa bahee oofee miliqse?"
"Ofii isaatii hiikee milikse," jedhe Teessoon dafee. Baciroon waan ta'e dubbachuu kajeelee ija namaa sodaate.
"Ta'uu danda'a," jedhe Qaabataan. "Waan kana Baciroo mataa isaarraa qulqulleeffachuu qabna." Qaabataan gara Bacirootti garagalee, "Baciroo, gaafa sana, sangaa kana harka keetiin hiikte moo nama biraatu hiikee sitti kenne? moo erga inni hidhaa kutatee gabaa keessaa bahee ooftee sokkite?"

Deettiin arrabni waan goggogeef dubbachuu hin dandeenye; mallattoodhaan bishaan kadhate. Oggus bishaan dhiisanii aannan fidanii arraba isaa jiisaniif. Diina illee yoo ta'e nama dheebotee bishaan kadhateef osoo aannan jiruu bishaan kennuun hoodadha.
"Nama biraatu hiikee natti kenne," jedhe Deettiin du'ee badee.
"Maqaan isaa eenyu jedhama?" jedhee gaafate shanee jaarsaa keessaa tokko. "Nagaasaa jedhama. Ilma Nagawoo Guutaati." Baroodaan gurra isaa shakke. Nagaasaa Nagawoo gocha fokkisaa akkasii irratti hirmaachuun isa saalfachiise. Nagaasaan ilma nama beekamaati. Yeroo inni fuudhe guumaata isaaf kennee ture.
"Nagaasaan funyoo irra hiikee dabarsee sitti kenne. Ati woo eenyutti dabarsitee kennita?" Qaabataan ija itti babaase.
"Yeroon Abee Dongooroo gahu gatii gad-cabseen dafee gurguradha."

Jaarsoliin shanee qofaatti bahanii murtii isaanii irra deebi'anii mari'atan. Hattuun hidhata hin dhabdu. Hidhanni akkasii yoo dafee hundeedhaa gogsamuu baate rakkoo dabalataa uumuu danda'a. Kanaaf, Deettii lubbuun tursanii maamiltoota isaa hordofuuf murteessan.
"Dhugaadha," jedhe Qaabataan , "seerri Makkoo Bilii hattuun gabaa saamte akka duutu ajaja. Ta'us kun har'a hojjechuu dhiisuu danda'a. Yeroo seerri kun tumame adeemsi hidhata hattuu namoota lama sadiin gurmaa'ee yakka saamichaa raawwatu hin turre. Har'a yoo Deettiitti

du’a murteessine jalee isaa argachuun rakkisaa ta’a. Kanaaf, Deettii adabbii biraa adabna.”

Namoonni lafa gabaa jiran gungumuu eegalan. Yaada amansiisaa ta’uu dide. Qaabataan miira namootaa dubbisee jaarsa biraaf hiree haasaa kenne. “Deettiin ofiifuu du’ee jira,” jedhe jaarsichi. Maqaan isaa Galaanaa jedhama. Dubbii jajjabaa dubbatee nama amansiisuu fi yoo xiqqaate qalbii hawwatee tasgabbii uumuutti kennaa addaa qaba. “Deettiin ofiifuu du’ee jira. Namni yoo lubbuun du’e boqonnaa dha, garuu dhaabbiitti du’uun du’a hunda caaludha. Deettiin dhaabiitti du’eera. Waaroo salphinaa uffatee yeroo nu fuuldura dhaabbatu kana utuu dhaabiitti du’uu fi lubbuun du’uu keessaa filannoo dhiyeessineefii lubbuun du’uu filata. Nuti garuu isa hin ajjeefnu. Gurra isaa irraa murra. Gurra isaa irraa murree namoota kaanis barsiifna. Namni hundi yeroo isa argu hattuu irraa of haa eegu.”

Tokkoo tokkoon namootaa harka walitti rukutanii dubbii Galaanaatti gammadan.

Itti fufanii, jaarsoliin qarabaadhaan gurra gar-tokkoo irraa muranii sirbaa fudhatanii sokkan.

“Seera ganama tumame maaliif amma akka jijjiirru naaf hin galle,” jedhe Baroodaan Mardaasaadhaan. Duras mormii keessa isaa baasee hin dubbanne ture.

“Wanti hin jijjiiramne maaltu jira?” jedhee gaafate Mardaasaan deebisee. “Amma sirni bulchiinsa keenyaa akka gaafa Makkoo Bilii seera tumeefiin jiraa? Miti. Yeroo sanatti sirna Gadaatu uummata bulcha. Amma sirna mootii fi abbaa lafaatu bulchiinsa of harkaa qaba. Dur uummatatu gumii bahee rakkoo mariyata; amma nafxanyaatu labsii baasee murtii kenna. Akkamitti waan darbe kan har’aa waliin wal dorgomsiifna?”

Baroodaan calleensa filate.

Yeroo baroodaaan manatti galu, Abdiisaan loon biratti reebamee waan galeef hirqinfatee booyaa jira. Mucaa hiriyaa isaatu isa reebe. Mucaan isa reebe Obsaa jedhama. Dirree keessatti osoo wal'aansoo wal qabanii Obsaan Abdiisaa kuffisee mataarra taa'ee asii gadi dhuufuu itti dhuufe. Ijoollee biroon Abdiisaatti kolfanii gara inni deemutti duukaa deemanii garaa isa bobeessan. Dhumarratti, Abdiisaan obsa fixatee tapha sana lolatti jijjiire.

Obsaan umriidhaan yoo Abdiisaa waliin wal gitellee onnee fi si'aayinaan ijoollee kaan caalee waan argamuuf baay'ee sodaatama. Abdiisaanis Obsaa malee waan sodaatu hin qabu. Baroodaa mataan isaa ilmasaatti onnee godhee guddisuuf ulee muree itti kennee akka inni ijoollee namaa reebee galu ni gorsa. Yoo namni dhufee komate tapha ijoolleetti jijjiiree qoosaadhaan bira darba. Ilmi isaa kun gaaf tokko gumii lammii irratti akka inni ija jabaatee dubbatuuf hawwii guddaa qaba. Hawwii isaa kana baasee hin dubbatu, garuu karaa itti agarsiisa, fedhii keessa isaa akka hubatan godha, mul'ata isaa dhugoomsuu barbaada.

"Maal taatee boossa?" jedhe Baroodaan Abdiisaadhaan imimmaan ija isaa guute argee.

"Obsaatu na reebe," jedhe Abdiisaan.

Saaqqattuun amala Baroodaa waan beektuuf sagalee isaanii dhageessee diinqa keessaa gad baate. Duraan akka inni baasee itti hin himanne gorsitee turte. Garaa dhalaati—ilmi ishee akka jalaa tuqamu hin feetu.

"Yeroo ini si reebu ati harkatti bukoo baattaa?" Baroodaan dheekkamsa gad-fudhate.

"Lama ta'anii walirra goran." Abdiisaan huhudhamaa dubbate.

"Maaliif kudhan hin taane! Yeroo inni tokko si rukutu ati maal hojjetta?"

Abdiisaan ofirratti hurgufamuu eegale. Gaaffii walitti hidhame maal godha? Utuu dubbatees Baroodaa gurri hin dhaga'u. "Buddeen ati nyaattu utuu sareen nyaattee wayya!" Baroodaan irree abdiisaa qabee

utubaatti hidhe. Achii alangaa roobiitiin hamma danda'u reebee gaafa abdiisaan of wallaalu dhiisee bahe. Waaqayyoo maaliif dhala miciraan hinqabne naaf kennee? Jedhee of gaafate.

Halkan sana, Baroodaan waa'ee ijoollee isaa dabalee daddabalee yeroo dhibbaa ol yaadaa bule. Abdiisaan roggee buufateera, garuu ammallee akka daa'imaa of godha. Harki isaa hordaa jabeessee hinqabatu. Eeboo inni darbatu lafa malee bineensa hin argatu. Ija laafa. Dur durii waraanaa fi lola bineensotaa hin jaallatu, dhiirummaa isaarra dabuma isaatu madaala. Dubbii dalga itti dhufe dalga deebisuu hin danda'u. Gama kanaan Abboomaan abdachiisaadha. Abboomaan fedhii lolaa fi warraaqsaa hunda caalaa qaba, takka takka abbaa isaatiif illee hin abboomamu, waan dalaguu hin dandeenyetti hin ajajamu. Mucaan isaa kan sadaffaan dubaradha. Isheen hamaa fi gaarii addaan hin baafanne. Reef ganna jaha taati, garuu abidda bira teessee jabanaa fi eeleetti abidda tuqachuu barteetti.

"Abdiisaan haadha isaatti bahe, kanaaf garaa laafa. Namni garaa fi ija laafu gumii lammii hin hoogganu. Abboomaan garuu abdachiisaadha," jedhee yaade. Ta'us murtii akkasiirra wanti isa geessisu hin argamne.

Ganama akka bishaan dhiqannaa fudhattee baateen, Saaqqattuun waa'ee Abdiisaa Baarootti himte. "Akka utubaa manaatti hidhametti bule," jetteen. Battalumatti, Baaroon ciisicharraa ka'ee dhufee Baroodaatti dheekkamee: "Oromoon ijoollee isaaf kabaja qaba. Badii akkamii dalagnaan akkasitti hiitee bulchita? Dhala ofii akkasitti barsiifatuu?"

Baaroon funyoo abdiisaan ittiin hidhamee bule irraa hiikee manatti fudhatee gale.

Uummanni kuma hedduutti lakkaa'aman akka fixeensi ganamaa bu'een kallattii hundaan wal guuranii odaa qe'ee Baroodaa fuullee jiru jalatti wal gahan. Uummata hedduu dha. Dhiira-dubartii, jaarsa-jaartii, maanguddootaa fi ijoollota namni hafuura namummaa qabu kan

manatti hafe hin jiru. Nama dhukkubsatee sireerra jiruu fi dubartii deessee shanan irraa hin baafamne qofatu hayyamaan manatti hafe. Dhiironni eeboo fi gaachana akkasumas aalbee, dubartoonni ammoo suphee caccabaa fi ija hiddii qabatanii jiru. Namoonni qaama hir'uu kan akka jaamaa, naafaa ,duudaa fi qurcii qofaatti walitti qabamaniiru. Namoonni kun adeemsa har'aaf iddoo guddaa qabu. Isaan hundumtuu dhimma walfakkaataa fi ulfaataa lamatti murtii kennuuf manaa bahan: tokkoffaan, nama dhiiga Waaqjiraatiin xuraa'ee lammii waliin nyaatee dhugaa jiru of keessaa baasanii dheekkamsaa fi adabbii jalaa of baraaruuf yoo ta'u, lammaffaan ammoo Hiikaa isa osoo beekuu obboleettii isaa dirqamaan gudeedee haraama'e akka aadaatti qulqulleessuuf ture.

Waaqjiraan nama buleessa abbaa ijoollee sadiiti. Qonnaan bulaa cimaadha. Nama hunda waliin nagaa fi jaalalaan waan jiraatuuf bakka yartuutti lubbuun isaa harka namaatti badee gumaan isaa barbaacha dhaba jedhanii yaaduun rakkisaadha. Yeroo heddu ooyiruu isaa keessa hojiidhaan dabarsa. Daangaa lafaarratti komatamee hin beeku; maqaan isaa bakka hamaatti hin kaafamu; karra namaatti hin malu, dubartii namaatti hin shakkamu, kan rakkatee fi kan jiruun garaa itti jabaatte bira hin darbu. Jaalala namaa malee jibba du'aaf isa affeeru hin qabu. Du'i illee maqaa qaba; kan isaa garuu du'a du'aa oliiti. Akka nama lammii hin qabnee ajjeefamee karaatti gatame.

Gaarummaa kamis haa dalagu, Waaqjiraan harka namaatiin ajjeefamee qarqara laga Alaltuutti dhagaa guddaa tokkotti hirkifamee argame. Ijoollee durbaatu osoo qoraan cabsituu argee iyyinaan namoonni itti birmatanii reeffa isaa manatti galchan malee silaa irbaata waraabessaa ta'ee awwaala dhaba ture. Duuti Waaqjiraa maatii fi firoota isaatiif liqinfamuu dide. Qomoo guddaa guutummaa Leeqaa keessatti kabajamuu fi sodaatamu keessatti dhalatee akkamitti akka saree abbaa guddisa hin qabnee karaarratti ajjeefamee gatama? Haala isaarra lola

ittiin ajjeefame kanaaf waan qophaa'e hin fakkaatu. Reeffa isaa biratti eeboo fi aalbee osoo taanee hidda fiitii kan gaagura ittiin kabanii fi qottoo qofaatu argame. Gaafa sana ganama hidda barbaacha cariitti akka bahe ijoolleen isaa dubbatanii turan.

Waaqjiraan awwaalamee osoo sirni hammeenya isaa hin xumuramiin obboloonnii fi firoonni aanteen madda tokkorraa nyaatan nama dhiiga isaatiin harka dhiqate barbaadanii humnaan haa ta'u gama fedheen gumaa isaa baasuuf yaalii cimaa fi nuffisiisaa yoo godhan illee akka laayyootti milkaa'uu hin dandeenye. Waraabessi isa liqimse reeffa isaa qofa tufee miliqe. Baatii lamaa asitti faanni diina isaa hin argamne. Nama abaarsi itti heddummate hiree akkasiitu mudata, garuuu Waaqjiraan eebba malee abaarsa dabalatee hin beeku. Dubartoonnii fi dadhabdoonni inni nuffii malee gargaaraa ture akka inni ajjeesee faacha baadhatu yookiin ilma dhalchee dhungatuuf yoo isa eebbisan malee akka inni du'ee awwaala dhabuuf isa hin abaarre. Eebbi isaanii akkamitti abaarsa ta'eree? Obboloonnii fi hiriyoonni isaa baatii kana lamaan boqonnaa malee lafa fagoo, fagoo ta'e deemanii faana diina isaa hordofanii, ayyaantuu dubbisanii, keettoo meeqaa fi meeqa kallattii hedduun erganii dhumarratti dadhabbii qofa dabalatan.

Hirkoo fi Uumeen ammoo waliif obbolaadha. Gadameessa tokko keessaa hin bahiin malee dhiigni abbaa isaanii tokkodha. Garuu, Hiikaan miira hin beekamneen dhiibamee yakka haraamummaa dalage. Kanaaf, jaarsoliin bebbeekamoo fi sodaatamoo ta'an ganda gandatti labsii godhanii yakka kana lamaan qulqulleessuuf uummata handaaraa hanga handaaraatti jiran walitti deemanii dhufan. Diinni Waaqjiraa fagoodhaa akka hin dhufne beekamaadha, garuu yakka akkasii kana qomoon hundi irratti argamee qulqulleessuu qaba. Waan fedhes yoo ta'e, dhiigni nama dhangala'ee, gocha haraamuun dalagamee dacheen waan xuroofteef, osoo Waaqayyo fuula isaa namarraa hin

garagalchatiin dhugaa baasanii qomoo ofii qulqulleessuu fi Waaqayyoon araara kadhachuun dirqama ta'e.

Yeroo namoonni hedduun Odaa jalatti wal gahan, obboleessa Waaqjiraa fi maatiin hiikaa korbeessa reettii fudhatanii mana Oliiqaa deeman. Oliiqaan Boorana kallachi bira taa'udha. Hawaasa eebbisuu fi araara buusuudhaan beekama. Kallachi meeshaa sodaatamaa akka namni haqa hin deebisneef jalqabaa kaasee Waaqarraa bakakkaa waliin gadi-buufamedha. Kallachi ayyaana hin qabu; garuu kan ayyaana uffatee haqa dabsu ittiin abboomu. Kallachi yeroo namni uumame Waaqarraa namaaf kenname. Namni wal dhabee lubbuun kabaja qabdu gar-malee akka hin baaneef ittiin tikfama. Kallacharra hin tarkaanfatamu, waadaan kallacha fuuldura dhaabatanii seenaan hin cabu, kallacha fuuldura dhaabatanii hin sobamu, kallachi hin gowwoomsamu --- nama miidha.

Oliiqaan korbeessa reettii sana qalee dhiigasaa kallacha tuqsiisee bobbaase. Yeroo kallachi uummatatti dhiyaatu, namni hunduu waan sodaatuuf coqorsa kutee itti daddarbate. Itti aansee kallacha huccuu adii qulqulluu ta'een marame bidiruu keessaa baasee uummata abboome:
"Sanbata kana ganamaan yeroo maatii keenya waliin buna dhugnee dabarsuu qabnutti maaliif akka walitti qabamne ni beekna." Oliiqaan dubbii eegale, "Obboleessa keenya, Waaqjiraa, ji'a lamaan har'aa nama hin beekamneen ajjeefamee gumaan isaa badee jira. Dacheen keenya kun dhiiga qomoo keenyaatiin xurooftee jirti. Namni yakka kana dalage yoo ija namaa dhokate ija Waaqayyoo dhokatee bahuu hin danda'u. Kanaaf har'a dhugaa dubbannee, dhugaa baasnee, qulqulleessinee araara kadhachuuf dhufne; yoo namni yakka kana keessaa harka qabu as hin jiru ta'e kallachatti kenninee abaarree galla. Kallachi akka nuti haqa hin dabsineef nuu kenname. Yoo dhugaa

dubbattan jireenyi keessan haa margu; yoo dhugaa dabsitan kallachi jireenya keessan haa diigu."

Qilleensi sodaa miira namootaa keessa deddeebi'e. Sodaan isaanii ribuu fi lafee keessa darbee keessa keessa isaaniitti dhaga'ama. Sodaa badiisaa fi akka simbiraa facaafamuuti, sodaa abaarsaan rukutamuuti; sodaa waaqarraa fagaachuuti. Sodaan akkasii eelaa jireenyaa caalaa namatti ulfaata. Kallachi nama dhugaa dabse hin qusatu. Namni harki isaa qulqulluu ta'ellee amantaa dhaba.
"kanaaf," jedhe Oliiqaan dabalee, "beekees haa ta'u utuu hin beekiin lubbuu Waaqjiraa namni balleesse kallacha kanaaf haa abboomamu, kallachatti of haa kennu."
Namoonni hedduun ija shakkiin wal ilaalan. Haala sanaan ofis ta'e nama biraa amanuun rakkisaa ture. Hundumtuu jimmaa jimmiitee ta'e.
Oliiqaan itti fufe: "Kallachi haqa. Kallachi dhugaadha. Kallachi kennaa guddaa Waaqa keenyaa ti. Namni dhugaa isa kallachatti ofkennedha. Ija namaa dhokannee bahuu dandeenya; garuu ijaa Waaqaa jalaa eessattu hin miliqnu. Kallacha kana jalaa eessattuu hin baanu." Sagalee Oliiqaa jabaatee sagalee ajajaa fakkaate.

Gidduutti, "Kunoo kallachatti of kenne," jedhe walakkaa namootaa keessaa dargaggeessi tokko ol ka'ee. Maqaan isaa Hiikaa jedhama. Ganda ollaa Waaqjiraa keessa jiraata. Eeboo fi aalbee isaa lafa godhee harka isaa maratee dhaabate. Ijji namoota kumaatamatti lakkaa'amuu battalumatti irraa buufate. Yeroo iji namootaa akkasitti irra buufatu, Hiikaan sodaa hamaadhaan dhuunfatame. Yakkamaa harka dhiigaa ta'uu isaatiif waan balfame se'e. Coqorsa harkatti qabatee jiru kallachatti darbate. Akka hin miidhamneef yaadeeti.
"kunoo kallachatti of kenneen jira. Yakkamaan harka dhiigaa anadha. Harka koo dhiiga namaatiin xuraa'e dhokfadheen isinii wajjin nyaadhee dhugaa ture. Yakka kana baadheen har'as asitti isin dadhabsiisa. Anii fi Waaqjiraan diinummaa hin qabnu. Guyyaa sana

inni hidda fiitii muratee carii keessaa natti bahe. Ani lafa qoraanii deemeen qamdoo taa'een gala jira. Mucayyoo ani qamdoo waliin taa'e obboleettii isaati. Mucayyoo kana waliin akkan kolfee hin taphanne na akeekkachiisee ture. Yeroo lama sadii na doorsise. Ani mucayyoo nan jaalladha. Har'as nan jaalladha. Doorsisa isaa sodaadhee isheerraa fagaachuu hin dandeenye. Kutaa qamdoo ittiin taa'an yeroo narratti arge miirri isaa natti jijjiiramee arrabsoon na jalqabe. 'Na dhiisi, yaa obboleesso adaraa jaalalaa, 'jedheen kadhadhe. Inni immoo deebisee, 'Dhala haraamuu ,' naan jedhe. Yeros akkan ta'e hin beeku. Yeroo tokko qofa saggoo isaa rukutuu koo nan yaadadha. Ergasii lubbuu koof sodaadhee waan jiru dhokse. Yakki koo heddu dha. Kunoo kallachatti of kenneen jira; gumiin kunis na ofkalchaa! Dogongorri kan kooti; akka aadaatti waan natti murteeffamu nan fudhadha."

Ammoo qilleensi wal makaan uummatatti bubbise - qilleensa sodaa fi abdii - qilleensi dadhabbii fi aara galfii - qilleensa gaabbii fi tasgabbii - qilleensa safuu fi gumaa. Maatiin Waaqjiraa homaa hin dubbanne. Obboloonni isaa hundi ni jiru. Obboleettiin Isaa, isheen sababii kana fidde, haadha ishee cina teessi. Ijoolleen isaa sadan akaakayyuu isaanii waliin jiru. Haati manaa isaa booyichaaf waan jedhamaa jiru sirriitti waan hubatte hin fakkaatu - namni jireenyi itti dukkanaa'e yoo jiraate isheedha - haadha hiyyeessaa taatee ilmaan abbaan irraa du'e guddisuuf dirqamte. Maatiin hiikaas ni jiru. Gumaa akka tasaa qe'ee isaanii seene eda halkan quba hin qaban ture. Ilmi isaanii nama nagaa fakkaatee harka xuriidhaan isaan waliin nyaatee dhugaa ture. Namni sanyii sanyii isaanii keessaa dhiiga namaa dhangalaasuun kun kan jalqabaati - yoo dhiiga diinaa ta'e malee qomoon qomoof safuudha. Dacheen dhiiga qomootiin xurooftee dhiiga gumaatiin qulqullaa'uu qabdi. Hojii ulfaataan fuuldura isaanii jiru jaarsa biyyaa waliin ta'anii akka aadaatti gatii gumaa baasuudha. Maatiin Waaqjiraa kallachaan abboomamanii jiru - kana booda lubbuun hiikaa harka jaarsolii fi

gumiitti kufeera. Lubbuu kallachaaf abboomamee harka jaarsaa fi gumiitti kufe balleessuun hoodadha.

“Kallachi si hofkalcha,” jedhe Oliiqaan naamusaan. ”Waan ati nutti himte hundi dhugaadha.”

“Eeyyee,dhugaadha.”

“Dhugaa waaqaa fi lafaatii?”

“Eeyyee,dhugaa waaqaa fi lafaati.”

Oliiqaan kallacha harkatti baatu dabalee daddabalee i’ilaale. Uumaan jaalala ilmaan namaaf qaburraa ka’ee akka nagaan hin boorofneef, akka safuun waaqaa fi lafaa hin cabneef, akka qomoon wal hin ajjeefneef bakakkaa waliin kenne. Kallachaaf abboomamuun safuu waaqaa fi lafaatiif abboomamuudha.

“Namni dhugaa isa kallacha duratti dhugaa dubbatedha. Dogongoruun ni jira. Waan guddaan garuu dogongora ofiirraa deebi’anii waan seerri namatti murteessitu fudhachuudha. Hiikaan seera keenyaaf ni bitama. Gama biraatiin warri miidhame ni jira. Godoon diigame ni jira. Ilmaan abbaa guddisaa dhabdee bakkeetti hafte ni jirti. Dubartiin haadha hiyyeessaa taate jirti. Dhiironni obboleessa isaanii dhaban ni jiru. Kun ta’ee utuu jiruu, se’achi dhiiga biraa dhangalaasuuf gumaaf wal eeggachuun aadaa keenya miti. Dubbii gumaa jaarsatu fixa. Kanaaf, maatiin waaqjiraa, gumaa ilma keessaniif maatii hiikaa akka hin gaadne kallacha kanaan isin abboomeen jira.”

“Nutis kunoo abboomamne,” jedhan wal faana coqorsa harkatti qabatan kallachatti darbatanii.

Dhimmi gumaa jaarsolii shaneetti dabarfamee dubbiin lammataa eegalame. Oliiqaan Hirkoo fi Uumee waamee akka ka’anii dhaabataniif abboome. Hirkoo fi Uumeen ka’anii dhaabatan.

Jaarsa ka biraan dhimma dargaggoota kana lamaanii gumiidhaaf ibse:

“Ijoolleen kun lamaan waliif obbolaadha. Haati isaanii gargari, garuu abbaa tokkotu dhalche. Dhiiga tokkorraa dhalatanii safuu waaqaa fi

lafaa cabsuun qullaa waliin ciisan. Abdaariin keenya xuraa'eera, dhiigni keenya hadhaa'eera, Waaqayyo nuttI gaddeera. Yakka akkasii arguu fi dhaga'uun ulfaataadha. Hanga ammaatti kan qomoo biraa keessatti dhageenyu malee qomoon keenya xuraa'ee yaa'iin akkasii ta'ee hin beeku. Biyyoota laga abbayyaa gama jiran yoo ta'e malee biyyi waan akkasiitti komatamu hin jiru. Biyya sanatti jaarsi gadamoojjii seenuu gahe intala guntuta hin baasin akka fuudhu ni dhageenya. Biyya sanatti iyyuu obboleessi obboleettii waliin ciisuun safuudha. Haraamuun nu keessattis ta'e biyya kamittuu bakka hin qabdu. Haraamuun hin guddattu-gadi-gurdumti, ni yeelalti, dabalees abaarsa namatti fiddi. Kanaaf, Hirkoo fi Uumeen kallachatti of kennanii akka of qulqulleessan abboomnee jirra."

"Uumeen dirqamtee gudeedamte,"jedhe namoota keessaa tokko.

"Uumeen dirqamtee gudeedamte," jedhe jaarsichis dabalee, "Kun dhugaadha. Garuu dhiigni isaanii wal makeera. Gudeedni isaanii wal tuqeera. Obbolaan waliif safuudha; amma safuu kanatu cabe. Lamaanuu qulqullaa'uu qabu."

Addunyaa bal'oorra calleensatu bu'e. Namoonni Odaa jala jiran jimmaa –jimmiitee ta'an.

Hirkoon addaggeedha. Qaanii hin beeku. Xiqqaa fi guddaa hin kabaju. Nyaara-haaddatteedha. Farrummaa dalagetti gaabbii tokkollee hin ibsine. Nama ija isaa ashaboodhaan miiccate fakkaata. Sodaan hamma ija sinaaficaa keessa isaatti hin uumamne. Kabajaa fi ulfinni kallachaa itti hin mul'anne. Faallaa isaatiin, tuffii fi dhibaa'ummaadhaan of tuulee, kabaja uummataa cabsee akkana jedhee dubbate:

"Uumeen obboleettii kooti. Akkamittan yakka gudeeddii isheerratti raawwadha? Maqaa koo balleessuuf hamma kana dhama'uu isin hin barbaachisu ture."

Baroodaan obsee isa dhaggeeffate. Haasaan isaa ni saakarraa'a. Hirkoon dubbii ittiin dubbatanii nama amansiisan yookiin abshaalummaadhaan qalbii namaa hatan hin qabu. Sagaleen isaa nama

funyaaniin haasa'u fakkaata. Waaqayyo addaa fi addunyaa dhorkatee isa uume.

"Ati obboleessa koo miti; ati bineensa daggalaati," jetteen Uumeen imimmaan lakkuu lakkuu ta'ee ija ishee keessaa daddarbatamu qoorfachaa. Ija namaa baachuu dadhabdee lafa lafa keessa i'ilaalti.

Dhugumatti yoo ta'e, isheen dirqamtee gudeedamte. Gudeedamtee kaatees hin dhokfanne, haadha isheetti dhoksitee himatte. Dhumarratti maatii hundi mari'atanii abdaariin isaanii yakka kanarraa akka qulqullaa'uuf gara jaarsoliitti dhiyeeffatan. Haa ta'uutii, Hirkoon jaarsoliif hin abboomamne. Sammuun isaa furriidhaan guutame waan itti dubbatame akka qoosaa ijoolleetti fudhate.

"Ati obsi," jedhe Oliiqaan uumeedhaan. Deebisee gara Hirkootti garagalee, 'Kallacha meeshaa Waaqaatiin si abboomeen jira. Dhugaa jiru kallacha fuulduratti lafa kaa'i. Nuti jibba kee hin qabnu - ati dhiiga keenyadha. Dhugaa jiru dubbadhu. Yoo dhugaa jiru hin dubbattu ta'e, kallachi kun jireenya kee balleessa."

"Mee kallachi yoo humna qabaate jireenya koo haa balleessu!" jedhe Hirkoon sagalee jabaadhaan.

Uummanni hundi al tokkotti rifatee walitti shuntuure. Abbaa fi haati akkasumas firoonni isaa bakka of dhoksan dhaban. Kallacha fuuldura dhaabatanii sobuun abaarsadha. Kallacha fuuldura dhaabatanii jecha safuu dubbachuun rukuttaa namatti fida. Namni hunduu waa'ee Hirkoo miti, waaqayyo gadduu isaatti rukuttaa dhufuuf malu yaaduu jalqabe. Sababiin hawwaannisaa midhaan galaafata, sababiin nama yartuu lammii galaafata. Hirkoon yartuudha, kana booda gonkumaa qomoo keessa hin jiraatu.

"Egaa filannoon kan keeti," jedhe Oliiqaan aarii keessa isaa abboommatee. "Nuti 'muu!' jennee si geggeessina; ati immoo laga torba nurraa fagaattee dhaloota torba booda nutti deebita. Ati qomoo keenya miti. karaan dugda hidaaqqoo siif haa ta'u."

Iji Hirkoo barbadaa abiddaa uffate. Lafti inni irra dhaabataa jiru faana isaa jalaa raafame. Dooniitu ittiin cite. Sammuun isaa hamminaa fi haalummaadhaan xaxame dhikkifatee tarsa'uu gahe. Ta'us maal godhu, bishaan darbe hin waraabamu. Se'achi dhagaa gargar bahe ta'ee jira, walitti hin deebi'u. Hawaasa qaroome keessatti ofii doofaa ta'e. Doofaan gara itti adeemu hin beeku. Maatiin isaa isa gorsuu yookiin isa tumsuu hin dandeenye; takka jibbameera. Takkammoo kallachi isa abboomeera. Gara fuulduraatti tarkaanfachuu kajeelee bakka sanaa miilla kaasuu dadhabe. Aduun itti dhihaa jirti, garuu laga torbaa fi dhaloota torba cehee fagaachuuf deema. Galaa abaarsaa malee galaa eebbaa hingalaafanne. Namoonni akkasitti qomoo keessaa cabanii bahan, qomoo biraatti kooluu galanii ogummaa harkaatiin jiraatu - tokko sibiila tuma, yookiin huccuu dhaha, kaan gogaa duuga, yookiin suphee dhaha. Hirkoon kamiifuu hin qophoofne. Sammuun isaa kallattii jireenya isaa hin murteessine. Namni addunyaa kanarraa tuffatamee gatame isa qofadha. Miilla isaa kaasuu barbaade, garuu sodaan qaama isaa dhuunfate. Erga namaan galee namaaf gala. Akka tasaa waan irraanfatee ture sammuu isaa keessatti yaadate. Sammuun isaa murtii qomoo fudhachuu dide. Yeroo darbe waa'ee mana murtii nafxanyaa kan wiirtuu koonyaa jiru dhaga'ee ture. Wiirtuun koonyaa Naqamteedha. Namoonni achitti murtii kennan qaroo ta'uu isaaniitu dubbatama. Hirkoon isaanii abdatee fuula isaa ibse. Fuulli isaa ilkaan qofa ta'e. Daandiin fuuldura isaa jiru wal xaxaa osoo hin taane qajeelaa itti fakkaate. Isaan abdatee wal'aansoo isa dhumaa gochuuf murate.

"Isin akkan biyyaa bahuuf natti murteessitan. Ani garuu bakkan deemu hin qabu. Gadi gadii ta'ee kooluu namatti hin galu. Yoo barbaaddan Naqamteetti na himadhaa."

"Maal jechuu barbaadee?" jedhee gaafate Oliiqaan namoota Odaa jala jiran.

"Mana murtii nafxanyaa kan Naqamteen jirutti na dhiheessaa jechuu isaati," jedhe namoota keessaa tokko.

Oliiqaan baay'ee dinqisiifate. Haalli jijjiiramaa akka jiru ni beeka. Garuu dhaloonni akkasitti of baqata jedhee hin yaadne. Yeroo xiqqoof waan kana sammuu isaa keessa deddeebisee ofitti gadde. Dhaloota dhufuufis ni gadde. Fuulli isaa ni gurraacha'e.
"Nuti mana murtii nafxanyaatti si hin dhiheessinu. Nafxanyaan qomoo keenya miti. Nuti kallachatti si dhiheessine, kallachi kan waaqaati. Sababa keetiif harka waaqaatiin rukutamuu hin barbaannu. Yoo laga torba nurraa fagaachuu didde duula sitti baanee si ajjeefna. Kun seera keenyadha."

Oliiqaan kallacha huccuudhaan maree baatu bidiruu keessatti deebise. Hirkoon aariidhaan gumii dhiitee fiiguuf ka'e, garuu Baroodaan morma isaa qabee lafatti rukute.
"Dhiisi haa deemuu," jedhee Oliiqaan Baroodaadhaan. "Nama qomoo isaa balfee kooluutti ariifatu of irraa geggeessuu malee ofitti harkisuun hin ta'u. Dafnee isa geggeessinee dachee keenya qulqulleessuu qabna. Bakka gahu hin qabu, Kallachi isa qabeera."
Hirkoon ofduuba hin mil'anne.

Yeroo Hirkoon gumii fi qomoo isaa keessaa bahee sokke jaarsoliin boodatti hafanii dhimma gumaa Waaqjiraa irratti marii cimaa gochuuf Odaa jalatti hafan.

Halkan isaa baay'ee dukkanaa fi sodaachisaadha. Qilleensi qorraan qaama namaa walitti kotteessu tulluu Koomtoo irraan gad-deebi'ee lubbuu namatti mi'eessa. Yeroo akkasii kana raachi dhagaa jala dhokatti, ciilalluun mandhee isheetti deebiti, hantuutni guutuu manaatti olgalti, bineensonni holqa keessa qubatu. Jireenyis akkasuma dukkanaa fi sodaachisaadha. Wantoota abdii namaa kennan irra kanneen abdii nama kutachiisan heddummataa jiru. Wantoonni walxaxaa ta'aa dhufe. Yaadni namaas walxaxaa ta'e. Jireenya keessatti wanti dhaabbataan

hin jiru. hundumtuu ni jijjiirama. Hamaas ta'e gaarii jijjiiramni hin oolu.

Baroodaan haala rakkisaa dhaloota keessatti uumamaa dhufe kanatti hin gammadne. Namoonni umriin bubbulanis komii walfakkaataa qabu.

Baroodaan halkan dukkana sanaan siree isaa irraa ciisee waan kana irratti yeroo dhibbaa fi isaa ol yaadaa ture. Dhaloonni haaraan kanneen aadaa abbootii isaanii fudhatanii, eeganii-eegsisanii, jabeessanii qabanii dhaloota dhufutti dabarsuuf bidiruu jireenyaa Koran, yaadaa fi qalbiidhaan akka fincaan itillee irraa adda adda faca'anii uumaa fi uumama komataa , waan xiqqootti gammadee xiqqoottis abdii kutataa, akka saree maraatuu abbaa guddisaa ciniintuu Waaqatti quba qabaa toora jireenyaa gad-dhiisanii jireenya dukkanaatti tarkaanfataa jiru. Namoonni jiruu ofii fooyyeffatanii gumii qomoo irratti dhageettii guddaa qaban hin dhabamne. Garuu, lakkoofsi isaanii xiqqoodha. Sirni gooftaa fi garbichaas lafa dhuunfataa jira. Yoo qabeenya guddaa qabaatte gooftaa taata, masaraa guddaa ijaarratta, lafa bal'aa qochisiifatta, nama hedduu ergatta. Gatiittii uummataatti fe'amtee abbaa haqaa fi abbaa seeraa of goota. Gaafa quufte mataa uummataatti fincaa'uu barbaadda. Garuu atis gooftaa dhugaa, kan gurri isaa fagoo jiru hin taatu. Ofiis gooftaa biraa qabda. Baroodaan kana hunda yaadee qalbiin isaa sifeeffachuu dide. Haalli kun baay'ee isa yaaddesse. Akkaataa itti guyyaa, erga mariin jaarsaa xumuramee booda, Oliiqaan mufannaa isaa ibsate dabalee dabalee boqonnaa isa dhorkate.

"Namni har'a kallacharra tarkaanfatee deeme kun," jedhee Oliiqaan, "gaaf tokko kallachaa fi caaccuu, bidiruu dhibaayyuu, dhaabbataa fi sabaroo muudaa caccabsee abidda itti qabsiisuu irraa duubatti hin deebi'u." Oliiqaan utuu lubbuun jiruu waan kana akka hin agarreef of abaare. Dhaloonni itti aanu kun harma haadha isaa ciniinuu fi dhiigaa qomoo isaa dhuguu irraa duubatti akka hin deebine keessi isaa itti dubbatee jira.

Ammumallee yoo ta'e, lafa fagoo ta'etti jalqabni tokko tokkoni jira. Amantii haaraan dhufaatii nafxanyaa waliin darbee darbee mul'ataa jira. Namni amantii haaraa kanattii cuuphame nagaa hin qabu. Torban tokko yookaan lama gidduutti nama haaraa ta'a. Eenyummaa fi maqaa isaa jijjiirrachuuf dhama'a. Qaroominni yeroon fidaa jirtu kun eessatti akka nama tarkaanfachiistu hin beekamne. Oliiqaaf garuu dukkana itti fakkaata. Dukkanni sodaachisaan akka fuuldura jiru tilmaame. Abbaan Gachii, hayyuu fi raajiin biyyaa kanuma dhugoomse. "Hanga Odaan koo dagaagee dameen isaa lafa tuqee deebi'utti," jedhee raaje Abbaan Gachii waggaa lama dura, "dhaloonni itti aanu dukkana keessa jiraata. Jireenyi gadadoos ni heddummata. Rakkoo wal xaxaan waan furmaata qabu hin fakkaanne uummata irratti wal gaha. Dhaloonni walitti dhibaahee wal nyaata. Wal gamteessuurra wal jiitessuutu salphata. Dhumarratti namni tokko ni ka'a. Namni sun dukkana sana dhabamsiisa."

Namni hedduun umrii rakkoo fi gadadoo sana tilmaamuu jalqabe. Odaan tokko guddatee dagaagee dameen isaa lafatti deebi'ee ol ka'uuf umrii dheeraa gaafata. Abbaan Gachii Odaa kana akka namni hin murreef abaaree jira. Gaaf tokko umriin raajii kanaa gaafatamee, "Kun aangoo koo miti. Kun karoora waaqaati. Yoo nuti waaqatti ol dhihaanne, safuu isaa eegne, fedhii isaa guunne araara ni arganna," jedhee deebise.

Seenaan kun biyya fagootti illee dubbatamee jira. Namni garuu mul'ata rakkoo fi gadadoo kana dhagahuu hin fedhu. Oliiqaan kana ilaalee umrii dheeraa jiraachuu jibbe.
"Namni umrii dheeraa jiraatu ayyaantuu ture," jedhe hiriyoota isaatiin, "seenaa dhaloota isaa keessatti dalage darbee dhaloota itti fufu barsiisuun aadaa fi safuu uummataa fufsiisa. Sanyii gaarii facaasee callaa gaarii galfata. Amma garuu umrii dheeraa jiraachuun aarii dabalachuu yoo ta'e malee maal fayyada? Nuti akka nama sanyii gaarii

biyyoo furdaatti facaasee sanyiin sun garuu didee dhagaa gidduutti biqilee taane. Calla gaarii abdannee habaqii argachaa jirra. Fincaan keenya gaariin maaliif habaqii ta'ee?"

Namni deebii gahaa isaaf kennu hin jiru. Adeemsa jireenyaa keessatti dogongorri ta'e uumamee jira. Dogongorri sun yoom eessatti akka uumame hin beekamu. Akkuma killee ajjeesaan tokko utuu hin beekamin killee hundaa balleessuu jechuudha. Killee hedduu keessatti ajeessaan tokko yoo argame suuta suuta hunda balleessuu danda'a. Midhaan habaqii qabu dilbii hin ta'u. Gumbii keessatti samee bada. Dhaloonni habaqii qabus jabaa hin ta'u; jireenya keessatti same bada. Oliiqaan kana sodaate.

Baroodaan yeroo dhibbaa fi isaa ol irra deddeebi'ee yaaduutti hirriba dhabe. Halkan dukkanni sun isaaf bari'uu dide. Wantoonni wal dhabeera. Qilleensi qabbanaa'aan samii fi tulluurraa gad dhufu qilleensa ho'aa qaama dacheerraa ol hurku waliin wal fudhachuu dide. Utuu wal dhiitanii bakakkaan uumame. Qilleensi sibiila ta'e. Dhaloonni durii, isaan jiruu guyyaa sababa gahaadhaan geggeeffatan, dhaloota haaraa, isaan waan ijatti hin mul'anne qabachuuf dhama'an waliin wal hin fudhanne. Wal dhiitanii abaarsi uumame. Baroodaan sireerra ciisee miira Oliiqaa fi jaarsolii biroo qooddate. Inni qaama dhaloota kanaati. Dhaloota waa'ee hin baasne keessatti waamamuu isaatti ni gadde.

Baroodaan qabeenya guddaa waan qabuuf lafa bal'aa humnaan qabatee abbaa lafaa ta'uu danda'a. Goota jabaa, akkasumas ogeessa dubbii waan ta'eef qoroo bitatee masaraa isaatti mana murtii banatee yakkamaa adabee, ergamoota hedduu ooyiruu isaatti bobbaasee gooftaa uummataa ta'uu danda'a. Yoo daandii kana filate nafxanyaan wiirtuu koonyaa har'uma harka bal'isee isa simata. Garuu, kun mul'ataa isaa miti. Baroodaan, gootichi ija barbadaa, kallacha uummataati.

Deebisee hiree dhaloota dhufuu yaade. Abdiisaa fi Abboomaan dukkana kana caalu keessa akka hin jiraanne shakke. Isaan keessatti of dubbise. Daawwitii isaanii keessatti of ilaale. Ija isaa walitti qabatee utuu yaaduu waan ta'e sammuu isaatti biliq jedhe: nama baay'ee komaturra nama xiqqoo hojjetutu caala, namni xiqqoo hojjetu nama baay'ee komaturra wal'aansoo guddaa godha. Namni wal'aansoo guddaa godhu dhumarratti ni injifata.

Wal'aansoo gochuu akka hin sodaanne ni beeka. Ijoollummaa isaatii kaasee jiruu wal'aansoo jaallata. Taphni akkasii akka itti eegalamuu fi xumuramu hubannoo qaba. Haa ta'uutii wal'aansoon se'achii akka dorgommii fardaa hin salphatu, wal'aansoo tulluu dhiibuuti, wal'aansoo yeroo jijjiiruuti, wal'aansoo wareegamaati.

Hindaaqqoon lama iyyinaan Saaqqattuun kaatee xuwwee marqaa abiddarra keesse. Laftis bari'uuf deema. Har'i marsaa isaa xumuree, bor ammoo guyyaa biraati.

BOQONNAA TORBA

"Yeroon xawalwaalleedhaan," jedhe Mardaasaan Baroodaadhaan utuu waa'ee jijjiirama waggaa lamaan kana isaan mudate haasa'anii. Waggaa lamaan darbe kun isaaniif rakkisaa ture. Hongee dheeraa, cabbii hamaa, hawwaannisa ergamaa badiisaa, haraamuu maqaa qomoo nyaattu, akkasumas lubbuu qomoo dantaa malee badu waggaa lamaan darbe kanatti utuu wal irraa hin citin itti marmaare. Yeroo hongeen dheeratee midhaan facaasuun dadhabame, ammoo erga margee nama abdachiisee booda cabbii fi qilleensi hamaan lolaa waliin jijim godhe, yeroo abdii isa dhumaa dhugoomsachuuf tooftaa jijjiiranii midhaan callaa facaafnaan hawaannisni dhufee qorqe uummanni hundi waggaa itti aanu beela hamaan akka bu'u tilmaame. Garuu, garbuu fi qamadiin akkasumas xaafiin baatii adoolessaa gara dhumaa ijibbaataaf facaafame callaa gaarii ta'ee gumbii fi gombisaa guute. Lafa dhundhuma tokko hin guunne irraa midhaan qalqallootti hammaarame. Bokkaa shifiiin jalqaba baatii onkoloolessaa xaafii corqaatti tiifnaan xiqqoo waagiin rukute. Kanarraan kan hafe waan hundumtuu eebba ture. Yeroo sanatti kan qorichummaaf dhabame boqqolloo fi buna qofaadha. Boqqolloo yerootu itti darbee hin facaafamiin hafe; buna ammoo cabbii fi hawwaannisatu mancaase. Buna qolaaf illee lafa fagoo deemanii bitatan.

"Yeroo beela hamaa eeggattu, utuu hin beekin quufarratti quufa argatta. Yeroo naaf milkaa'e jettee abdii guddaa godhattu, utuu hin beekin waan hundi si harkaa fashalee akka adaamii qullaa hafta. Yeroon hin amanamtu - xawalwaalleedha."

"Ani waan akkasiitti hin amanu," jedhe Baroodaan yaada Mardaasaa mormee. "Hundumti keenya kan dafqinee hojjennuuf nyaannee dhugnee of danda'uuf malee harka beelaatti waxalamuuf miti. Yoon jabaadhee hojjadhe maaliifan beela eeggadha?"

"Yoo yeroon si dhorkatte woo maal goota?" jedhee gaaffii Baroodaa gaaffiidhaan deebise Mardaasaan.

“Waan waaqayyo naaf kenne yeroon na hin dhorkatu.”
“Waaqayyo yerootti fayyadamee si dhorkata.”
“Akkamitti?”
“Akkamitti jechuun kee gaariidha. Waggaa darbe utuu hongeen hin dhufin rooba arfaasaatiin sanyii facaafachuuf jennee ooyiruu keenya qopheeffannee turre. Yeroon kan arfaasaa ture, garuu rooba utuu hin taane hongeetu bu’e. Kana maaltu fide?”
“Waaqatu fide.”
“Sirriidha, Waaqatu fide. Waaqni roobas fiduu danda’a ture, garuu akka hongeen dheeratuuf yeroo abboome. Yeroonis hongee fide. Kana jechuun yeroon abboommii Waaqaa dhugoomse jechuudha. Eeyyee, kanaafidha, kan ani yeroon xawalwaalleedha jedheef. Bakka ati hin eegnetti argamti.” Urgeen buna baastee akaayii shunburaa gabatee xiqqootti naqxee itti qabde.

Mardaasaan utuu buna dhuganii waa’ee cidha Moosisaa Baroodaa gaafate.
“Waa’ee cidha Moosisaa irratti kan gungumamu kana quba qabdamoo?” jedheen Mardaasaan.
“Intala Mirreessaa Lamuu naqatee fuudhuuf akka karoorfatee jiru nan beeka,” jedhe Baroodaan.“Garuu gungummii akkamii akka ta’e hin dhageenye.”
“Intalli kan Mirreessaa miti - sanyootu ishee dhalche.” Mardaasaan qooqa hasaasuurra hin wayyoofneen dubbate.
“Dubartiin sanyoo hin qabdu jechuun rakkisaadha.”
“Kan rakkoo uume kana miti. Waan biraatu duubaan jira. Toleeraa beekta mitii?”
Baroodaan ganda Abaaloo keessa nama Toleeraa jedhamu yaadaan barbaadee argate.
“Toleeraan kan gogaa duugu sanaa?”
“Eeyyee. Haati intalaa isa waliin ciistee mucaa sana godhatte jedhama. Akkuma beekamu Toleeraan ijatti hamatama jedhama.”

“Kana hundumtuu ni beeka. Yeroo waraabessi qe’ee isaatti marmaaru nama hedduutu arga. Akka dubbatamutti yoo ta’e, waraabessi tokko gumbii cichaa isaa duubaan jiru jalaa mana qaba jedhama,” jedhe Baroodaan.

“Sirriidha. Aduun dimimmisaa’ee lafti dukkanoofnaan qe’eesaarra darbuun rakkisaadha. Hiriyoonni isaa waraabessa yaabbatanii dhufuu jalqabu. Boolla awwaalaa diiganii nama qaba isaaniitiin du’e kaasanii manatti galfatu. Lubbuu itti deebisanii dhiirri qoraan falaxa, dubartii ammoo majii itti kennanii daakuu daaksifatu.”

“Ati agartee?” jedhee gaafate Baroodaan kolfa adabachuu dadhabee.

“Akkamittan arga? - daangiboo qabu mitii? Anaan illee nama argetu natti hime. Namoonni ayyaana budaa qaban jiru. Namoonni akkasii isaan arguu danda’u.”

“Anaan garuu waa’een budaa kun na dhiba,” jedhe Baroodaan. ”Akkamitti namni nama nyaataa?”

“Budaan qaba nyaatti. Ayyaana isaaniitu nama qaba. Akkuma ayyaanni Booranaa eebba qabu jechuudha. Budaan nama hin filattu, ayyaana isaaniitu nama filata. Gaafa ayyaanni isaanii irraa ka’u nama qulqulluu akka keenyaa ta’u. Akkuma nama yeroo ayyaanni qaalluu itti ka’u hafuuraan dubbatanii yeroo ayyaanni isaanii irraa galu ammoo nama qulqulluu ta’an jechuudha.”

“Yeroo baay’ee ijoollee harma hootuu fi shamarran shurrubbaa dhahatte irratti qabamu,” jedhe Baroodaan.

“Dhugaadha, ayyaana isaaniitu jaallata.” Mardaasaan gara dhimma Moosisaatti deebi’e.

“Moosisaan gaafa waan kana dhaga’u aariidhaan waxalamee abbaa isaatti himate. Maatiin isaas akka obsuuf isa gorsanii keettoodhaan waan kana qulqulleeffatan. Waan hundumtuu dhugaa ta’ee argame. Utuu dubbiin gaa’elaa hin eegalamin haati intalaa sanyoo gad- aantuu yookiin qomoo balfamaa waliin yoo ciistee jiraatteef dhoksaatti gaafatamtee turte. Garuu sodaattee dhoksite. Amma dubbiin ifatti baanaan waan hundi qaanii itti ta’e.”

“Ani kanaafan sanyoo jibba,” jedhe Baroodaan.

Erga bunni dhugamee dhumee ilmi Mardaasaa inni hangafti, Barkeessaan akka goofaree isaa kim-kim godhee filatetti foolii durbaatiin ulamee manatti ol seene. Dargaggeessa ganna kudha shaniitti hiiqudha. Namni eessaa dhufta, jedhee isa gaafate hin jiru. Beekamaadha. Lafa qoraaniitti marmaaree foolii durbaa ulachuun yeroo isaati.

“Kaleessa roggee buufattee har’a foolii durbaa bartee gurbaa?” jedheen Baroodaan dibata foolii durbaa inni fidee dhufeen itti qoosuuf. Barkeessaan qaana’ee mataa buusee taa’e. Mardaasaa fi urgeen itti kolfan.

“Dhiira sagaleen koorrisnaan ala ilaaluun hin hafu,” jedheen Baroodaan, amma illee biraa hin hafne. ”Foolii durbaa baruun gaariidha. Waan hamaan foolii halagaa baruudha.”

“Haasaa kee dammaan qabi,” jedheen Mardaasaan Baroodaadhaan. ”Waa’ee foolii halagaa kaastee waan biraa na yaadachiiste. Akkaataa itti hayyuun tokko niitii isaa nama sadii irraa ijoollee sadii akka godhattuuf ishee gorse dhageessee jirtaa?”

“Lakki,” jedhe Baroodaan.

“Yoo hin dhageenye ta’e seenaan isaa akkasidha: namicha hayyuu tokkotu biyya fagoo jiraataa ture. Hayyuun kun yeroo hunda bu’aa dhiiga ofii fi dhiiga halagaa qajeellootti hubachuu barbaada. Kanaaf mala tokko argatee niitii isaa ofitti waamee akkana jedheen: “Ana irraa kan hafee yoo ati dhiira biraa waliin ciiste morma kee mureen si ajjeesa.” Isheenis isa waliin ciistee ilma tokko deesseef.

“kana booda ofitti waamee dabalataan akkana jedheen: “Amma waarsaa kee waliin ciisuu dandeessa.” Niitiin isaas akkuma ajajamtetti deemtee waarsaa ishee waliin ciistee ilma tokko deesseef. Sadaffaa irratti ishee waamee akkas ittiin jedhe: ‘Amma immoo sanyoo kee kan dhiigaan halagaa ta’e barbaadii waliin ciisi.” Niitiin isaas lafa fagoo

deemtee halagaa barbaaddee waliin ciiste. Isaafis ilma kan biraa deesse.

“Ijoolleen kun sadan walfaana gurguddatanii nama ta’an. Sadanuu maqaa isaatiin waamamu.

“Gaaf tokko hayyuun kun bakka ijoolleen isaa mana hin jirretti niitii isaa ol fuudhee gad-fuudhee reebe. Qaama ishee caccabsee cicciree dirmammeesse. Achiin booda niitii isaatiin akkana jedhe: ‘Amma ijoollee koo kana sadan qofa qofaatti waamii dirmammuu qaama kee irra jiru itti agarsiisii akka ani si reebe itti himi. Tokkoo tokkoo isaaniitti bakka eeboon koo jiru itti agarsiisii akka isaan na ajjeesaniif itti himi. Dhuma irratti waan isaan siin jedhan utuu na hin dhoksiin natti himi.’

“Namiichi kana jedhee adamoo deemnaan isheen ammoo ijoollee isheef nyaata qopheessitee qofa qofaatti isaan waamte. Jalqaba ilma ishee isa hangafa waamte.

“Yeroo ilmi ishee kun nyaata isaa nyaatu isheen ammoo dirmammuu qaama ishee irraa itti agarsiifattee boossee waa’ee reebamuu ishee itti himatte: ‘Ilma koo, utuu ati jirtuu kunoo abbaan kee na reebee na caccabse. kunoo dirmammuu koo ilaali. Ani huuqqadhee, soofamee, daaree, beela’ee-dheebodheen si guddise. Harma koo hootee nama taatee utuu ati jirtuu akkamittan reebama? Hanga yoomiitti abbaan kee natti roorrisa? Maaliif ajjeestee na in boqochiistu?’ Ilmi ishee akkas jedhee deebiseef: ‘gonkumaa ani abbaa koo in ajjeesu.’

“Mormii kanaan biraa deeme. Niitiin isaa ilma ishee lammataa kan waarsaa isheetiif deesse waamtee akkana jetteen: ‘Ilma koo, kunoo abbaan kee na reebee na caccabse. Kunoo dirmammuu koo ilaali. Ani huuqqadhee, soofamee, daaree, beela’ee-dheebodheen si guddise. Harma koo hootee nama taatee utuu ati jirtuu akkamittan reebama? Kunoo eeboo kana fudhadhuu yeroo inni galu ajjeesi. Ilmi ishee kunis ishee morme: ‘ani abbaa koo hin ajjeesu. Yoo barbaadde gabaa walakkaatti miidhaa sirra gahe dubartootatti himadhu. Isaanis siif haa morman.’

“Innis ka’ee biraa deeme.
“Dhumarratti ilma ishee sadaffaa kan alagaadhaaf deesse waamtee akkana jetteen: ‘Kunoo ilma koo, utuu ati jirtuu abbaan kee na ajjeesee oole. Kunoo dirmammuu koo ilaali. Harma koo hootee guddattee utuu ati jirtuu akkamittan reebama? Abbaan kee hanga yoomiitti natti roorrisaa? Amma woo naaf gamee jira. Maaliif isa ajjeestee na in boqochiistuu? Kunoo eeboo kanaan isa ajjeesi. Ilmi ishee kun aaree, ‘Yeroo inni galu eeggadheen isa ajjeesa!” jedhee eeboo sana fudhate.
“Kana booda abbaan isaanii galee waan isaan jedhan niitii isaa gaafate. Isheenis waan isaan jedhan utuu hin dhoksiin tokko tokkoon itti himte.
“Namichis dafee abbaa ilma isaa isa sadaffaa waamee, ‘Ilma koo kana situ dhalche, narraa fudhadhuu gali,’ jedheen. Abbaan gurbaa ilma isaa fudhatee gale.
“Itti aansee obboleessa isaa waamee, ‘Ilma koo kana situ dhalche, narraa fudhadhuu gali,’ jedheen. Garuu obboleessi isaa ni morme. ‘Ilmi koo ilma keeti; ilmi kees ilma kooti. Ani hin fudhadhu,’ jedheen.
“Halagaa gaafa kolfaa, fira gaafa golfaa, jechuun kanaafidha.”
“Halagaan nama seennaan lubbuun ofii wabii hin qabu jechuudha,” jedheen Baroodaan.
“sirriidha. Ilmoon bofaa bofuma mitii! killeen culullee killee hindaaqqoo keessa waan tureef hindaaqqoo hin ta’u. Bakka dhuftee isaa hedata. Gaafa killee keessaa bahee culullee ta’uu isaa baratu fira isaatti baqata. Booda deebi’ee sanyii hindaaqqoo lafarraa duguuga. Firummaa isaarra diinummaa isaa dhugoomfata. Maaliif?”
“Halagaa waan ta’’eef,” jedhe Baroodaan dafee.
“Ilmi dhugaa siif haa dhalatu!” jedheen Mardaasaan deebii Baroodaatti gammadee.

Torban lamaan kallachi bobba’etti maanguddoon biyyaa, kanneen dubbii gurguddaa fi wal xaxaa ta’e xumuruuf dandeettii qaban, dubbii dhiigaa akka tasaa lubbuu namaa galaafate fixuuf sanbata ganamaan warra miidhee fi miidhame akkasumas jaarsolii biroo kanneen dubbii

jallate qajeelchan, warra lamaaniif gorsa kennan, garaa qulqulluudhaan kadhata Waaqatti dhiyeessan hoogganaanii malkaa bu'an. Maanguddoon araara buusisan kun Shanan Guula jedhamu. Namoota loogii malee safuu waaqaa lafaatiin kan dabe dhidhiiban, kan ta'e waaqatti dhiisan, kan jiruuf daandii qajeelchan - guuladha, yookiin Shanee Jaarsaati. Dubbiin dhiigaa Waaqa biraa hafuu qaba. Kanaaf, guyyaa araarri adeemsifamu namuu dubartii waliin hin ciisu, arraba hin darbu, hammina hin yaadu, wal hin mufachiisu. Hundumtuu garaa qulqulluudhaan Waaqatti iyyee araara kadhata. Iyyi isaanii dhiiga nama dhangala'ee Waaqatti iyyatuu caalaa garaa waaqaa raasuu qaba.

Barii subiidha. Fixeensi hin hurgufanne. Bishaan malkaa bule gaaddidduun hin qaxxaamurre. Maanguddoon Guulaa garii warra Hiikaa gama tokkoon garii ammoo warra Waaqjiraa kallattii faallaadhaan qajeelchanii malkaa bu'an. Maanguddoonni baala ulmaayii harkatti qabatanii jiru. Baalli ulmaayii yeroo dhiiga hoolaatiin harka dhiqatan bishaan dhiigaan boora'e itti facaasuuf tajaajila. Yeroo malkaatti deeman guulli jaalala, nagaa, araaraa fi tasgabbiif kadhata; uummanni kaanis jalaa qabee dhugoomsa: "nagaa, nagaa,nagaa, nagaa, araar, araar, araar, araar. Yaa waaqayyo, si biraa haa hafu,' jedhanii Waaqa kadhatu. Kadhanni akkasii hubannoo guddaadhaan geggeeffama. Keessa onnee ofii cabsanii, gad of deebisanii, dadhabaa ta'uu ofii hubatanii, gaabbiidhaan of dararanii waaqatti dhiyaachuu feesisa. Yeros waaqni 'haa hafu' jedha. Yeroo warri miidhaman lamaan (warri Hiikaas gaabbiidhaan waan miidhamaniif) kadhata guulaatiin qajeelfamanii malkaa bu'an, Hiikaan ammoo huccuudhaan daangeffamee namarraa fagaatee muka jalatti hafe. Hiikaa harki isaa xuriidha, hafuurri isaa xuriidha, hojiin isaa xuriidha; ayyaanni irraa ka'ee akka gaanii farsoo duwwaa ta'eera; kadhata geessifachuu hin danda'u, guulatu isaaf kadhata. Namarraa qofaatti bahuun hidda qomoo isaa irraa cituu mul'isa. Hiikaan humna hin qabu, qomoo hin

qabu, fira aantee hin qabu - yeroo sanatti haatii fi abbaan isaa illee gara isaa miti. Isarraa adda of baasanii araaraaf Waaqatti booyu.

Guulli kadhataa dhufee malkaa gubbaatti wal gahee kadhata itti fufe. Jaarsi tokkoo fi Baroodaan ammoo Hiikaa marsanii maseena hoolaa tokko waliin uummatatti dhufan. Hiikaan ija namaa fi hafuura (hamajaajii) irraa eegamuuf jecha uffata fuula isaa dura diriirsamee daangeffamee dhufe. Yeroo hoolaan dhiyaattu Oliiqaan jaarsa biraa waliin ka'ee eebbise: kadhata isaatiin araara, nagaa, walii galtee fi tasgabbii fuula waaqaatti dhiyeesse. Hiikaan huccuu gaafa Waaqjiraa ajjeese uffatee gaabbiidhaan gad of deebisee dhaabbata. Ayyaanni irra hin jiru - mataan irratti cafaraa'ee, qeensi itti gurguddatee, huccuun irratti xuraa'ee, qaamni isaa akka korbeessa re'eetti ciinca'ee gammachuun irraa godaanee harka kennatee mul'ata. Gootummaan maqaa dhiiraati, garuu qomoo ofii ajjeesanii harka ofii dhiigaan xureessuun gootummaa miti. Dhiigni qomoo nama iyyatti, kanaaf gaabbiin ishee nama yeelalsee nama huba.

Akka Oliiqaa fi jaarsa biraan hoolaa sana eebbisanii araara kadhataniin hoolattii morma ishee gara malkaan yaa'utti qajeelchanii garaa ishee walakkaatti tarsaasan. Garaa hoolaa walakkaatti tarsaasuun qomoo addaan cite bakka buufama. Kana booda warri Hiikaa fi warri Waaqjiraa garaa hoolaa keessaan harka wal qabanii 'Waaqa biraa haa hafu' waliin jedhan. Dhumarratti, guulli bishaan dhiiga hoolaa bakka dhiiga namaa bu'ee malkaa booresse baala ulmaayiitiin warra lamaaniitti facaasanii kadhata araaraa xumuran. Kana booda Hiikaan golgaa jalaa bahee huccuu of irraa baasee malkaa of cuubee qaama isaa dhiqate. Jaarsi tokko ammoo qarabaadhaan rifeensa qaama isaa hunda irraa haadee, qeensa isaa irraa qoree hundee mukaa jalatti awwaale. Yakka inni raawwates akkasumatti awwaalama. Hiikan ammas bishaan cuubamee huccuu ka biraa uffate. Jireenya boqonnaa haaraa eegale jechuudha. Bishaan yaa'u, yakkaa fi xurii isaa biyya fagootti fudhatee

deema. Bishaan yaa'u duubatti hin danbali'u, dubbiin gumaas duubatti hin dubbatamu. Waan darbetti rarra'anii jibba walitti guuruu osoo hin taane daandii fuulduratti isaan fullaasu qajeelchuutu filatama - daandiin akkasii kun yoo araaraa fi walii galteen namoota gidduu jiraate dhugooma. Kan du'e du'ee jira; se'achi ka'ee hin margu, kan jiru garuu walitti hafa. Yeroo warri miidhaman lamaan harka wal qabanii wal dubbisan qilleensa nagaa fi boqonnaa dhufee naannoo sana dhuunfate. Qilleensi sun keessa keessa onnee namaatti gad bu'ee hafuura araaraa nama baafachiisa. Hamaajaajii fi hafuurri jibbaa duguugamee badee hafuura walii galtee fi jaalalaatiin bakka buufame. Waaqatu haa hafu jedhe. Ayyaana isaatu namaa fi lafarratti abboomame. Warri Waaqjiraa ilma isaanii qofa hin irraanfanne, haaloo keessa isaaniitti kuufatanii turanis of keessaa haqanii araara Waaqaatiif balbala onnee isaanii saaqanii waan hundumaa ni irraanfatame. Hiikaanis gaabbiidhaan gocha isaatti of ceepha'ee yoo ture illee amma garuu tumsa Waaqaa fi lammiitiin keessi isaa nagaa godhate. Kana booda hawwii du'aa hin qabu. Kana booda hin shororkaa'u, harka isaa dhiqatee waan jiruuf waliin nyaatee dhuguu danda'a.

Guulli haaduu hoolaan ittiin qalamtee fi hoolaa dhiiga isheetiin harki gumaa dhiqatame lagatti darbatanii korma qalmaa oofanii mana warra Waaqjiraa deeman. Korma sana qalanii foon isaa jaji'anii muka eebichaarra naqanii abidda irratti waadan. Dubartoonni ammoo maxinoo gadda ittiin ibsatan beddee irratti bilcheessanii dhiyeessan. Dhangaan dhangaa quufaa miti, dhangaa gaddaati - yeroo nyaatan muka muka hin jedhu - hin miyaa'u. Namni hundi wal gahee maaddiitti dhihaate. Oliiqaan, hangafti booranaa — jaarsi eebbaa, ka'ee dhaabate.

"Tokko kottu," jedhe Oliiqaan.
"Ani dhufe," jedhe jaarsi biraan jalaa qabuudhaaf.
"Akka ati dhufte nagaan biyya haa dhufu."
"Haa dhufu."

“Sokokkeen gad haa margu.”

“Haa margu.”

“Leensaan ol haa margu.”

“Haa margu.”

“Boolli didibbee haa ta’u.”

“Haa ta’u.”

“Gufuun burkutuu haa ta’u.”

“Haa ta’u.”

“Malkaan saanqii haa ta’u.”

“Qilleensi hamaa fi dhibee hamaan tulluu duuba nuuf haa ta’u.”

“Haa ta’u.”

“Yaa Waaqayyo araara nuuf kenni.”

“Nuuf kenni.”

“Kan du’e du’ee jira, kan jiru gaabbeera, kan du’eef boqonnaa kenni, kan jiruuf araara kenni.”

“Ati kenni.”

“Kan jiru gaabbee araara gaafatee, dhiifama gaafatee, yaa waaq si biraa haa hafu.”

“Eeyyee,haa hafu.”

“Kan jiru walitti nuu jaalladhu.”

“Eeyyee,walitti nuu jaalladhu.”

“Waan si biraa dhume lammata hin kaafamu.”

“Eeyyee hin kaafamu.”

“Hoo’u qubaan siif haa ta’u—galanni teessoo kee haa haa qaqqabu.”

“Eeyyee, haa qaqqabu.”

Oliiqaan eebbisee xumurraan jaarsolii biroorraa ammoo kan hafe itti guutanii maaddiitti dhiyaatan. Hundumtuu callisee wal ilaale. Namni walitti dubbatu hin jiru. Hundumtuu keessa isaatti gadda isa dhumaa of keessaa baafachuu qaba. Utuu akkasitti callisanii wal ilaalanii ijoolleen Waaqjiraa sadan dhufanii maaddiitti dhiyaatan. Yeroo kanatti gaddi

baay'ee dabale. Tokko waan hunda akka aadaatti obsee bira darbuu danda'a, garuu ijoolleen utuu hin beekin abbaa malee hafaniif kun akkamitti danda'ama?
"Waaqa biraa haa hafu!" jedhe Oliiqaan turtii yeroo dheeraa booda.
"Waaqa biraa haa hafu!" jedhe abbaa Waaqjiraas xiqqoo turee.

Kana booda midhaan dhihaate xiqqoo xiqqoo cabsatanii afaan kaa'atan.
Hundumtuu nyaata sana fedhii malee nyaate. Dhugaatiinis fedhii malee dhugame. Utuu nyaata cidhaa ta'ee, kormi sun hoomaa gelel quufsee lafatti hafa. Amma garuu, waan cite garaagar bahuuf deeme walitti suphuuf akkasumas waan hir'ate guutuuf qophii gaddaa waan ta'eef hagas nama hin gammachiisu. Waan guddaan araarri buufamuudha. Kan jiru, yoo nagaa ta'e, bor, gaafa waan hundumti bakkatti deebi'e, cidhi kana caalu qophaa'uu danda'a.

Dhangaa qophaa'e erga nyaatanii booda qophii wal fakkaataadhaaf, guullii fi warri Waaqjiraa mana warra Hiikaa deeman. Saagantaan inni dhumaa achitti geggeeffama. Miilli wal baqate walitti deddeema, baasii gumaa akka aadaatti malkaa irratti murteeffame gosatu walitti guuree baasa.

Oliiqaan akka araarri buufame maaddii lama irraa nyaatamee dhugameen Baroodaa fi Mardaasaa ofitti waamee akkana jedheen: "Ijoollee koo, aadaa abaabilii fi akaakilii keenyaa hin dagatinaa. Dhaloonni haaraan akka aadaa abbootii isaatti jiraachuun waan gaariidha. Jireenyi durii gaarii ture, sababni isaas ayyaana Waaqaatu nurratti ulfaate. Yeroo ayyaanni waaqayyoo namarratti ulfaatu, jireenyi namootaa gaarii ta'a." kana jedhee barruu harka isaaniitti tuttufee isaan eebbise. Harka Baroodaa jabeessee qabee: "Ilmaan irreen isaanii akka sibiilaa jabaatu Waaqayyo siif haa kennu. Ilmi abbaa isaa caaluun waan gaariidha; ilma kee Abdiisaan dacha lamaan si haa caalu."

Barruu Mardaasaa jabeessee, “ilma kee Barkeessaan dachaa lamaan si haa caalu,” jedheen.

Baroodaa fi Mardaasaan Oliiqaa farda korsiisanii hanga mana isaatti isa geggeessan. Yeroo karaarra deeman waan baay’ee walitti haasa’aa turan: waa’ee raaga Abbaa Gachii, waa’ee hangafaa fi quxisuu, waa’ee safuu waaqaa fi lafaa, waa’ee kufaatii sirna Gadaa, waa’ee dhufaatii sirna nafxanyaa, waa’ee sirna abbaa lafaa. Oliiqaan dubbii kallattiidhaan ibsachuu hin barbaadu. Akka nama tabba bahuuf qaxxaamura deemuu gamaa fi gamana labee dhumarratti ijoo dubbiitti dhufa. Dubbii qola baasanii haasa’uun amala isaa miti. Baroodaa fi Mardaasaan illee amala kana qabu, garuu Barooodaan wantootatti mufatee aariidhaan tarkaanfiitti ariifata. dhugaamattis yoo ta’e, Baroodaan nama afaanii miti—nama tarkaanfiiti. kanaaf namoota biratti jaallatama, kanaaf maganfatama, kanaaf abdatama. Haa ta’uutii, yeroo Oliiqaan maqaa Abdiisaa waamee isa eebbise, keessi isaa soda wayii itti dubbate. Gaaffiin ta’e keessa isaatti uumame. “Ilmi lola hiriyaa injifatee hin galle akkamitti abbaa isaa qomoon kabajee sodaatu caalee argama?” Sodaan ammas dabalee daddabalee isa dhuunfate. Dhaloonni dhufu dhaloota lufu yoo caale dukkanni godoo jireenyaa haguugee rakkoo fi gadadoo aangomsu duguugamee ifa jireenya abdachiisuun bakka buufamuu danda’a. Mul’anni Oliiqaa kanadha.

“Utuu Hiikaan mana murtii Naqamteetti himatame ta’ee loon meeqatu itti murteeffama?” jedhee gaafate Mardaasaan haasaa keessa.

“Isaan hidhaatti amanu,”jedhe Oliiqaan deebisee. “Jaroonni sun gatiin dhiigaa maal akka ta’e hubannoo gahaa waan qaban miti. Biyya isaan irraa dhufanitti nama ajjeesuun waan salphaadha.”

“Maaliif harkaa fi miilla namaa hidhanii mana hidhaatti nama darbaturee? Lubbuun namaa akkamitti hidhaatti wal qixxeeffamaa?” jedhee gaafate Baroodaanis.

“Nama hidhanii dararuun aadaa isaaniiti. Namni hidhamee yoo dararame waan gochaa isaatti gaabbu itti fakkaata. Hojiin isaanii sirrii miti. Namni tokko nama ajjeesee yoo harka isaa dhiigaan hin dhiqanne,

dacheen dhiiga namaatiin xuroofte yoo hin qulqulloofne, yakki dalagame yoo waaqa biraa hin hafne akkamitti araarri nama gidduutti bu'a? Jaroonni sun ammoo hangam akka araarri nu gidduutti bu'u barbaadu? Garaagarummaan nuuf isaan gidduu jiru kanadha. Nuti yoo dhiigni namaa dachee keenya irratti dhangala'e Waaqayyoon araara kadhannee araara buufna. Furmaanni Waaqa biraa qofa dhufuu qaba. Isaan garuu adeemsa akkasii ni tuffatu. Nama yakka dalagetti dallaa ijaaranii qomoo fi Waaqarraa fageessuu filatu. Kanaafidha, kanan akka aadaa abbootii keenyaatti jiraachuun gaariidha jedhuuf."

"Waaqayyo nuun haa gargaaru," jedhe Mardaasaan. Namoonni sadan yeroo dheeraadhaaf callisanii ija keessa wal ilaalaa turanii dhumarratti Oliiqaan nagaa itti dhaamee manatti ol seene.

KUTAA LAMMAFFAA

BOQONNAA SADDEET

Adeemsa jireenyaa keessatti waan dhaabbataan hin jiru; hundumtuu ni jijjiirama. Inni dhihee dukkanaa'e ni bari'a; dukkannis ifaan bakka buufama. Bokkaan arfaasaa ni caama, bubbee hamaanis ni darba. Ililliin coolligee ni harca'a, bareedinni uumamaas ni dhuma. Takka abdiin namaa daraaree milkiinis namaaf qajeela, takka ammoo abdii kutatanii, qalbiidhaa cabanii, gadadamanii—yeelalanii akka nama dulloomee hidhii xuuxuunis ni dhufa. Yeroo tokko injifannootu injifannoo irratti argamee tulluu fi hallayyaan, mukaa fi bineensi, gaarii fi hamajaajiin abboommii ofii jala ta'u, yeroo biraa ammoo isaan kun dabaree isaanii hallayyaa keessatti nama darbatu, mataa yaabanii namatti kolfu. Gaaf tokko tulluun namaaf jilbeenfatee coraa nama boqochiisa, gaaf biraa dirreen tulluu namatti ta'ee mogolee nama buusa. Adunyaan kun xawalwallee fi sinsinnooftuudha, bakka tokko ooltee bultee jaalalli ishee hin qabatamu, jibbi ishees hin herregamu. kaleessi har'a hin ta'u; har'i boritti hin dabarfamu. Raacitiin kaleessaa dhangaa boriif wabii hin ta'u. Addunyaa qeenxeen kun qaamni ishees buburreedha; iddoo tokkoo bishaan danbali'ee hanga bahaa fi lixa biiftuutti lafa dhaalee ciisa, iddoo biraa ammoo uummanni lafarraa godaanee, roobni lafa hankaakee, akaakuun uumamaa abaaramee, abiddi waaqarraa bu'ee awwaara affeeluun bubbeen gelloo taphatee dachee guuboo abaarsaa kana akka dubartii soqolattee nama keessa deemtuu qaama ishee qullaa hanbisee handaaraa hanga handaaraatti utuu mul'atuu bosona akka ilkaan beeraa darbee darbee mul'atuutti nama baasee suuta suuta ammoo dirreewwan galma jireenya dhugaa ta'an biyya qilleensa gaarii, biyya aannanii fi damma, biyya quufaa fi gabbinaa, biyya nagaa fi jaalalaa---ta'etti nama baasa. Har'a yoo kana ta'e bor ammoo kunis dabaree isaa jijjiirama. Waan fedhe yoo ta'e

uummanni hundi ni jijjiirama. Haalli jireenya ilmaan namootaas akkasuma.

Dur-dur irraa kaasee Oromoon sirna bulchiinsa gadaatiin bulaa ture. Sirni bulchiinsa Gadaa sirnoota walabaa uummattootni dur-durii kalaqatanii, ichuma buusanii, qaanqee diimokiraasii qabsiisan keessaa isa hangafaa fi kan jalqabaati. Akka aadaa diimokiraasii bulchiinsa sirna Gadaatti, namni heeraa fi seeraan marsaa gadaa keessa lufee gadaa of harkatti galfatee waggaa saddeetiif uummata isaa haqa, wal qixxummaa, nagaa fi tasgabbiidhaan geggeessee labata itti aanutti dabarsa. Gadaan siyaasa walabaati—dhala namaatti hin roorrisu. Sirna Gadaa keessatti aangoon kan uummataati: uummanni qondaaltota isa bulchan filachuu fi ofirraa mulquuf mirga guutuu qaba; aangoon hidda sanyiitiin yookaan hiree qabeenyaatiin yookaan irreedhaan abbaarraa ilmatti dhaalmaan hin darbu. Safuudha!

Haa ta'u malee, bulchiinsi qaanqee qaroomina uummata walabaa mallatteessu kun yeroo Minilik Ankobar irraan dhumiinsa sanyii namaa eegalee akka ilillii roobni hanqatee firii malee coolige.

Yeroo sanatti, Minilik, biyyoota hiree jireenya namaa murteessan kanneen akka Ingilizii, Faransaayii fi Poorchugaal waliin mariyatee tumsa isaaniitiin yeroo lafa Oromoorraa ejjechuuf murteesse, qondaaltota isaa hunda walitti qabee akkana ittiin jedhe: "Isin, qondaaltotni koo, kanneen mootummaa fi aangoo kiyyatti amantan, kan dhiigni sanyii keessanii dhiiga gootummaa fi kabajaan cuubame, yeroon itti laga abbayyaa ceetanii mootummaa koo labsitan gahee jira. Akka diinni koo gubatee daaraa botoroo ta'u nan amana. Waaqayyoo kanaaf aangoo harka kootti galche. Yeroo mogoleen diina koo akka quncee bishaan dhuubamee lallaafu tulluutti ol baatanii masaraa naaf ijaartu. Nama ajjeesuu hin sodaatinaa; yoo boojitan harkaa fi miilla isaanii hidhaatii natti dhiyeessaa, yeros eenyu akkan ta'e ittin hima."

Qondaaltonni isaa akka hoolaa nama qalanii dhiiga namaa dhuguu mi'eeffatan, onnee isaanii ol-aantummaa sanyii fi wal dorgommii aangootiin sobamee akka afuuffee dhisame daran dhikkifachiisanii mamii tokko malee uummata nagaan qe'ee isaa jiraatutti duulan. Lakkoofsi isaanii hedduddha, yoo xiqqaate kuma dhibba tokkoo fi isaa ol ta'u. Isaan keessaa kan osoo maskeettoo hin fannifatiin bobba'e lakkoofsa qaba. Deemsi isaaniis godaansa hawwaannisaa waliin wal fakkaata: isaanis akkuma hawwaannisaa waan irra qubatan barbadeessaa kan biraatti tarkaanfatu. Faanni isaanii summii facaasa—lafa isaan irra ejjetan jireenya hin magarsu—faana isaanii boodaan rakkoo fi gadadoo, yaadaa fi yaaddoo, beelaa fi hongee, dhibee fi dhiphinatu jiruu uummataa irratti daraara.

Waraanni Minilik, kan jalqaba Ankobar irraa ka'ee dirqama badiisa diriirsuuf sosso'e, nama Daargee jedhamuun hoogganamaa ture. Daargeen nama buleessa ganna afurtamatti tilmaamamu yammuu ta'u, ijoollummaa isaatii kaasee waraana Minilik keessatti miseensomee kaayyoo inni uummata ollaa gabroomfachuuf bitaa fi mirgaan utuu boqonnaa hin fudhatin lola guyyuu guyyuu adeemsisu keessatti gara-jabummaa fi onnee guutuudhaan loluun muuxannoo guddaa waan horateef, utuu umrii isaa dargaggummaa hin goolabin itti gaafatamummaa gurguddaa fudhachuurra darbee intala adaadaa Minilik fuudhee firummaan waan walitti hidhameef, duree ta'ee kaayyoo isaan sanyii sanyii isaaniirraa eegalanii dhugoomsachuuf yeroo meeqa ka'anii kufan ijibbaachuuf amanamummaa guddaadhaan dirqamni itti kenname. Daargeen nama gabaabaa furdaa rifeensi areedaa fuula uwwise yoo ta'u, gara-jabummaa isaatiin beekama. Lola irratti, yeroo dhiigni namaa akka rooba gannaa lafarra lola'u, innimmoo akka qeerransa morma kuruphee hiddee dhiiga ho'aa qeensee dhuguu, aalbee morma namaatti diree dhiiga ho'aa qeensee dhugu malee boqonnaa hin argatu. Takka takka mar'ummaan namaa

baqaqsee tiruu namaa nyaachuu jaallata. Gaaf tokko waan kufu itti hin fakkaatu. Daafii dhiiga namaa dheebotuuf guyyaa inni ta'e jedhee nama nagaa ajjeesu illee heddudha. Sababii kanaaf, qondaaltota waraana Minilik keesssaa daran daran sodaatama.

Egaan, maskeettoo yeroo sana biyyoota hiree jireenya uummata addunyaa murteessan irraa gargaarsaan argatan fannnifatee qondaaltotaa fi waraanota kumaatamaan lakkaa'aman hoogganee kan dachee Oromootti duulee duulchise Daargeedha. Yeroo farda koree oftuulummaan onnee isaa bokoksee dhufee daangaa Oromoo bira gahe Daargee fuulli akka ilillii ifee akkana jedhe:

"Galmi mul'ata keenyaa, kan dhalootaa dhalootatti hawwiidhaan itti gubataa turre kanumadha. Abbootiin keenya waggaa dheeraadhaaf hawwii isaanii dhugoomsachuuf wareegama lubbuu baasaa turan. Amma dabaree keenyatu gahe. Nutis taanaan kan nagaan boqonnee jiraachuu dandeenyu yoo mul'ata qaroo sana dhugoomsanne qofa. Gootummaa keenyaan, kan fira mitii diinniyyuu qajeelchee beekuun kaanee yeroon itti diina hundeedhaa burkuteessinu gahee jira."

Daargeen qawwee maskeetoo biyya Poorchugaalitti hojjetamte olfuudhee dhungatee, "Gargaarsa Quddus Mikaa'eelii fi qawwee kanaatiin sammuu diina keenyaa ni buruksina! Ani dhiiga diinaa qeensee dhuguuf dheebodheera. Quddus Mikaa'el nu faana jira."

Qondaaltonni isa waliin dirqamaaf bobba'an marti dinqisiifannaadhaan harka walitti rukutaniif. Waaqni amantii isaaniis waan isaaniin uummata kaan caalsifatee injifannoo harka isaaniitti galchu se'an.

"Kirrii gurraacha mormatti godhannee yoom harka diinaatti leyyaasifamnee beekna! Waaqni keenya awwaala diinaarra nu dhaaba," jedhe Mashashaan.

Mashashaan qondaala oftuulaa dhaadannoo baay'isudha. Yeroo hundumaa kirri gurraacha mallattoo amantii isaanii mirkaneeffachuuf mormatti godhatan akka wabii lubbuu isaatti ilaala.

Daargeen maskeettoo isaa harka mirgaatii gara harka bitaatti dabarfatee luugamaan isaa duubatti to'ataa gara bosona fuuldura isaatii halaalatti mul'atutti quba qabee, "Masaraan mootummaa Minilik qarree sanarratti hundeeffama," jedhe miira abdii guddaa of keessaa qabuun.

"Dhugaadha!" jedhan qondaaltonni biroonis jalaa fuudhanii.

Kana booda walfaana luugama fardeen isaanii sochoosanii eenyummaa isaanii miirri ol'aantummaa sanyii dhiphise dhiiga nama dhangalaasanii milkeeffachuuf uummata bara dheeraaf nagaan qe'ee isaarra jiraataa ture dirqiin jilbeenfachiisuuf waraana jalqabaa fi dhuma hinqabne itti banan. Yakka isaan ilmaan Oromoorratti raawwatan jechaan kan ibsamu miti. Bineensi bosona jiraatu iyyuu dubartii ulfa oofkaluuf ciniinsifattuu fi daa'imman maatiin irraa dhume gara laafummaan dahoo ta'aaf malee waan bineensa ta'eef qofa afaan bane hin nyaatu. Bineensi iyyuu uumama dadhabaa akkasiif safuu buufata. Daargee fi qondaaltonni isa waliin dirqamaaf bobba'an garuu, yeroo sanatti, bineensa bineensa caalu ta'anii gocha suukanneessaa hiriyaa hinqabne uummata irratti dalagan.
"Dubartiin dahuuf ciniinsifattu," jedhe Daargeen Mashashaadhaan, manneen uummata hedduu gubanii injifannoon utuu karaarra deemanii dubartii lubbuu baafachuuf utuu baqattu ciniinsuun itti dhufnaan hundee mukaa jalatti gortee miixuun sardamaa jirtu tokko argee. Mashashaan rifatee akka aadaa amantii isaatti quba harkaa dabsatee addaa fi lapheerra qaxxaamursate. "Dubartiin ciniinsifattu kun ilmaan diinaa dahuuf akka miixattu maaf dagattaa? Ilmaan diinaa adii fi gurraacha, dhiira dhalaa, guddaa xiqqaa hinqabdu. Yoo har'aa garaa laaftee bira tarte bor nama taatee boolla itti awwaalamtu siif qotti. Kan dursee lafarraa duguugamee dhumuu qabu warra bor yaaddoo nutti ta'udha. Waan fincaan diinaa taate hundumaa gara jabeenyaan

dhabamsiisuudha. Siif galee?" Daargeen saggoo Mashashaa ruurrukutee itti sesseeqe.
"Haala gaariin!" jedhe Mashashaan yaada Daargee guutummaatti sifeeffatee.
"Mee tarkaanfiin mul'isi kaa," jedheen Daargeen deebisee.
Mashashaan mamii tokko malee dubartii ciniinsuun itti cimee lubbuuf jecha marga lafaatti gogdee miixachaa jirtu ulfa ishee keessa waraanee hafuura keessaa harachiise.
"Reef nama guutuu taata!" jedheen Daargeen gocha Mashashaatti gammadee.

Guyyaa sanarraa kaasee Mashashaan gara-jabina hiriyaa hinqabneen beekamaa dhufe. Gocha fokkataan sanyiin ilma namaa ittiin hinbeekamne mallattoo eenyummaa isaa ta'e.
"Dachee badhaatuu gaaddisa bonaa fi gannaa kana dhaallee ijoollee keenyatti dabarsuuf," jedhe Mashashaan guyyaa jalqaba Gullallee to'ate, "gara-jabummaan mallattoo keenya ta'uu qaba. Furrisa nuti darbannu tokkoo tokkoo ija diinaa dhabamsiisuu baannaan bakka isaanii kan jaamu nu ta'uu dagachuu hinqabnu. Mataan diinaa gadcabee lafa ilaaluu baannaan maslufa taanee soqolaa dubartii jalatti dheessuun waan hafu miti. Eenyullee taanaan, namni sodaadhaan garaan raafamu yoo jiraate, seenaa gootummaa keenyaa xureessee hawwii abbootii keenyaa doomsuu manna harree jala deemee amoolee daldaluu isaaf wayya. Eegeen qeerransaa hinqabamu, qabnaan gad-hindhiifamu. Qeerransa qabanii dhaabuuf isattis ofittis garaa jabaachuu feesisa. Hawwiin abbootii keenyaa awwaala diinaarratti dhugooma."

Mashashaa fi Daargeen bitaa fi mirgaan waltumasanii lola guddaa hiriyaa hinqabne uummata nagaa irratti banan. Uummanni Oromoo diina akka lolaa daangaa cabsee asii gad karaa kaabaa itti furguggifamu kana gootummaan jala dhaabatee lole. Gootonni

namummaa isaanii gabrummaaf hinqopheessin eeboo fi gaachanaan utuu bilisummaaf lolanii wareegaman. Yeroo sanatti namni tole jedhee waraana Minilikiif jilbeenfate hinjiru. Garuu sababawwan guurguddoo sadiif injifannoon harka weerartoota nafxanyaatti galte: tokko diinni akeeka waraanaa kun waggaa hedduuf lola kanaaf qophaa'uu isaa, lammatni waraana kanaaf kan isa tumsu deggersa meeshaa ammayyaa biyyoota hiree jireenya uummataa murteessan irraa argachuu isaanii, sadaffaan Oromoon wiirtuu hooggansaa tokkotti waaltomee bulchiinsa jabaa fi sodaatamaa ofharkaa dhabuu isaati. Daafii kanaa, akka salphaattis ta'uu baatu, Oromoon ni injifatame. Gootni dur akka leenca waraanamee ija isaa dhiiga uffisee diinatti soda naqu ciimmaa qeerransaa ta'e. Fardeen gamaa gamana garmaamanii diina hunkuran haamileetu bu'e. Hundumtuu abidda afaan qawwee keessaa tufamu jala dhaabachu dadhabe.

Lola kanaan badii guddaatu qaqqabe: godoon uummataa ni diigame, dhumiinsi hangana hinjedhamne habalaka habalakaan jireenya uummataa qaqqabe, utuu hinbeekamiin dukkanni sodachisaan jiruu uummataarra golboobe, nagaa fi tasgabbiin abjuu ta'e. Hunda caalaa ammoo yeroo Goobanaa Daaccee miira hinbeekamneen dhiibamee dhaqee diina harka gumaatti kooluu galu, dooniin jireenya uummata Oromoo fe'attee deemtu suuta suuta galaana cunqursaa keessa dhidhimuu eegalte. Jireenya uummataa bilisummaarraa gara gabrummaatti cehe.

Haala kanatti fayyadamuun, gurmuun nafxanyaa, hawwii isaa bara dheeraa dhugoomsachuuf holqa dhaloota isaarra akka hawaannisa jeeja'ee duula banee masaraa mootummaa isaa gaara Inxooxxoorra erga bu'uureffatee booda laga Hawaas guddicha cehee hanga miilli isaa deemuu danda'utti gochaa fokkataa sanyiin ilma namaa ittiin hinbeekamne uummata nagaa irratti raawwataa lafa heddu dhuunfate. Goobanaa Daaccee, qondaalli silaa wabii uummataa ta'ee diina

haleeluuf abdatamaa ture akka daa'ima harma haadhaa ciniintuu ta'ee icciitii jireenya uummataa fi tooftaa lola Oromoo diinaaf saaxilee gantuu ta'e. Tarkaanfiin Goobanaa waan hunda caalaa injifannoo nafxanyaan argateef sababa guddaa ta'ee hafe. Yeroo sanatti, utuu tumsi biyyoota aango-qabeeyyii, dhibee golfaa hamaa fi gantummaan Goobanaa walitti ida'amee qabsoo uummataa hindadhabsiifne ta'ee madaalliin qabsoo jireenya bara sanaa garamitti akka duufu tilmaamuun nama rakkisa. Daafii kanaafis haa ta'u yookaan waan biraa, uummanni Oromoo guddichi cabee waanjoo gabrummaa jalatti kufe.

Nafxanyaan suuta suuta lafa Oromoo waliin gahee dhumarratti Leeqaa to'ate. Yeroo jalqaba qondaaltonni nafxanyaa lamaan, Minilik fi Takilahaymaanot, dirree Imbaaboo irratti walrukutan, waan dhuguma diinummaa waggaa dheeraa qaban fakkaatu ture. Takilahaymaanot, mootiin Goojjam, Minilik, mootii Shawaa waliin kan wal-lolchiise diinummaa waggaa dheeraa osoo hintaane, qabeenya Oromoo badhaatuu sanadha. Lamaanuu hawwii qabeenya kana to'achuuf qabantu walitti isaan buuse. Goobanaan waraana Takilahaymaanot burkuteessee Minilikiin injifannoo gonfachiise. Garuu waraanichi achirratti hindhaabbanne. Awwaala Takilahaymaanot irra dhaabatanii qondaaltota Horroo fi Guduruu akkasumas Leeqaa harka Minilikitti galchuun karoora ijoo isaan fudhatanii ka'an ture. Qondaaltonni Oromoo waggaa dheeraaf mootii Takilahaymaanotiin Abbayaa gamatti ugguranii sochii dhorkaa turan Goobanaa Daacceetti karra hincufanne. Goobanaan nafxanyaa osoo hintaanee Oromoo ta'ee isaanitti dhihaate. "Minilik waraana hinfedhu, lafa keessan hinfudhatu. Yoo isin sirna mootummaa isaatti finciltan illee hidhee isin hinajjeesu. Garuu akka mootummaa isaaf gabbartan barbaada," ittiin jedhe Goobanaan. Yaada Goobanaa namootni hedduun ni shakkan, kaan ni amanan. "Lafa keenya hinfudhatu taanaan, qondaalummaa keenya fudhannaan, gibira yoo gabbarreef maal rakkoo qaba?" waliin jedhan. "Lakkii dubbiin

jaraa hin amanamuu. Gaafa nuti waan isaan jedhan fudhachaa deemnu eenyummaa keenya dhabuutu dhufa," jedhan namootni Goobanaa shakkan. Goobanaan afaan tolee Oromummaa isaa dahoo godhatee laphee qondaaltota hedduu ofitti booji'e.

Goobanaan, qondaaltota Horroo fi Guduruu amansiifatee hiriyaa ijoo Minilik kan ta'e Tasammaa Naadoo waliin laga Gibee guddicha cehee Leeqaa Naqamtee dhufe. Yeroo sanatti mata dureen oduu waa'ee injifatamuu mootii Takilahaymaanot ture. Waraanni sun nama masaanuu Soorii Geellaa ta'een hoogganamuun isaas akka xiyyeeffannoo godhatu taasise. Goobanaa Daaccee morkataa isaa Soorii Geellaa gumaa bahuuf Minilikitti michoome jedhamee dubbatama.

Akkuma dursamee sagantaan qabametti dilbata ganama jiilli akeeka cunqursaa Minilik Goobanaa fi Tasammaan hoogganamu waraana bebbeekamoon marsamee masaraa Guddicha Mootii Leeqaa Naqamtee dhufe. Yeroo sanatti mootiin Leeqaa Naqamtee, Morodaa Bakaree, jiila akeeka gabrummaa kana lola qomoon maganfatuun osoo hintaane cidha guddaadhaan simate. Mataan dhangaa hundumaa gosa gosaan dhihaate, kormi ni qalame, daadhiin gachii gachiidhaa toora gale.

"Masaraa guddaa ijaarrattee jirta," jedhe Goobanaan Morodaadhaan miidhagina gola keessummaa dinqisiifatee.

"Eeyyee, mootiif maaltu dadhabama!" jedhe Morodaan oftuuluu barbaadee.

"Dhagaa guddaan kun eessaa akka dhufe beektuu?" jedhe Amantee Godaanaa, gorsaan mootii Morodaa Bakaree. Amanteen ogeessa gorsaa beekamaa fi wasiila Morodaa Bakaree ti. "Garboota keenyatu laga Abbayaa qarqaraa naannoo Agamsa jedhamtuu baatee fide. Dhagaan boca akkasii achitti malee hin argamu."

Goobanaan gara Tasammaatti garagalee waan Amanteen dubbate afaan Amaaraatti hiikeef.

Sagantaan nyaataa fi dhugaatii erga xumuramee booda Bakaree Godaanaa, mootiin Leeqaa Naqamtee, haajaa imala jiila Minilik gaafate:

"Har'a maaliif ganamaan qe'ee koo dhuftan ree?" jedheen sagalee kabajamaa mootii tokko keessaa madduun.

Goobanaan daadhii keessummummaa waancaa keessaa unatee erga dubbii muraasa sammuu isaa waliin mari'atee booda, dirqama guddaa Minilik irraa itti kenname fuuldura Morodaa Bakareetti dhiheesse:

"Haajaa cimaa mootii Shawaa kan ta'e Minilik Guddicha irraa nutti kenname yeroo jiila kana bakka bu'ee dhiheessu gammacchuu guddaatu natti dhaga'ama," jedhe Goobanaan. Itti fufees, "Akkuma beekamu Minilik erga mana hidhaa Imparar Teediroos cabsee badee kaasee biyya guddoo mootii tokko jalatti bultu hundeessuuf hirriba dhabaa ture. Imparar Teediroos beektu mitii?" jedhee gaafate gara Morodaa ilaalee.

"Eeyyee ni dhageenya. Kan Warqituun lola Maqdalaa irratti ajjeeste mitii?" jedheen Morodaan dafee.

"Lola Maqdalaa irratti ajjeefamuun isaa dhugaadha, garuu Warqituu miti kan isa ajjeese. Lola Ingilizoota waliin godheen marfamnaan harka kennachuu manna jedhee of ajjeese. Warqituun Ingilizoota deggerte malee Impararicha hin ajjeefne. "

"Garuu sootalli isaa akkamitti warqituun booji'ame ree?" jedheen Morodaan, dubbiin dhugaa itti fakkaachuu didnaan.

"Yeroo Impararichi of ajjeese Warqituun waraana muraasa hooggantee tulluu Maqdalaa jala turte. Tarii carraa sanatti fayyadamtee daftee bira geesse ta'a."

Goobanaan kallattii dubbii jijjiiruuf jedhee, "Egaan Minilik erga gara Shawaatti deebi'ee mootummaa abbaa isaa seeraan dhaalee kaasee biyya guddoo ijaaruuf waraana heddu keessa darbee har'a gahe.

Fakkeenyaaf dhiheenya kana lola Imbaaboo irratti Mootii Goojjam kan Takilahaymaanotiin injifatee Horroo fi Guduruun to'atee jira. Atis akka karaa nagaa mootummaa isaa jalatti bultu barbaada. Mootummaan kee siif kabajama, garuu waggaa waggaan mootii Minilik guddichaaf gibira gabbarta."

"Morodaan nyaara isaa bissii sana walitti gudunfee erga isa dhaggeeffataa turee booda, "Akkamittiin mootiin mootii gabbara? Akkamittiin mootiin mootiif bula?" jedhee gaafate.

"Mootiin sadarkaa qaba," jedheen Goobanaan. "Mootiin biyya bulchuu fi mootiin kutaa biyyaa bulchu tokko miti. Minilik mootii biyya daangaa bal'aa bulchuuf dibamedha."

"Eenyutu isa dibe?" jedheen Morodaan dinqamee.

"Quddus Mikaa'el." Goobanaan daadhii isaa habbuuqatee jaliitiirra dhaabe.

"Quddus Mikaa'el kan mootii Takilahaymaanot ittiin dhaadatu sanaa?"

"Eeyyee, isadha."

"Takilahaymaanot Quddus Mikaa'eltu na dibe jedhee dhaadata. Atimmoo Miniliktu dibame jetta. Mikaa'el kun hojiinsaa namuma dibuudhaa? Erga namoota lamaan dibee maaliif isa tokko kuffisee kaan ammoo aangomsa ree? Innis nama walcaalchisa moo?"

Goobanaan gaaffii Morodaaf deebii gahaa kennuu dhiisee gara haajaa ergamee dhufeetti xiyyeeffate. Morodaan garuu deebii osoo hinkenniniif beellama biraan isa geggeesse.

Yeroo Goobanaan baallama lammataaf deebi'ee dhufu, Morodaan akka goota biyyaa tokkotti isa ilaalee hangafoota masaraa mootii kan Amantee Godaanaan dursamuun karaatti isaan simate. Goobanaan kennaa gonfoo halluu warqee irraa faayame fi kaabaa gurraacha mallattoo uffata mootii kan Minilik Morodaaf erge qabatee dhufe. Xaayituun, niitiin Minilik ammoo, _____ haadha manaa Morodaaf kitaaba dubbisa amantii ortodoksii kan gogaa reetti irraa duugamee

irratti barreeffamuu fi Biraannaa jedhamuun beekamu ergiteef. Kitaabichi afaan Gi'iiziin barreeffame.

Egaan, haala kanaan hariiroon isaanii cimee dhumarratti Morodaan akeeka Minilikiif mamii tokko malee jilbeenfate.

"Wantan adaaraa siin jedhu," jedhe Morodaan erga mootummaa Minilik jalatti buluuf murteessee booda. "Ani Minilik jalatti buluuf murteesseen jira, garuu innis ummata qomoo koo hintaane akka daangaa koorra hinqubachiifne waadaa naaf seenuu qaba."

Goobanaan gaaffii Morodaa Minilikitti dhiheessee fudhatama argachiise. Garuu fudhatamni sun hanga lola yeroo dheeraa irraa hafuura fudhatutti ture. Haala kanaan Morodaa Bakaree, ilmi Bakaree Godaanaa, uummata waggaa hedduuf bilisummaan jiraachaa ture saaxilee diina waloo bara dheeraatiif jilbeenfate.

Kun kan ta'e waggaa digdama dura yeroo Baroodaan soolana ganna kudha shaniitti tilmaamamudha. Yeroo sana keessa maqaan qomoo akka hin eegaminitti waan cabeef uummanni raajii kana dhaga'e amanuu dadhabe. Maqaan dhiiraa dubartoota biratti kabaja dhabe. Daannoo Beeraa, bulchaan Arjoo, gaafa raajii kana dhaga'e akkas jedhee geerare:

Harkiftuu cinni hin dhowwu,
Hattuu dallaan hin dhowwu,
Ilma qalbiin hiyyoome lakkii dhiisiin hin dhowwu.
Ani jaalladhee seetanii yeroon iyyee lallabu!
Qomoon qomoo gurguru hambaa seenaa hinqabu.

Geerarsi Daannoo Beeraa laphee uummataa keessatti lubbuu horatee Morodaa Bakareef ammoo jibbiinsaa fi tuffii dabale. Haa ta'u malee Morodaa Bakaree tuffii fi jibba qomoon horateef hamma xurii qeensaatti utuu hinlakkaa'iin dhibaa'ummaan namoota akkasaa waliin karoora bulchiinsa halagaa uummata irratti diriirsuuf muratee ka'e.

Yeroo namoonni Minilik bulchiinsa haaraa kanaaf muudamanii Finfinneerraa dhufan innimmoo korma qalee cidhaan isaan simatee wiirtuu koonyaa Leeqaa Naqamteetti bakka isaan mana murtii fi bulchiinsaa itti ijaarratan sararee kenneef. Namoonni sun Goobantootatti heddummatu. Goobantoota jechuun, akkaata hiika hawaasni yeroo sanatti kenneef yoo ta'e, namoota nafxanyaa jala hiriiranii kaayyoo isaa galmaan gahuuf jecha qomoo ofiitti diinoman jechuudha. Maqaan kun erga Goobanaa Daaccee lammii isaa gurguree halagaatti galee kaasee itti moggaafame. Yeroo baay'ee goobantoonni halagaaf loluun alatti afaan hiikuu fi galii funaanuudhaan beekamu.

Egaan, namni yeroo jalqabaaf habashoota fi Goobantoota hoogganee wiirtuu koonyaa irratti mataa bulchiinsaa ta'ee muudhame Abagaaz Kifilee jedhama.

Abagaaz nama gabaabaa gubbeen mataa isaa duubee gindii fakkaatu yoo ta'u, hidhii isaa raroon gumaa foonii caalaa fufurdata. Yeroo baay'ee hanqina bifa isaa kana dhokfachuuf jecha gonfoo qondaalummaa gogaa loonii irraa jabaatee hodhame godhachuu baay'isa. Uummata biratti oftuulummaa isaatiin beekama. Sababa dubbii jaallatuuf waan hunda nama amansiisuuf ariifata. Hayyuu madda beekumsaa fi ogeessa amantii of godha. Akka ilaalcha isaatti isa malee beekaan hinjiru. Dhimma uummataa irratti 'anatu beekaa' waan baay'isuuf, hojii nama hundaa tuffatee waan ogummaa itti hinqabnetti akka bararii foolattuu bakka hundatti argamee waan dogoggoraan afaan nama faajjessaa oola. Sammuun isaa ilaalcha ol-aantummaa sanyiitiin xaxame gaaf tokkollee safuu uummataaf banamee hin beeku. Isa biratti hojiin aadaa fi olaantummaa sanyii isaa hin calaqqisiifne balfamaadha.

Akka sirna bulchiinsa haaraa wiirtuu koonyaa irratti diriirseen, Abagaaz, ogeessota amantii isaanii Manzee fi Goojjam irraa waamsisee bulchiinsa cinatti amantii haaraa babl'isuuf murteeffate.

Yeroo sanatti wantoota nafxanyaan ittiin beekamaa ture keessaa tokko amantii dhiigni sanyii isaa ittiin cuubameen sammuu uummataa takaalee suuta suuta aadaa fi duudha qaroo hawaasni dur kalaqatee safeeffatu dhabamsiisuun seeraa fi heera haaraa kan wal caalmaa fi qoodinsa irratti hundaa'e babal'isuu ture.

"Tulluu kana irratti maaltu adeemsifamaa jira naan jettee?" jedhee gaafate Abagaaz maanguddoo Morodaa waliin firooma qabu tokko.

"Tulluun kun tulluu muudaati," jedheen maanguddichi.

"Muudaa jechuun maal jechuudha?" jedhee gaafate Abagaaz.

"Muudaa jechuun kan uummanni waggaatti altokko bahee Waaqa guddaa galateeffatu jechuudha. Bakka muudaatti dhabaa fi dhabduun wareegaan Waaqa kadhatu. Imaltoonni hedduun lafa fagoo, fagoo ta'erraa kennaa qabatanii dhufanii eebba fudhatanii galu. Qarreen kunis kanaaf kabajama."

"Sirna muudaa eenyutu abbummaan gaggeessa?" Gaaffii Abagaaz ture.

"Warra ayyaanni Waaqaa ulfinaan irra buufate. Qaalluu Waaqayyo ayyaana isaa dibee fedha isaatiin ergate jechuudha. Fakkeenyaaf, Waaqoo Tuulii nama ayyaanaa ture. Erga Waaqoon ulfinaan waamamee ammoo ayyaanni kun ilma isaa hangafa, Dilgaasaarra buufate. Amma Dilgaasaatu ulfina Waaqaa kanaaf dhaabata."

"Tulluun kun wiirtuu bataskaana Mikaa'elii ta'uu qaba," jedhe Abagaaz.

"Kunillee waan ta'u miti," jedheen maanguddichi.

"Maaliif hinta'u? jedheen Abagaaz nyaara isaa walitti gudunfee.

"Ayyaanni Duumessoo ni mufata. Dachee ayyaantuun, isheen irra qonnee nyaannu, isheen irra horree yaafnu ni mufatti," jedheen maanguddichi. Duumessoon maqaa ayyaana qaalluu isaati. Namoonni ayyaanni kun irra buufatu warra Duumessoo jedhamu. "Abdaarii Muudaa tuquun akka agartuu Waaqaa tuquutti lakkaa'ama."

"Ati Qaalluu moo Waaqatti amanta?" jedheen Abagaaz arraba laafee.

“Nuti Qaalluutti hin amannu – Waaqatti amanna. Qaalluun garuu ergamtoota Waaqaa waan ta’aniif ni kabajamu. Isaan ergamtoota tikee safuu Waaqaa fi lafaati. Kanaaf Waaqayyo ofitti isaan aansee ayyaana isaa irra buufate.”

“Waaqayyo ergamtoota qulqulluu kudha lama qofa ilmaan namaaf kaase,” jedheen Abagaaz.

“Eenyu fa’i isaan?” maanguddichi sagalee tasgabbaa’aadhaan isa gaafate.

Abagaaz maqaa ergamtoota kitaaba amantii isaa keessatti eeraman tokko tokkoon tarreesseef. Waaqni isaa, mootiin Esraa’el, Waaqa cubbuu ilmaan namaa dhiiga isaan qulqulleesse fi fayyisaa biyya lafaa ta’uusaa irra deddeebi’ee itti dubbate. Haa ta’uutii, maanguddichi falmii falaasama amantii Abagaaziif harka hin kennine.

“Akka ati jettetti Waaqni keessan mootii Esraa’el ture jechuudha. Nama akka koo fi akka kee bulchaa ture jechuudha. Waaqni keenya garuu addadha. Aangoonsaa hintilmaamamu, hangisaa hin safaramu. Waan halleensaa hundumtuu dandeettii namaan olidha. Nuti Waaqa kana Waaqa Gooftaa Maccaa jennee waamna. Maccaa jechuu uummata bal’aa lafa kanarra jiraatu jechuudha.” Maanguddichi itti fufee: “Waaqni Oromoo Waaqa mootii namaa osoo hintaane Waaqa gurracha garaa garbaa, leemmoo garaan taliilaati,” jedheen.

Abagaaz falaasama amantii Oromoof madaqoo waan ta’eef, falmiin hamma kana gahu na qunnama jedhee hin tilmaamne. Tarii ilaalcha dhiphummaa amantii saba isaa qofa leellisu keessatti sammuu isaa dhiphisee waan guddateef, sabni hidda sanyii sabaa isaa hin taane amantii ofiif hubannoo gabbataa qaba jedhee hin yaadne.

Abagaaz karoora isaa milkeeffachuuf hidhata uummanni amantii ganamaa waliin qabu cabsuun dirqama godhee waan fudhateef utuu yeroo hingubiin Morodaa waamee mari’achiise.

“Qarree waachaa sanarratti sirni muudaa jedhamu akka gaggeeffamu dhaga’een ture,” jedheen Abagaaz Morodaadhaan.
“Eeyyee, sirriidha,” jedheen Morodaan.
“Kana booda qarree sanarratti akka amantoonni keenya waaqeffataniif bataskaanni tokko ijaaramuu qaba,” jedheen Abagaaz qooqa ajaja fakkaatu.

Morodaan rifatee waan dubbatu wallaale. Amantii haaraa kanaan cuubamee kirrii gurraacha mallaattoodhaaf yoo mormatti godhatellee hafuurri amantii isaa ganamaa ammallee onnee isaa keessaa haratee hinbuqqaane. Akka aadaatti yoo ta’e abdaariin muudaa ulfina waan qabuuf surraan isaa hin tuqamu, mukni irratti biqile hin muramu, bineensi achi riphe hin adamsamu, namni du’a baqatee achitti dheesse hin doorsifamu. Akka waan harki Waaqaa qabeetti ilaalama. Abdaariin muudaas qulqulluu akka barruu harka Waaqaati.
“Bakki sun bataskaanaaf hinta’u,” jedheen Morodaan soda keessa isaatii lubbuu horataa jirtu abboommatee. Sammuun isaa gartokkoon dheekkamsa duubaan dhufuu malu tilmaamaa ture. Itti fufees: “Ilaa, Abagaaz, yeroo uummata bulchinu waan hawaasni safeeffatu eeggachuun barbaachisaadha. Uummanni koo uummata safuudhaan jiraatudha.” ‘Uummata koo’ yeroo jedhu sagaleen isaa humna hinqabu ture.

Abagaaz yaada Morodaarra huuba osoo hinbuusiin, “Safuu, Safuu! Utuu amantiin Waaqa tolfamaa lafaa fudhatee jiruu akkamitti safuun eegamaa? Akkamitti utuu tulluutti qalamee *seexanni* sooramuu maqaa Waaqaatiin wal sossobnaa?” Abagaaz itti fufee: “Waaqa nuti sodaannu Waaqa guyyaa muudaa kennaa dhadhaa fi tumaamessa nurraa eeggatu osoo hintaane isa cubbuu keenyaaf jecha jirma gindillaa baatee muka qaraaniyoo irratti fannifamedha. Utubaan amantii Ortodoksii Abbaa, Ilma, Hafuura Qulqulluu sadan waaqa tokkichaati. Kanaachi Waaqni biraan Waaqa tolfamaadha. Akkuma qeerransaa fi

reettiin mana tokko keessa buluu hin dandeenye amantii waaqa tolfamaa fi qulqulluus wal makanii hawaasa tokko keessa jiraachuu hin danda'an." Itti fufees kitaaba ciccitaa kan 'Daawwitii' jedhamuun beekamu tokko bobaa jalaa baafatee afaan Gi'iiziin akkas jedhee dubbise: "Waaqayyo Abirahaamiin akkas jedhe: 'Yoo na faana bu'uu barbaadde maatii kee, qabeenya kee, fira kee hundumaa dhiisii gara lafa onaatti bahi. Maqaan kee ni guddata. Eebbi bara baraas siif in baay'ata. Karaa kee maatiin lafa kanaa hundumtuu ni eebbifamu.'" Abagaaz dubbisicha afaan Amaaraatti hiikee erga ibseefii booda, "Abirahaam waan jaallatu hundumaa dhiisee lafa onaatti bahe. Amantiin isaa ni qorame. Sana booda akka fedha *Abbaa Keenyaatti* eebbis ni ta'eef."

Morodaan osoo homaa hindubbatiin callisee dhaggeeffataa ture. Abagaaz itti fufe, "Morodaa, jireenya ofii keessatti waan duubatti nama harkisu ofirraa ciranii gatuu caalaa wanti ulfaatu hinjiru," jedheen. Kirrii gurraacha mormatti hidhatee jiru qabees, "Kirriin kun bilisa nu baaseera. Kana booda kirrii kanaaf jecha ni duuna!" jedheen.

Morodaan kirrii gaafa amantii haaraatiin cuubame mormatti hidhate jabeessee qabee, "Dhugaadha. Akkuma maammiree Asiras jedhan," jedhe.

"Maammiree Asiras miti; Alaqaa Asiras jedhamu," jedheen Abagaaz.

Alaqaa Asiras ogeessa amantii haaraa babal'isuuf ramadamee dhufedha. Yeroo isaa irra heddu amantii haaraatti nama kaadhimuu, cuubuu fi maqaa namaa jijjiiruutti dabarsa.

"Garuu," jedhe Morodaan suuta jedhee, "Waaqni kadhatanii irraa argatan, booyanii garaa laaffifatan, Inni ijoollee fi fayyaa namaaf kennu Waaqa tolfamaa ta'uu dhiisuu danda'a."

Abagaaz gurra Morodaatti hiiqee sagalee hasaasuun, "Morodaa, waan ati na caalaa beektu hinjiru. Waan hunda si caalaatti secce'een beeka. Falaasamni amantii waanan ilkaan itti buqqifadhedha," jedheen.

Morodaan deebii dhorkannaan Abagaaz ‘daawwitii’ isaa bane fuula muraasa erga daddabarsee booda, “Yoo amantii hamma ija sinaaficaa qabaattan tulluu guddaa garagalchuu dandeessu,” jedhee dubbiseef sagalee amantii guutuu ibsuun. Dubbisa isaa sana sammuu isaa keessatti uume ta’ee yookiin dhuguma barreeffamee jiraachuu isaa Morodaan hin qalbifanne.

Torban tokko booda Abagaaz dargaggoota gigichillaa qarree Waachaatti bobbaasee lafa bataskaanni itti ijaaramu qopheessisuu jalqabe. Yeroo isaan harka harkaan bosona sana ciruu jalqaban uummanni waan dubbatu dhabee afaan qabate. Seenaa jireenyaa keessatti namni maraatee wayyaa buusellee gocha safuu akkasii dalagee hinbeeku. Bosona abdaarii muudaa tuquun akka waan ija waaqaa tuqanitti ilaalama. Yeroo namoonni sun mukeen kabajamoo kanneen akka Odaa fi Somboo qottoodhaan muranii madeessan uumama ergama badii kana Waaqayyo maaliif callisee akka ilaalu bitaa namatti gale. Akkamitti keessummaan kaleessa dhufe tokko har’a ka’ee safuu ijoo ganamaa cabsee ulfina Waaqayyoo salphisaa? Waaqayyo maaliif ulfina isaaf hin ka’uu? Garuu yaadni Abbaa Adulaa namoota heddu tasgabbeesse.

“Waaqayyo akka namaa hin ariifatu,” jedhe Abbaan Adulaa namoota raajii kana arganii sodaadhaan hurgufaman tasgabbeessuuf. “Waaqni Oromoo gara-bal’eessadha. Takka takka amantii keenyaan nu qoruuf jecha jeequmsa akkasiitiin onnee keenya roqomsuu danda’a. Waan amma nu mudate kanaaf jilba amantii keenyaa laaffisnee amantii ormaa kanaaf yoo garaa hirree, ekeraa abbootii keenyaa dallansiisuun waan hafu miti. Jaroonni kun utuu dhufteen isaanii hin beekamiin kabaja eenyummaa keenyaa xureessanii jiru. Namni eenyummaa keenya balfe kun akkamittiin amantii isaa kana nu fudhachiisuu danda’aa? Waaqayyo hoo jaroota ulfina Isaarra ejjetan kana waan callisee hanga dhumaatti ilaalu isinitti fakkaataa? Miti – Waaqayyo guyyaa qaba. Inni akka namaa hin ariifatu. Inni gara-bal’eessa.”

“Garuu jaroonni kun muka safuu muranii abdaarii muudaa xureessaa jiru,” jedhe namoota keessa tokko akka tasaa.
“Mukni safuu kun gaafa nuti akka isaan nu bulchaniif jilbeenfanneef murame. Karaa qubni seente abootteen seenti jedhama mitii!” Abbaan Adulaa aarii dhiiga onnee isaa danfisee sammuurra baheen dursamee jecha ittiin salphina dhalootaa kana ibsu dhabnaan namoota fuuldura isaatti walgahan irraa fuula garagalfatee akka nama dhibeen dugda kutaa qabatee suuta jedhee madabiirra quphane. Namoonni oobdii bal’aa sana keessatti walitti qabamanis utuu hafuura walitti hin baafatiin boquu gad cabsatanii kallattii hedduun gargar tatamsa’an. Laaqiin salphinaa utuu hin se’iin itti faca’e kun eenyummaa isaanii waan mamsiise fakkaata.

Utuu akkasitti uummanni amantii isaa mamii keessa galchee halkanii fi guyyaa hidhii xuuxee of keessatti dhukkubsatuu dargaggoo qaxalee Abagaaz bobbaafate abdaarii muudaa sana qulqulleessanii bataskaana isaaniif dhagaa gurraachaan bu’uura mudhii gadii ijaaranii xumuran. Baatii sadii gidduutti ijaarsi bataskaana Mikaa’elii Waachaa ogeessota ciiccimoo muuxannoo gahaa qabanii tumsamee utubaa guddichatti aansee kutaalee man-keessoon sadii hatattamaan xumuraman. Kutaalee kana keessaa kan utubaa guddichatti hiiqee jiru bakka taabonni huccuun maramee gundoorra kabajaan taa’u fi icciitii gurguddaa Abagaazii fi dabtaraan hayyuu amantii ta’ee ramadame, Alaqaa Asiras, yookiin ammoo mataan amantii gita olaanaa qofti beekantu keessatti awwaalama. Yeroo baay’ee kutaan kun wiirtuu dhoksaa seenaa dogongoraati jedhamee hamatama. Kutaa lammaffaan bakka ixaanaa fi kennaan adda addaa itti kuufamu yoo ta’u, kan hafe ammoo qabeenya walqixxee amantoota hundaa ti.

Hojiin ijaarsa gidaaraa milkiin xumuramee keenyaan irra keessaa ariifachiisaa utuu jiranii gaaf tokko akka tasaa bofti dhagaa jalaa utaalee bahee dargaggoota Abagaaz lama hiddee ajjeese. Yeroo

dargaggoota kana lamaan qe'eetti fuudhanii galan Abagaaz ammoo dhibee hin beekamneen qabamee dubbachuu dadhabee arrabni waan hidhameef sireerratti ol deebi'ee jira.

Ta'iinsi kun lamaan Waaqni amantii Oromoo fagoo akka hinjirre waan mul'isaa jiru fakkaate. Yeroo sanattis taanaan namoonni hedduun kan walitti hasaasan kanuma ture. Gariin ammoo 'Waaqni Oromoo hin ariifatu' kan Abbaan Adulaa jedhe mirkaneeffatan.

Haa ta'u malee, akkuma dargaggoota sana lamaan awwaalanii galaniin, Alaqaa Asiras seera amantii isaatiin dhukkuba Abagaaz abboomuu dhiisee qoricha kudhaama morma isaatti gudunfatee deemu barbadaatti naqee gaabiidhaan ukkaamsee isa ule. Akkuma aarri qorichichaa isa ukkaamsaa deemeen, Abagaaz sagalee ol fudhatee akka waraabessaatti yuusuu jalqabe. Alaqaa Asiras irree jabeeffatee gadi isa ukkaamse. Abagaaz ittuma fufee yeroo shan yuuse. Dhumarratti, Alaqaa Asiras 'daawwitii' isaa bane afaan Gi'iiziin erga waa xiqqoo guungumee booda afaan Amaaraa, "Eenyu ati?" jedhee gaafate.
"Animoo?" jedhe Abagaaz sagalee dubartiitiin.
"Eeyyee, ati eenyuu?"
"Ani Geexeedha."
"Eenyu Geexeen?"
"Ihii! …. Geexee wallaaltee? Niitii Habtee." Habteen namicha funyaan citaa gaafa Abagaaz jalqaba Leeqaa dhufe harree dura deemee dhufee achumatti hafedha. Niitiin isaa, Geexeen ijatti waan hamatamtuuf gara moggaatti achi hiiqsanii akka inni mana ijaarratu godhan.
"Ahaa! … maal godhi jettaan ree nama kanaan?"
"Maal godhin jedheen? Na marare malee."
"Maal isaatu si marare?"
"Hidhiisaa … maal akkam furdataa?"

Alaqaa Asiras gara barbadaa qiraaciirraa belbeluutti gad isa qabee, “Amma ni baata moo hin baatu?” jedheen sagalee jabaa doorsisa fakkaatuun.
Geexeen sagalee dhokfatte.
“Ni baata moo hin baatu?” Alaqaa Asiras ishee doorsise.
“Nan baha,” jetteen Geexeen sodaattee.
“Yeroo meeqa iyyitee baata?”
“Yeroo shan kaa.”
“Mee iyyi kaa.”
Abagaaz sagalee dubartiitiin yeroo afur iyyee shanaffaaf abboomamuu dide. Alaqaa Asiras xiiqii ittiin qabatee gadhiisuu dide. Arrabni Abagaaz deebi’ee hidhame. Dhumarratti, Abagaaz sagalee ol fudhatee yuusee achumaan gaggabee kufe. Achiin utuu baay’ee hin turiin deebi’ee of baree, “Maalinnii, Maammiree?” jedhee gaafate.
“Budaadha. Hamajaajii durbaatu si nyaate,” jedheen Alaqaa Asiras. Itti fufees: “Ati gaafa laga Abbayyaa ceetee dhufte maaliif kudhaama kana hin godhannee? Ogeessi qoricha kudhaamu waa’ee dhukkuba biyya ormaa waan si gorse hinqabuu?”
Abagaaz boquu isaa bitaa mirgatti sosochoosee mallattoodhaan ‘lakki’ jedheen.
“Boriif iyyuu kun barnoota siif haa ta’u; gaafa laga Abayaa ceetu osoo dhiiga reettii gurraattiin hin booressin hin cehiin. Hamajaajiin biyya ormaa yoos malee siin hin qusatu.”

Alaqaa Asiras korojoo daawwitii isaa keessaa mataa qorichaa walitti funaanee erbee adii tokkotti gudunfee kudhaameef. Haa ta’uutii, hamajaajiin Abagaaz nyaattee gursummaa biyya isaatii dhirsa hiiktee dhuftee lammata heerumte malee magaallee durba Leeqaa akka hin taane maaliif hubachuu akka dadhabe ifa miti.

Torban tokko booda, Abagaaz bayyaannatee hojiisaa idileetti waan deebi’eef ijaarsi bataskaana Mikaa’elii Waachaa yeroo kam caalaa

ariifate. Abdaariin muudaa dur bosonaan marfamee akka ayyaana abbaa namatti ulfaatu mana guddaa wiirtuu qarreerra dhaabatuun bakka buufamee halaalatti mul'ata. Manni kun bakakkaa fi bubbee oofkalee guyyaa lama buluun namoota amantiin hir'uu biratti Waaqni nafxanyaa Waaqa Oromoo caalaa namatti dhihoo ta'ee mul'ate. Namoota kana keessaa tokko Bultum Koreeti.

Bultum Koree buleessa ganna afurtamatti hiiqu yoo ta'u sooressa beekamaadha. Yeroo baay'ee dubbii haqaatiif waan looguuf hawaasa biratti fudhatama guddaa qaba. Maatii isaatiif ilma tokkicha waan ta'eef fedhii haadhaa fi abbaansaa dhala dhala isaanii arganii dhungachuuf ariifatan guutuuf ganna kudha saddeet osoo hinguutiin intala nama guddaa naqatee fuudhe. Haa ta'u malee, Bultum akka yaadetti dhala godhatee hawwii warra isaa dhugoomsuu hindandeenye. Itillee inni irratti fincaan sanyiisaa cobse isa hin qanaane. Qananiin bantii mana isaa sagalee ijoollee hin hawwine. Ayyaanni abbaasaa gudeeda isaa hin eebbisne.

Bultum waggaa shan guutuu obsaan dhala eeggatee waan dhabeef, haadha manaa isaan mari'atee dubartii kan biraa fuudhe. Haa ta'u malee waggaa kurnan itti aanuuf hawwiinsaa hawwii ta'ee hafe. Haalli kun hirriba isa dhorkinaan gorsa maanguddootiin mana qaalluu deemee ayyaana ilaallate. Akka ayyaanni itti dubbatetti yeroo tokko wal dhabdee lola daangaa oyiruu qonnaa irratti akaakayyuun isaa sobaan kakatee waan dhugaa of harkatti galfateef abaarsi akka isa qaqqabe itti himame. Akaakkayyuun isaa yeros 'Yoon sobaan daangaa kana fudhadhe dhalli dhala koo haa maseenu' jedhee ture. Bultum akka malee gaddee utuu keessa isaatti dhukkubsatuu, qaawwaa jireenya isaa kana sutachuuf utuu sagal wixxifatuu, amantii haaraan kun dhufee abdii xiqqoo keessa isaatti biqilche.

Gaafa ijaarsi bataskaana Mikaa'elii xumuramee eebbifamu, Bultum Koree, haadha manaa isaa laman waliin tumaamessa hoolaa aarsaa dhiheessee wareegaan dhala kadhate.
"Yaa Mikaa'elii," jedhe Bultum hoomaa gelel fuulduratti hirqinfatee booyee, "yoo ati akkuma hiriyaa koo dhala naaf kennitee na dhungachiiste, animmoo ilma koo jalqabaa akka inni gola kee tajaajiluuf dabarseen siif kenna. Anis waggaa waggaan korma dhiheessee kabajaan taabota kee bobbaasee galcha."

Alaqaa Asiras bakka Bultum jilbeenfatee booyu boquu isaa olqabee fannoo harkatti baatee jiru bakka sadii dhungachiisee, sagalee lafarra harkifatu tokkoon, "*Immiyyee maariyaam tsalotihiin tisima. Dingil laxiyyaaqeh malsi aallaat. Aanteem ba haymaanotih tsinaa,*" harka qabee taa'umsarra isa teessise. Alaqaa Asiras qooqa innii fi Abagaaz qofti hubataniin sagalee qallifatee yeroo dheeraaf harka tokkoon ixaana harka biraan sibiila boca waancaatiin tolfame walitti rukutaa namoota gidduu deddeebi'ee erga guungumaa turee booda bishaan cuuphaa mashaaqulatti dhufee dhihaannaan Bultum Koree fi haadha manaa isaa lamaan cuuphee kirrii gurraacha mormatti isaan hidhe. Itti fufee maqaa Bultum 'Tasfamikaa'el' jedhee jijjiire.

Tarkaanfiin Bultum kun namoota kadhatanii dhabuun Waaqatti guungumaniif amantii haaraa kanatti kooluu galanii Waaqa haaraa akka barbaaddataniif karaa saaqe. Alaqaa Asiras gama isaatiin namoota ijoo ijoo ofitti harkisuuf jedhee Bultum Koree fi maatii isaatiif gaafa du'an kan itti awwaalaman lafa bal'aa misooma bataskaanaaf jedhamee qopheeffame irraa sararee kenneefii godoo dhuunfaa irratti ijaarratee torban torbaniin sanbatee akka keessatti dhugu isa affeere. Suuta suuta, tokko lamaan, namoonni daandii Bultum hordofan heddummataa dhufan. Alaqaa Asiras namoota kanas kennaa walfakkaataan simate. Namoonni amantii haaraa kanaan cuubaman

arjummaa Alaqaa Asiras kana akka kabaja guddaatti ilaalanii gammachuudhaan simatan.

Haala kanaan, nafxanyaan suuta suuta bulchiinsaa fi amantii isaanii wiirtuu koonyaa irratti jabeeffatanii akka salphaatti uummata bituuf gubbaadhaa hanga godaatti caasaa walxaxaa gadi diriirfatan.

BOQONNAA SAGAL

Erga nafxanyaan dhufee sirna bulchiinsaa fi amantii isaa saggoo uummataa irratti fe'ee waggaa digdamatti hiiqee jira. Waggootii kana keessatti magaalaa isaanii kan wiirtuu koonyaa jirutti waajjira bulchiinsaa, mana murtii, waajjira poolisii fi mana hidhaa tokko ijaarratan. Hojii guddaan waajjiraalee kanaa caasaa walxaxaa fedhii uummataa daangessuun olaantummaa nafxanyaaf karra saaqu jajjabeessuudha. Mana murtii loogii sanyiin murtii kennutti aansee kan akka du'aa sodaatamu mana hidhaa Jaatoo ti. Mataa yakkaa uummanni hinbeekneen nama yakkanii mana hidhaa Jaatoo keessatti dararaa sanyiin dhala namaa ittiin hinkomatamneen nama adabuun amala nafxanyaa keessaa isa ijoo ta'e. Namni yakkamee Jaatoo bu'e, yeroo baay'ee duuti waan itti murteeffamuuf akka nama du'eetti nagaan itti dhaamama. Manni barumsaa tokko, kan amantii fi afaan nafxanyaa keessatti barsiifamu, ilmaan gita bulchitootaa akka itti barataniif baname. Daandii bulchiinsa nam-dhuunfaa Bakaree Godaanaa saaqee ilmaan isaa dhaalchisee darbe nafxanyaan abbaa irree irra fandalali'ee saggoo uummataa irratti goobe. Jireenyi uummata bal'aa cancala bulchiinsa haaraatiin luugamame.

Waggootii digdaman darban kana keesssatti waan haaraan mul'ate yoo jiraate gaafa Abagaaz dhibee busaatiin du'ee awwaalame Nugusee Asaffaa ammoo faana isaarra bu'ee teessoo bulchiinsa koonyaa gita hidda firoomaatiin dorgommii tokko malee dhaaluu isaa ti.

Nugusee Asaffaa nafxanyoota hundarra nama amala addaa qabudha. Oftuulee samiin of qixxeessuun isaa akkuma jirutti ta'ee, waan hundumaa beekumsaan osoo hin taane jabina irree isaatiin furuuf ariifata. Akkuma aangootti ol baheen hojiilee Abagaaz waggaa digdamaaf hojjetee darbe hunda beekamtii dhorkatee caasaa bulchiinsa isaas diigee, namoota aangoon harka turte hunda fonqolchee sababii

quufsaa hin taaneen yakkee Jaatootti isaan darbate. Namoota hojii fi aangoorraa fonqolche kana maxxantoota somba isaatiin harganuu danda'an funaanee caasaa dhuunfaa isaa diriirfate. Yeroo sanatti, wanti raajee nama dhiisuu dide ilmi Morodaa Bakaree, Kumsaan, faana abbaa isaarra bu'ee caasaa bulchiinsa Nugusee keessattis nama ijoo ta'ee as bahuu isaa ti. Kumsaa Morodaa maqaa cuuphaa isaa Gabra-Igzaaber jedhamuun beekama.

Nuguseen akkuma aangootti oldhufeen ilaalcha isaa biyya tokko, amantii tokko fi afaan tokko jedhu hojiirra oolchuuf jecha Kumsaa waliin halkan hirriba, guyyaa boqonnaa dhabee hojjete. Wiirtuu koonyaa taa'ee akka waan hireen biyyaa harka isaarratti kufee jiruutti waan yaaduuf, yeroo hundumaa ilaalcha isaa kana humnaan nama fudhachiisuuf jecha aasxaa tokkummaa biyyaa godhee of dhaadhessa. Waan halkan abjuudhaan hirriba itti dhabaa bule ganama uummata walitti qabee itti bulgaafata. Battala walgahii gaggeessu hundatti maqaa Abagaaz hammeenyaan osoo hinkaasiin dagatee hinbeeku.
"Abagaaz," jedha yeroo maqaa isaa hadheessuu barbaadu, "waggaa digdama guutuu dantaa tokkummaa biyyaa dagatee masaraa keessatti boqotu ijaarrachuuf dursa kennaa ture. Mee ilaalaa – waggaa digdama keessatti bataskaana meeqatu ijaarame? – afur qofa. Kun maal jechuudha? Amantiin taabota afurtamii afur qabu akkamitti taabota afur qofaan bakka buufama. Afaan labsiin mootummaa ittiin barreeffamu akkamittiin hanga yoonaatti turjumaanaan hiikamee afaan gandaatiin bakka buufama? Amma utuu gad-buunee 'biyyi kee eessa?' jennee nama gaafannee meeqatu qajeelchee nutti hima? – nama muraasa. Ammallee taanaan miirri jaalala biyyaa uummata kana keessaa akkuma du'etti jira. Kun marti kan ta'eef waan Abagaaz of dagatee rafaa tureefidha. Qondaaltonni isa faana teessuma ho'isaa turanis yoo ta'e garaa ittiin cooma nyaatan malee garaa ittiin fageessanii yaadan hin qaban. Ani kana hunda sirreessuuf muradhee ka'eera."

Waa'ee jaalalaa fi olaantummaa biyyaatti aansee dubbiin afaan Nugusee irraa hin dhabamne waa'ee jabeenyaa fi beekumsa *Iteegee* Xaayituu ti. "*Iteegee* Xaayituun," jedha dabalee daddabalee, "lafee dugdaa Minilik guddichaa ti. Waraana Minilik yeroodhaa yerootti injifataa tureef tarsiimoo qindeessaa kan ture isheedha." Itti fufees akkamitti akka isheen maqaa magaalaa teessoo mootummaa isaanii jijjiirte dubbata: "Guyyaa tokko *Iteegeen* qaama dhiqachuuf gara hurka Finfinneetti gad-buutee ilillii addaa, kan kanaan dura tasumaa argitee hinbeeknetti dhufte. Ilillii sana kuttee fuunfattee ilaalte. Achumaan lafa naannoo sanaa *Addis Ababaa* jettee moggaaste. *Addis Ababaa* jechuun ilillii haaraa jechuudha."

Nuguseen utuu akkanatti of dhaadhessuu labsiin qoodinsa lafaa bahe. Akka labsii kanaatti lafa bal'aa qonnaan bulaan Oromoo durdur irraa eegalee akka hangafaa fi quxisuutti abbaan ilma isaatiif dhaalmaan dabarsaa as gahe dhaalmaan qondaaltota nafxanyaa fi abbootii qoroo bulchiinsa kana utubaniif qoodama. Lafa bal'aan qalaadiin safaramee galiin waggaatti irraa funaanamu itti maxxanfama. Abbootiin qoroo lafa bulchiinsa irratti fudhatan garii qotatanii garii immoo irboo kennanii galii callaa midhaaniirraa argamu gara bulchiinsa olaanaatti dabarsu.

Yeroo labsiin kun dabarfamu Nuguseen aangoo isaatti fayyadamee miira isaa olaantummaa sanyiitiin bulluqe qabbaneessee mammaaksa sanyii isaa kan gaafa muudamtu hin nyaanne gaafa mulqamtu gaabbita jedhu dhugoomsuuf hirriba of dhorkuu eegale. Maqaan waa'ee jaalala biyyaa haa lallabu malee keessa keessa isaatti galii lafa qalaadii heddutti herregamurraa argachuuf adeemuuf jecha du'a jibbuu jalqabe. Haala kanaan galii guutummaa Leeqaarraa argachuu malu tilmaamee akka daa'ima allaattii balaliitu ilaaltee akka ishee ta'uu hawwituu

qilleensarra balali'uu hawwe. Qilleensa badhaadhinaa akka tasaa biliq itti jette bira gahuuf koomeerra of taa'e.

Haa ta'u malee, yeroo labsiin kun uummata biratti dhaga'ame utuu hinse'iin aariin nama dheekkkamsiisuu eegale. Dubbiin dhoksaa dhoksaadhaan walitti guungumamaa ture suuta suuta gara hojiitti waan hiikamuu jalqabeef bakka heddutti mormiin isaan mudate.

Baroodaan qalbii gartokkeen waa'ee dhaalamuu lafaa kana yaadaa oyiruu isaa keessa deddeebi'ee guboo asaangiraa buqqisaa oolee bunni danfinaan aara galfachuuf manatti gale. Dur oggaa ollaan waamamee walfaana buna dhugan dadhabbiin irraa galee karoora hojii biraaf onnifata ture. Har'a buna guyyaa kana daddabalee yoo dhugellee ayyaanni abbaasaa waan isa gane fakkaata irra deddeebi'ee hamuummata. Ollaan buna dhugan qoosaa kolfaan nama gaggabsu qabatanii waan turaniif namni isa yaadate hinturre. Gidduutti Ulfinaan, "Maal Abbaamagaal maaliif mukooftaa?" jedheen.
Baroodaan ammas dabalee hamuummatee, "Gurratu natti huursa; maalan dhaga'a laataa?" jedheen.
"Aaga dhaga'i, aaga dhaga'i!" jedhaniin namoonni asii fi achiin waljalaa fuudhanii.
"Yoo aagni jiraatee foo!" deebisee keessa isaatti quuqamaa. Biyya badetti aaga kamtu dhaga'ama waan jedhu fakkaata.

Akka bunni dhugamee ollaan gargar galeen Mardaasaan oduu qoodinsa lafaa kana gudunfatee Baroodaan mari'achuu dhufe. Baroodaan ijoolleesaa sadan ofjala teessisee rifeensa mataa isaanii susukkumaa ture.
"Maal jaal, bara kana hoo ciimmaa qeerransaa ta'aa jirtaa," jedheen Mardaasaan erga nagaa wal gaafatanii booda.

“Maalan godha jetteeti? Bara kana rirmi tokkos natti dabdee oyiruu koo oyiruu abaarsaa godhaa jirti. Asaangirris wal hortee oyiruu kana dhaalte. Kanaafan isaanitti duulee ko’oommadhe,” jedheen.

“Bara kana rirmi namaas oyiruu namaa dhaaluuf muratee ka’ee jira. Ati rirma koobatti galtuuf yookaan asaangira bor cooligdee badduuf dhiphattaa?” jedheen Mardaasaan gara dhimma dhufeetti of deebisuuf jedhee.

“Egaa ni duulla jedhu malee ni duuna hin jedhan mitii? Silaa abjuu sodaatanii hirriba malee hin bulani.”

“Dhugumadha,” jedhe Mardaasaan. Itti fufees: “Waan gidduu kana odeeffamu quba qabda mitii?”

“Odeessa akkamii?”

“Waa’ee dhaalamuu lafaa. Dubbiin dhugaa ta’uu hin oolu.”

“Oduun darbaan dabarsaa gurra na buutee jirti, garuu dhugaa ta’uu hin mirkaneeffanne,” jedheen Baroodaan odeeffannoo dabalataa argachuuf jecha of qusatee.

“Akkan dhaga’etti yoo ta’e lafti keenya nurraa fudhatamee qondaaltota bulchiinsaatiif qoodamuu hin oolu. Yeroo ammaa kana gabaa guutuun kanuma odeessa. Dheengadda gaafan fira dubbisuu Naqamteen dhaqe ilmi eessuma koo tokko dubbiin kun dhara akka hin taane natti hime. Namichi Abagaaziin bakka bu’e sun namoota lafa keenya qalaadiidhaan safaranii gabaasa dhiheessaniif cufa ramadee jira jedhan. Dajjaazmaach Kumsaanis dhimma kana mormii malee waan deggereef se’achi dubbiin waan duubatti deebi’amu hin fakkaatu. Ani yeroo baay’ee waanan deebisuu hin dandeenye tokkotti gaabbidhaan of yeelalsuu hinfedhun ture. Gaafan dubbii kana dhugeeffadhu garuu dhalachuu koon gaabbe. Reefuu dooniin nuun citteem. Kana booda jireenya maalii qabnaa?” jedhe Mardaasaan yeroo waan dhaga’e Baroodaaf qoode.

Baroodaan miira dadhabaa waa hubachuu hin dandeenyeen Mardaasaa dhagggeeffataa ture. Lafti utubaa jireenya isaa ti. Jireenyi qonnaan

bulaa tokkoo kan hiika godhatu oyiruu waggaa guutuu itti dadhaberraa yoo calla gaarii galfate qofa. Lafa tattaraaranii, dhoqqee dhiitanii eelanii qotanii, dugdaa cabanii aramanii, haamanii dhahanii calleessanii hanga gumbii fi gombisaa ofiin gahatanitti jireenyi qonnaan bulaa yaadaa fi yaaddoon kan guutamedha. Bar tokko hawaannisatu dhufee nama saama, bar biraa bineensa daggalaatu namatti duula. Bara hawaannisaa fi bineensa daggalaa oofkalan qilleensa hamaatu nama mudata. Waagii fa'itu nama jiitessa. Qonnaan bulaan tokko qormaata akkasii heddu keessa darbee calla soora lubbuusaa galfata. Yeros dachee Haadha Margoof galata galcha. Garuu lafa uumamaan dhaale kana yoo namaan sarbamee hoo jireenyi qonnaan bulaa tokkoo wabii maalii qabaa?

"Jireenya keenya gaafa isaan jalatti buluu jalqabne dhabne," jedheen Baroodaan qooqa dadhabaa gaabbii ibsuun. Itti fufees: "Namni nu bulchuuf aangoo addaa qabu tokko lafa keenya dhaaluufis mirga addaa qaba. Erga nuti nama tokko ofirratti moosifnee akka nu bulchuuf carraa kennineefi nutis ta'e lafti keenya qabeenya dhuunfaa nama sanaa waan taaneef, yoo lafa keenya nurraa fudhatanis waan nama raaju miti. Garuu wanti naaf hin galle tokko erga lafa keenya nurraa fudhatanii booda nuti hoo eessa dhaqnee jiraannaa?"

Kun gaaffii ijoo Mardaasaan itti hin qophoofne ture.

"Akka odeeffamutti yoo ta'e namni lafa qoodame kana qalaadiin bitachuu hin dandeenye abbaa lafaatiif (abbaa qorootiif) irboo qotee jiraachuu danda'a. Callaa irboorraa argatu keessaa galii isarraa eegamu kaffaluunis dirqama."

"Galiin sun abbaa qorootiif moo qondaaltota birootiif ta'a?"

"Akkan dhaga'etti yoo ta'e hundumtuu akkuma irraa jalaatti kan isa madaalu qooddata. Galii harki caalu garuu Nuguseef dhihaata fakkaata. Nuguseen egaa gooftaa biraa qaba mitii ree? Innis hanga aangoonsaa hayyameef butatee kan hafe Finfinneetti ol fe'a jechuudha."

Baroodaan callisee erga waa xiqqoo yaadee booda, “Kunillee qoosaadha,” jedhe.

“Nafxanyaan yoom qoosee beeka jetteeti,” jedheen Mardaasaan deebisee.

“Sirriidha. Nafxanyaan yoom qoosee beeka! Bayyaannatteen qarqara du’aatii jireenyatti fulla’e akkamittiin bakka dhuftee isaa dagatee qoosa? Isaaniif kana gochuun dirqama. Yoo carraan kun harkaa baate bor eessatti akka deebi’an waan beekaniif akka hawaannisaa waan argatan butachuu fi tooftaa adda addaatiin hundee jabeeffatanii mataarra nu turuun isaaniif kaayyoodha.”

Baroodaan miira xiiqii ibsuun erga hidhii isaa cicciniinaa turee booda, “Anaafis lafa abbaa koo dhaalchisuu diduun kaayyoodha,” jedhe.

Mardaasaan hafuura dheeraa baafate. Haalli isaa nama humna dhabe fakkaata.

“Garuu ana Baroodaan lafa sanyiin sanyii koo irratti handhuuraman, kan anaafis utubaa jireenya koo ta’e waanan callise dhaalchisu isaanitti fakkaataa? Kunillee gonkumaa waan ta’u miti. Tarii awwaala koorra dhaabatanii lafa koo dhaaluu danda’u.”

“Diina waggaa hedduuf qawwee hidhatee of ijaare akkamitti lollee injifannaa?”

“Ani lolee isaan injifachuu osoo hintaane lafa awwaala handhuura koo taate kanaaf jecha osoon loluu du’uun barbaada. Abdaarii dhibaayyuu sanyii sanyii koof yoon du’e anaaf kabaja.”

Baroodaa fi Mardaasaan calleensa buusanii yeroo dheeraaf erga turanii booda, Mardaasaan qalbiisaatti araaramee, “Farda qofaa kaatu ta’uun maal waa’ee baasa?” jedhe, miira abdii kutateen.

“Maaliif akkas jettaa, Mardaasaa?” jedhe Baroodaan jecha Mardaasaatti mufatee.

“Waanan jedheefan qaba,” jedheen Mardaasaan. “Mee yeroo ammaa kana dargaggoota keenya ilaali, yeroo ilmaan keenya gariin hafuura halagaatiin ulamanii qullaa eenyummaa keenyaa saaxilan kanatti,

yeroo qoroon kabaja qomoo caale kanatti, yeroo dhiigni keenya akka fincaan abaarsaa ta'e kanatti akkamittiin diina loluun danda'amaa? Lolli qomoo qofaa hin miidhagu – gamtaa qabaachuu feesisa."
"Mardaasaa, jireenya kee keessatti, gamtaan jiraates jiraachuu baates, waan ofii gochuu dandeessu tokkoof nama biraa hin eegiin. Waan nuti goonu tokkoo fi tokko qofa. Yeroo isaan oyiruu keetti bobba'anii safaratan atimmoo eeboo kee fudhadhuu itti bahi. Lafa kee taakkuu tokkollee akka safaraniif carraa hin kenniniif. Hanga duutee biyyoo uffattutti loli. Utuu loltuu du'i. Seenaan 'Mardaasaan lafa isaaf du'e' jedhee si yaadata. Kun furmaata waa hundaati."

Baroodaan quba harka isaa lamaan hidhiisaarra godhatee yaadaan liqimfamee boquu isaa oliif gadi sochoose. Qarmammeettiin balbala isaa dhiiga uffatee itti mul'ate. Hoomaan reeffa namaa dhufee akka abjuu wayii fuuldura isaatti wal gahe – reeffa firaa fi diinaa – reeffa gita saamtotaa fi kanneen gitoota kanaan falman. Reeffawwan kana duubaan namichi tokko teessoo guddaa guutee akka tasaa itti mul'ate. Namicha aangoof jedhee umrii isaa guutuu of baqatee jiraatuu – Kumsaa Morodaa – Gabra-Igzaaber Morodaa – namicha harka mirgaa nafxanyaa ta'ee qomoo isaa saaxilaa jiraatu – mootii maqaa qofatti hafe.

Bunni Mardaasaaf jecha danfe dhihaannaan Abboomaan bishaan harkaa buuseefii akaayii shimbura gundoorraa itti qabe. Buna wiirtuu qoosaa fi taphaa irratti namni jecha tokkollee walitti dubbate hinjiru. Hundumtuu galaana yaadaa daakaa ture – namni tokko akkamitti lafa malee jiraataa? Akkamitti? Akkamitti? ……

BOQONNAA KUDHAN

Dubbiin dhugaa ta'e. Bulchiinsi wiirtuu koonyaa labsii lafaa caasaa mootummaa gubbaatti hirkatee lafa uummataa safaruun Abbaa Lafaaf qooduu jalqabe. Lafa bal'aa misooma bataskaanaaf jedhamee bal'inaan daangeffame malee lafti qonnaan bulaa gama Waachaa tokko tokkoon safarame. Lafti qalaadiidhaan safarama. Warri lafa qalaadii qalaadiidhaan gatiin itti bahe bitachuu danda'an abbaa lafaa ta'an. Kanneen dandeettii kana dhaban lafa isaanii dhabuuf dirqaman. Uummanni waggaa dheeraaf jabinaa fi gootummaan beekamu daran laafee, daran dadhabee, sadarka qarmammeetti awwaala handhuura isaallee dabarsee kennuu gahe.

Yeroon isaa bona ture. Qilleensa qabbanaa'aan tulluu Koomtoo irraan gad hasaasu qilleensa ho'aa gooda Waamaa fi Imbaatuu irraan ol dhufu qabbaneessee hafuura namatti deebisa. Karaa guddichi Bonayyaatii Naqamtee geessu irra namni hin mul'atu. Dirreen gabaa guddaa kamisaa, kan namaaf bakka xaafii buusan hin argamne ni one. Dargaggoonni guyyaa gaa'elaa dhaabbatan harki caalaan ni haqan yookan bara dhufutti dabarfachuuf murteeffatan. Dubartiin ateetee facaafachuu ni dhiifte, dhiirri adamoo deemuun ni hafe. Namni hundumtuu waa'ee lafa isaaf dhimmama. Akkamitti lafa keenya dhabnee jiraannaa? Jireenya lafa ofii dhabanii jiraatan duuba jiru yeroo yaadan baay'ee nama suukanneessa. Qinaaxxii mana ofii diiganii, gumbii fi gombisaa ofii onsanii, waan qabanii fi oomishan hunda abbaa lafaaf qoodanii, …. Oooh! Yeroo haati manaa ofii diinqa namaa keessa gugguuftee namaaf ergamtu, bishaan namaaf waraabdu, qoraan namaaf cabsitu, ba'aa guurguddaa dugdatti baattee gabaa deemtee midhaan namaaf gurgurtu; yeroo ijoolleen ofii loon ormaa biratti xooxartu, yeroo akka dhala haadha hiyyeessaa cinii fi injiraan mataatti daraartu; yeroo dhiirri eelee qotee namaaf galchu, yeroo qawwee baatee abbaa

lafaaf gaangee harkisu, yeroo mirga namummaa sarbamee akka qabeenya abbaa lafaatti lakkaa'amu … kun hundi akkamitti ta'aa?

Egaan utuu gaaffiin akkasii nama hunda dhiphisuu yaa'iin qomoo Odaa guddicha qe'ee Baroodaa fuullee jirutti waamame. Akeekni yaa'ii kanaa sagalee tokkoon labsii lafaa mormuun Nugusee fi Kumsaatti finciluu ture. Yaa'iin kun gaafa gabaa guddaa Bonayyaa, Sanbata ganamatti waamame.

Jimaata galgala, gaafa jalbultii yaa'ii qomoo, Baroodaan siree teephaarra dugdaan ciisee utuu yaada sagal kaasee kuffisuu lafa bariisise. Amma dhuguma dhaloonni kun lola qomoof qophiidhaa? Baroodaan irra deddeebi'ee yeroo dhibbaa ol of gaafate. Yeroo dhibbaa ol garuu qalbiin isaa waan ta'e sifeeffachuu dide. Waan ta'e akka nama abjuudhaan hallayyaatti kufuuf firgim, firgim jedhuu mul'ata sodaachisaan dhufee fuula isaatti marame. Yoo dargaggoo fi ga'eessoonni xiiqiidhaan tarkaanfii lolaa fi fincilaa filatan hawwiin jireenya isaa akka dhugoomu amane. Garuu shakkiin tokko dhufee amantaa keessa isaa haguuge. Onneen isaa gartokkoon namoota faayidaa dhuunfaaf imaanaa qomoo caalsifatan irratti xiyyeeffate. Namoota kana keessaa kan qalbiin Baroodaa sifeeffachuu dide Lammeessaa fi Fufaa Ulumaa ti. Lammeessaan nama arrabni muka jiidhaa gogsu yeroo ta'u, yeroo waltajjiitti bahee dubbii eegalu afaan uummataa cal jechisiisuuf dandeettii addaa qaba. Dhugaa jallisee, soba cululqsee dhiheessuuf kennaa guddaa nama gonfatedha. Yeroo baay'ee, yeroo waa'ee lolaa dhaga'u, Lammeessaan yaada faallaan ka'ee mormuun beekama. Fufaa Ulumaa ammoo sababa gahaa hintaaneen damma qalqallootti guutee yeroo qe'ee Kumsaatti marmaaru waan argamuuf ija shakkiitiin ilaalama.

Baroodaan yaadaa fi qalbiin waa'ee jaroota kana lamaanii osoo xiinxaluu qawwee isaa saanduqa keessaa baasee haxaawwate. Qawwee

maskeettoo kana waggaa lama dura daldalaa Arabaa tokkorraa bitee dhokfate. “Yoo Fufaa fi Lammeessaan kallattii faallaa qabatan,” ofiin jedhe, “tooftaan qixa sirriitti isaan deebisu akka dubartii huccuun gabaa keessatti irraa soqolamee qaanessuudha. Utuu isaan arraba isaanii dhaanquu sanaan summii hin facaasiin jecha tokkoon adaba isaan qabachiisa.”

Yeroo simbirroon waccee barii lafaa mallatteessitu Saaqqattuun xuwwee dhaabdee marqaa ho’aadhaan afaan bule baafachiifte.

“Yeroo lafti ifu ijoollee koo fidii kottu,” jedheen balbala bira gahee.

“Abdiisaa moo?” jetteen Saaqqattuun.

“Abboomaanis haa dhufu. Ijoolleen koo yaa’ii qomoo irratti yoo argamte gaarii ta’a. Abboomaan waggaa kudhan guute mitii?”

“Tole, fideen dhufa,” jettee balbala cuftee ol deebite. Nama dhimma cimaaf ganamaan manaa bahaa jirutti milkii ta’uu jibbitee malee Abdiisaa fi Abboomaan yaa’ii qomoorratti hirmaachuu akka hin geenye keessi ishee itti dubbata.

Yeroo dukkanni gargar saaqamee fixeensi hurgufatu, namoonni kumaatamatti lakkaa’aman kallattii hundaa Odaa Guddicha jalatti walgahan. Baay’inni hirmaattotaa hanga eegamee olitti dachaaa lama caalaa dabale. Dubartii deessee shanan irraa hin baane, ijoollee loon eegan, maanguddoota gadamoojjii seenanii socho’uu dadhaban yookaan namoota dhibeen fayyaa sireerratti deebise yoo ta’an malee namni manatti hafe hin jiru. Hedduun isaanii qawwee maskeettoo, eeboo fi gaachana hidhatanii hafuura dhiirummaan waan dirree sana ulaniif haalli isaanii nama gammachiisa. Erga sirni Gadaa haqamee bulchiinsa sirni mootiin bakka buufamee as gumiin akkasii waamamuun kan jalqabaati. Daafii kanaaaf, maanguddoonni miseensa luboota durii turan gammachuu yeroo isaanii ture yaadatanii imimmaan isaanii adabachuu dadhaban. Baroodaa fi qondaaltonni uummataa biroon uummata hamma kana yeroo sodaachisaa akkasiitti argachuu isaaniif heddu gammadan.

Akka caamni ba'ee qilleensi ho'aan lafa dhuunfateen, Saaqqattuun Abdiisaa fi Abboomaa of dura buuftee dhufte. Abdiisaan bakka abbaan isaa dhaabatee namoota waliin haasa'u argee dhufee gudeeda isaa gidduu dhaabate.

"Namarraa ilma koo irraanfatte moo?" jedheen Baroodaan nama haasaa waliin qabate tokkoon.

"Safuu, safuu! Duuti naan haa irraanfatu! Abdiisaan dargaggeessa ta'ee gurbaa?" jedhe Namarraan maddii Abdiisaa qabee dhungataa.

"Ijoolleen si'anaa garaa haadhaa keessatti qancarti mitii? Inni kun ammoo dabaloo isaati. Abboomaa jedhama," jedheen Baroodaan.

Namarraan ijoollee lamaan dhudhungatee, "Ijaa diinaarraa hafaa! Hamajaajiin isin hin argatiin!" jedheen ija mararteen isaan ilaalaa.

Gidduutti maanguddoonni lama eebbaan gumii eegalsiisuuf coqorsa harkatti qabatanii ka'anii dhaabannaan, Baroodaan ijoollee lamaan Saaqqattuutti dabarsee qawweesaa lafarra ciifse. Sagaleen akka gabaa maayii ho'aatti jiruu qilleensa ukkaamsaa ture altokkotti jimmaa jimmiitee ta'e. Hundumtuu qalbii isaa walitti itichee naamusaan eebba maanguddoo faana bu'e. Yeroo eebbi xumuramu, Nagawoo Bulii, ogeessi dubbii beekamaan, sagalee ciratee haasaadhaan onnee namaa booressuu jalqabe.

"Qorra halkanii nyaannee utuu fixeensi hin hurgufatiin ganamaan maaliif akka walitti qabamne hundumti keenya waan beeknu natti fakkaata," jedhee eegale Nagawoon miira uummataa caqasaa. Hundumtuu akka tuujuba malkaa Nageessoo walfaana calleensa buuse. Nagawoon yaadawwan isaa walitti suphee itti fufe: "Eeyyeen, harkaan gudunfanii ilkaaniin hiiku dhaqu jedhanii mammaaku, abbootiin keenya. Har'a waan kaleessa harkaan gudunfine ilkaaniin hiikuuf walitti qabamne. Kaleessa yeroo nafxanyaan dhufe kabaja keessumummaa isaaf qallee nyaachiifnee afata gaariirra ciifsinee simanne. Inni garuu akka kabajaan simatametti kabajaan hin galle. Oolee bulee warra nutti ta'e. Maaddiin irraa nyaate kansaa itti

fakkaate. Itillee irra ciise kansaa se'e. Itti fufee gola keenya keessatti abbaa warraa ta'ee caasaa amantii fi bulchiinsaa diriirfate. Goorduba keenya keessatti aadaa fi namummaa keenya balfee kansaa nutti fe'uu jalqabe. Kana booda nu dhiitee nu bulchuu itti fufe. Nuti yeroo dhaalamnus yeroo dhiitamnus calluma jenne. Kabaja namummaa keenyaaf dhaabachuu dadhabnee jireenya roorroo fi cunqursaatiif wal saaxille." Nagawoon gara ijoo dubbiitti dhufuuf jecha hafuura fudhatee ijasaa hoomaa gelel fuuldura isaa tataa'an irra nanaannesse. Garuu aarii fi xiiqiin walmakee dubbii isa dhorke. Waan ta'ee dhufee kokkee isa cuqqaale. Sagaleen isaa uumama lubbuu hin qabne dubbachiisuuf humna qabu akka tasaa qaqallatee sagalee gururii ta'e. Ijjisaa imimmaan calale. Ammoo of adabee haasaa qabatee jiru itti fufe.

"Eeyyee, ijoollee salphannee jirra," jedhe qooqa onnee namaa rukutuun. "Bulchiinsi nafxanyaa lafa abbootiin keenya sanyii sanyii isaaniirraa jalqabanii irra qotanii jiraataa turan har'a kunoo nurraa fudhatee jira. Egaan nuti amma uummata homaa hinqabnedha. Bulchiinsa hinqabnu; amantii hinqabnu; abdii hinqabnu; lafa hinqabu! Waan hundumaa nafxanyaaf dabarsinee kennine. Galfata abbootiin keenya nutti kennan nyaannee akka ilmaan haraamuu gadi gurdumne. Waan hundi haa haafu, amma utuu ekeraan abbootii keenyaa ka'ee, "Lafan isin dhaalchise eenyuuf kennitan?" jedhee nu gaafatee maal deebifnaaf? Akkuma isin beektan lafti kun (quba harkasaan dachee agarsiise), lafee jireenya abbootii keenyaa ture, har'a lafee jireenya keenyaa ti. Lafa kana malee gonkumaa jiraachuu hindandeenyu. Egaan amma yeroo nuti lafa lafee jireenya keenyaa kana dhabnutu gahe. Utuu namni tokko dhufee, 'Lafti kun kan eenyuu ture?' jedhee na gaafatee deebii gahaa kennuu nan danda'a. Garuu, 'Amma eenyutu fudhate?' yoo naan jedhe ani homaa itti hin dubbadhu, sababni isaas deebiin gaaffii kanaa harka dhaloota ammaa jira. Akkuma isin beektan ani maanguddoo ganna saddeettamaati. Umrii kanatti ari'ee qaqqabuu yookiin fiigee jalaa bahuu hindanda'u, garuu lafti kun lafa handhuura abbootii keenyaa ta'uusaa nan beeka. Kana qofa miti, lafti kun lafa

handhuura keessaaniiti. Egaan har'a lafa lafee jireenya keenyaa fi awwaala handhuura keenyaa taate kana dhabuuf dirqamne. Kun sirriidhaa?"

Nagawoon yeroo muraasaa calleensa buusee deebii eeggate. Garuu namni ariifatee yaada kenne hin jiru. Nagawoon itti fufe: "Har'a kan walitti qabamneef gaaffii kana deebisuufidha. Gaaffiin kun gaaffii salphaa miti, gaaffii seenaa durii fi gaaffii jireenya keenya ammaati. Gochaa abbootiin keenya lafa kana ittiin qabatanii fi dhaloonni keenya ammoo lafa kana itti dhabne gabatee seenaarratti galmaa'ee dhaloota itti aanu nu madaalchisa. Waan nuti walitti qabamneefis gaaffii ijoo kanaaf deebii gahaa kennuufidha. "

Nagawoon hidhiisaa alanfataa deebi'ee teenyaan Dhugaasaa Hirphoo ammoo ijasaa boorrajjii sana babaasaa ka'ee eeboo fi gaachana isaa mirmirsaa sagalee gootaatiin sirba yeroo dargaggummaa isaa ittiin beekamu gadfudhate:

Baala Adaamii shaqoo yaa sariitii
Maaf na hin waamiin dhiiroo gaafa xiiqii ….

Ammoo sirba jalqabe addaan kutee haasaa qalbii namaa booji'u jalqabe.

"Oyiruu keenya bulchiinsa nafxanyaa fi jalee isaa dhaalchifnee namummaan gad cabnee jiraachuu mannaa duunee biyyoo uffachuu nuuf wayya. Du'a sodaatanii jireenya gadadoo jiraachaa bara ofii dabarsuurra utuu mirga ofiif lolanii du'uun gatii guddaa qaba. Lafti kun, abdaariin kun, lagaa fi gaarri kun, durdur irraa kaasee kan keenya ture. Lafa kana qonnee jireenya keenya ittiin magarfachuuf mirga addaa qabna. Namni carraa kana nu dhorkatee lafa kana dhaaluu dhufu diina keenya guddaadha. Namni kun dhabamuu qaba. Hanga namni kun jireenya nagaa jiraatutti nuti boqonnaa hin qabnu." Dhugaasaan miira namootaa dubbisee dhaadannoon lafa sochoose:

"Gamtaa!" yeroo dhaadatu irreesaa olkaasa.

"Gamtaa!" jedhan namoonnis jalaa fuudhanii.

“Nafxanyaan diina!” Dhugaasaan itti dabale.
“Nafxanyaan diina!” Namoonnis jalaa qaban.
“Egaan namoonni nafxanyaan diina jettanii amantan, diina kana loluuf murteeffachuu qabdu. Ani gama kootiin ergamtuu nama na hingitnee ta’uu hin barbaadu. Oyiruu koorratti utuun loluu du’uun filannoo kooti.” Dhugaasaan faana isaan dachee jabeessee dhiitee, “Ani dachee kanaaf nan du’a,” jedhe.

Yeroo Dhugaasaan dubbatee xumuru namoota moggaa tataa’an keessaa namni tokko harka baasee hiree dubbachuu gaafate. Namni sun nama Baroodaan akka du’aatti sodaatu ture. Lammeessaadha. Lammeessaan ogeessa dubbii yoo ta’ellee faallaa namaa deemuudhaan beekama. Yeroo dubbatu arrabnisaa dhaanquun muka jiidhaa gogsa. Waan faayidaa isaa dhabsiisu taanaan dubbii sirrii haqaaqee gara fedha isaatti harkisee falmuu jaallata.

Baroodaan Lammeessaa dursee dubbachuuf harka baasee ture, garuu carraa hin arganne.
“Akkuma nuti beeknu,” jedhe Lammeessaan arraba laafee, “bulchiinsi dajjaach Kumsaa fi raas Nugusee humna guddaa of harkaa qaba. Meeshaa faranjii loltoonni isaanii hidhatan eeboo fi gaachana keenya dacha heddu caala. Loluun gaariidha, garuu lola akkamii? Kan jedhu gaaffii guddaadha. Lola dhugaan lollee injifannu moo lola duguugamnee akka baala mukaa harcaanutti seenna? Yeroo baay’ee namni fageessee, xiinxalee waan dhugaa dubbatu ni balaaleffatama. Ani garuu dhugaa jiru irraa ka’een jecha ‘lola’ jedhu kana shakke. Mee yeroo tokko dhaabannee bakka jirru of haa ilaallu. Haala amma jiru kanaan waraana raas Nugusee fi dajjaach Kumsaa lollee injifachuu ni dandeenyaa? Yoo isin onnee guutuudhaan ‘eeyyee’ jettan anis isin faana loluuf kophiidha. Garuu lolli furmaata waa hundaa miti. Yeroo tokko tokko jaarsummaan gaaga’ama lola duubaan dhufuu malu hambisee daandii qajeelaatti nama geessa. Jireenya keenya keessatti

lolli filannoo isa dhumaa ta'uu qaba. Lola dura waan baay'een karaa nagaa furmaata argachuu danda'u. Fakkeenyaaf namni akka Dajjaach Kumsaa, kan yeroo hundumaa nageenya Leeqaaf dursa kennu, dhimma kana akka salphaatti hin ilaalu. Kanaaf … "

Lammeessaan osoo dubbatee hinxumuriin dargaggoonni sagalee mormiin itti huursinaan callise. Garuu baay'ee hinturre. Maanguddoon gumii qajeelchan dargaggoota sana abboomnaan Lammeessaan itti fufe. "Nama dhihootti herreguuf haasaan koo mormii kaasuu danda'a. Anaan garuu waan bor yookaan iftaan ta'uuf malutu natti mul'ata."
Ammas sagaleen mormii isa hordofe. Haasaan akka kana gad-gadii maqaa qomoo nyaattu yoo ta'ee malee dhiira yaa'ii qomoorratti dubbataa jiru tokkorraa hin eegamu. Namni heddu bakka isaa qaana'e. Gariin kolfa tuffii futtaafate; gariin miira gaddaan dhidhimee boquu sochoosee callise. Eenyummaan Lammeessaa beekamaa yoo ta'ellee hanga kana gulantaa kabajaarraa of buusee munaaga jedhee kan yaade hinjiru.

Yeroo Baroodaan dabaree isaa dubbachuuf sagalee ciratu, miirri abdii fi murannoo dhufee gumii keessatti lafa dhuunfate.
"Waraabessi waan halkan dalage beekaaf guyyaa boolla oola!" jedhe Baroodaan akkuma dubbii eegaleen haamilee Lammeessaa cabsuuf. Kolfaa fi fooricoon isa hordofe. Inni garuu kolfuu didee, "Ani daandii mana Kumsaa fi Nugusee geessu waanan hinbeekneef, utuun beekees kennaadhaan haqa waanan hin kadhanneef, namoonni nu keessaa dhoksaan damma qalqalloo guuttanii itti marmaaraa turtan, yoo se'achis tarii deebitanii dhaqxu ta'e dhaamsa koo naaf qaqqabsiisa: namni Baroodaa jedhamu labsii lafaa kana mormee isin loluu barbaada jedhaani. Gama biraatiin, yeroo murteessaa kanatti labsii fudhatama hinqabne kana dura dhaabbachuuf gamtaa nu barbaachisa. Nuti yoo tokko taane waan hin jijjiiramne hin jiru. Yoo gamtaan lolle, yoo gamtaan mormine diina kamiyyuu ni injifanna."

Baroodaan qawwee isaa gara samiitti olqabee rasaasa tokko dhukaase sagalee dhaadannoo dhageessise.
“Awwaala keenya irratti lafa keenya haa dhaalan!”
“Awwaala keenya irratti lafa keenya haa dhaalan!” hundumtuu jalaa qabe.
Sagaleen dhaadannoo sun lafa sochoose.
“Lafti keenya lafee keenya!”
“Lafti keenya lafee keenya!”

Yeroo kanatti namoonni qawwee hidhatan baay’inaan dhibba tokkoo ol ta’an farda gulufsiisaa dhufanii hanga liphsuu ijaatti uummata Odaa jala jiru marsan. Edaa sochiin namoota kora gaggeessaa jiruu tokko tokkoon hordofamaa ture. Namoonni hafuura namaatti gurra qeensanii oduu funaanuuf lafee fi ribuu hawaasaa keessatti dhoksaan ijaaraman ‘Gurra Hootuu’ jedhamanii beekamu. Nuguseen erga aangootti ol dhufee caasaa isaa hafuura maxxantummaan guutame keessatti namoota faayidaan sossobamanii icciitii qomoo gurguran kumaatama ofjalatti gurmeeffatee akka salphaatti odeeffannoo argataa waan tureef guyyaa har’aatti of qopheessaa ture.

Hoogganaan namoota yaa’ii sana fashalsuuf dhufanii mataa mana murtii wiirtuu koonyaa kan ta’e nama Bazzaabbii jedhamudha. Bazzaabbiin qondaala amanamaa Nugusee aangootti ol fide keessaa tokkodha. Nugusee fi Kumsaatti aanee aangoo guddaa of harkaa qaba. Yeroo baay’ee matta’aa fudhachuu fi dubartii adamsuudhaan beekama. Dhiignisaa maallaqaa fi dubartii malee hin dalagu. Namni harkaan deemuu fi dubartiin fuula qajeeltu yoo dhaddacha isaatti dhihaatan haqa of harkatti galfatanii galuun waan baratamedha. Daafii kanaa, Bazzaabbiin, goota nadheenii fi maallaqaa jedhamee itti qoosama.
“Eenyu namni walgahii kana gaggeessu?” jedhe Bazzaabbiin akkuma fardarraa utaalee bu’een laphee dhiibee gara namootaatti tarkaanfataa.

Dargaggoonni hanga funyaaniitti hidhatan duubaa fi fuulduraan isa marsanii jiru. Dargaggoonni sun waardiyyaa dhuunfaa nageenya isaaf ramadamanidha.

“Namni natti himu hinjiruu? Eenyu kan kora kana walitti qabe?” jedhe ammas Bazzaabbiin namni deebii kennuuf dhabamnaan.

Kana gidduutti Fufaan gurra Lammeessaatti jedhee, “Eenyu akka walitti nu qabe maaliif hin saaxilluu?” jedhee gaafate.

“Afachu! Hin ariifatiin,” jedheen Lammeessaan hasaasee.

Bazzaabbiin akka farda baduu kajeelee gurra dhaabee deebii eeggate.

“Eenyu akka walitti nu qabe baruun maaliif si barbaachise?” jedheen Baroodaan namoota walakkaadhaa.

“Walgahiin seeraan alaa nama adabsiisa,” jedheen Bazzaabbiin. Deemsa tarkaanfii lama hincaalle fuulduratti dhommoqee, “Walgahiin beekamtii keenya ala gaggeeffamuun dhorkaadha. Seera keenyatu daangessa,” jedhe.

“Duraan dursa isin eenyu? Isin warri seera walgahii nama dhorku baastan eenyu?” jedheen Baroodaan aariidhaan.

Bazzaabbiin gaaffii Baroodaatti aaree gudunfaa arrabsoo gadi hiikkate: “Mooji abbaa keeti! Ilma *diqaalaa!*” jedheen. Yeroo nama arrabsu jechi ‘ilma diqaalaa’ jedhu afaan isaa irraa hindhabamu.

Baroodaa utuu hinse’iin aariin dhuftee namummaa isaa to’atte. Jechoota Bazzaabbiin itti tufe waan qabuu fi dhiisu isa wallaalchise. Jireenya isaa keessatti jabumaa fi gootummaa isaatti malee sanyii diqaalummaatti maqaa dhahamee hinbeeku. Ilmaan diqaalaa hangam hangam akka jibbu isa qofatu beeka. Amma yeroo gumii qomoo fuulduratti nafxanyaa bakka dhufteen isaa hinbeekamneen arrabsamu kana lubbuun isaa laagaatti isa rakkatte. Baroodaan aariidhaan dursamee qawwee isaa Bazzaabbiitti gadjigfate. Hadhooftuun miciraan dhiirummaa gooda mar’ummaan isaatii haratee ol dhufe. Yeroo Baroodaan qawwee gadi itti jigfatu, Bazzaabbiin rifatee, “*ba higgi amilaak*! – adaraa seeraa! *Ba higgi amilaak!*- adaraa seeraa!” jedhee

gadoode. Baroodaan wawwaannaa Bazzaabbiif gurra ergisuu dhiisee qaataa qawwee ofitti harkise. Kana gidduutti waardiyyoonni Bazzaabbii Baroodaa marsanii dheekkamsaan, “Qawwee kee lafa kaa’i!” jedhanii isa ajajan.

Baroodaan ajaja fudhachuu didee rasaasa jalqabaa wiirtuu sammuu Bazzaabbiitti bulgaafachiise. Haa ta’u malee rasaasni Baroodaa xiyyeeffannoo ijoo bira dabartee waardiyyaa tokko galaafatte. Bazzaabbiin si’aayinaan utaalee namoota walakkaatti furguggifamee kufe. Baroodaan hanga liphsuu ijaatti bakka Bazzaabbiin kufetti utaalee morma isaa kutee gatuuf goraadee luqqifatee, “Gaaf xiiqii dhiira dursanii morma kutu!” jedhee isaa itti dhaadatu waraanni tokko irreesaa rukutee goraadee harkaa buuse. Battalumatti waraanni Bazzaabbii bokkaa rasaasaa gadi roobsuu eegalan. Namoonni lola qomoof mari’achaa jiran hanga liphsuu ijaatti dhabaman. Namni hundumtuu dhukaasa sodaatee gara miilli isa baasetti fiiguuf murteeffate. Haalli sun Bazzaabbii farra uummata dhabamsiisuuf mijataa ture. Garuu maal godha! Tarkaanfii fudhachuuf eenyuyyuu achi hin turre.

Baroodaa Baaroo, dhiirri guutummaa Leeqaatti maganfatamu, yeroo jalqabaaf dursamee harka nafxanyaatti kufe.
Baroodaa dhiiga afaanii fi funyaaniin dhangala’u caalaa sodaa dhaloota kana dhidhimsetu isa dhukkubse. Rasaasa inni wal duraa duubaan sammuu Bazzaabbiitti dhukaase akkamittiin akka xiyyeeffannoo hankaakanii sammuu waardiyyaa isaatti goran hubachuu dadhabe. Odeessi dhugaarraa fagoo, kan qoricha rasaasa qolachuu danda’u kudhaammatu jedhamee odeeffamu, tarii dhugaa ta’uu akka danda’u shakke. Utuu dursee kana tilmaameera ta’ee rasaasa dhukaasuu dhiisee sootala isaatiin isa jaji’a ture. Baroodaa erga harkisaa duubatti hidhamee boojuu diinaa ta’uusaa hubatee yaadni kun itti dhufe.

Bazzaabbiin fincila sana to'achuusaa erga mirkaneeffatee booda, Lammeessaa fi Fufaa ofitti waamee namoota kora sanarratti qooda ijoo bahan galmeeffatee Dhugaasaa Hirphoo fi Nagawoo Bulii waliin namoota soddoma harka duubatti hiisisee wiirtuu koonyaatti isaan qajeelche. Faaruun tokkummaa fi jaalala biyyaa ibsu reeffa waardiyyaa kufeerratti erga faarfatamee booda reeffi isaanii alaabaa magariisa, keelloo fi diimaan faayameen kafanamee kabajaan awwaaluuf fudhatanii sokkan.

Yeroo jaroonni Baroodaafaa harka duubatti hidhanii sokkan, Abboomaan gara Saaqqattuutti garagalee, "Abbaa koo eessatti geessuu?" jedhee gaafate.

Saaqqattuun jalaa calliste.

"Abbaa koo ajjeesuu dhaqu moo?" Abboomaan ammas ni gaafate.

Saaqqattuun osoo deebii hin kenniniif akka mukaa gogdee hafte. Sammuun ishee hadoodee wantoota qajeelchee hubachuu dadhabaa jira. Gaaf tokko abbaa manaa ishee dhabdee godoo ona keessatti haadha hiyyeessaa taatee ilmaan abbaa hinqabne guddisuuf abjoottee hin beektu. Garuu jireenya keessatti kan abjoota yookaan kan tilmaaman caalaa kan utuu hinse'iin aangoo namarratti fudhatutu carraa jireenya namaa murteessa. Saaqqattuun garuu icciitii jireenyaa kana gad fageessitee waan hubatte hin fakkaattu.

BOQONNAA KUDHA TOKKO

Namoonni bulchiinsa nafxanyaatti finciluun yakkaman waajjira bulchiinsaa fuullee kutaalee dhidhiphoo lama keessatti ukkaamfaman. Kutaaleen kun lamaan yakkamtoota ajjeechaa qondaaltotaa fi shira fonqolcha aangootiin shakkaman keessatti ukkaamsuuf kan ijaarame yoo ta'u, gidaarri mudhii gadii lafa keessatti waan awwaalameef halkanii fi guyyaa ni dukkanaa'a. Bantiinsaa qaqaroodhaan jabaatee hidhamee citaa diimaadhaan reef kabama. Yeroo fagoo dhaabatanii ilaalan gombisaa boqolloo fakkaatu. Bal'inni kutaa kanaa siree guddaa tokkollee hin dhaabsisu. Achi seennaan geergoo fi tafkiin ilkaan qaratee namatti yaa'u taa'uu fi ka'uu nama dhorka. Jireenya mana hidhaa keessatti kutaan kun lamaan wiirtuu xoofoo qormaataa ishee olaantuudha.

Baroodaa fi miiltoonsaa erga dhufanii kutaa kana seenanii walitti hin dubbanne. Ijallee guutanii wal ilaaluu sodaatanii dugda walitti gatanii akka duudaa abbaa ajjeesee calluma jedhan. Salphinni Odaa guddicha jalatti isaan mudate waan yoomillee irraa qulqullaa'amu miti. Akkamittiin dargaggoo dilli sun lola sodaatee? Akkamitti yeroo waraanni nafxanyaa isaan ukkaamsee fudhatu callisee ilaalee? Uummata hamma sana keessaa namni jecha isaaf amanamu Baroodaa qofaa?

Guyyaa sadii booda ergamtoonni gita bulchiinsaa qarabaa morodameen rifeensa isaanii osoo bishaan hin jiisiin irraa haadan.

Baroodaan akka ta'uu qabu hanqachuu isaa gaabbee hidhii nyaatee of fixuu gahe. Miiltoo isa marsanii jiran biratti qofummaan isa miidhe. Waan ta'ee darbe yaadachuun baay'ee isa suukanneesse. Guyyaa gaafa yaa'ii sana dhaloonni isa waliin bahan maaliif akka lola sodaatan ammallee hibboo itti ta'ee jira. Yaadnisaa akka marsaa tuujubaa

waanuma kanarra naanna'a. 'Dhaloota hin murteeffatiin' ofiin jedhe. Dhaloota hin murteeffatiin waliin mari'achuun bu'aansaa gaaga'amuudha. 'Ihiim!' ofiin jedhe ammas waan ta'ee darbe isa raajnaan. Deebi'ee ammoo ofitti qaana'e. Hoomaa gelel lafa irra ejjetu dhabee yaabee walteessisaa ture keessaa nama tokkollee qorichummaaf dhabuun jireenyasaa keessatti yeroo jalqabaaf abdii isa murachiise. Dhaloota akkasii waliin eessayyuu gahuu akka hin dandeenye hubate. Dhaloota luusuu! Dhaloota bu'aa hin qabne.

Daafii kanaa, Baroodaan baay'ee gadde. Miiltoo isaallee guyyaa shan cufa oode. Dhumarratti, Mardaasaan akka tasaa, "Abbaamagaal," jedhee isa waame.
Baroodaan calluma jalaa jedhe.
"Maal ijoollee! Waan fedhellee yoo ta'e asitti wal ooduun diina gammachiisuudha. Utuu akkasitti wal oodnuu yoo wadaroon fannifamne illee ekeraan keenya hin boqotu," jedhe ammas Mardaasaan.
"Dhugaadha, dhugaadha," jedhe Guutamaan, cinaachasaa ilkaan geergoo dirmammeesse hooqqachaa. Itti fufee: "Amma waan darbe darbee jira. Bishaan darbe hin waraabamu. Amma waan nuti qabnu akkamitti hidhamnee osoo hin taane akkamitti wadaroo diinaa jalaa of baasna kan jedhurratti ta'uu qaba. Rakkoo keessa teenyee gaabbiin of waxaluun furmaata hin fidu. Mitii Abbaamagaal?"

Baroodaan akkuma hadoodee taa'utti ilkaansaa walitti rigee erga naannessee yaade booda, "Maqaa koo akka waamtan isiniif hin hayyamu!" jedheen sagalee dheekkamsaatiin.
"Maaliif, Abbaamagaal?" jedheen Mardaasaan rifatee.
"Sababni isaas guyyaa murteessaatti na gantan! Na saaxiltan! Na gurgurtan! Na …" Baroodaan aariin dursamee jechoota afaanitti dhufan hambifate. Waan akka abidda wayii gooda mar'ummaan isaatii isa gubnaan hafuura dheeraa baafate. Deebisee ammoo ilkaansaa

walitti rige. “Na saaxiltan! Na saaxiltan! Qullaa koo diinaaf saaxiltan! Garuu maaliif?” sagaleensaa jabaataa dhufee sagalee dheekkamsaa ta’e: “Utuu isin eessa jirtanii Bazzaabbiin lubbuun galee muka qoosaa nu godhataa? Yeroo inni lafarra gangalatee miliqu isin eessa jirtuu? Harka keessanitti bukoo baataa turtanii? Akkamitti, akkamitti namittii budaan sun nu harkaa baate?” sagaleensaa kutaa dhiphoo sana sochoosuu gahe.

Miiltoonsaa hundumtuu rifatanii walitti shuntuuran. Mataan isaanii gogaa haadame toora tooraan hidda dhaabe. Dafqi funyaanirra tif-tif isaan jedhe. Hundumtuu qaana’ee luka luka gidduu of awwaale. Utuu waa hin turiin ammoo balballi dhiitamee banamee sagaleen nama yartuu tokko dukkana keessaan dhaga’ame. Sagalee akka saree dulloomee gururi’u tokko. Sagalee balfama!

“Eenyu kan gooftaa koo ajjeesuuf dhaadatu?” jedhe sagaleen sun. Nama waggaa sadii dura qomoon abaaree of keessaa baasedha – Hirkoo! Hirkoon akkuma abaaramee qomoo keessaa baheen osoo fagaatee hin fagaatiin bulchiinsa nafxanyaa kan wiirtuu koonyaa jirutti kooluu galee waardiyyaa mana hidhaa ta’ee ramadame. Jalqaba mana hidhaa Jaatootti ramadamee booda keessa ammoo mana hidhaa dhoksaa kan fuullee bulchiinsaatti argamutti dabarfame.

“Harka dhiiga ittiin dhangalaastan osoo hinqoorfatiin ammas lubbuu nama guddaa galaafachuuf korattuu?” jedhe Hirkoon.

Hundumtuu jalaa callise. Haraamuu waliin qixxee walitti deebisuun aadaa miti.

“Maaliif callistuu? Isinitti dubbataan jira mitii?” jedheen Hirkoon sagalee kormaa Hindaaqqoo fakkaatuun. Cufaa balbalaa qabatee deebii eeggataa ture.

“Akka aadaa keenyaatti haraamuun gaaffii akkasiif haamilee hin qabdu! Utuu beektuu maaf sadarkaa kee dagattee?” Baroodaan Hirkoof deebii kenne.

Hirkoo fuulli cilee uffate. Namni kaleessa kallacha fuulduratti itti roorrisaa ture har’allee biraa hin hafne. Maaliif? Aariin wayii

sammuusaa keessatti bixxilame. Haaloon kaleessaa gooda onneesaa keessatti lubbuu horate. Kaleessa qomoon isa balfee ofkeessaa isa baase. Wayita inni dahata dhabee aduun itti dhiitetti yeroon harka bal'istee isa simatte. Abaarsi qomoo eebba ta'eef. Kallachi uumaa harka Waaqaa humna godhatee jireenyasaa hin coolegsine. Abdaariin dachee bal'oo garaa itti hinjabaanne. Yerootu faallaan isa muude.
"Waan amma tufte kana galgala arraabda!" jedhe Hirkoon Baroodaatti hidhii ciniinnatee. Balbala qabatee jiru duubaaan darbatee cufee jirma gurguddaa sadii itti danqaree bakka Bazaabbiin jirutti arreede.

Hirkoon haala kanaan nama ta'ee qomoo keessatti argama jedhee namni abjoote hin jiru. Sababii kallacha balfeef bara afaan bu'a jedhamee eegamaa ture. Garuu kun hin taane.
"Maal ijoolle barri maal nutti fidaa!" jedhe Mardaasaan ajaa'ibamee.
"Kunoo waanuma argaa jirru kaa. Bara barri foggisoo kan eebbisan cabee kan abaaran marga," jedheen Guutamaan sagalee dadhabaa waan hallayyaa keessa maddu fakkaatuun.
"Dhugumatti yoo ta'e Hirkoon bara afaan bu'a jennee hin turree? Barris akka namaa loogii jalqabee?" Mardaasaan ajaa'ibamee dhiisuu dide.
"Waan nuti ni ta'a jenne kamtu dhugoomee beekaa! Hundumtuu hoo nu jalaa mucucaate. Garuu waan nuti dagachuu hinqabne tokko kallachi akka keenya hin ariifatu. Kallachi yeroo ulfina isaaf ka'u hin beekamu." Guutamaan qaama hadoodee dhagaa caalaa itti ulfaataa jiru diriirfachuuf jecha utubaa kutichaatti hirkate.

Yeroo Hirkoon hafuuraa ciiccitaa dallaa mana murtii seenu, Bazzaabbiin daadhii dhuguuf mana haadha Tiguutti qaxxisaa ture. Haati Tiguu dubartii fuula lamxii waggaa lama dura Goojjam gamaa dhuftee bataskaana Maaramii gad bakka Kaatangaa jedhamutti mana dhugaatii banattedha. Daadhii naquu fi dhiira suufuudhaan beekamti.
Akkuma bira gaheen Hirkoon Bazzaabbiitti kufee nagaa gaafate.

“Maaliif na barbaadde, Tasfaayee?” jedhee gaafate Bazzaabbiin yeroo hirkoon oljedhee tarkaanfii lama duubatti irraa hiiqu. Erga kiristinnaa kaafamee maqaan Hirkoo Tasfaayeetti jijjiirameera.

“Gooftaa koo, jarri sun, jarri budaan sun, isinirratti korachaa jiru. Erga ganamaatii kaasanii maqaa keessaniin walfalmaa oolan. Lubbuu keessantu na yaaddesse.” Hirkoon rifeensa mataasaa hooqqachaa deebii eeggate.

Bazzaabbiin xiqqoo akka seequu ta’ee, “Eenyu kan leenca baddaa Mooxaatti koratu, gurbaa?” jedhee gaafate. Bazzaabbiin ganda dhaloota isaatiin dhaadachuu jaallata. “Ana goota rasaasni hin dhoofne ajjeesuun salphaadha moo!”

“Lakkii, Gooftaa koo, maal seetan, jaroonni sun ammallee yakka biraaf korachaa jiru. Ani hin beeku malee …” Hirkoon waan dubbachuu kajeele arraba irratti qusate. Jechoonni afaan Amaaraa dhiheenya kana shaakalaa tures harkaa mucucaatan.

“Waan jalqabde xumuri malee!” jedheen Bazzaabbiin.

“Jaroonni sun mana hidhaa cabsanii miliquu barbaadu.”

Bazzaabbiin miira tuffii ibsuun huuruusaa dhiibee, “Mana hidhaa cabsanii eessa dhaqu? Harki keenya bal’aa, ijji keenya qaroo akka ta’e wallaalan moo! Boolla isaan seenan seennee seeratti isaan dhiheessuuf dandeettii qabna.”

“Garuu namichi Baroodaa jedhamu sun nama akka salphaatti tuffatamu miti.”

Bazzaabbiin waa’ee jabeenya Baroodaa dhaga’uu jibbee gurra Hirkoo micciiree lafarraa olkaase. Achiis wiirtuu sammuu keessa isa qoqossa’ee, “Lammata waa’ee gootummaa Baroodaa akka hin dubbanne!” jedheen.

“Tole! Tole Gooftaa koo!” jedheen Hirkoon.

Bazzaabbiin gara tarkaanfii shanii erga tarkaanfatee booda Hirkoo ofitti waamee, “Waan isaan dhoksaan mari’atan hundumaa bor ragaa taatee dhaddacha gubbaatti dubbatta,” jedheen.

“Tole, gooftaa koo.” Hirkoo fuulli ilkaan uffate. Namoonni kaleessa isatti murteessanii qomoo keessaa isa ari’an har’a yeroo jecha inni kennuun itti murteeffamu ijaan arguun gammachuu addaa isaaf kenne. Waggaa muraasa dura namni waan kun ni ta’a jedhee abjoote gonkumaa hin turre. Garuu yeroon xawalwaalleedha – yeroo baay’ee waan hin akeekinii fi hin karoorsiin akka arganiif nama dirqisiifti.

Ganama itti aanu, guyyaa gaafa jimaataa, namoonni kora dhorkaa qindeessuu fi bulchiinsa muummeetti fincilanii lubbuu namaa galaafatan jedhamanii yakkaman mana murtii wiirtuu koonyaatti dhihaatan. Harki isaanii duubatti cancalameera. Dararama hidhaa fi ergerama nyaataatiin kan ka’e baay’ee huuqqataniiru. Bakka rifeensi irraa haadame waan daaraa irra firfirsan fakkaata. Huccuun irratti ciiccitee, hidhiin isaan daddaalachaa’ee mul’atu. Bakka irreen isaanii hidhame dhiiga kuusee dhidhiita’eera.

Abbootiin murtii sadan, Nugusee Asaffaa, kumsaa Morodaa fi Bazzaabbii Mirat yeroo dhufanii dhaddacha banan ragaaleen sadan, Lammeessaa, Fufaa fi Hirkoon ammoo raga bahuuf dhaddacha cina tataa’an. Haalli adeemsa murtichaa kan sirriitti itti qophaa’ame ture. Ragoonni sadan waan dubbachuu qaban hundumaa dursanii waan itti qophaa’aniif akkasumas murtiin kennamuu qabu maal akka ta’e waan bilchinaan itti mari’atameef, waan hundumtuu yeroo gabaabaa gidduutti xumurame. Akka kanaan namoonni kora dhorkaa qindeessuu fi hoogganuun yakkaman shanan dabalatee namichi ajaja cabsee lubbuu waraana tokkoo galaafate dilbata itti aanu waltajjii uummataa fuulduratti akka fannifaman itti murteeffame. Bazzaabbiin murtii sana akkas jedhee dubbise:
“Nuti haqa dahoo godhachuun namoota dhuunfaa gumaa hinbaanu. Murtiin dhaddacha keenyarratti kennamu akeeka lama ofkeessaa qaba: tokkoffaan olaantummaa seeraa mirkaneessuun nageenya lammiilee eeguu fi tokkummaa biyyaa cimsuu yoo ta’u, kan lammaffaa murtii

kennamurraa namoonni akka baratan gochuudha. Murtiin har'a yakkamtoota kana shananitti kenname kun akeeka kana lamaan gabbisa jennee amanna."

Dabalataan, gaafa sana, namoonni kora kanarratti shoora qabu jedhamee karaa gurra hootuu maqaan isaanii dabarfame fi lakkoofsaan shantama ta'an ammoo waggaa lamaaf hojii humnaan akka adabaman itti murtaa'e. Hojiin humnaa kun dhagaa guuranii masaraa bulchiinsaa ijaaruu fi oyiruu bataskaanaa misoomsuu dabalata.

Yeroo murtiin kun turjumaanaan itti himamu, Baroodaan gurra turjumaantichaatti hiiqee, "Halkan dorrobaadha," jedheen.
"Maal jette?" jedheen turjumaantichi.
"Waan har'a ta'u maaltu beeka!" jedheen Baroodaan.
Gidduutti, "Maal si gaafataa jiraa?" jedhe Bazzaabbiin dhaddacharraa qooqa dheekkamsa ibsuun.
"Guyyaan fannoo yoomi, naan jedha," jedhe turjumaantichi dubbii jijjiiree.

Erga kutaa dhiphoo sanatti oldeebi'ee Baroodaan miira walxaxaan sammuusaa uggure: Ani Baroodaa Baaroo, akkamittan utuu hin dursiin dursama? Akkamittan utuu hin loliin, utuun diina garaa hin bobeessiin, hamma maqaa koo gahuu hanqadhee wadaroon fannifama? … Garuu maalifan fannifamaa? …

Aduun dhihee lafti dukkanaa'e. Halkansaa adda ture. Baay'ee dukkanaa'aa fi sodaachisaadha. Namoonni yakka olaanaan duuti itti murteeffame shanan sodaa kanaan dhidhimanii akka wal oodanitti yaadaan liqimsamanii hafan. Namni isa kaanitti dubbatu hinjiru. Wanti dubbatamus hinjiru. Gootummaan hinjiru. Adamoon hinjiru. Ateeteen hinjiru. Yaa'iin qomoo hinjiru. Lafti utubaa jireenya ofii hinjiru.

Abdiin hinjiru. Hundumaa caalaa, kana booda lubbuun jiraachuun hinjiru. Kanaaf maaltu dubbatamaa?

Akka aadaatti arfaasaan waqtii abdii fi gammachuuti. Yeroo abdiin oyiruu ofiitti bobba'anii midhaan facaafatan. Yeroo korma leenjifatanii qonna barsiifatan. Malee, arfaasaan, yeroo kutaa dhiphoo keessatti ukkaamfamanii du'a eeggatan miti. Baroodaan akkuma yaadaan liqimfametti qalbiisaa duubatti deebisee akka jaarsa dulloomee waan darbe yaaduu jalqabe. Jireenya inni dabarse baay'eensaa qormaataan kan guutame yoo ta'eyyuu waan itti gaabbu dhabe. Umrii ijoollummaasaatii kaasee hanga ammaatti waan godhi jedhame osoo hintaane waan keessi isaa godhi jedheef bitamaa ture. Kun baay'ee isa gammachiise. Garuu, akeekni jireenya isaa kanarratti kan dhaabbatu hinturre. Gaaf tokko nama ta'ee irree jabaadhaan namoota wiirtuu koonyaa, isaan amantii fi eenyummaa namaa dhiitaa jiraatan adabuuf hawwii qaba ture. Baasee hin himatiin malee Kumsaa Morodaa, mootii Leeqaa Naqamtee, keessi isaa nafxanyaa caala jibba. Utuu Kumsaan lola filateera ta'ee nafxanyaan Leeqaa hin dhufu ture jedhee amana. Dhufaatii nafxanyaaf namni itti gaafatamuu qabu Kumsaadha. Kumsaan biyya qofa dabarsee hin kennine. Onnee dhalootaas ni doomse. Dhaloonni lola fi gootummaa osoo hintaane harka kennachuu irraa dhaale. Haa ta'uutii, Baroodaan Kumsaa loluuf abjuu hinqabu ture. Qomoon qomoosaa hinlolu. Akeeknisaa nafxanyoota maqaa amantii fi bulchiinsaan dhufanii saggoo uummataatti fe'aman adabuu ture. Garuu ni injifatame. Akeeka isaa kana osoo hin dhugoomsatiin harka isaanitti fannifamee du'uun daran daran isa gaabbisiise. Jireenya isaa keessatti waan itti gaabbu yoo jiraate kanuma qofa.

Ammoo utuu hinse'iin qalbiinsaa jireenya ijoolleesaarra buufate. Abbaa dhalchee guddise tokkoof, dhuguma yoo ta'e, ijoolleesaa lubbuu ofii olitti jaallatu dhiisee deemuu caalaa wanti ulfaatu hinjiru. Bakka inni hinjirretti jireenya akkamii jiraatu? Umrii isaan irra jiran

umrii yaada naanneffatanii gumaa abbaa isaanii baasuuf onnatan miti. Oh! – kana yaaduun Baroodaatti ulfaate. Ijoolleesaa lamaan keessaa Abdiisaan nama xiiqiif du'u itti fakkaachuu dide. Abdiisaan baay'ee dubbachuu jaallata, garuu hin aaru, tarkaanfii hinfudhatu. Naamusaan hin komatamu, waan hundumaa yaadaa fi falmiin irra aanu filata. Jecha namaa ni obsa, haasaa takaroon itti heddummatu illee obsaan dhaggeeffatee nama fixachiisa. Isa booda yaada mataasaa ibsachuuf yeroo fudhata. Yoo nama amansiisuu dadhabe kan nama biraa sifeeffachuu jaallata, yookiin yeroo fudhatee xiinxaluuf bulfata. Amalli Abdiisaa kun Baroodaa hin gammachiisu. Baroodaan jechaan nama amansiisuutti hin amanu. Nama irreen sitti dhufuu jaallatu akkamitti yaadaan injifattaa? Ofiin jedha yeroo baay'ee. Abboomaan Abdiisaa caala abdachiisaa fakkaata. Ijoollee soolana yoo ta'eyyuu qaamaan jabaa, xiiqeffataa fi dutaadha. Bakka loon tiksanitti wal'aansoo hiriyaan injifatamee hinbeeku. Si'aawaa fi nama aarii hin dufannedha. Yeroo aaru ni giinga'a – dubbatee waan keessa isaa ibsachuuf ni rakkata. Kanaaf nama rukutuu fi tarkaanfii fudhachuutti ariifata. Hiriyoonni isaa baay'ee isa sodaatu. Nyanyee ittiin jedhu hiriyoonni isaa. Yoo waan godhu dhabe nama nama ciniinuuf fiigu jechuudha. Nyanyee koo jedhaan Baroodaanis. Garuu, sodaan Baroodaa inni guddaan bakka ofii hinjirretti Abboomaan nyanyee ta'ee itti fufaa kan jedhudha. Yoo dhuguma nyanyeen isaa nyanyee ta'ee hafe, Baroodaan gonkumaa hin du'u, gumaansaa bade hinhafu, dhiignisaa akka dhiiga saree lola'ee hin hafu. Hangamillee yoo ture, gaaf tokko, seenaa haaraa galmeessuu danda'a ….

Halkan waariirra qaari'e. Waaqni arfaasaa handaara lafaatii guungumaa ture suuta suuta dhihaataa dhufee duumessaan dukkana lafarratti aangomse. Qaqawweessi hundee lafaa sochoosuu gahu tulluu Koomtoorraan gad dhufe gurra namatti duuchee darba. Qilleensi bokkaa faana dhiibamee dhufe shaffisa dabalee uumama lafarraa hurgufuu jalqabe. Ammas ammas qaqawweessi bubbee hordofee

dhufa. Waaqa arfaasaa rooba dorrobee furga'uuf ciniinsifatu fi bubbee qilleensa ho'aa oofu waliin walitti bu'u gidduutti falmiin dhalatee bakakkaa samii bu'uuf sababa ta'e. Akka aadaatti bakakkaan ni bu'e hin jedhamu; Waaqatu itti beeke jedhama. Sababni isaas bakakkaan akka dheekkamsa Waaqaatti waan ilaalamuuf akka Waaqa biraa ta'eetti fudhatama. Utuu Baroodaan gurra cuqqaallatee gidaaratti hirkatee taa'uu bakakkaan hundee lafaa sochoose tokko ejersa guddicha mooraa bulchiinsaa fuullee jirutti beeke. Itti aanee, bubbee hamaan ka'ee waan lafarra jiru mara samiitti ol haruu eegale. Battalumatti bantiin kutaa dhiphoo Baroodaanfaa keessatti ukkaamfamanii bubbeef saaxilame. Citaa diimaan kutichi ittiin kabame ni diigame. Qilleensi sun ejersa guddicha bakakkaan itti beeke hundeen fonqolchee kutaa Baroodaafaarratti jigse. Utuu hin beekamiin duuti wadaroo nafxanyaa dursitee isaanitti dhufte. Miiltoo shanan guyyaa du'aa lakkaawwatan uumamaa fi nama jalaa bahuu dadhabanii waan godhan wallaalan. Garuu ammoo qilleensi sun jireenya malee du'a fidee itti hin dhufne.

Yeroo bubbeen darbu roobni yandoon gudunfaa hiikkate. Yeroo kanatti, Baroodaan carraa isa dhumaa yaaluuf murteeffate. Utubaa manaatti ejjetee funyoo harkisaa ittiin hidhame futtaafachuuf yeroo itti hin fudhanne. Dhiigni gara barru harkasaatti darbuu dadhabee irreesaatti ol dhubbe yeroo socho'uu eegalu daran isa dhukkubee ture. Garuu inni sana hin yaadanne. Akka qeerransa madaa'ee humna hin beekamneen utaalee bantii manaatti rarra'e. Itti fufee hanga liphsuu ijaatti karaa ejersi kufe sana hulluuqee bahe.

"Maal gochaa jirtaa?" jedheen Guutamaan dukkana keessa.

"Harka kee natti hiixadhu, dafi!" jedheen Baroodaan sagalee gad-qabatee.

Guutamaan batattisaa harkasaa ol itti hiixate. Baroodaan harka tokkoon bantii manaa qabatee harka biraan funyoo harki Guutamaa ittiin hidhame furgaasee, "Dafii warra haferraa hiiki!" jedheen.

Baroodaa jirma ejersaarra foqoqee osoo waardiyyaan hin dhaga'iin dukkana keessa miliqe. Namoonni arfan hafan isa hordofan. 'Halkan dorrobaadha!' jedhe ammas osoo laga Jaatoo hin cehiin.

Tabba Jaatoo bahanii irraan-gadee Tinfaa yeroo qabatan sagalee simbira barii dhaga'an.

BOQONNAA KUDHA LAMA

Bokkaan arfaasaa yoo lafa jiisellee, uummanni akka durii sanyii duraa facaafachuuf oyiruutti hin bobbaane. Daandii guddichi gabaa Bonayyaa geessu daldaltootaan hin dhiphanne. Ijoollee loon tiksituu fi dubartoota bishaan waraaban qofatu darbee darbee diida keessaa mul'ata. Guutummaan Leeqaa gadda guddaan dhidhime jira. Seenaa dhalootaa keessatti namni uummanni jaallatuu fi maganfatu duuti itti murtaa'uun kun kan jalqabaati. Yakki fannoon isaan adabsiisu maaltu jiraa? Jedhee walgaafata hundumtuu. Yakka guyyaa guyyaatti jireenya isaaniirratti dalagamaa oolu caala duuti nama tokko maaliif akka bulchiinsa nafxanyaa dheekkamsiise ifa hinturre. Baroodaa Baaroo nama fincilaa waan fedha isaaf malee hin bulle ta'uun beekamaadha. Kan inni finciluufis jireenya dabni itti heddummate tole jedhee waan hin sifeeffanneef malee, akka isaan jedhanitti fonqolcha mootummaa gaggeessuuf miti. Baroodaaf lafti lafee dugdaa ti. Jireenyi isaa hundumti qabeenya lafa isaan walitti hidhata. Lafa hiddi handhuura isaa itti awwaalame kana qotee jiraachuuf mirga uumamaa fi namoomaa qaba ture. Garuu carraa kana dhabuunsaa akeeka biraaf isa kakaase. Jalqaba irraa kaasee lafa isaa dhabee jiraachuu akka hindandeenye dubbataa ture malee daangaa namaatti darbee jireenya namaa jeequuf gonkumaa akeeka hinqabu. Laga namatti cehee qabeenya itti hindafqiin dhaaluuf hinabjoonne. Jireenya namaatti hinmorre. Hin saamne, nagaa nama hin dhorkanne, jiruu namaa hin diigne. Garuu yeroo diinni qe'ee dhufee 'lafa kee naaf kenni' jedhuun, Baroodaan, gootni uummataa, 'lafa koo hin kennu, lubbuu koo malee' jedhe. Akeeka saamicha lafaa morme. Kun isa fannisiisaa?

Sanbata Duraa ganama uummanni hedduun saanduqa reeffaa qopheessee Odaa guddicha jalatti walitti qabame. Uummanni hundumtuu gadda mul'isuuf kuula wayyaa isaanii gad galagalchanii uffatanii jiru. Akka labsii karaa mana murtii darbee yoo ta'e adabbiin

yakkamtoota kanaa Dilbata ganama bakka uummanni Leeqaa argametti dirree fannoo kan waajjira bulchiinsaa fuullee jirutti raawwatama. Jiilli hooggantoota olaanaas affeeramee Finfinneetii akka dhufe dubbatameera.

Yeroo namootni deemsa eegaluuf qophii xumuranii ka'an waraanni hanga funyaaniitti hidhatan ammas dhufanii uummata marsan. Utuu hinbeekamiin ammas soda guddaan uummata dhaale. Bazzaabbiin akkuma fardarraa utaalee bu'een namni hundumtuu akka toora galee jilbeenfatuuf ajaja dabarse. Dhiirri kofoo, dubartoonni wandaboo ofirraa kaasanii jilba qullaa jilbeenfatan.

"Baroodaan eessa dhokate?" jedhee gaafate Bazzaabbiin sagalee dheekkamsaa aariin keessaa madduun.

Namni hundumtuu gaaffii haaraa kana deebisuu hin dandeenye.

"Baroodaa fi Mardaasaan eessa dhokatan?" jedhe ammas Bazzaabbiin.
"Mana hidhaa jiru," jedhe maanguddoon tokko akka tasaa.
Bazzaabbiin maanguddicha qofaatti baasee jilbeenfachiise. Achiin booda, "Harka kee waaqatti ol kaasi!" jedhee ajaje. Maanguddichi garuu ni morme.
"Maaliif ajaja hin raawwattu?" jedheen Bazzaabbii.
"Biyya kanatti maanguddoon kabaja qaba. Dhufaatii keessan booda salphanne malee kabaja qabna." Itti fufees, maanguddichi sagalee dheekkamsa ibsuun, "Isin garuu maaliif nutti roorristuu?" jedheen.
"Nuti kabaja maanguddoof osoo hin taane kabaja biyyaaf dhaabbanne. Nuti Itoophiyaaf wareegamna." Bazzaabbiin itti fufe: "Ergamni keenya Itoophiyaa tokkitti fi gudditti ijaaruudha. Namni akeeka kana gufachiisuu yaalu kamiyyuu dhabamuun dirqama. Kanaaf, namni Baroodaa dhokse kamiyyuu bakkasaa adabama."

Waan Bazzaabbiin odeessu hundumtuu hibboo namatti ta'e. Maaliif nama harkaa fi miilla hidhanii fudhatan barbaaduu? Baroodaan guyyaa boruu hiriyoota isaa waliin akka fannifamu beekamaadha. Maaliif akka nama bishaan keessa dhaabatee dheebotuu ta'uu? …

"Namni gaaddidduu Baroodaa argee nu dhokse," jedhe Bazzaabbiin sagalee akka xirqanuu tokkoon, "aarsaa guddaa baasa. Namni ilma diqaalaa sana dhokse bakkasaa fannoof saaxilama."

"Ilmi koo diqaalaa miti!" jedhe Baaroon namoota keessaa sagalee kansaa hinfakkaanneen. "Diqaalaan nama hiddi dhalootasaa hinbeekamnedha. Diqaalaan nama dhufteen sanyiisaa hinbeekamnedha. Nama akka kee kanafaa!"
"Maal jette, jaarsattii salphoo'nana?" jedhe Bazzaabbiin utaalee jaarsa qabachuuf gamaa. "Anaa ilmi diqaalaa?"
"Eeyyee, suma." Baaroon ija itti babaase.

Bazzaabbiin aaree Baaroo qoma keessa dhiitee dugdaan gombise. Jaarsis hoomachaa fi dhiiga diiddige. Yeroo namoonni wacanii gara Baarootti garagalan waraannii Bazzaabbii qawwee gombifatanii sochii namootaa ugguran.
"Namoota kana hunda mana hidhaatti naqaa!" jedhe Bazzaabbiin. Waraanni isaas dubartootaa fi dhiirota qofa qofaatti hiriirsanii mana hidhaatti oofan.

BOQONNAA KUDHA SADII

Yeroo Saaqqattuun dubartoota hunda dura buutee mana hidhaatti oofamtu jireenyi maatii Baroodaa balaa guddaaf saaxilame. Dhiitichi Bazzaabbii waan cinaacha isa cabseef Baaroon sireetti ol-deebi'e. Ijoolleen Baroodaa sadan – Abdiisaa, Abboomaa fi Leelloon yeroo jalqabaaf mana cufatanii qofaa buluu eegalan. Egaan, yeroo murteessaa kanatti kan Abdiisaan qe'ee abbaasaa dhiisee ija namaa dhokatee Naqamteetti marmaaruu jalqabe. Abdiisaan har'a miti kan qalbiin cala'e. Gaaf tokko utuu haadha isaa waliin gabaa dhaqee galuu barsiisni Abbaa Gammachiis gurra isa buute. Gaafa jalqabaa waan Abbaan Gammachiis (Onesmos Nasiib) barsiisaa ture sirriitti hinqalbifanne Abdiisaan. Torban isaatti ganama bariin ka'ee ija namaa dhokataa mooraa kadhannaa keessatti argame. Abbaan Gammachiis ijoollee shan waliin mataa isaarra harka kaa'ee kadhateef. Yeroo Abbaan Gammachiis harkasaa mataasaarra godhee kadhatuuf, Abdiisaa waan akka boqonnaa tokkotu itti dhaga'ame. Gaaffiin jireenyaa yeroo dheeraaf isa keessatti uumamee guddataa, bayyaannataa, gabbataa dhufe waan deebii gahaa argatu itti fakkaate.

Yeroo jalqaba Hirkoon haraamuu jedhamee qomoo keessaa ari'atamu Abdiisaan quba qaba. Hirkoon kallacharra tarkaanfatee waan deemeef balaaf saaxilama jedhamee ture. Garuu Hirkoon homaa hintaane. Itti aansee nafxanyaan qarree Waachaa kan abdaarii muudaa ta'ee safeeffatamaa ture ciree bataskaana irratti ijaarrate. Namoonni safuu qarree muudaa sana cabsan homaa hintaane. Caalaatti ammoo kan Abdiisaatti gaaffii ta'e guyyaadhaa guyyaatti waan uummanni akeekuu fi ciiceffaturra waan hin akeekamiin ta'aa ooluu isaati. Abbaansaa hidhamuu fi duuti itti murteeffamuun shakkii inni uumaa fi uumamarratti qabu dabale. Yeroo akkasiitti wabiin jireenya namaa

maalii? – Abdiisaan irra deddeebi'ee of gaafataa ture. Gaaffii isaa kanaaf amantii misiyooniitti kooluu galuun furmaata ta'ee itti mul'ate.
"Inni waa'ee keenyaaf waanjoo du'aa baate, Inni waa'ee keenyaaf dararame, Inni dhiiga isaan cubbuu keenya qulqulleesse nu waliin jira!" jedhe halkan tokko obboleessa isaa Abboomaadhaan.
"Waa'ee eenyuu odeessaa jirtaa?" jedhee gaafate Abboomaan.
"Ati hin beektu. Fayyisaa dhugaa, Yasuus Kiristoos jedhama. Akka Abbaan Gammachiis jedhetti isatti yoo amanne jireenya bara baraa arganna." Abdiisaan itti fufee waa'ee dhiifamuu cubbuu, waa'ee hafuuraan lammata dhalachuu, waa'ee wangeelaaf qoramuu akkasumas waa'ee diina ofii jaallachuu Abboomaatti hime.
"Namni tokko akkamitti diinasaa jaallata?" jedheen Abboomaan.
"Yoo hafuura qulqulluun guutamte diina kee ni jaallatta," jedheen Abdiisaan deebisee. Gidduutti sagalee hawwataa tokkoon faaruu Asteer Gannoo (gargaartuun Abbaa Gammachiis) waltajjii irratti dhageessisaa turte faarfachuu eegale.

Waan Abdiisaan itti jiru Abboomaatti hibboo ta'e.

Guyyaa itti aanu, Abboomaan waan Abdiisaarra dhaga'e dhaqee Baarootti hime. Baaroon homaa fayyuu dadhabee sireerraa ol jechuu hindanda'u.
"Abdiisaa, mee waan eda Abboomaatti himte nattis himi," jedheen Baaroon.
Abdiisaan itti hime.
Baaroon ni gadde. Harkasaa Waaqatti ol bal'isee, "Yaa Waaqayyo, maaliif kana hundumaa na argisiiftaa?" jedhe qooqa dadhabaa tokkoon. Itti fufees: "Ilaa, Abdiisaa, Abbaan kee waan baay'eef si abdata. Gaaf tokko yoo nama taate diina loltee injifattee gumaa keenya baasta ta'a. Galfata keenya nyaattee waan sanyiin keenya ittiin hin beekamiin qe'ee kanatti hin fidiin."

Abdiisaan mataa lafa jala ruuqee erga dhaggeeffataa turee booda, “Keenya lolaan Waaqa!” jedheen. Baaroon rifatee achirraa garagale.

Barnoota amantii cimsannaa torban tokkoof erga hordofee booda tumsa Abbaa Gammachiisiin, Abdiisaan garee dargaggoota ‘B’ jalatti barnoota wangeelaa jalqabe.

Abboomaan garuu qalbiisaa diidatti hin ergisne. Isaaf gaaffiin jireenyaa kan deebi’u yoo lolanii diina namatti roorrisu injifachuu danda’an qofa. Akka hubannoo isaatti diina xiiqiin lolan malee kabaja argachuun hin danda’amu. Fakkeenyaaf gaafa yaa’ii qomoo sana utuu lola guddaan ta’eera ta’ee Bazzaabbiin lammata deebi’ee bakka abbaansaa hin jirretti fooggalee lafa hin dhiitu ture. Garuu namni maaliif Bazzaabbii loluu sodaataa? Bazzaabbiin hin madaa’uu? – Hin mo’amuu? Hin du’uu?

Abboomaan halkanii fi guyyaa diina abbaasaa ukkaamsee faana balleesse akkamittiin dhabamsiisuun akka dand’amu abjoochuu jalqabe. Halkan hirriba keessa yeroo abbaasaa morma hudhanii hallayyaa gad fagootti darbata irra deddeebi’ee itti mul’ata. Yeroo abbaansaa injifatamee luugoo lafaa jala awwaalamu Bazzaabbiin tabbarra dhaabatee itti kolfa. Abboomaan gumaa abbaasaa baasuuf dahoo dhaabatee Bazzaabbiitti dhagaa darbata. Garuu Bazzaabbiin hin rukutamu, hin madaa’u. Bazzaabbiin maaliif hin rukutamuu?

Yeroo hirriba keessaa dammaqu mana onaa keessa obboloota isaa waliin itilleerra ciisa. Leelloon ni kurruufti; Abdiisaan faaruu Asteer Gannoo shaakala. Abdiisaan, takka takka, yeroo Abboomaan wareeree hirriba keessaa utaaluu, *afaan haaraan* isa abbooma, yookiin mataasarra harka godhatee kadhaataaf. Guyyaa tokko Abboomaan abjuudhaan Bazzaabbii wiirtuu sammuu keessa rukutee lafaan dhahe.

Achiin sagalee goota keessaa madduun, ‘Hamaaketa Baroodaan dhalche! – duran si galaafadhe!’ jedhee dhaadate.

Abdiisaan utaalee ka’ee, “Abboomaa maal taate?” jedheen.

“Bazzaabbiin ajjeese,” jedheen Abboomaan utuu hirriba keessaa hin dammaqiin.

“Eessatti ajjeeste?” jedheen Abdiisaan kolfa adabachuu dadhabaa.

“Achumatti, achumattin ajjeese. Gadhee haadha ishee!”

Abboomaan hirriba keessaa wareeree ka’e. Abdiisaan irree isaa qabee, “Deebi’ii ciisi, eessa deemta?” jedheen.

“Eessan ciisa? Na ari’aa jiru mitii?” jedheen Abboomaan.

“Eenyutu si ari’a?”

“Saroota Bazzaabbii.”

Abdiisaan callisee isa ilaale. Abboomaan sagalee ol kaafatee wacabbaruu itti fufe: “Gadhee haadha ishe! Na sodaattee saroota ishee natti naqxe mitii! Gadhee haadha ishe! …”

“Ushshshsh …” jedheen Abdiisaan.

Abboomaan hirriba keessaa dammaqee of baree, “Ati ammayyuu hin rafnee?” jedheen Abdiisaadhaan.

“Hin rafne. Maaliif wacabbartaa?” jedheen deebisee.

‘Ofumaa,” jedheen Abboomaan.

Abdiisaan xiqqoo callisee, “Abboomaa!” jedhee isa waame.

Abboomaan jalaa owwaate.

“Ati garuu maaliif hin amantuu?”

“Maal jette?” jedheen dafee isa hubachuu dadhabee.

“Utuu Gooftaa Yasuusiin akka fayyisaa lubbuu keetti amanattee inni si wacabbarsiisu kun si dhiisa. Yeroo baay’ee hafuura hamaan akkas nama godha.”

Abboomaan akka nama raata’ee callisee obboleessa isaa ilaale.

Abdiisaan utuu deebii Abboomaa hin eeggatiin *hafuura haaraan* guungumaa ka’ee jilbeenfatee kadhachuu itti fufe. Achiin utuu kadhatuu ol jedhee, “Eeyyee, Yasuus koo. Haalleeluyaa! Ilaa, lubbuu

obboloota koo cubbamoo kanaa dabarseen sitti kenna; ati ulfina keen ofitti isaan qabi. Fayyinni naaf ta'e isaan kana lamaaniifis haa baay'atu. Amen!" Ammas Abboomaatti garagalee Abdiisaan, "Keenya lolaan Waaqa!" jedhe.

Abboomaan obboleessa isaa dhaggeeffachuu nuffee bullukkoo jala of ruuqe. Gadameessa tokko keessaa haa bahan malee, yaadaanis ta'e qalbiin baay'ee walirraa fagoo jiru. Erga barsiisa Abbaa Gammachiis hordofuu eegalee, Abdiisaan waan jireenya lafaatti nagaa dhaame fakkaata. Takka takka jireenya du'a boodaafis ni dhiphata. Halkanii fi guyyaa wantoota qabatamaa hin taaneen sammuu isaa mudda. Isaaf jireenyi lafarraa hiika hinqabu. 'Darabaa dhufne. Gaafa guyyaan darabummaa keenyaa dhumu gara mirga Abbaa keenyaatti waamamna,' jedhee dubbata. Akeekni dhalachuu fi jiraachuusaa isa hin dhiphisu. Hidhamuu fi dararamuun haadhaa fi abbaasaa isaallee hiika isaaf hin laatu. 'Waaqayyo luba isaan baasa,' jedhee callisa. Ta'iinsa yeroo sanaas dhuma jireenyaan walqabsiisa. 'Guyyaan murtii dhihaataa jira, qalbii diddiirradhaa!' jedhamee kan dubbatamu haala yeroon walitti hidha. 'Guyyaa dhumaa ilmaan namootaatti qormaanni ni heddummata,' jedhee barsiisee ture Abbaan Gammachiis. Abdiisaan waan dhaga'u hundumaa hojiitti hiikuu barbaada.

Faallaa isaatiin, Abboomaan ammoo jireenya lafarraaf dhiphata. Isaaf jireenya jechuun haadhaa fi abbaa isaa ti. Garuu, amma Baroodaan hin jiru, Saaqqattuun hin jirtu, ollaan bitaa fi mirgaa hin jiran. Hundumtuu mana hidhaa jiru. Isaan malee jireenyi hiika maal qabaa? Obboleessa isaa waliin tasumaa waliif hin galan. Keessumaa ilaalcha Abdiisaa isa 'nuti hundi keenya fuuldura Waaqaatti walqixa' jedhu amanee hin fudhatu. Waaqayyo uumama hundumaa walcaalsisee uume jedhee amana. Namni nama ni caala. Bineensi bineensa ni caala. Simbirroon simbirroo ni caalti. Ilbiisni ilbiisa ni caalti. Uumamni walqixxeen hin jiru. Tokko sooressa badhaadhaa, kaan hiyyeessa deegaa … tokko

furdaa hamma gumbii, tokko qal'aa akka muka calii … tokko doqna, kaan arjaa … tokko gamna, kaan gowwaa … kun hundi uumama harka Waaqaa mitii?

Utuu akkanatti jiranii baatii lama booda namoonni sassaabamanii ukkaamfaman mana hidhaatii hiikaman. Hundumtuu rifeensi gogaa irraa haadamee, huccuun irratti ciiccitee, beelli hubee galan. Saaqqattuun waan mana hidhaatti dabarsite eenyutti illee dubbachuu hin barbaanne. Waan isheen keessa turte dubbachuufis rakkisaadha. Halkan halkan abidda qarqara teessee waan keessa turtee fi waa'ee Baroodaa yaaddi. Ammoo waa'een Abdiisaa dhufee biliq itti jedha. Akkamitti namni gadameessa ishee keessaa bahe amantii haaraa fidee qe'ee dhaalchisaa? Akkamitti siidaa ateetee tuffataa? Akkam taanaan ayyaana abbaasaa mufachiisaa? Moo dhuguma amantii haaraa kanatu jireenya toora dhabe kana qajeelcha? Qe'ee diigame ijaara? Maatii faca'e sassaaba? Saaqqattuun homaa waan beektu hin qabdu. Jireenyishee hundi shakkiin kan guutamedha. Dukkanni baatii lamaaf ija itti babaasaa ture dhufee dhufee akka abjuu itti mul'ata. Ammoo Baroodaanis dhufee gaaddidduu irra buufata. Baroodaan eessa jiraa?

Amantiin Misiyoonii luba beekamaa Abbaa Gammachiisiin dursamu Abdiisaa qofa miti kan booji'e. Namoonni hedduun kan achi dhaqaniif gaaf gaafii lallabaa fi barsiisa Afaan Oromoon gaggeessamu dhaggeeffachuuf yoo ta'u kaan ammoo akkaataa itti Asteer Gannoo kitaaba dubbistu ilaaluuf ture. Lallabni Alaqaa Asiras guyyaa guutuu irraa jeekkaraa oolu maal akka ta'e hin beekamu. Akka nama eelaan itti heddummatee asii fi achi deddeebi'ee guungumaa oolu nama hundumaaf hibboodha. Gola dhoksaa eenyuyyuu hin seenne qaba. Ixaana aarsu fi 'masqalii' nama dhungachiisuun hojiisaati. Torban torbaniin galchaa heddu sassaaba. Oyiruu bal'aa qalaadii heddu ta'u qochisiifata. Boolla awwaalaa dhundhumaan namaaf safaree maallaqa fudhata. Gaafa kiristinnaa kaasu yookiin taskaara baasu mataa dhangaa

hundumaa kan dursee dhandhamu isa. Waan hundumaa dursuuf waan dhalate fakkaata. Gochi kun waldaa misiyoonii kan tabba Jaatoo gubbaatti ijaarame keessatti hin argamu.

Faallaa isaatiin, Abbaan Gammachiis afaan Oromoon lallaba. Afaan Oromoon barsiisa. Yoo fedhe ni geerara, yookaan ni sirba. Mammaaksaa fi hibboo walitti funaanee barreessa. Daa'imman walitti qabee barreessuu fi dubbisuu barsiisa. Namoonni amantii geddaratan ogummaan akka itti fayyadaman gorsa. Daafii kanaa daran jaallatamaa dhufe. Hunda caalaa ammoo kan kabaja isaa dachaan dabaleef jabana Minilik irraa kaasee Afaan Oromoon waan barsiisuuf gita nafxanyaa wiirtuu koonyaatiin baay'ee jibbamuu isaati. Namoonni amantii geddarachuuf fedhii dhaban illee kabaja addaa isaaf qabu. Abdiisaan jalqaba akkuma namoota kaanii lallaba Afaan Oromoon gaggeeffamu dhaggeeffachuuf dhaqe. Booda keessa gaaffii yeroo dheeraaf sammuu keessatti gudunfatee tureef waan furmaata argatu itti fakkaatee achumaan booji'ame. Garuu, Abdiisaan amantii haaraa kana ogummaan waan hordofu hinfakkaatu. Akkuma barnoota amantii cimsannaa itti fufeen adeemsa amantii durii tuffachuu fi balaaleffachuu itti fufe. Siidaa fi gulantaa ateetee mana keessatti tuffate. Siiqqee kabaja haadha isaa cabsee gatuu kajeele, garuu ni sodaate. Dhihaana isaaf dhihaatu saa'atii dheeraaf irratti kadhatu malee hin nyaatu. Wantoota jireenya maatii isaaf keessummaa ta'an qofaasaa shaakala.

Waqtiin dhufee waqtiin darbe. Bokkaan akkuma yeroo kaanii nagaadhaan lafa jiise. Ganni gurraachi ni seene. Roobaa fi shifiiin halkanii fi guyyaa gannaa dukkana lafarratti aangomse. Bishaan malkaa dhoosee bahe. Duumessi duumessarratti ititee daran daran lafatti dhihaate. Huurri daalachi, obboleessi duumessaa, tulluu liqimsee, samii cuqqaalee handaara lafaa as dhiheesse. Ijji biiftuu ciimmaa qeerransaa taate. Magariisni dhugaa addunyaa huurriin

daangessamtee hanga barruu harkaatti galte owwisee oyiruu fi bosonarra diriirfate. Ganna dukkanni sodaachisaan yeroo eegee dhufe.

Ganna dukkanni kun qonnaan bulaaf yeroo diilalla sodaatanii golatti ol deebi'an miti; yeroo rooba mataarratti caamsatanii, gobooxa'anii oyiruu ofii keessa gugguufan malee. Akka aadaa naannoo Leeqaatti hojiin gannaa qofaa itti hin bobba'amu. Dhiirri daboo, dubartiin daadoo waliif baati. Gamtaan hojjetu, gamtaan gammachuu fi gadda walii hirmaatu. Gamtaan kan humna hin qabne, haadha – hiyyeessaa faa, beera faa tumsu. Oyiruun Baroodaas daboon qotamee daadoon aramame.

Fincila qonnaan bultootaatiin lafti osoo hin safaramiin hafe. Garuu, akka odeeffamutti yoo ta'e, Lammeessaa fi Fufaan qoroo bal'aa akka bitatanii fi bara dhufu irraa kaasee abbaa qoroo akka ta'an bal'inaan dubbatamuurra darbee dhugaa qabatamaa ta'aa dhufe. Oyiruun Baroodaa kan Lammeessaa ta'e. Oyiruun Mardaasaas akkasuma.

Gannuma kana Abdiisaa, Abboomaa fi ijoolleen ollaa shan barnoota mata duree Jalqaba Idilee jedhu galmaa'anii Waldaa Misiyooniitti barreessuu fi dubbisuu akka baratan taasifame. Barumsichi akeeka Abbaa Gammachiis wangeela lallaabuun alatti itti xiyyeeffate keessaa tokko ture. Barnootichi muummee qorannoo 'Hundee Akkaadaamii Oromoo' jedhamuun hoogganama.

KUTAA SADAFFAA

BOQONNAA KUDHA AFUR

Namoota baay'eef waa'een Baroodaa fi miiltoosaa hibboo ture. Guyyaa gaafa mana hidhaa cabsanii badanii kaasee faanni isaanii hin argamne. Gitni nafxanyaa Bazzaabbiin hoogganamu yakkamtoota kana qabee dhiheessuuf waan hin yaaliin hin qaban. Caasaa walxaxaa gurraa hootuun guutame diriirfatanii gandaa gandatti, bakkaa bakkatti, lagaa fi bosona suufsisanii boolla isaan bu'an dhaban. Waraanni addaa adamoo isaaniif wiirtuu bulchiinsa gubbaa kan Finfinnee maadheffate irraa dhufee ture turtii baatii afurii booda harka qullaa ol deebi'e.

Garuu, namoonni yakkaan barbaadaman fagaatanii hin fagaanne. Qonnaan bultoonni kaleessaa har'a 'shiftaa' ta'an. Qawwee lama daldaltoota Arabaa Jimmaa Abbaa Jifaar irraa karaa Baddallee dhufan irraa bitatanii akeeka isa dhumaaf jilbeenfatan. Murni isaanii namoota mana hidhaatii miliqan qofa hammatee Baroodaa Baaroo tiin hoogganama.

"Abbaan koo yeroo tokko akkas jedhee na gorse:" jedhee jalqabe, Baroodaan qawwee dimotforii leemmana dhadhaa dibame caalaa cululuqu tokko harkatti qabatee, "Yoo qawwee baay'ee qabaatte, daangaa bal'aa bulchita." Baroodaan itti fufe: "Bara jireenya kootti gorsi abbaa koo kun osoo hin sharafamiin sammuu koo keessaatti maxxanfamee hafe. Dhuguma, yeroo ammaa kanatti furmaanni jireenya ilma namaa qawweedha. Namni abiddaan si doorsisu tokko abidda fudhattee yoo itti deemte qofa si kabaja."

Baroodaan qawwee isaa dhungatee holqaa bal'aa siree guddaa tokko dhaabsisu keessa cinaacha lafaan gahate. Nyaata jennaan burii, mana jennaan holqa, qabata jennaan qawwee! Kun sadan didaa mataa funyoo, isa daggala jiraatuuf gahaadha.

Yeroo walfakkaataa kanatti, bulchiinsi wiirtuu koonyaa mormii mormiin irra aanee lafa uummataa qalaadiin safaratee dhaale. Oomishni oyiruurraa osoo hin calleeffamiin lafti safaramee qabiyyee abbaa qoroo fi qondaaltota bulchiinsaa akkasumas oyiruu misooma bataskaanaa waan ta'eef, uummanni dhamaatee isaa waggaa darbee osoo gumbii fi gombisaatti hincoratiin harka qullaa gale. Callaan oyiruurraa sassaabame irra hedduun bulchiinsa wiirtuuf galii ta'e. Namoonni rakkoo kana dursanii hubatan waan qaban hundumaa duguugagii gurguruun lafa qalaadiin irraa fudhatamee deebisachuuf yaalanis, gatiin lafa qalaadii tokkoo waan samii tuqeef itti milkaa'uu hin dandeenye. Ijaa kanaa, namni hedduun irboo qotuuf dirqame.

Lammeessaan abbaa qoroo jedhame. Lafa bal'aa Ayiraa Jaawwii kaasee Bakkee Bonayyaa gahu irratti mataa bulchiinsaa ta'ee muudame. Masaraa qoroosaa laga Xaaxoon ol qarree Guuteerratti ijaarsifatee, dhaddacha xiqqoo, iddoo itti murtii doofaa kennu banate. Fuullee manasaatti bataskaanaa Kidaana-mirat jedhamu ijaarsise. Guyyaa gabaa Guutee fi Bonayyaa 'Humna to'attoota gabaa' jedhaman bobbaasee galii sassaaba. Gatii midhaanii fi loonii ni murteessa. Humna oyiruu bataskaanaa misoomsan ni ramada. Nama fedha isaan hin bulle ni hidha. Yeroo karaa deemu, dubartoota gad jedhanii harka itti bal'isaa isa hin dubbisne ni adaba. Yeroo gabaabaa keessatti, Lammeessaan, baay'ee sodaatamuu fi kabajamuu jalqabe.

Egaan, kana booda, Saaqqattuun gola Lammeessaa tajaajiluuf dirqamte. Dubartii ulfaattuun fakkii dubartoota hedduu turte kun umrii kabajamuu qabdutti majiirratti gogdee, unkuroo unkurtee, gaanii dhaabdee farsoo naqxee, diinqaa fi goorduuba haaxooftee, loon elmitee, ro'oo raastee, gobooxoftee jiraachuuf saaxilamte. Dubartoonni ishee waliin diinqa Lammeessaa tajaajilan irra hedduun isaanii qomoo Maa'oo, Seesee fi Shinaashaa, isaan waggaa dheeraa dura waraana

irratti booji'aman yoo ta'an maqaa idilee 'garba' jedhamuun beekamu. Dhiiras ta'e dhalaan isaanii qabeenya dhuunfaa abbaa qoroo ti. Nafxanyaan qomoo kanaan 'sanqallaa' jedhee waama. Sadarkaan jireenya isaanii uummata naannoo lafti irraa dhaalamee gadidha. Hangam illee yoo hojjetan nyaata dhuunfaa waan hinqabneef, hambaa namaatiin jiraatu. Jireenyaaf wabii, du'aniis awwaala hinqaban.

Daafii Baroodaan akka hintaanetti bulchiinsa wiirtuu qaanessee du'a jalaa miliqeef, Saaqqattuun diinqa Lammeessaa keessatti qomoo uummata Maa'oo yookaan Seesee caalaa itti roorrifama. Haati warraa Lammeessaa isheen lammaffaan (Lammeessaan dubartoota sadii fuudhe) akka ergamtuu manaatti osoo hintaane akka masaanuutti ishee ilaalti. Yeroo baay'ee ofirrummaa baay'isti. Namoonni olla Giilootti ishee hamatu. Giiloon garbicha qoroo faana bitamee dhufedha. Irra caalaa sababni aadde Dinbiitiin Saaqqattuu jibbituuf dhoksaa isheen waa'ee Giiloo gudunfattee deemtu. Gaaf tokko yeroo Giiloo fi aadde Dinbiitiin dhoksaan gaadaa fardeen keessa dhokatanii haasa'an Saaqqattuun agartee turte. Saaqqattuun waan argite akka hin arginitti callistee bira darbitee turte. Garuu Dinbiitiin bira hindabarre.
"Intaa! Maal inni ati hojii dhiistee akka saree soroobduu mana jala naannoftuu?" jetteen akkuma gaadaa fardeenii keessa soqolaa sirreeffachaa gad baateen.

Saaqqattuun rifattee walitti shuntuurte.
"Sii giiftii! Kaleessa boqolloo mooyyee keessa bulchite, har'a faandoon fardeenii gaadaa keessaa hin haramne; bishaan cobsaan tokko ookkotee keessa hinjiru. Erga dirqama kee yeroon hinbaanee ateetee kam narraa baasuuf diinqa koo marmaarta ree?" Saaqqattuun arrabsoo sana hunda obsitee hurraa ammaartee ol galuuf yeroo jettu, ammas aadde Dinbiitiin itti fuftee, "'Jaamtu ni jaamti malee saree ija hindhiqan' jedhan. Yoo ofiif jette waan ajajamte qajeelchii hojjedhu;

ta'uu baannaan dhiistee deemuu dandeessa. Ani Dinbiitiin dhimman nadheen gandaa sassaabee akka sangaa fardaa sooruuf hinqabu."

Dheekkamsi aadde Dinbiitii qe'ee guddaa sana raase. Aadde Bashaatuun, haati warraa Lammeessaa isheen hangafti, waca dhageessee fiigaa dhufte. Aadde Bashaatuun akka aadde Dinbiitii addaggee osoo hintaanee dubartii kabaja namaa beektudha. Har'a hinta'iin malee, Saaqqattuun nama akkas itti roorrifamu akka hin turre qajeelchitee beekti.

"Hortuu," jette aadde Bashaatuun, aadde Dinbiitiidhaan. Hortuun maqaa masoo aadde Dinbiitiif moggaafamedha. "Dubartii kanatti osoo darbuu baattee gaariidha. Yerootu ishee cabsee malee dur akka har'aa kana hinturre. Yeroof safuudha. Dubartii qulqulluu kanatti dabartee dhala keef hinkaa'iin. Imimmaan haadha-hiyyeessaa nama cubbisa."

"Boh! Atimmoo de'ee koo! Dhiisi ati waan isheen goote hin agarre. Waansaa amma hoo sireeyyuu na dhaaluun ishee hin hafu." Aadde Dinbiitiin kulkulfattee akka nama baay'ee midhameetti dubbatte.

"Hortuu, waan gurra namaatti hintolle maaf dubbattaa?" Aadde Bashaatuun miira mufannaa ibsuun dubbatte.

"Qurciin yoo qurcii jedhan malee nama waliin hurreessatti!" Aadde Dinbiitiin laffatti cirriqfattee ija tuffiitiin Saaqqattuu ilaalte.

"Eh! Ani egaa isa akka bayyaannattee nama godhu hinbeeku!" Aadde Bashaatuun gocha Aadde Dinbiitii jibbanii gara manaatti yeroo deebi'uuf yaalan, Aadde Dinbiitiin aariin danfitee Aadde Bashaatuutti ija babaaste:

"Bayyaannattee? Bayyaannatte naan jettee, Soorettii? Anaa bayyaannatteen?"

Aadde Bashaatuun callistee biraa deemte. Aadde Dinbiitiin erga xiqqoo aariin hidhii of nyaattee booda gara Saaqqattuutti deebitee, "Intaa, kottu mee," jetteen.

Saaqqattuun soqolaa wandaboo ishee tottolfachaa dhaqxee fuuldura ishee dhaabatte.

“Sila gaadaa fardeenii keessatti maal argite?”
“Lakki, anoo har’a hoo achi hindeemne,” jetteen Saaqqattuun kan garaa garaatti qabattee.
“Kanas ta’es sanas arraba kee adabadhu! Waan argitee fi dhageesse xis-ximbaa jennaan arraba keen si keessaa muree gata.”

Saaqqattuun akka duudaa abbaa ajjeesee ustee bira tarte. Ammoo utuu baay’ee hinturiin booyichi ilma Lammeessaa, kan inni aadde Dinbiitii irraa godhate, qe’ee goollaan namni hundumtuu qarmammeettii irratti wal gahe. Ilmi Lammeessaa kun Olqabaa jedhama. Nyaarri isaa mirgaa gara ijasaatti gad folloqee dhiiga lolaasaa ture yeroo dhufee booyaa qe’ee gahu.
“Ani bade Dinbiitii! Eenyu isheen si nyaatte, mucaa koo?” jetteen aadde Dinbiitiin. Oliiqaan nama isa nyaate himachuu dadhabee bitintiree kufe. Saaqqattuun bakka inni itti kufe hammaartee isa kaastee sireerra ciibsite.
“Eenyu inni haaduudhaan si qale maaloo? Maaf natti hin himtu?” jetteen aadde Dinbiitiin ammas. Dubartoonni kaan baala bakkannisaa ho’isanii dhiignisaa akka dhaabbatuuf sukkuumaafii turan.
“Abboomaa,” jedhe Olqabaan du’ee bade.
“Abboomaa! Abboomaa!”
Ijji aadde Dinbiitii fi Saaqqattuu utuu hinse’iin walirra bu’e.
“ijji kee biyyoo haa uffatu. Budaa! Kunoo kottuu nyaadhu kaa hoolaa mucaan kee gorra’e.”
Saaqqattuun obsa fixatte. Waan hundumaa yoo obsitellee, jechoota budooma mucaa ishee ibsan obsitee bira darbuuf onnee hin godhanne. Dhalli isheen waan hundumaa dandeessuuf budaa jedhamee akka waamamuuf gonkumaa hayyamuu hin barbaanne.
“Egaa kana caalaa si gaha!” jette Saaqqattuun aariidhaan. “Budooma duris hinqabnu; har’as hinbarru. Hiyyummaan budaa nama hintaasisu. Dhalli koo hiyyeessa, garuu budaa miti.”

“Maal jette salphoo! Eenyutti akkas deebista ati?” aadde Dinbiitiin utaaltee haaduu raafuun ittiin muurmuramaa ture tokko fudhattee Saaqqattuutti fiigde. Aadde Bashaatuun humnaan qabdee duubatti deebisuuf yaalte. Garuu aadde Dinbiittiin harkaa futtaafattee dhaqxee harka sodaatiin irree Saaqqattuurra waraante. Saaqqattuun takkaa caraantee utuu hinse’iin morma aadde Dinbiitii gogsitee micciirte. Aadde Dinbiitiin hudhamtee hafuura baafachuu dadhabde. Utuu Giiloon dhufee Saaqqattuu humnaan hin ittisne ta’ee lubbuun aadde Dinbiitii tasa galaafatamee oole. Kana gidduutti Lammeessaan dhufee: “Maaliif qe’ee gooltuu?” jedhee dheekkamsaan lafa sochoose.

Saaqqattuun rifattee utubaa manaatti hirkattee dhaabatte.

Oliiqaan bakka uleen rukute harkaan qabatee gara abbaasaatti fiigaa dhufe.

“Maal gurbaa kana qottoo moo harka namaatu akkas si godhe!” jedheen.

Oliiqaan utuu ofirratti roqomuu akkaataa itti Abboomaan ulee buttujjiitiin nyaarasaa gubbaa rukute itti himate.

Lammeessaan aariidhaan waxalamee alangaa gaangee isaa lafatti darbate. Jibbiinsi isaa fi Baroodaa gidduu jiru tarii Abboomaa fi Oliiqaattis darba ta’innaa! ‘Ilmoon bofaa bofuma,’ ofiin jedhe Lammeessaan. ‘Eessaa baatee tolti?’ Baroodaa akka bofaatti, ilma isaa immoo akka ilmaan bofaatti ilaale. Ta’us garuu bofti guddichi mataa keessa rukutameera. Ilmaan ishee kichuutti doomsuunis salphaadha.

“Eessa jirti Saaqqattuun?” jedhe Lammeessaan Giiloodhaan.

“Mana giiftii Soorettii faa?” jedheen. Mana aadde Bashaatuu jechuu barbaadeeti.

“Dhaqaa qabaa mana hidhaa galchaa!” jedhee ajaje. “Abdiisaa fi Abboomaanis haa hidhaman.”

Giiloon akka billaachaa ka’aatee Saaqqattuu mana hidhaatti galche. Manni

hidhaa sun kutaa ciisicha keessummootaatti aanee lafa jalatti ijaarame. Irri keessi ishee mana murtii bulchiinsa qalaadii Lammeessaa ti. Dhaddichi murtii torbanitti al-tokko guyyaa roobii banama.

Yeroo Giiloon Saaqqattuu hidhee namoota lama waliin Abboomaa fi Abdiisaa qabuuf dirree loonii deeme lamaanuu achi hinjiran. Abdiisaan ergama tajaajila wangeelaaf kaadhimamee barumsa addaa hordofuu erga eegalee torban tokko ta'eera. Kanaaf yeroo hundumaa mana waaqeffaannaa duubaatti bakka jireenya barattootaa fi misiyootaaf ijaarame keessatti laguu fi kadhannaan dabarsa.

Abboomaan akkuma hidhamuu haadha isaa dhaga'een tarkaanfii inni fudhate hatattamaan waan ta'aa jiru Abdiisaaf ibsuu ture. Kanumaan fiigee wiirtuu tajaajila misiyoonii kan tabba Jaatoo gubbaa jiru dhufe. Yeroo inni achi gahu Abdiisaan kadhannaa xumuree nama adii hojjaan dheeraa tokko waliin dhaabataa ture.
"Abdiisaa sin barbaada," jedheen Abboomaan hafuuraa ciiccitaa.
"Maal rakkootu jira moo?" Abdiisaa.
"Eeyyee, haati keenya hidhamtee jirti. Anaa fi siinis hidhuuf barbaadu."
"Yaa Waaqayyoo! Maal godhi ittiin jedhu?"
Abboomaan calluma jalaa jedhe.
"Yoom hidhan?" jedheen Abdiisaan deebisee.
"Har'a ganama."
"Garuu maaliif ishee hidhanii? Nuun immoo maal goone?"
"Ka'umsi isaa anaa fi Oliiqaatu wal lole. Ani Oliiqaa rukunnaan addisaa dhiige. Kanuma."
"Abboomaa, ati maaf akkas taataa? Ati Oliiqaa rukutuun sirrii hin turre."
"Sirriin ture." Abboomaan obboleessa isaatti ija babaase. "Rukutuu miti, ajjeesuutu narra ture!"

“Nama ajjeesuun cubbuudha, Abboomaa. Oliiqaan obboleessa keenyadha. Nuti hundi Waaqa biratti obbolaadha.”
“Amma waa’ee haadha keenyaa akkam goonu?” jedheen Abboomaan deebisee, waan obboleessi isaa haasa’aa jiru liqimsamuufii dinnaan.
“Irrattan kadhadha. Dhugaan bilisa ishee baasa. Hidhanii foon ishee butuchuu danda’u, garuu lubbuu isheerratti aangoo hinqaban. Lubbuun ishee harka Fayyisaa keenyaa jira.”

Abboomaan baay’ee aare. Deebii inni obboleessa isaa hangafa kanarraa argachuu malu kana hin turre. Obboleessi isaa kun maaliif akkas laafaa ta’ee? Namni akkamitti haadha isaa hidhaa jirtutti garaa jabaata?

Aduun dhihaa jirti. Qilleensi qabbanaa’aan tulluu Koomtoo irraan gad dhufu gurra namaatti hasaasa. Saa’atiin kadhannaa galgalaa geenyaan Abdiisaan obboleessa isaatti nagaa dhaamuuf dirqame.
“Saa’atiin lubbuu haaraa itti simannu gaheera. Waliin hin deemnuu?”

Abboomaan akka dallanetti obboleessa isaa dhiisee deeme. Garuu eessatti deemaa? Fuulduraa abdii hinqabu. Duubaan kiyyoo hidhaatu isa eeggata. Jireenyi isaa dukkana sodaachisaa keessatti argama. Akka abbaa isaa fincilee daggalatti galuuf umriin hingeenye; akka obboleessa isaa falaasama amantii haaraan liqimsamee jireenya addunyaa kanaa jibbuuf sammuun isaa amanee hin fudhanne. Sadarkaa ammaa kanatti waanuma tokkoof illee qophii hin taane. Jireenyi isa mararti. Gaaf tokko abbaa isaa waliin nagaan jiraachuuf hawwii qaba. Garuu eessa jiraataa? Lafti isaanii hin jiru! Namni ammoo lafa malee jiraachuu hin danda’u. Lafti lafee nama hundaati. Yoo lafa qabaatte waan hunda qabda. Qottee irraa nyaatta, hortee irra yaafta, warqee fi meetii keessaa baafatta. Hangi namaa namummaa keessa isaan osoo hintaane bal’ina lafa isaatiin madaalama. Kana soolanni akka Abboomaas qajeelchee beeka.

Yeroo Abdiisaan mufannaa obboleessa isaaf osoo dantaa hin kenniin gara namicha adii sanatti deebi'u, "Mucaan ammaa maal keetii?" jedhee gaafate namichi. Aadaa fi amantii uummata gameeyyii Afiriikaa qorachuun ogeessa beekamu yoo ta'u waggaa lama dura biyya Jarman irraa dhufe. Maqaansaa Joon Muuler jedhama. Mata duree: Barsiifata Amantii Oromoo Ganamaa jedhamuun qorannoo gaggeessee kitaaba tokko barreessaa jira. Kana malees akeeka barnoota Jaqaba Idilee deggeruun Abbaa Gammachiis waliin ni dalagu.

"Obboleessa kooti," jedheen Abdiisaan.

"Obboleessa bareedaa qabda. Maaliif sitti aare ree?"

"Lammeessaatu haadha keenya hidhe. Kanaaf aare."

"Lammeessaan maaliif haadha keessan hidha? Sababa abbaa keessaniitii?"

"Lakki, Abboomaatu ilma isaa mataa rukutee dhiigse. Kanaaf yakkamtuu taate. Anaanis na hidhuuf na barbaadaa jiru. Garuu Waaqayyo dabarsee itti na hinkennu."

Bilbilli saa'atiin kadhannaa gahuu mirkaneessu dhaga'amnaan, "Joon, deemeen ba'aa koo fuula Waaqaatti dhiheeffadha. Nagaan buli," jedheen Abdiisaan.

"Nagaatti. Garuu obboleessa kee kana yeroo biraa haasofsiisuun fedha."

"Tole. Siifan waama."

Boqonnaa Kudha shan

Ajaja Nugusee fi Bazzaabbiin uummanni heddu, kanneen qarqara laga Nageessootii hanga laga Angaritti argaman, Dilbata ganamaan dirree gabaa guddaa wiirtuu koonyaatti walitti qabaman. Namoota kumaatamaan lakkaa'amnidha. Bulchiinsi wiirtuu koonyaa akeekkachiisa cimaa abbootii qorootti waan kenneef namni qe'eetti hafe hinjiru. Dhiirri hundumtuu eeboo fi gaachana isaa mana kaa'ee bahuun dirqama ture.

Mata duree walgahii kanaa namni qajeelchee beeku hinjiru. Garuu namoonni akka wal amananitti walqoratu, walitti hasaasu, waan ciicatan gurra wal buusu. Yeroo waan dhoksaa waliif kaasan dursanii bitaa fi mirga ofii mimi'illatu – gurra hootuun yoo jiraatteef jecha adda baafatu. Akka tilmaama namootaatti xiyyeeffannoon walgahichaa waa'ee babal'achuu namoota bosonatti galanii ta'uu akka hin oolle lafa kaa'an. Namoonni akka Baroodaafaa bulchiinsa nafxanyaatti finciluun bosonatti galan kun diid-gala jedhamu. Nafxanyaan garuu 'shiftaa' ittiin jedha.

Yeroo uummanni kumaatamatti tilmaamaman dhufanii lafa gabaa guddicha Wiirtuu Koonyaa guutan bulchitoonnii fi qondaaltonni isaanii ammoo waardiyyootaan marfamanii suuta ejjetaa dhufanii waltajjiitti ol bahan. Yeros uummanni aduun qaqamaa afaan banee isaan eegaa ture sagalee tokkoon ililchaa lafa dhungatee isaan simate. Qondaaltota aangoo of harkaa qabaniif jilbeenfatanii lafa dhungachuun waan baratamedha.

Akkuma namoonni bakka bakka qabataniin, Nuguseen sagalee ciratee walgahii saaqe. Dursa naamusaan nagaa gaafate. Itti aansee dabtara yaadannoo banee qola ishee gaggalagalchaa jechoota lama sadii erga

dubbatee booda sagalee leenca xirqanu fakkaatun haasaa itti fufe. Takka takka utuma qajeelchee dubbatuu aariin dursamee huhhudhama. Dargaggeessi afaan hiikuuf illee isa faana ariifatee waan inni dubbataa jiru hiikuun itti ulfaate. Ni dheekkama, ni duta. Ni arrabsas.

“Isin hundi keessan rirmadha. Rirma beektu mitii? Eeyyee, isin rirmadha. Yeroo fuuldura keenyatti kuftanii nagaa nu gaafattan waan dhuguma nu kabajjan fakkaattu. Ilkaan keessan yoo ifeyyuu garaan keessan dhukkuba baata. ‘Shiftoota’ dhiiga keenya dhuganii daggalatti galaniif dhukkubsattu. Shiftoota akka Baroodaa, Mardaasaa, Guutamaa, Caalchisaa faa.”

Wayita maqaa namoota dagatamanii turan kana dhaga’an uummanni waan jedhu wallaalee afaan banee hafe. Nuguseen dafqa hillee isaarra gadcobu erbee adii tokkoon qoorfatee jeekkeruu itti fufe:

“Akkuma beekamu, shiftaan tokko hagabuu isaa holqatti hingalu. Midhaanii fi bishaan malee hinjiraatu. Qullaa isaa hin deemu. Odeeffannoo malee hin socho’u. Kana hunda kan nu dhoksee dhiheessuuf eenyu? – isin mataa keessanidha. Isin mataa keessan. Utuu dubbannuu, meerre niitiin Baroodaa dhuftee jirtii? Eenyu isheen maqaanshee?”

“Saaqqattuu,” jedhe Lammeessaan dafee.

“Jira gooftaa koo!” jette Saaqqattuun namoota qawwee hidhan lama gidduudhaan olkaatee.

“Hin jiraatiin. Erga mana hidhaa cabsee bade dhirsi kee guyyaa meeqa dhufee beeka?”

“Dhugaadha, anoo lubbuun jiraachuu isaayyuu hinbeeku.”

“Eeyyee, hin beektu. Taa’i amma gadi.”

Saaqqattuun deebitee teesse.

Nuguseen itti fufe: “waan lama keessaa tokko filachuu qabdu – nuun yookaan shiftootaan bulu. Nutti bultanii nagaan jiraachuu yookaan shiftootatti bultanii waan isinitti dhufu eeggachu. Garuu dha’ichi harka

keenya bal'aa sun akka isin hinmudanne abdiin qaba. Gara itti cittan murteeffachuu qabdu."

Nuguseen, hanga isa gahu dubbatee nama amansiisuu dadhabus, dheekkamsaa fi arrabsoon kabaja namaa quncisee ennaa aariisaa bulgaafatu, Bazzaabbii fi Kumsaaf wal duraa duubaan dabaree dubbii kenne.

Bazzaabbiin akka Nugusee hin bookkisne. Uummata bitaa itti galee afaan banee faajja'e tasgabbeessuuf jecha jechoota araaraa filatee naamusaan haasa'e. Yeroo afaan tolee dubbatu gaarii Waaqa biraa gadi bu'e fakkaata.
"Raas Nuguseen," jedhe Bazzaabbiin suuta jedhee, "Kan akkas isinitti dheekkamuuf isin gorsuuf malee haaloo isinitti kuufatee miti. Afaaniin haa dubbatu malee garaatti homaa hin qabatu. Yeroo baay'ee nama jaallatanitti dubbatu, dheekkamu." Bazzaabbii Nugusee mil'annaan boquu isaa sochoosee dubbii isaa mirkaneesseef. Qondaaltonni biroon Bazzaabbiif harka walitti rukutaniif.
"Isin hoo maal jettu?" jedhe Bazzaabbiin uummata biraa deebii dhabee.
"Sirriidha," jedhan uummanni wal faana, utuu itti ulfaatu.
Bazzaabbiin itti fufe: "Nama garraamii akkasiif buluun, akeeka isaa guutuun, ajaja isaaf abboomamuun fedha Waaqayyoo ti. Shiftoonni bulchiinsa garraamii qofatti osoo hintaane akeeka Waaqayyoottis waan fincilaniif balaaleffatamuu qabu; adamsamanii seeratti dhihaachuu qabu."

Dubbii dhugaan kan Bazzaabbiin lallabu irraa baay'ee fagoodha. Dubbii dhugaan, Nuguseen, farra beekamaa imimmaan uummataan harka dhiqataa jiraatu ta'uu isaati. Waaqa nafxanyaa yoo ta'e malee Waaqni Oromoo farra dhiiga namaa dhugu gara aangootti akka hin

fidne beekamaadha. Garuu, wanti nama sodaachisu Waaqni Oromoo dhaddacha murtii haqaarraa dhabamuu isaati.

Bazzaabbiitti aanee, Kumsaa Morodaa yookaan Gabira-Igzaaber, ka'ee sagalee beekamaadhaan, "Akkam ooltan?" jedhee uummata nagaa gaafate afaan Oromoon.
"Nagaa galata Waaqaa!" namoonni deebii kennaniif.
"Shiftoonni," jedhe Kumsaan itti fufee, "warri toora dogongoraa qabatanii jireenya keenya diiguuf hirriba dhaban, gama kamiin iyyuu – "
Kumsaan dubbii addaan kutee, "Maal jettan Raas?" jedhe mufannaa Nugusee argee.
"Dajjaazmaach, waan ati dubbataa jirtu hin dhageenyu bar."

Kumsaan Raas Nugusee fi Bazzaabbii dhiifama gaafatee turjumaanaan ergaa isaa dabarfachuu itti fufe.

Dhumarratti, abbootiin qoroo fi qondaaltonni biroon marii dabalataaf boodatti hafanii korri dureen xumurame. Yeroo gara qe'ee isaaniitti galan uummanni hunduu gaaffii tokko of gaafataa ture: Shiftoota saaxilaa?

Kana booda, maqaan Baroodaa fi namoota biroo, warreen nafxanyaatti fincilanii daggalatti galan, deebi'ee akka nama du'ee ka'ee yaadatamuu jalqabe. Baroodaan ammallee nafxanyaa yaaddessaa jira. Baroodaan ammallee hin duune, hin jilbeeffanne. Didaan mataa funyoo sun ammallee jira. Bakka inni jiru qajeellootti hin beekamu. Garuu bakka hundatti shakkama. Gubbaa tulluu Koomtoo, achi laga Dhidheessaa, yookaan Waamaa Hagaloo. Namni maqaa isaa hammeenyaaf yookaan tolummaaf utuu hin kaasiin bulu hinjiru. Tokko isa faarsa, kaan isa yakka. Tokko maqaa isaan dhaadata, kaan maqaa isaa lagata. Kanas ta'e sanas, maqaan Baroodaa Baaroo guutummaa Leeqaarratti lammata dhalate.

Boqonnaa Kudha Jaha

“Amma nama kanatti duuti ni xiqqaataa?” jedhee gaafate Abboomaan obboleessa isaa yeroo Abdiisaan Joon Muuler waliin walbarsiisuuf isa waame. Erga walgahiin wiirtuu koonyaatti waamamee kaasee Lammeessaan kan durii caalaa gara-jabeessa ta’aa dhufe. Abdiisaa fi Abboomaan jalaa miliquu isaanii gaafa dhaga’u Saaqqattuutti hidhaa akka cimsetu dubbatama. Kora wiirtuu koonyaa boodas Saaqqattuun kutaa dhiphoo lafa jalaa sanatti ukkaamamuuf dirqamte.
“Nuti hundi keenya cubbamootadha,” jedheen Abdiisaan deebisee. “Anis, atis, Lammeessaanis cubbamootadha.” Abdiisaan waa’ee Lammeessaa dhiisee, “Namni Joon Muuler jedhamu tokko si barbaada. Faranjiidha,” jedheen.
“Namicha isa dheengadda as ture sanaa? Isa abbaa areedaa.”
“Eeyyee. Kunoo ammayyuu dhufaa jira.”
Joon Muuler dhufee afaan Oromoon nagaa isaan gaafate.
“Walfakkaattu,” jedheen Joon lamaan isaanii hubatee ilaalee.
“Eeyyee, walfakkaanna. Hangafaa fi quxisuudha,” jedhee Abdiisaan.

Bifaan malee Abdiisaa fi Abboomaan yaadaan wal hinfakkaatan. Yaada lamaan isaanii qaban gaafa gadi fageenyaan ilaalan gadameessa tokko keessaa bahuu isaaniitu nama shakkisiisa. Abdiisaan jireenya du’a duubaaf dhiphata; Abboomaan jireenya roorroon itti baay’atte mo’achuuf dhama’a. Abboomaan akeeka abbaansaa itti jibbamuuf qajeelchee baruu fi yoo danda’e gaaf tokko diina abbaasaa daggalatti ari’e gumaa bahuuf abjoota; Abdiisaan abbaa isaa iyyuu erga ganee tureera, dararamni haadha isaas isa hin yaaddessu. Dhugaaan bilisa ishee baasa jedhee yaada yeroo hundumaa.

Joon waraqaa tokko baasee qubee gurguddaadhaan maqaa Abboomaa barreessee itti hiixate.
“Maalidha?” jedheen Abboomaan.

“Dubbisii natti himi,” jedheen Joon.
“Ani beekee hin dubbisu.”
“Garuu barreessuu fi dubbisuu ni barbaaddaa?”
“Eeyyee.”
Guyyaa itti aanu, Abboomaan, utuu amantii haaraa hin fudhatiin barnoota Jalqaba Idilee eegale.

Sagantaan barnoota Jalqaba Idilee kan irratti xiyyeeffatu barattoota yeroo gabaabaa keessatti barreessuu fi dubbisuu dandeessisuudha. Sagantaan kun Abbaa Gammachiisiin waggaa dheeraa dura kan eegalame yoo ta’ellee, gufuu bulchiinsi fi waajjirri amantii nafxanyaa itti guuruun akka yaadametti milkaa’uu hin dandeenye. Yeroo baay’ee manni barnootaa sun sababa afaan Oromoon tajaajilamuuf ni cufama. Yeroo manni barumsaa cufamu, Abbaan Gammachiis mana dhuunfaa isaatti barsiisa. Daafii kanaa sirna bulchiinsa Minilikiin yeroo lama sadii ugguramee hidhaafis saaxilameera. Booda keessa waajjirri misiyoonii dame dhihaa ifaajji hedduun hayyama barsiisuu argate.

Joon Muuler Abboomaa ofitti fudhate. Haala Abboomaan itti jiru erga gadi fageessee hubatee booda waan hundaan isa cina dhaabachuuf murteesse. Nyaachisee, obaasee, daara isa baasee akka ilma tokkichaatti isa jiraachisuuf hawwii qabu itti hime. Gara jalqabaa Abboomaan barnoota isaatti xiyyeeffatee ture. Booda garuu nuffuu fi fedhii dhabuu jalqabe. Jireenya isaatti hin gammadu. Yeroo hunda qara ilaala. Ijoollee hiriyoota isaa waliin kolfee hin taphatu. Ganamaa fi galgala qofaa deema. Obsa hin qabu. Waan xiqqootu garaa isa hammeessa. Hunda caalaa obboleessa isaatti aara. Garuu jaalalaa fi marartee Joon isaaf qabu utuu hinse’iin waan hunda isa dagachiisa. Yeros Abboomaa isa dhugaa, tasgabbaa’aa, taphataa fi kookkolfaatu mul’ata. Fuulli isaa ni ifa. Fedhiin waa baruu isaa ni dabala. Gaaf tokko baratee akka Joon barreessuu fi dubbisuu qajeelchee baruuf carraaqa. Akkuma Asteer Gannoo irra deddeebitee isaan gorsitu

herregaa fi Saayinsii akkasumas seenaadhaan of gabbisuu hawwa. Ammoo utuu baay'ee hin turiin jireenyi haadhaa fi abbaa isaa dhufee haamilee isaa cabsa. Oggus jireenyi isaa hiikkaa dhabee daran itti dukkanaa'a. Waan hundumtuu toora jalaa dhaba.

Utuu takkaa tasgabbaa'ee takkaa ammoo jeeqamu baatiwwan shan barumsaan dabarse. Abboomaan barnoota Saayinsii fi Herregaatiin cimaa ta'e. Barreessuu fi dubbisuutti aansee qoyyaboota herregaa arfan dafee dhuunfate. Kanumaan barataa cimaa ta'ee badhaafame.

Utuu akkanatti jiruu, guyyaa Kamisaa tokko guutummaan wiirtuu koonyaa naasuu hin beekamneen roqomte. Waajjirri bulchiinsaa fi manneen amantiin ni cufaman. Waraanni bakka jiruu socho'e. Poolisoonni qawwee hidhatan daandii guurguddaa magaalaa Naqamtee seensisu hunda cufan.
"Maal rakkoon jiruu?" jedhee gaafate Joon, yeroo akka dafee dahata barbaaddatuuf gaafatamu.
"Shiftootatu dhufaa jira," jedheen namichi ergaa dabarsu. "Nuti hundi keenya sodaanneerra. Namichi Baroodaa jedhamu sun dhuguma akkuma maqaa isaa barooduu jalqabe."
"Tarkaanfii fudhattan moo akkanumaan sodaattan?" Joon deebisee gaafate.
"Har'a daandii gubbaatti Abbaa Qoroo Lammeessaa jedhamu ajjeesan. Eda halkan dhokatanii Nugusee fi Bazzaabbii gaadaa bulan jedhan. Bazzaabbii kallattiin ergaan qaqqabeera. 'Mana koo mana simbiraa gootee ofiis nagaan hin jiraattu,' jedhanii dhaamaniif. Hundumti keenya sodaanneerra."

Qondaaltonni bulchiinsa koonyaa, kan Raas Nuguseen hoogganaman, tarkaanfii fudhachuu qaban irratti yeroo mari'atanii bahan oduun addaa tokko dhufee gurra isaan buute: waa'ee gubachuu bataskaana Kidaanamirat. Alaqaa Asiras ture kan akka saree maraatee akka ta'u

dhabaa dhufee jara korri nuffisiise sanatti dhibee mataa bowwuu dabaleef:

"*Ere basime'aab! Ere basime'aab!"* Jedhe, qooqa aarii fi rifaatii ibsuun.

"Maalinni, Maammiree?" jedheen Nuguseen dafee.

"Bataskaana gubaniim! Mana Waaqayyoo gubaniim! Taabota salphisaniim!"

"Maalinni, Maammiree? Eenyu inni bataskaana gubu?" Bazzaabbiin fiixee dubbii qabatee ho'isuu jalqabe.

"Shiftoota kaa! Kanaachi maaltu guba. Ere basime'aab! Min ayinat seexan new ye igzaaberiin beet yemiyaaqqaxilewu? Biyya kabajamnetti salphanne!"

Qanyaazmaach Bazzaabbiin ajaa'ibamee gara Raas Nugusee ilaale. Dajjaach Kumsaan waan dhaga'aa jiru amanuu dadhabe. Jaroota walitti qabaman sana keessaa kan aantummaan dhiigaa keesssa jiru isa qofa. Jaroota kana amantii fi siyaasa isaanii waliin haa simatu malee, keessa isaatti of-ceepha'uu hin dhiisne. Ormummaa fi qofummaan yeroo hunda jaroota biratti itti dhaga'amu, akka duuba deebi'ee of-ilaalu isa godhaa jira. Jaroonni aangoo itti haa kennan malee ulfina isa gitu hin kennineef. Waggaa dheeraa booda, yeroo uummanni waanjoo gabrummaa jalatti dararamu, yeroo dhugaan dhufaatii nafxanyaa daafii dinagdee ta'uu qajeelchee hubatu, bara dulluma isaas ta'u gaabbuu hin hafne. Kanaaf, yeroo baay'ee walitti bu'iinsa gurmuu qondaaltota nafxanyaa keessaa harka fudhachuu barbaada.

"Raas, kun akkamitti ta'uu danda'ee? Yeroo akkam tuffatamnu manni Waaqayyoo gubata? Yeroo akkam tuffatamnu hirriba nagaa rafuu sodaanna? Anas ta'e qondaaltonni kun deebii gahaa sirraa barbaanna."

Raas Nuguseen afaan banee hafe. Jechoonni harkaa badan. Kiyyoon dubbii bitaa fi mirgaan itti marfaman abdii isa kutachiisuu eegalan. Waansaa waan dhumni jireenya isaa gahaa jiru itti fakkaate.

"Furmaatan itti kenna," jedhe Raas Nuguseen, arraba laafe.

Alaqaa Asiras dubbii Nuguseetti aaree guungumaa sokke. Bazzaabbiin isa hordofe.

Dhugumaan yoo ta'e, gurmuu nafxanyaa gidduu nagaan hin jiru. Keessumaa Nugusee fi Bazzaabbii gidduu hariiroon jaallummaa hin jiru. Waansaa aangoo fi maallaqa irratti wal dhabu. Akka dhoksaan hasaasamutti yoo ta'e immoo dubartii irrattis wal dhabu jedhu. Bazzaabbiin erga dhihootii as ija jabaatee Nuguseen falmuu jalqabeera. Sagaleen mormii osoo hin dhaga'amiin korri xumuramu xiqqaadha. Garuu mammaaksi 'Harree dhiittee ilkaan walirraa hin fixxu,' jedhus jira. Dantaa dinagdee fi siyaasaan yoo waldhaban iyyuu akeeka sirna hacuuccaa uummata irratti diriirsuu irratti waldhabanii hin beekan.

Yeroo arrabni abiddaa fiixee bataskaana Kidaanamirat irraa belbelu, namoonni sadii ammoo daandii guddicha laga Gibee guddichatti fullaasu qabatanii sokkan. Namoonni sun lubbuu namaa balleessuufis ta'e mana amantii barbadeessuuf warra dheebotan hin turre. Namoota jaalala hojii fi jireenya nagaatiin uummata keessatti maganfataman turan. Garuu roorrootu 'shiftaa' isaan godhe. Roorroo bulchiinsa nafxanyaa baachuu dadhabanii shiftummaa filatan.

Ejersa dhagaa gidduu
Isa qottoon hin murre,
Gara damee isaa malee;
Didaa mataan funyoo
Isa eenyuuf iyyuu hin bulle,
Yoo lammii isaatii malee.

Baroodaa ture kan geerare tabba Xaaxoo ol haphaalaa. Aduun galgalaa manatti tirachaa jirti. Beelaa fi dheebuun yoo isaan hube iyyuu milkii isaan gonfataa jiran humna addaa isaaniif kenne. Abiddi xiiqii isaan keessaa belbela.

Adaamii leexaa mukaa,
Gambeela qakkee lafaa,

Odaan qixxeessuu mannaa
Muranii gatuu wayya.
Nafxanyaa sammuu furrii,
Goobanaa sanyoo fafaa,
Qomoon qixxeessuu mannaa
Du'anii baduu wayya.

Mardaasaan jalaa fuudhe. Akkanaan geeraraa deemsa dheeraa eegalan.

Ta'iinsi walitti aansee mul'ate kun sodaa guddaa uume. Nafxanyoonni wiirtuu koonyaas ta'an ergamtoonni isaanii ofirratti bibir'achuu jalqaban. Halkan halkan maqaan 'shiftootaa' hin tuqamu. Hamaan isaanii hin dubbatamu. Mataan 'shiftoota' hundaa, Baroodaa Baaroo, halkan tokkotti bakka hundatti argama jedhamee dubbatama. Ayyaana isaanii, isa holqa keessatti isaan tiksutu humna addaa kana kenneef jedhamee odeeffama. Bakka mormiin jiru mara Baroodaan jira, Mardaasaan jira, Guutamaan jira. Gurraa fi ija heddu qabu. Maqaan isaanii hin tuqamu; 'Isaaniif safuudha!' jedhu kabajaan.

Boqonnaa Kudha Saddeet

Du'a Lammeessaa caalaa waa'een gubachuu bataskaana Kidaanamirat guutummaa nafxanyaa wiirtuu koonyaa dheekkamsiise. Kora hatattamaa galgala sana taa'ame irratti qanyaazmaach Bazzaabbiin hunda caalaa akka leenca waraanamee dutee dheekkame.
"Namni bataskaana keenya gubee amantii keenya xiqqeesse kamiyyuu gatii guddaa baasa!" Bazzaabbiin qawwee luka gidduu dhaabee jiru tokko olkaasee itti fufe: "Qawween kun hunduma isaanii gatii baasisti. Qawween kun hunduma keenyaaf furmaata kenniti. Deebiin gaaffii hundumaa afaan qawwee kana keessa jira."

Alaqaa Asiras dubbii Bazzaabbiitti gammadee 'Masqalii' baasee dhungachiise. Akkuma Bazzaabbii Alaqaa Asirasis Nugusee dhannaa dhabaa jira. Nuguseen kana hubatee hundaa akka itti dhufetti geggeessuuf murteesse. Innis gama isaan Bazzaabbii adaba qabachiisuuf dhoksaa waggaa lama dura gudunfee ture gad baase:
"Dubbiin waggaa lama dura gaafa Bazzaabbiin matta'aa fudhatee Shiftoota sana jahaan hidhaa keessaa miliqse bade,"jedhe Nuguseen yeroo obsa fixatu. Sagaleen isaa qooqa haaloo ibsu fakkaata. Itti fufees: "Bazzaabbii raga dhoksuuf seera keenya dahatee waardiyyoota eegumsarra turan irratti tarkaanfii fudhate. Shiftoonni sun karaa waardiyyaa isaan keessatti dhalatee akka Bazzaabbii qunnaman ragaan jira. Waardiyyaan sun Tasfaayee jedhama – maqaan dhaloota isaa Hiikaa akka ta'e dhaga'eera."

Namni hundumtu haasaa Nuguseen liqimsamee hafuura dhaabe. Bazzaabbiin aaree ilkaan walitti rige. Iji isaa barbadaa uffatee dafqi fuularra tif-tif jedhe. Sammuunsaa jibba isa dhumaa Nuguseef kuuse. Waan ta'e gooda mar'ummaan isaatii haratee ol isa dhufe.

Nuguseen itti fufe: “Akkuma beekamu, namoonni shakkamanii hidhaman soddoma turan; garuu namoota bilisa gadhiise. Namoonni sun bilisa ta’anii osoo hintaane qarshii matta’aa funaanuuf gadhiifaman. Tasfaayeen jaroota kanarraa qarshii fuudhee Bazzaabbiitti dabarse. Har’a Shiftoota akkanaan miliqantu bataskaana gubaa jira, nama ajjeessaa jira, uummata saamaa jira, …” sagaleen isa gururiinaan Nuguseen dubbatee xumuruu dadhabee abootteen xarapheessaa gad dilliqe.

Bazzaabbiin utaalee ka’e.
“Taa’i!” jedheen Alaqaa Asiras dafee.
“Ani matta’aa diinaan nama kaayyoo gurguru miti!” jedhe Bazzaabbiin sagalee guddaa dheekkamsa ibsuun.
“Garuu ragaan jira,” jedheen Nuguseen waan ta’e waraqaa irratti barreessaa. Aariin Bazzaabbii gammachuu addaa isaaf dabalaa jira.
“Soba! Ani Bazzaabbiin waan seenaa keessatti na gaafachiisu gonkumaa hin dalagu. Namni hundumtuu harki koo qulqulluu akka ta’e beeka. Garuu eenyuyyuu yoo sobaan na yakke gatii baasa.”
Bazzaabbiin walgahii dhiitee bahe.
Nuguseen taa’ee itti kolfe. Garuu jechi Bazzaabbiin dhumarratti darbatee bahe waan ta’e sammuusaa keessatti uume.

Bazzaabbiin yeroo walgahii dhiitee bahu kallattiin gara manaatti hin deemne. Akka nama machaa’ee luka waliin dhahaa gara mana Haadha Tiguutti tarkaanfate. Haati Tiguu dubartii magaalaa ilkaan seelkooti. Araqee baasuu fi daadhii naquun alatti qaamashee gurguruun jiraatti. Dhiira qoccoltee ofjala aansuun ogummaa addaa isheen ittiin beekamtudha. Jechoonni afaanshee keessaa bahan hundumtu waan miira dhiira dammaqsuuf akeekaman fakkaatu. Yeroo baay’ee, dubartiin kun qoricha kudhaamuun hamatamti.
“Akka feete na godhi,” jedheen Bazzaabbiin yeroo akeeka dhufaatii isaa hasaasee itti hime.

“Raas Nugusee moo!” jetteen Haati Tiguu naatee.
“Eeyyee, ana yookiin isa keessaa tokko obbaafachiisuu qabda.”
Haati Tiguu callistee Bazzaabbii ija keessa ilaalte. Ilaalchi sun waan ribuu fi lafee gidduu seenee eenyummaa isaa sakatta’u fakkaata.
“Naaf hin danda’amu,” jetteen.
“Wanti siif hin danda’amne hin jiru, nan beeka.”
Haati Tiguu Bazzaabbii achi ofirraa darbatte. Gatii mi’eeffachuuf osoo hin taane sodaatu ishee mo’ate. Raas Nugusee, mataa nafxanyaa wiirtuu koonyaaf qoricha qopheessuun salphaa ta’ee itti mul’achuu dide.

Bazzaabbiin boorsaa isaa harka kaa’ee, “Hoo’u,” jedheen.
“Maalinni?” jetteen Haati Tiguu.
“Qarshii kuma tokko. Kan hafe gaafa xumurtu siifan dabala.”
Haati Tiguu afaan bantee hafte. Bara jireenyashee keessatti argitee hin beektu. Gidduutti yaadni tokko dhufeef: ergan qarshiif qaama koo gurguree maaliifan lubbuu namaa mararfadhaa?
“Maal jetteree?” jedheen Bazzaabbiin.
“Haa ta’u,” jetteen. Achiin booda diinqatti ol darbitee daadhii birillee lama fiddee dhufte.
Bazzaabbiin daadhicha harkaa fudhatee utuu walirraa hin kutiin dhudha’ee fixe. Isheen dhaabattee itti kolfite. Kolfishee sun ergaa addaa qaba. Bazzaabbiin birillee xarapheessaarra dhaabee akka nama duboo hoolaa madaaluu taa’aa luqqeettuushee isa dalga bal’atee wandaboo dhisee jiru qabee sosochoose. Haati Tiguus lapheesaatti hirkatte. Innimmoo gurratti jedhee waa itti hasaase.
“Ammuma moo?” jetteen qooqa miirri mo’ateen.
Bazzaabbiin boquusaa sosocheesee mallattoodhaan, “Eeyyee,” jedheen.

Guyyaa lama booda, yeroo Nuguseen akkuma durii aaragalfannaaf manasheetti goru, Haati Tiguu gammachuun isa simattee arraba

takaaltee isa gadhiiste. Nuguseen, mataan nafxanyaa wiirtuu koonyaa, utuu hinse'iin sireerratti oldeebi'e.

Haala kanaan, Bazzaabbiin beekamtii bulchiisa gubbaan mataa bulchiinsa koonyaa ta'ee ramadame. Dabalataan, shiftoota farra bulchiinsaa ta'an adamsuuf waraanni addaa Koloneel Issubaaloo Cammiriin hoogganamu dhufee wiirtuu koonyaa qubate. Koloneel Issubaaloon soddaa Imaparar Hayilasillaasee ti. Fincila qonnaan bultoota Baalee dhaamsuu keessatti muuxannoo guddaa waan horateef shiftoota kanas adamsee dhiheessuuf kakatee ka'e.

Boqonnaa Kudha sagal

Waraanni Koloneel issubaaloo bakka afuritti qoodamee shiftoota adamsuutti bobba'e. kutaan jalqabaa laga Waamaa as Bakkee Bonayyaa qubate; kutaa lammaffaan ededa laga Dhidheessaa yoo qabatu kan sadaffaa bosona Baloo marse. Kutaan addaa wiirtuu koonyaa eeguuf Naqamteetti hafe. Koloneel Issubaaloon muuxannoo lola guddicha qonnaan bultoota Baalee Janaraal Waaqoo Guutuun durfamu irraa akka baratetti waraanni garee deggersa uummataa qabu waliin godhamu yeroo hundumaa ulfaataadha.

"Waraana qonnaan bultoota Baalee kan ulfaataa taasise," jedhee dubbata Koloneel Issubaaloon, "hundumtuu Waaqoo Guutuuf gola dhokannaa qopheessuudha. Eessa akka inni dhokate beeku, garuu sitti hin himan. Kallattii faallaarra si oofanii si rukuchiisu. Namichi Baroodaa jedhamu kun deggersa uummataa qabaa?"

"Baroodaan naannoo kanatti jaallatamaa fi sodaatamaadha," jedheen Bazzaabbiin. "Namni maqaan isa waamu xiqqaadha; 'Abbaamagaal' ittiin jedhu. Akka goota tokkootti isa ilaalu, maqaa isaan dhaadatu, dhoksaan qalanii isa nyaachisu, karaa itti agarsiisu, odeeffannoo ni qaqqabsiisu."

"Kanaaf, madda deggersa isaa sana kutuun waan dursa argachuu qabudha."

"Akkamitti, Koloneel?"

"Uummata rukutuun. Qaama deggersa godhuuf barbadeessuun. Yeroo akkasii mana itti gubdee, qabeenya saamtee, hidhaan darartee … jireenya itti hadheessita. Saa'atii sochii isaanii daangessita. Nama shakkamu qabdee qoratta. Isa booda akka isaan shiftaa saaxilan goota."

"Tarkaanfii kana irra deddeebinee fudhannee turree. Garuu uummanni naannoo kanaa amala tokko qaba: waan itti amane tokkorra duubatti hin deebi'u. Inni afaaniin si wajjiin kolfu yookaan booyu illee garaatti summii siif baata. Shinfillaa beekta mitii? Uummanni naannoo kanaa shinfillaadha. Garaan isaanii hin beekamu."

“Dhugaan jiru tokko maali seete, Qanyaazmaach? Nuti ormadha – keessummaadha. Uummata orma yookaan keessummaa ta’uu keen bulchiinsa keetti fincilu irree jabaan bulchuu qabda – sukkumuu qabda. Sukkuumtee, sukkuumtee jilbeenfachiisuu si barbaachisa. Namni tokko amantii kee waan fudhateef yookaan afaan kee waan dubbateef siif hin abboomamu. Namni tokko siif abboomamuuf ilaalcha kee fudhachuu qaba. Ilaalcha ofii karaa lama nama fudhachiisu: fedhiin yookaan humnaan. Amma yeroo nuti humnatti fayyadamnudha.”

Bazzaabbiin akeeka Koloneel Issuubaaloo fudhate.
Guyyaa itti aanu waraanni addaa Koloneel Issubaaloon hoogganamu sababa shiftaa adamsuun uummata nagaatti duule. Baay’een waraana sanaa afaan Oromoo hin dubbatan – irra hedduun isaanii afaan Amaaraa dubbatu, muraasni ammoo afaan Tigiree haasa’u. kanneen qubaan lakkaa’aman ammoo ilmaan hortee Kuush isaan kibba biyyatti hanga daangaa Keeniyaatti qubatanidha. Ilmaan hortee kuush kun waraana koloneel Issuubaaloo biratti akka lammii lammaffaatti ilaalamu.

Ajaja koloneel issuubaaloon yakka uummatarratti dalagame kana jedhanii ibsuun nama rakkisa. Manni jireenyaa ni gubame, qabeenyi ni saamame, ijoollee dargaggoon dirqiin humna waraanaatti guuraman, dubartootanni ni gudeedaman. Namoonni shiftoota nyaachisuu fi karaa itti agarsiisuun shakkaman sassaabamanii hidhaman. Daafii kanaa, sodaa guddaan guutummaa Leeqaa dhuunfate.

Bazzaabbiin faana koloneel Issuubaaloorra bu’ee siyaasaan gurra uummata rukutame duuchaa oola. Ganamas, galgalas walgahii uummataa waama. “Yoo isin shiftaa saaxiltan,” jedha yeroo hundumaa, “lafti keessan isiniif deebi’a; bulchiinsi keenya mana barumsaa fi kiliinika fayyaa isiniif ijaarsisa. Karaa guddichi Finfinnee fi Naqamtee walqunnamsiisu ni hojjetama.”

Garuu, uummanni dubbii Bazzaabbii mirgaan dhaga'ee bitaan dhangalaasa. Bazzaabbii hundumtuu qajeelchee beeka. Dandeettiis ta'e beekumsa inni jijjiiramaaf qabu xiqqaadha. Afaan colloomuu malee hojiitti colloomuun amala isaa miti. Kana biraan ammoo uummanni waadaa bara bara filannoo fi bara rakkoo nuffeera. Qondaalli paarlaamaa Jaanoo seenuuf wixxifatu waan baay'ee waadaa seena, garuu yeroo Finfinnee gahu waan hunda dagatee coomaa fi daadhiisaatti hafa. Qondaalli Leeqaan filatee Finfinneetti ergatu hanga filannoo marsaa itti aanuutti faana isaa as hin deebisu. Waadaan Bazzaabbiis kanarraa adda miti.

Koloneel Issuubaaloon dhufee baatii lama booda, Bazzaabbiin Gabaa Jimaataatti walgahii guddaa waame. Tarkaanfii bal'aa jireenya uummataa goole boodallee faanni shiftootaa tasumaa hin argamne. Yoo gama jedhaman gamanatti, yoo gamana jedhaman gamatti argamuun faana miliqfatu. Baroodaan tooftaa adda addaan eenyummaasaa jijjiiraa oola: takka daldalaa of godha, gaaf gaafii jaarsa dulloomaa fakkaatee okkootti rarra'ee gabaa bahee gala, gaafa barbaade duudaa ta'ee mallattoon haasa'a. Yeroo bakka sana gadhiisu, Baroodaa ta'uusaa ibsatee deema. Jireenyi nama kanaa, booda booda, hibboo ta'aa dhufe. Gaaf tokko mana dhugaatii qondaaltonni wiirtuu koonyaa itti heddummatan seenee dhugaatii dhugee namoota achi turan hundumaaf kaffalee bahe. Yeroo bahu, namni herrega kaffale Baroodaa Baaroo ta'uusaa akka itti himtu haadha mana dhugaatii sanatti himee bahe. Qondaaltonni hedduun, koloneel Issuubaaloo dabalatee, yeroo qaanii kana dhaga'an waan qabanii fi dhiisan dhaban. Gaaf tokko ammoo ergaa akkas jedhu koloneel Issuubaaloof erge: "koloneel, waan hundumaa dhiisi. Uummata kana dhiisi. Gaafa mana nama tokkootti abidda qabsiiftu, ofiis lafee qaama kee keessaa tokkotti abidda fakkaataa qabsiisaa jirta. Ati biyya kanaaf keessummaadha. Keessummaan har'a dhufee bor jireenya namaa hin goolu. Ergamni ati

fudhattee dhufte anaan seeratti dhiheessuu yoo ta'e anuma qofa adamsi. Harka kee uummata kanarraa kaasi. Kanaachi gatii baasta."

Koloneel Issuubaaloon keessa isaatti sodaan itti dhaga'amullee, dhaamsa shiftaa mataa daggalaa jiraatuuf hangas of dhiphisuu hin barbaanne. Guyyaa tokko to'annoo isaa jala oolfachuu akka danda'u ofitti dubbate. Garuu, koloneelichi dhaamsa kana booda baay'ee of qusachuu filate. Waraana isaa hanga tokko mooraa guddicha kan waajjira bulchiinsaa gamaan ijaaraame keessatti walitti qabe.

Gama biraan, Bazzaabbiin Baroodaa to'annoo jala oolchee maqaa gaarii gonfachuuf muratee ka'e. "Shiftaa saaxilaa! Baroodaa saaxilaa! Mardaasaa saaxilaa!" jedhee sagalee jabaan dubbate walgahii Gabaa Jimaataatti godhame tokkorratti. Harka isaa duubaa fi duubanatti facaasee dubbate. Waansaa akka bookkisuus isa godha. Miira hamaa tokkoon dhiibamaa akka jiru irraa beekama. Takka takka bakka taa'uu ka'ee akka nama maraatee ta'e. "Bakka isaan jiraatan beektu. Karaa isaan irra deeman beektu. Shiiftoota kana saaxiluuf dirqama qabdu." Sagaleensaa takkaa gururi'aa takkaammoo akka cabaquu ta'a, garuu humna nama sodaachisu hin qabu.
Namoonni jalaa callisan. Bazzaabbiin itti fufe: "Baroodaa fi jaleensaa asuma dhihoo, Bakkee Bonayyaa yookiin gubbaa Tuqaa Walanee riphee akka jiru beekna. Haa ta'u malee Gabaan Jimaataa bakka inni itti heddumminaan keessatti mul'atu ta'uu hubanneerra. Yeroo baay'ee bifa jijjiirrate asitti mul'ata. Kana jechuun namni boolla inni keessa riphu qopheessuuf jira jechuudha." Bazzaabbiin hafuura dhaabee miira namootaa to'ate – miira gammachuus ta'e gaddi irraa hin dubbifamne. Ammas itti fufe: "Dhugumaan Baroodaan dhiiga keessanidha, garuu maal godha? – shiftaa ta'e. Namattis waaqattis finciluu jalqabe. Nageenya biyya kanaa booresse. Dhiiga ofii ta'uu qofti bu'aa hinqabu; fakkeenyaaf ani biyya kanaaf orma (yeroo dubbatu arraba laafa), garuu biyya kana guddisuuf, nageenya uummata imaanaa natti kennamee

eegsisuufan dadhaba. Dhugumaan yoo ta'e – " Maanguddoon tokko mataa gadi qabatee kolfinaan Bazzaabbiin haasaa addaan kutee, "Maal kolfita?" jedhee gaafate.
"Ofumaan kolfa," jedheen maanguddichi.
"Akkamitti ofumaa kolfita?"
"Qanyaazmaach," maanguddichi ka'ee dhaabate, "'Hidda malee xannachi hin dhiigu' jedha uummanni keenya yeroo mammaaku. Siin akka keessummummaa keetti si kabajna, Baroodaa akka dhiiga keenyaatti ni jaallanna. Ani Baroodaa hin sodaadhu, sababnisaas inni anaan hin ajjeesu. Ani loon heddun qaba, garuu namni kun qabeenya koo saamuu qe'ee koo hin dhufne. Nageenyi biyya kanaa akka boora'uuf eenyu sababa akka ta'e beekamaadha. Baroodaan nama yakkatti maqaa dhahamu hin turre, garuu atii fi qondaaltonni si dura turan hundi waa'ee nama kanaaf gaafatamummaa qabdu. Dubbii keerraa dhugaa kana dhabuun baay'ee na kofalchiise." Maanguddichi xumuree deebi'ee taa'e.

Bazzaabbiin jecha maanguddoo kanaatti aaree miira abdii kutannaan, "Namoonni kun hundi mana murtiitti haa dhihaatan," jedhee ajaja dabarse.
Tarkaanfiin Bazzaabbii kun koloneel Issuubaaloo hin gammachiifne. "Uummata kana hunda maaliif akka hiisifte baruun barbaada," jedheen koloneelichi.
"Aangoon koo na dirqisiisa,"jedheen Bazzaabbiin.
"Garuu Jaanoon qajeelfama akkasii hin dabarsine," jedheen. Waldhabdeen waan isaan gidduutti uumameef malee yeroo koloneel Issuubaaloon uummatatti dhukaasee ajjeesisaa turettis Jaanoon qajeelfama hin dabarsine ture. Koloneelichi tamboo qabsiifate yeroo lama harkisee erga xebbee daaraarra kaa'ee booda suuta jedhee, "Sochiin keenya caasaa qabaachuu qaba. Walgahii gaggeessitee naamusaan nama amansiisuun si ilaallata, dhimmi tarkaanfii garuu kallattiin na ilaallata," jedheen.

Guyyaa itti aanu Bazzaabbiin qondaaltota muraasa of hordofsiisee walgahii Bakkee Bonayyaatti godhame irratti argame. Koloneel Issuubaaloon waraana muraasa achi buufateef qajeelfama muraasa erga kennee booda akka tasaa gara walgahii sanaatti gore. Baay'inni namootaa kan guyyaa darbe Gabaa Jimaataatti godhame dacha lamaan caala ture.

Yeroo faaruun alaabaa xumuramee mariin eegalamu, namoonni uffata ciiccitaa uffatan lama lafarra lo'anii ejersa lakkuu tokko jala riphan. Namoonni muraasni jaroota kana arganii turan, akka nama hin argineetti callisan.
"Shiftaa saaxilaa! Baroodaa saaxilaa! Mardaasaa saaxilaa!" dhaamsi Bazzaabbii waanuma baratame ture. "Namni Baroodaa saaxile yookaan eere, Finfinneetti ergamee qarshii dhibba shan badhaafama. Qarshii dhibba shan!"

Waa'ee qarshii dhibba shanii kun sammuu dargaggeessa tokkoo keessaa bahuu didde. Yoo qarshii kana argate maal hojjechuu akka danda'u tilmaame. Yeroo lama, sadii, afur … irra deddeebi'ee yaade. Baroodaa moo qarshii? Ammas of gaafate. Dandeettiin hubannoosaa qarshiirra darbuu dadhabe. Kanumaan Baroodaa saaxiluuf harka baase.
"Ani Baroodaa saaxiluuf qophiidha," jedhe ka'ee.
Yeroo turjumaanni yaada dargaggeessa kanaa hiikee itti himu, Bazzaabbiin akka ilillii birraa ife. Koloneel Issuubaaloonis gurrasaa shakke.
Yeroo sanatti namoota ejersa lakkuu riphan keessaa tokko qawwee dimotforii gadjigfatee sammuu Bazzaabbiitti xiyyeeffate. Namni sun hangafa shiftoota hundaa, Baroodaa Baaroo ture.
Bazzaabbiin fuula ilkaan ta'e ibsaa maqaa dargaggeessa sanaa gaafate.

“Toleeraa Akkumaa,” jedheen dargaggeessichi. Dargaggoota odeeffannoo deddeebisuuf Baroodaan dhoksaan ijaarrate keessaa tokko ture.

Bazzaabbiin maqaa Toleeraa dabtara yaadannoorratti katabee yeroo oljedhu sagaleen qawwee akka bakakkaa lafa sochoose. Bazzaabbiin akka bofa mataa rukutanii xarapheessaa jalatti jorgaa jedhee kufe. Koloneel Issuubaaloon uummata walakkaatti of darbate. Kana gidduutti qawween Baroodaa rasaasa lama tuftee kan sadaffaa ciniinte. Mardaasaan kallaatti malee rasaasa muraasa dhukaase, garuu itti hin fufne. Waraanni qondaaltota tiksuuf ramadaman isaan marsinaan Baroodaa fi Mardaasaan harka kennatan.

“Baroodaan isa kami?” jedhee gaafate koloneel Issuubaaloon erga tasgabbiin bu’ee. Shugguxii biyya Ingiliziitti tolfamte tokko harkatti qabatee ture.

“Ana,” jedheen Baroodaan qooqa goota tokko keessaa madduun. Harka diinasaatti kufus hamajaajiisaa bara dheeraa galaafachuusaatti waan boqote fakkaata.

“Harkasaa duubatti deebisaa hidhaa,” jedhe Koloneelichi.

Boqonnaa Digdama

Guyyaansaa Dilbata ture. Sagantaa qiddaasee idileen kan bataskaana Mikaa'eliitti gaggeeffamu haqame jira. Qeesonnii fi dabtaroonni Alaqaa Asirasiin dursaman bullukkoo aadaa amantii ortodoksii calaqqisiisu uffatanii keessummaa bulchiinsa gubbaa marsanii dirree masqalaatti bahan. Uummanni hedduun, kan guutummaa Leeqaa keessa jiraatu, akka manatti hin hafneef ajajni cimaan darbee ture. Shiftoota waggaa sadan darban bulchiinsa nafxanyaa boqonnaa dhorkan irratti injifannoon argame dhufaatii qondaaltota bulchiinsa gubbaaf sababa ta'e. uummannis waa lamaaf waamame: tokko tarkaanfii sirreessaa shiftoota irratti fudhatamu akka do'atuuf yoo ta'u, kan lammataa dhaamsa bulchiinsa gubbaa kan Finfinneerraa dhufe akka dhaga'uuf ture.

Guyyaa sana Saaqqattuun ijoolleeshee lamaan waliin ganama subii dirree masqalaatti argamte. Abdiisaan hin dhufne. Yeros barnoota amantii cimsannaa xumuree dippiloomaasaa fudhachuuf gara magaalaa London ergamee ture. Abboomaan gaafa waa'ee qabamuu abbaasaa dhaga'u barnoota Jalqaba Idilee waggaa tokkoof hordofaa ture addaan kutee mooraa misiyoonii gadhiise. Oggaa barnootarra ture waa'ee gaarummaa fi arjummaa Waaqayyoo irra deddeebi'ee dhaga'aa ture. Garuu kan jedhamu sana ofirratti mirkaneeffachuu dadhabe. Ijoollummaasaatii kaasee jireenya dhabuu, jibbamuu, ari'amuu, tuffatamuu, dagatamuu fi kkf malee waan gaarii argee hin beeku. "Anaan Waaqayyoo maaliif na adabaa?" gaaffii jedhuun of dhiphisa. Jireenyasaa ilaalee Waaqatti guunguma. Waaqa komata. Falaasama amantii haaraa, kan obboleessi isaa itti qaroomaa jiru, baay'ee shakka. 'Dhugaan kee bilisa si baasa,' kan Abdiisaan jedhuttis hin amanu. Faallaa isaatiin, Abboomaan humna qawweetti amanaa dhufe. Akka hubannoosaatti, namoota dhugaa qaban osoo hin taane namoota qawwee qabantu haqa of harkaa qaba. Namoota amantiin ciiccimoo

osoo hin taane namoota qawwee ciiccimootu addunyaa bulcha. Isaantu jireenya namaa murteessa.

Yeroo namoonni hedduun dhufanii bakka bakka qabatan, jiilli bulchiinsa nafxanyaa Wiirtuu Finfinnee fi namoonni bebbeekamoon koonyaa ollaarraa affeeraman waltajjii diinqa misirroo caalaa faayametti olbahanii teessoo babal'aa hojjaa isaanii liqimsurra qubatan. Jiilli bulchiinsa Finfinnee nama qal'aa – gabaabaa uffata addaan faayameen dursama ture.
"Namichi gabaabaan sun eenyu jedhamaa?" jedhee gaafate namoota keessaa tokko.
"Imparar Hayilasillaaseen isa kana natti fakkaata. Mataa bulchiinsa gubbaa – Jaanoo jechuu kooti," jedhee deebiseef kan biraan ammoo.
"Inni biddiqqoo gurraacha uffatu sunoo?" jedheen namichi ammas.
"Abuuna Maatiwoos ta'innaa? Mataa amantii ortodoksii kan ta'e sana. Isa Iyyaasuu mulqee Jaanoo aangootti baase." Namichi waan itti fakkaate deebiseef.

Koloneel Issuubaaloon waltajjiitti bahee keessummoota nagaa gaafachuu jalqabnaan namoonnis garasaatti of deebisan.
"Al-tokko hundumti keenya ol kaanee mootii biyya keenyaa Imparar Hayilasillee nagaa gaafanna," jedhe Koloneel Issuubaaloon.
Uummanni hundumtuu walfaana lafa dhungate. Mardaasaan akkuma hidhametti jilbeenfachuuf jennaan Baroodaan ciqileen tumatee isa abboome. Imparar Hayilasillaaseen harkasaa xiqqoo hafarsee namoota kabaja isaaf lafa dhungatan nagaa gaafate. Koloneel Issuubaaloon Baroodaa nyaaraan tuqee akka jilbeenfataniif gaafate. Baroodaan mataa raasee isa morme.

Yeroo faaruun alaabaa biyyaa xumuramu, koloneel Issuubaaloon Imparar Hayilasillaasee uummatatti beeksisee, "Baga guyyaa injifannoo kanarratti argamtan!" jedheen. Itti aansee, eenyummaa

Baroodaa Baaroo waraqaa fuula tokkorratti dubbise. Waa'ee fincila qonnaan bultootaa qindeessuusaa, waa'ee mana hidhaa cabsee baduusaa, waa'ee abbootii lafaa ajjeesuusaa, waa'ee bataskaana gubuusaa, akkasumas waa'ee inni Bazzaabbii walgahii keessaatti ajjeese tokko tokkoon tarreesse. "Yeroof nutti fakkaatee hundi keenya yakka hojjechuu dandeenya," jedhe dhumarratti, "garuu eenyuyyuu seera jalaa baqatee bahuu hin danda'u. Namni seeraa ol ta'u hinjiru."

Imparar Hayilasillaaseen koloneel Issuubaaloof harka walitti rukute. Koloneel Issuubaaloon itti fufe: "Akka carraa ta'ee yeroo ammaa kana biyyoonni seera mootummaan bulan muraasadha. Biyyi keenya biyyoota muraasa seera mootummaan bulan keessaa tokko ta'uunshee mootummaan Jaanoo hangam cimaa fi mootummaa uummataaf dhaabate ta'uu mul'isa. Biyya cimtuu seeraan bultu akkasii keessatti akeekni shiftootaa yoomiyyuu hin milkaa'u. Dhumni shiftoota akka Baroodaa wadaroon fannifamuudha."

Akka koloneel Issuubaaloon haasaa xumureen namoonni lama muka fannootti wadaroo furgaasanii morma Baroodaatti maran. Koloneel Issuubaaloon suuta tarkaanfataa dhaqee Baroodaa cina dhaabatee, "Dhaamsa dabarfattu qabdaa?" jedhee gaafate.

Baroodaan koloneel Issuubaaloo qeensa miillaa hanga rifeensa mataatti erga hubatee ilaalee booda, "Dhaamsa miti, gaaffiin qaba," jedheen.
"Gaaffiin siif hin hayyamamu," jedheen koloneelichi.
"Atis deebisuu hin dandeessu!" jedheen Baroodaan.
Gidduutti Imparar Hayilasillaaseen Koloneel Issuubaaloo ofitti waamee waan ta'e gurratti hasaasnaan koloneelichi Baroodaatti deebi'ee, "Waan barbaadde akka gaafattuuf mootiin siif hayyamaniiru," jedheen.

Baroodaan sagalee ciratee miira gootummaa ibsuun gaaffiisaa tarreesse: “Akkuma eenyullee beeku, kaleessa yeroo dhuftanii qe’ee keenyarratti abbaa nutti taatan, yeroo fedhii keessan dirqiin nurratti feetan, yeroo maqaa biyyaa fi amantiin dhugaa keenya dabsitan ulfina namummaa caalaa qawwee keessanitti amantan. Qawwee keessaniin nu jilbeenfachiistanii seera jireenya keenya diigu nurratti tumtan. Qawwee, seeraa fi amantiitti hirkattanii nurratti mootanii jiraachuuf karoorfattan. Ani akeeka keessan kanan morme. Anaan har’a akka nama fira hinqabneetti wadaroon fannisuun salphaadha, garuu gaafa qomoon koo isin hadheeffatee mormiif ka’e uummata kana hunda Afaan Qawwee Jalatti fannistanii fixuu dandeessuu?”

Yeroo Baroodaan dubbatee xumuru, namoonni lamaan isa cina dhaabatan wadaroo morma isaatti furgaasanii luka jalaa kaasan.

Boqonnaa Digdamii Tokko

Gadda yeroo dheeraaf sammuusaa hadoochee of isa wallaalchise keessaa yeroo dammaqu, Abboomaan, waan abbaansaa utuu hafuura dhumaa hin baafatiin bulchiinsa nafxanyaa gaafate qofa yaadate. Abboomaan ammallee du'a abbaasaa hin amanne. Ta'iinsi hundumtuu abjuu itti fakkaate. "Kun soba, abbaan koo hin duune," ofiin jedhe. Garuu abbaansaa du'eera. Waan takkaa ta'ee darbe akka hin taane gochuun hin danda'amu. Jireenya keessatti yeroo baay'ee waan amanuu fi fudhachuun nama rakkisu shaakaluuf dirqama, ilmi namaa. Abboomaan irra deddeebi'ee waa'ee ajjeefamuu abbaasaa yeroo dhibbaa ol yaadee yeroo dhibbaa ol amanuu dide. Garuu, amanus amanuu baatus, abbaansaa yeroo wadaroon fannifamee lubbuuf wixxifatu dhufee fuulasaatti walgahe.

Abboomaan of adabuu dadhabee bitintiree qarmammeettiirratti kufe. Achiis dafee ka'ee Odaa Guddicha dur wiirtuu kora uummataa ture jala taa'e. "Abbaan koo du'eera, awwaalameera," ofiin jedhe, erga yaada kuusee yeroo dheeraaf taa'ee booda. Garuu abbaansaa du'ee awwaalamus jechoonni inni dubbatee du'e hin awwaalamne. Jechoonni sun suuta suuta sammuu Abboomaa keessatti lubbuu horataa, gabbataa, ifaa dhufan. Jechoonni sun eelaa uummanni Oromoo erga harka nafxanyaatti kufee kaasee keessa jiraataa jiru kan ibsanidha. Abboomaan muka gogaa tokko cabsee jechoota sana awwaararratti qubee guurguddaan sarare:

AFAAN QAWWEE JALATTI?